# MACAAFA HOSE'AA

## YAADANNOO QO'ANNAA WALIIN

Qajeelcha Lallabaa Macaafa Hose'aa
(A Preacher's Guide to the Book of Hosea)

HANDS to the PLOW
MINISTRIES

**HandsToThePlow.org**

Mirga waraabbii© 2019 dhaabbata Hands to the Plow, Inc. jedhamuun

Hands to the Plow, Inc. tiin maxxanfame

P.O. Box 567 • Webster, WI 54893

Maxxansi jalqabaa, 2019

Mirgi hundi seeraan kan eegamedha. Maxxansa kana keessaa gartokkeen, tariimmoo guutummaatti baay’achuun ykn bifa garaagaraatiin kuusuun, bifa kamiinuu ykn mala kamiinuu dabarsuun, elektiroonikii, makaanikaala, Footoo koppii, waraabbii ykn kan biraan, eeyyama dhaabbata maxxansee malee hin danda’amu.

Luqqisiiwwan kan fudhataman Macaafa qulqulluu Afaan Oromoo Hiika Haaraa®, Mirga waraabbii 1997 Waldaa Macaafa Qulqulluu Itoophiyaatiin kan maxxanfame. Mirgi hunduu seeraan kan eeggamedha.

## Contributors

**Tom Kelby** – Yaadannoowwan qo'annaa
*President, Hands to the Plow Ministries, Webster, WI USA*

**Mark Yaeger** – Dizaayinii fi maxxansa
*Creative Director, DKY, Inc., Mpls, MN USA*

**Lori Sjoquist** - Oomisha
*Production Manager, DKY, Inc., Mpls, MN USA*

---

Kabajamoo dubbistootaa,

Qajeelchi lallabaa kun akka isin macaafa Hose'aa hubachuu fi fayyadamuu dandeessan sin gargaaruuf kan yaadamedha. Qajeelchi lallabaa kun macaafa Hose'aa irratti kan xiyyeeffatu yoo ta'eyyuu, akkasumas immoo akka lallabdoonni ykn barsiisonni macaafota macaafa qulqulluu keessa jiran kan biroos dubbisuu fi hubachuu danda'an gargaaruuf kan yaadamedha. Akkasumas immoo shakkii tokko malee akka dubbistootni "raajota xixiqqoo" warra jedhama kanneen hafan (Hose'aa – Milkiyaas) hubachuu isaan dandeessisa. Dabalataanis, kitaabni kun akka "raajota gurguddoo" (Isaayaas, Ermiyaas fi Hisqi'el) hubatan isaan gargaara. Raajii tokkicha kana waliin wal baruun akka raajota hundumaa, keessattuu, Yesuusiin caalatti hubattan abdiin qaba.

Macaafni kun macaafa "raajummaa" addatti irratti xiyyeeffatame kana caalaatti waan baay'ee akka hubattan sin gargaara. Raajichi Hose'aan yeroo maay'ee macaafa Musee (Seera Uumamaa hanga Keessa Deebii) keessaa ni caqasa. Kanaafuu, dubbistootni Hose'aa erga macaafa kana dubbisaniin booda caaffattoota Musee caalaatti hubachuu ni danda'u. Dhimmoonni Hose'aa keessatti ka'an wanta sabni Isiraa'elii fi Yihuudaa baroota Mootota isa Duraa fi isa Boodaa keessatti ibsaman keessatti waa'ee Waaqayyoo amananii fi akkamitti akka isaa fi waaqolii biroo waaqessan sirriitti agarsiisa. Kanaafuu, dubbistootni Hose'aa, erga kitaaba kana qo'ataniin booda, Mootota 1 fi 2 caalaatti hubachuu ni danda'u. Dhuma irratti, Hose'aan Kakuu Haaraa keessattis Yesuusii fi ergamootaan caqafameera. Kanaaf, Macaafa kana hubachuun akka

lallabdoonni macaafota Kakuu haaraa fi barsiisa Yesuus akkasumas kan ergamootaa hubatan isaan gargaara.


Haa ta'u malee, galmi macaafa kanaa inni dhumaa akkasumaan dubbii Waaqayyoo caalatti hubachuu miti. Dubbii Waaqayyoo hubachuun barbaachisaa ta'ee otoo jiruu, hubachuun mataan isaa dhuma galma, Macaafa Hose'aa qo'achuu miti. Galmi inni xumuraa Waaqessuudha. Qo'annaan macaafa kanaa gara tokkummaa sadan Waaqayyoo waaqessuutti sin haa geessu. Dabalataan, macaafa kana qo'achuun caalaatti akka waldaa jaalattan sin haa taasisu. Caalaatti sin jabeessuudhaan, warra kaaniif warra jajjabina ta'an sin haa taasisu.

Yaadannoo kunis kan mudaa hin qabne miti. Waa'ee macaafa Hose'aa ilaalchisee wantootni dubbatamuu danda'an baay'een jiraachuu ni danda'u. Hir'inni kiyya baay'een mul'achuu ni danda'a, akka tokkoon tokkoo fuula kitaaba kanaa irra jiraachuu danda'us nan amana. Haa ta'u malee, dubbiin sagalee Waaqayyoo inni mudaa hin qabne yaalii keenya isa mudaa qabutti gatii ni godha. Kun immoo, barreeffamoota keessatti dhugaadha, qo'annaa keenya keessattis dhugaadha, lallabaa fi barsiisa keenya keessattis akkasuma. Dubbii Waaqayyoo isa gaarii hubachuu fi labsuudhaaf yeroo hundumaa dheebochuu qabna, kana yeroo goonus Waaqayyo gargaarsa isa cimaa waaqarraa akka nuuf kennu amanachuudhani. Yeroo dhugaa Hose'aa keessa jiru qo'attan, isaafis hojjettan, abboomamtan fi labsitan gargaarsa isaa isa jabaa akka argattanii fi ittis gammaddan kadhannaa kooti.

Tom Kelby

Mudde 4, 2018

# Qajeelcha kana akkamitti akka fayyadamtan




1.

Macaafni kun barreeffama Hose'aa of keessatti qabateera. Macaaficha kutaa lamatti qoodneerra. Otoo gara kataawwan sanatti hin ce'iin, dubbisaan yaada waliigalaa kutaa sanaa ni barbaada.

2.

Yaada waliigalaan booda, dubbisaan Hose'aa keessaa dubbisa barbaada, Dubbisni Hose'aa fuulicha irratti **gara irra keessaatti** argama.

3.

Macaafni kun yaadannoowwan qo'annaa kan jechoota, lakkoofsota,ykn kutaawwan muraasa boqonnaaqo'atamuuf jedhu sana keessa jiru ibsan qaba. Yaadannoon qo'annaa kunis immoo fuula sana irraa **gara jalaatti argama**. Yaadannoon qo'annaa kun lallaba miti. Akka lallabaan hiika jechoota Hose'aa keessa jiranii hubatan gargaara.

4.

Yaadannoo qo'annaa fuulicha irra **gara gadii** jirutti lakkoofsi kennameera. Lakkoofsonni kun diimaadha. Lakkoofsi diimaan barreeffama sanatti aanee dhufu, lakkoofsa macaafa Hose'aa **isa gara olii** keessatti diimaan barreeffame waliin wal qunnamsiisa. Lakkoofsonni sun waliin deemu.

5.

Yaadannoon qo'annaa sun yeroo tokko tokko immoo kutaa caaffata qulqullaa'aa kan biro tarreessa. Kutaan kun yeroo tokko tokko Kakuu Moofaa yeroo tokko tokko immoo Kakuu Haaraa keessaati. Kutaawwan sun akkas ta'utti ilaalamuutu irra jira, sababni isaas, kutaa Hose'aa keessatti qo'atamuun irra jiru waliin hariiroo waan qabaniif.

# Wantoota 20 Yeroo Hose'aa dubbisnu Yaadatti qabachuu qabnu.

**1. Hose'aan Raajiidha.** "Hojiin" ijoon raajii immoo akka dubbii himaa isaatti Waaqayyoof dubbachuu fi akka "harkaa fi miila" isaatti isaaf hojjechuudha. Kanaafuu, wanti raajiin dubbatuu fi wanti raajiin dubbatu wanta Waaqayyo jedhuu fi wanta Waaqayyo saba jidduutti hojjetudha (Hose'aa 6:5 ilaalaa). Hose'aan Dh.K.D naannoo bara 750 raaje. Inni nama dhugaa bara Isiraa'el ishee durii keessa jiraate ture. Kanaafuu, "Hose'aan **raajii ture**" jedhanii dubbachuun haqa jirudha. Haa ta'u malee, Hose'aan **raajiidha** jedhanii dubbachuunis dhugaadha. Karaa caaffata isaa, Hose'aan ammallee saba Waaqayyootti dubbachaa jira (1phexiros 1:10-12 ilaalaa). Ammallee dubbiin isaa amanamaa fi abboomamuun kan maluufidha.

Yesuus bara lafarra ture keessa namoonni turan dubbii macaafa Hose'aa keessatti caafame akka dubbisanii fi jireenya isaanii keessattis hojiitti akka hiikan irraa eegaa ture (Caqasa inni Hose'aa keessaa Matewoos 9:13 fi 12:7 irratti caqase ilaalaa. Itti fayyadama Yesuus namoota jaarraa tokkoffaa keessa jiraataniif Hose'aa keessaa fayyadame irratti hundaa'uun, dubbiin Hose'aa keessatti saba Isiraa'eliif dubbatame namoota bara Hose'aan booda jiraatan irrattis akka hojjetu nutti agarsiisa. Dubbii macaafa Hose'aa keessa jiru akka nuuf dubbatametti dubbisuun wanta achi keessatti caafameef abboomamuu qabna. Lallabaan ykn barsiisaan ergaa macaafa Hose'aa of eeggannoon fudhachuun hiika isaas karaa hubatamuu danda'uun ibsuu fi saba Waaqayyoo guyyaa har'aa jiran irratti hojiirra oolchuu qaba.

Akka dubbii himaa Waaqayyootti, raajonni waa'ee kakuu isa Waaayyo isaan waliin galee saba Waaqayyoo yaadachiisu, sabni kakuu saba eegus ykn cabsus murtoo Waaqayyo biraa kennamu labsu, sabni amanamummaan akka itti fufan (yoo warra aboomaman ta'e) fi akka yaada garaa isaanii geeddaratan (yoo abboomamaa hin jiran ta'e) waamicha taasisu, akkasumas yoo abboomaman eebba warra eeggatu ykn yoo abboomamuu didan immoo abaarsa isaan eeggatu akka suuraatti itti mul'isu.

Wanta gara fuulduraatti ta'u "raaguun" qaama ga'ee hojii raajotaa ta'us, kun hojii isaanii isa tokkichaa ykn isa baay'ee murteessaa ta'e miti. Hojiin ijoo raajotaa akka sabni Isiraa'el kakuudhaaf abbomamanii fi Waaqayyoon waaqessan gochuudha.

Raajonni calaqqee Kiristoos ta'uu isaanii beekuun barbaachisaadha. Inni raajii hundarra caaludha (Fakkeenyaaf, Luqaas 4:24 fi 7:16 ilaalaa).

Inni dubbii himaa Waaqayyoo isa hundarra caaludha. Kanaafuu, Yesuus akkuma raajota warra kaan warra **caaffata raajotaa** waliin hariiroo qaban (Musee, Isaayaas, Ermiyaas, Hisqi'el, Hose'aa fi k.k.f) hundaa ti. Akkasumas immoo akkuma raajota warra **dinqiiwwanii fi hojiiwwan aaboo** hojjetan (Musee, Eliyaas, Elsaayi fi k.k.f) hundaati. Kiristoos raajii ta'uun isaa immoo Kakuu Moofaa keessatti dursee dubbatamee ture. Sabni ISiraa'el gara biyya Kakuu isaaniitti osoo hin qaxxaamuriin dura, Museen raajiin *akka isaa* tokko akka dhufuuf jedhu beeksisee ture. "Ani raajii akka keetii obboloota isaanii keessaa isaaniif nan kaasa; dubbii koo afaan isaa keessa nan kaa'a, inni immoo wanta ani isa abboome hundumaa isaanitti in hima. Egaa eenyu illee dubbii koo isa inni maqaa kootiin dubbatu kana dhaga'uu yoo dide, gatii isaa in argata." (Keessa Deebii 18:15-19 ilaalaa). Museen waa'ee dhufaatii Kiristoos dubbatee ture! Irra deebiin, raajonni Kiristoos dura jiran hundi hojii isaa mul'isani. Karaa garaagaraan Kiristoos nu yaadachiisu.

**2. Ergaan raajotaa akka waliigalaatti saba Isiraa'el biratti fudhatama hin arganne.** Raajii ta'uun kan balaa irraa bilisa ta'ee ykn salphaa hin turre. Yesuus mataan isaayyuu Isiraa'elonni raajota hundumaa akka arii'atan dubbateera (akkasumas Mat. 23:34, 37, Mar. 12:1-12, Luq. 11:47-49, fi 13:34 ilaalaa). Akkasumas Hojii Ergamootaa 7:52 ilaalaa. Raajii ajjeesuun cubbuu guddaadha, sabani isaas immoo yaalii Waaqayyoon afaan qabachiisuu waan ta'eef. Yaadadhaa, raajiin dubbii himaa Waaqayyoo ture. Kanaafuu, raajii ajjeesuun yaalii sagalee/dubbii Waaqayyoo "ajjeessuu" ti. Namoonni baay'een dubbii raajotaa fudhachuu didaniiru. Kunis immoo bara kakuu moofa keessa dhugaa ture, ammas bara Yesuus, raajichi inni guddaa as biyya lafaa irratti tajaajilaa ture keessas wanti kun dhugaadha. Haa ta'u malee, hambaan namootaa muraasni, raajota amanuudhaan dubbii isaaniif deebii kennaa turaniiru. Kun bara kakuu moofaa keessa dhugaadha. Bara Yesuus biyya lafaa keessa deddeebi'ee tajaajilaa turettis dhugaadha. Bara kanas kun dhugaadha. Sabni Waaqayyoo dubbii raajotaa dhaggeeffatee dubbichaafis deebii ni kenna.
Waldaan hundee ergamootaa fi raajotaa irratti ijaaramte (Efesoon 2:20 ilaalaa). (Sababni jechi "ergamoota" jedhu Efesoon 2:20 keessatti dursee dhufeef sababii ergamoonni dubbii raajotaa amantootatti hiikanii dubbachuu keessatti shoora ol aanaa dalaganiifidha.)

**3. Bara itti Hose'aan raajaa turetti, Sabni Waaqayyoo bakka lamatti addaan qoodame: Isiraa'el fi Yihuudaa.** Sabni lamaan kan walitti hidhamanidha. Isiraa'el gara kaabaatti argamu. Yihuudaan immoo gara kibbaatti argamu ture. Hose'aan raajii Waaqayyo gara Isiraa'elitti erge ture. Haa ta'u malee, Hose'aan mootummaa Isiraa'el mootummaa kaabaatti dubbachaa kan ture ta'us, dubbiin isaa kun

Yihuudaa keessattis akka dhaga'amu ni beeka ture. Namoonni Yihuudaa (sabni warra kibbaa) keessa jiran dubbii isaa kana akka dhaga'anii fi isas immoo hojiirra akka oolchan abdii qaba ture. Yeroo tokko tokko, yeroo Hose'aan kallaattiidhaan Yihuudaatti dubbatus ni argina (Hose'aa 4:15 ilaalaa). Akkuma Hose'aa, raajonni biroonis Isiraa'eel ykn yihuudaa irratti xiyyeeffatanii ture. Haala nama hawwatuun, raajichi Isaayyaas Yihuudaa irratti dhimmee dubbachaa ture (Isaayyaas 1:1 ilaalaa). Haa ta'u malee, yeroo tokko tokkos maqaa "Isiraa'el" jedhu caaffata isaa keessatti ni fayyadama (Isaayyaas 1:3 ilaalaa). Kunis immoo kan agarsiisu Waaqayyo saba garaagaraa "lama" kan karoora garaaagaraa qaban akka qabaatee hin beeknedha. Karoorri isaa yeroo hundumaayyuu saba tokko kan gammachuudhaan mootummaa tokko jala jiraatu qabaachuu ture.

Bara kanas, sabni Waaqayyoo gara saboota ykn uummattoota garaa garaatti addaan hin caccabu. Sabni Waaqayyoo "akka saba tokkootti" tokkoomuun mootii tokko—Yesuus Kiristoos duukaa bu'aa jiru. Tokkummaan saba Waaqayyoo Hose'aa fi guutummaa Kakuu moofaa keessatti raajameera (Hose'aa 1:11 fi Hisqi'el 36:22-28 ilaala). Sababii hojii Kiristoosiin, sabni Waaqayyoo tokko dha (Efesoon 2:11-22 ilaalaa). Kiristaanonni bara kanaa Hose'aa waliin baroota garaagaraa keessa kan jiraanne yoo ta'ellee, dubbiiwwan Isiraa'elii fi dubiiwwan Yihuudaatti dubbataman dhaga'uu qabna. Ergaawwan sun hundinuu saba Waaqayyoo warra har'a jiran irrattis ni hojjetu.

**4. Hose'aan dhimmoota ijoo macaafa isaa macaafa Musee (Uumamaa hanga Keessa Deebii) keessaa fudhate.** Macaafni Musee (Uuumama, Ba'uu, Lewwoota, Lakkoobsa, fi Keessa Deebii) bara Hose'aan dura waggoota 600 kan caaluun dursee barreeffame. Macaafichi Isiraa'el keessatti baay'ee beekamaa ture, kanaafis macaafni Musee haala itti fufinsa qabuun raajota bara Museen booda jiraataniin waabeffamaa/caqafamaa ture. Akkuma raajota biroo, Hose'aanis seera (maqaa biraa macaafa Musee) dubbisuun, hubachuun, itti amanuunii fi sabni Waaqayyoos akka wanta achi keessatti caafamaniif abboomaman kan eegu ta'uun isaa ifadha.

Hose'aan kalaqa addaatiin seera macaafa Hose'aa keessa galcheera. Yeroo baay'ee afaan/gosa dubbii seera keessatti hojiirra oole kallattiin fayyadama. Seenaawwanii fi namoota macaafa Musee keessa jiran caqasa. Itti fufinsaan akka namoonni Kakuu Waaqayyoo fi Isiraa'el gidduutti tulluu Siinaa biratti galame yaadatan taasisa. Taateewwan gara fuulduraatti ta'an ibsuuf taateewwan macaafa Musee keessatti ibsaman akka ka'umsaatti fayyadama. Akka fakkeenyaatti, Hose'aan irra deddeebiin waa'ee **taatee ba'uu isa lammaffaa** dubbata. Jechootaa fi yaadota ba'uu isa jalqabaa

keessa jiran fudhachuun taatee ba’uu isa lammataa keessatti wantoota ta’uuf jiran ibsuuf itti fayyadama.

Itti fayyadama Hose’aan Seera irratti taasise bu’uureffachuun, akka dubbistootni isaa macaafa Musee waliin sirriitti wal beekan akka beeku ifadha. Akkasumas immoo macaafichi macaafa aaboo qabu ta’uu isaa agarsiisuuf akka itti fayyadame ifadha. Sababii macaafa Musee fi Hose’aa jidduu hariiroon baay’een jiruuf, barsiisonni ykn lallabdoonni macaafa Musee fi macaafa Hose’aa wal cinaa osoo qo’atanii baay’ee isaan gargaaruu danda’a.

**5. Hose’aan macaafa Kakuu Moofaa keessatti argamudha.**

Macaafonn Kakuu Moofaa osoo Kiristoos hin dhufiin dura kan caafaman yoo ta’anillee, har’allee taanaan saba Waaqayyoo irratti kan hojjetanidha. Haa ta’u malee, macaafichi dhufaatii Kiristoos dura waan caafameef, Hose’aan akka macaafa Kakuu Haaraatti ilaalamuu fi fayidaarra ooluu hin danda’u. Macaafonni Kakuu Haaraa bara jireenya, du’aa fi du’aa ka’uu Kiristoos booda caafamani. Macaafonni Kakuu Moofaa hundi waa’ee taatee kanaa gara fuulduraatti kan agarsiisan turan. Bakki ka’umsa qo’annaa macaafota Kakuu Moofaa (Macaafota raajummaa Kakuu Moofaa keessa jiran kamiiyyuu) Kakuu Haaraa keessadha. Akka Kiristaanaatti, otoo Kakuun Haaraan hin barreeffamne ta’eetii gara Kakuu Moofaatti dhiyaachuu hin dandeenyu ture. Inni waan barreeffameef, isa keessatti kutaawwan Kakuu Moofaa keessaa caqafaman baay’ee arganne, kutaawwan kallattiin hin caqasamne keessattillee, dubbii isaa fi ergaa isaa keessaa yaada ka’umsaa baay’ee arganne. Irra deddeebiin akkamitti raajiin fiixaan akka ba’e nutti himamee ture. Taateewwan Kakuu Moofaa keessatti ta’an waa’ee wanta gara fuulduraatti ta’uuf akkamitti calaqqee akka ta’an nutti himameera. Gabaabumatti, karaa Yesuusii fi ergamootaa akkamitti Kakuu Moofaa akka dubbisnuu fi hubannu nutti himameera.

Yesuusii fi ergamoonni raajiiwwan Kakuu Moofaa karaa Yesuus fiixaan akka ba’an haala ifa ta’een ibsaniiru (Luqaas 24:25-27 fi 44-49 ilaala). Ta’us, kana jechuun fuulli hundinuu caqasa waa’ee dhufaatii Kiristoos ibsu qabu jechuu miti. Irra caalaan miti. Haa ta’u malee, kana jechuun guutummaan Kakuu Moofaa—hanga ta’ee fi karaa ta’een—waa’ee Yesuusii fi seenaa isaati jechuudha.

Karaawwan muraasni Kakuun Moofaa seenaa Kiristoos ittiin nutti hime salphaatti adda baasuun kan danda’amudha. Akka fakkeenyaatti, raajummaa armaan gadii kan Miikiyaas keessaa fudhatame haa ilaallu:

> *Ati immoo yaa mandara Betlihem-Efraataa, mandaroota Yihudaa warra gurguddoota keessaa ati ishee xinnoo dha; Israa'elin kan mo'u tokko si keessaa anaaf in ba'a; hundeen isa*

*si keessaa ba'uuf jiruus kan bara durii durii bara baraa ti.*
**Miikiyaas 5:2**

Raajummaan kun mandarri inni Waaqayyoon dibamee mo'u (Kakuu haaraa keessatti "Kiristoos" jedhamee ibsame) itti dhalachuuf jiru gadi fageenyaan ibse. Kutaawwan akkasii kun baay'eetu jiru. Waa'ee dhufaatii Kiristoos addatti ibsaniiru.

Haa ta'u malee, Kutaawwan Kakuu Moofaa biroon, caalaatti ni ulfaatu. Akka fakkeenyaatti, Macaafni abboota firdii akkamiin waa'ee dhufaatii Kiristoos dubbata (ni dubbata, garuu haala Miikiyaas 5:2 irratti dubbatameen kan wal fakkaatu miti)? Tarii yaadni ka'umsaa dubbii macaafichaa isa dhumaa keessatti argamuu ni danda'a, "Yeroo sanatti sabni Israa'el mootii waan hin qabneef, namni hundinuu waanuma qajeelaa isatti fakkaatu in hojjeta ture" (Abboota Firdii 21:25 ilaalaa). Macaafni abboota firdii macaafa akka mootiin Isiraa'el irratti ka'uuf waamicha dhiyeessudha. Kanaaf wanti macaafichi dubbistoota isaatiif dhiisee darbuu barbaade, akka isaan rakkoon Isiraa'el kan furamuu danda'u yeroo Waaqayyo mootii isaan dibame saba isaa irratti mootii taasisee teessoo mootummaa irra kaa'u qofa akka ta'e beekanidha. Mootiin sunis Yesuusidha.

Sana boodas, macaafonnni Kakuu Moofaa hunduu waa'ee Kiristoosii fi wangeelaa dubbatu. Macaafonni kun hundi garuu waa'ee Kiristoosii fi wangeelaa karaa wal fakkaatuun hin dubbanne. Akka qaama ga'ee hojii keenyaatti, lallabdoonnii fi barsiisonni akkaataa ittiin macaafonni Kakuu Moofaa seenaa Kiristoos dubbachaa turan qorannee bira ga'uun isa bira geenyes of eeggannoon warroota kaaniif ibsuu qabna.

Wanti nuyi carroomne, hiika kutichaa tilmaamuun nurra hin jiraatu. Ergamoonnii fi hafuurri qulqulluun nuuf kennamaniiru. Yeroo Kakuu Haaraa dubbifnutti, ergamoonni yeroo Kakuu Moofaa hiikanitti maal akka godhan arguu ni dandeenya. Akkamittiin luqqisiiwwan akka caqasan arguu ni dandeenya, akkasumas akkamitti seenaawwanii fi walaloowwan hubachuun gara Yesuusii fi waldaa kiristaanaatti akka hiikkatan adda baafachuu ni dandeenya. Akkasumas immoo hojii kana keessatti Hafuurri Qulqulluu akka nu gargaaru amanachuu qabna. Inni akka nuyi guutummaa caaffata qulqullaa'aa keessatti Kiristoosiin arginuu fi waa'ee isaa labsinu nurraa barbaada.

**6. Macaafni Kakuu Moofaa akka aadaatti kutaa sadiitti qoodameera: Seera, Raajotaa fi Caaffattoota.** (Kutaan caaffatoota jedhamu kun yeroo tokko tokko faarfannaawwan jedhama. Sababni isaas immoo kutaa kana keessa kan jiru irra caalaan macaafa faarfannootaa waan ta'eef). Yesuus kutaawwan Kakuu Moofaa kana hunda Luqaas 24:44 irratti ibseera: "Kana booddees Yesus, "Yommuun isinii wajjin ture waa'ee kootiif seera Musee, macaafa

raajotaa fi macaafa faarfannaa keessatti kan caafame hundinuu raawwatamuuf akka jiru, kanani isinitti hime, kunoo, isa kana" isaaniin jedhe". Dubbiin Yesuus kunis kutaawwan macaafa qulqulluu sadaniif beekkamtii kennuu isaa argisiisa. Akkasumas, dubbiin Yesuus kun, akkuma kan Phaawuloos isa isa booddeedhaan ka'ee, qoodaminsa kutaawwan macaafa qulqulluu kana akka "gargaarsa" hafuuraatti barsiisa isaa keessatti fayyadamuun isaa agarsiiftuudha.[1]

Kutaawwan Kakuu Moofaa sadan akka tokkootti akkasumas tokkoon tokkoo macaafota tokkoo tokkoo kutaawwan sadan keessa jiranii of eeggannoodhaan toora qabachuu isaaniif ragaaleen qabatamaa baay'een jiru. Kanaafuu, Seerri itti yaadamee jalqabarra kaa'ame, raajonni itti yaadamee lammaffaarra kaa'ame darbees caaffatootni itti yaadamee sadaffaarra taasifame. Qoodaminsa kutaawwan sadan Kakuu Moofaa keessa jiranii kana akka kennaa Waaqayyo biraa kennameetti yaaduun baay'ee fayyada. Macaafonni akkamitti akka toora qabatan ilaaluun lallabdoota ykn barsiisotaaf gammaachuu dha, kanaanis akka dubbistootni gara amantii Kiristoos keessa jiruu fi gammachuu karaa isaa argamuutti gammadan isaan taasisa.

Macaafonni macaafa qulqulluu ammayyaa (kanneen akka Hiika Haaraa kan qajeelcha lallabdootaa kana keessatti hojiirra oolee) kun kutaawwan armaan olitti eeraman kana bu'uureffachuun akka hin qindoofne yaadatti qabachuun barbaachisaadha. Qooda kanaa, macaafni qulqulluun ammayyaa irra caalaatti akkaataa duraaduuba yerootiin kan qindaa'anidha. Kana jechuun macaafonni raajota keessa jiranii fi caaffattoota keessa jiran macaafa qulqulluu ammayyaa keessatti walitti makamaniiru. Sagaleewwaan/ergaawwan macaafota sana keessa jiran garuu gosuma tokkodha. Garaagarummaan duraaduuba qindoomina isaaniiti.

Baafanni armaan gadii macaafota tokkoon tokkoo kutaawwan sadan sana keessatti argamanidha. Ammas, akkaataa ittiin macaafonni asitti dhiyaatan toora qabsiifaman akkaataa ittiin macaafa qulqulluu ammayyaa keessatti ittiin toora galan irraa adda ta'uu yaadatti qabadhaa.

**Seera:** Seera Uumamaa, Seera Ba'uu, Seera Lewwootaa, Seera Lakkoobsaa, Seera Keessa Deebii

**Raajota:** Iyaasuu, Abboota Firdii, 1-2 Saamu'eel, 1-2 Mootota, Ermiyaas, Hisqi'el, Isaayaas, Hose'aa, Yo'el, Amos, Obaadiyaa, Yoonaas, Miikiyaas, Naahom, Anbaaqom, Sefaaniyaa, Haagee, Zakaariyaas, Miilkiyaas

---

[1] Dubbiin Yesuus kunniin labsiiwwan isaa warra baay'ee murteessoo ta'an kan kutaawwan sadan hundinuu waa'ee Kirstoos akka ibsan dubbatus of keessatti qabata.

**Caaffatoota:**[2] Ruut, Faarfannaa, Iyoob, Fakkeenya, Lallaba, Weedduu Weedduu Caalu (yeroo tokko tokko akka faaruu Salamoonitti kan ibsamu), Faaruu Ermiyaas, Daani'el, Asteer, Izraa, Nahimiyaa, 1-2 Seenaa Baraa

Tokkoon tokkoo kutaawwan sadanii waluma qixxee sagalee Waaqayyooti. Kutaawwan sadan hunduu "barsiisuuf, balleessaa hubachiisuuf, qajeelchuuf, fi qajeelummaattis leejjisuudhaaf" dhimma ni baasu. Kutaawwan sadanuu namoota gara Kiristoositti gaggeessuu fi isa keessatti akka guddatan gochuun kennaman (2 Ximotewos 3:14-17).

**7. Hose'aan Kutaawwan Kakuu Moofaa keessaa kan Raajota jedhamu keessatti argama.** Raajonni bakka lamatti qoodamuu ni danda'u. Gartuun inni jalqabaa macaafota seenaa Isiraa'el himan irraa kan ijaaramedha. Gosti barreeffamaa akkasii kun yeroo tokko tokko "seenaa" jedhama. Gartuun inni lammaffaan immoo macaafota lallaboota garaagaraa of keessatti haammatan irraa kan ijaaramedha. **Gartuun raajotaa inni jalqabaa kun** Iyaasuu, Abboota Firdii, 1-2 Saamu'el, fi 1-2 Moototа of keessatti qabata. Macaafonni kunniin seenaa Isiraa'el yeroo lafa kakuu seenan, lafa sana keessa jiraatanii fi dhuma irratti laficha keessaa oofamanii baafaman jiru hima. Macaafonni "Seenaa" kunniin taateewwan Isiraa'el keessatti raawwatanii turan dubbistootatti himu. **Gartuun raajotaa inni lammaffaan** macaafota lallabawwan baay'ee mul'isan of keessatti haammata (macaafonni kunniin yeroo tokko tokko macaafota ibsa dabalataa (commentary) jedhamu). Inni kun immoo Ermiyaas, Hisqi'el, Isaayaas, Hose'aa, Yo'el, Amos, Obaadiyaa, Yonaas, Miikiyaas, Naahom, Anbaaqom, Sefaaniyaas, Haagee, Zakaariyaas, fi Miilkiyaas of keessatti haammata. Macaafonni "ibsa dabalataa" kunniin sababiiwwan taateewwan raawwatan duuba jiran dubbistootatti himu.

**8. Macaafonni "Seenaa" Raajota keessa jiran (Iyaasuu, Abboota Firdii, 1-2 Saamu'el, fi 1-2 Mootota) duraa-duuba Yeroo isaaniitiin toora qabsiifaman.** Kana jechuun macaafonni kan toora qabatan akkaataa yeroo taateewwan sun seenaa keessatti raawwataniin jechuudha. Akka fakkeenyaatti, Iyaasuun waa'ee taateewwan bara abboota firdii keessatti galmaa'aniin dura ta'anii dubbata, kanaaf Iyaasuun Abboota Firdii dursee dhufe. Akkasumas, Abboonni Firdii kan Saamu'el 1 fi 2 dursee dhufeef sababii Abboonni Firdii waa'ee taateewwan Saamu'eel 1 fi 2 keessatti galmaa'an dura raawwatanii dubbata.

[2] Macaafonni kutaa Caaffatoota jedhamu jalatti argaman haala adda ta'een akkaataa toora Macaafota Kakuu Moofaa bara duriitiin toora qabsiifaman.

Akkasumas Saamu'el 1-2 kan Mootota 1-2 dursee taa'eef Saamu'el waa'ee taateewwan Mootota 1-2 keessatti galmaa'aniin dura ta'anii waan dubbatuufidha.

**9. Taateewwan macaafota "Seenaa" Raajota keessatti galmeeffamanis (Iyaasuu, Abboota Firdii, 1-2 Saamu'el, fi 1-2 Mootota) duraaduuba yerootiin toora qabsiifaman.** Akka fakkeenyaatti, taateen Iyaasuu 4 keessatti ta'e taatee Iyaasuu 3 keessatti galmaa'een booda raawwate. Taateen Saamu'el Isa Duraa 1 keessatti ta'e taatee Saamu'el Isa Duraa 2 keessatti galmaa'e dura ta'e … itti fufa.

**10. Macaafonni "lallaba" (ykn ibsa dabalataa) Raajota keessa jiran (Ermiyaas, Hisqi'el, Isaayaas, Hose'aa, Yo'el, Amos, Obaadiyaa, Yonaas, Miikiyaas, Naahom, Anbaaqom, Sefaaniyaas, Haagee, Zakaariyaas, fi Miilkiyaas) duraa-duuba yerootiin hin qindoofne.** Kana jechuun, gulaalaan ykn gulaaltonni tokkoon tokkoo caaffatoota macaafa qulqulluu walitti fidan yeroo isaan itti barreeffaman caalaa mala adda ta'e filachuudhaan macaafa kana qindeessuu filatan. Akkaataa macaafonni kunniin ittiin walitti galan beekuun lallabdootaaf gammachuu guddaadha.

**11. Dubbiiwwan macaafota "lallabaa" (ykn Macaafota Ibsa dabalataa) Raajota keessa jiran (Ermiyaas, Hisqi'el, Isaayaas, Hose'aa, Yo'el, Amos, Obaadiyaa, Yonaas, Miikiyaas, Naahom, Anbaaqom, Sefaaniyaas, Haagee, Zakaariyaas, fi Miilkiyaas) Yeroo baay'ee duraa duuba yerootiin hin teenye.** Caaffatootni macaafota kana keessatti caafaman akka lallaba/barsiisa gaggabaababaa (sermon) ti. Akkuma Paasteriin torbee torbeedhaan wanta sabaaf barbaachisu irratti hundaa'ee lallaba/barsiisa qopheessu jijjiiru, "lallabni" raajotaas dubbistoota irratti dhiibbaa guddaa uumuudhaaf kan qindaa'edha. Haala kanaan, dubbiiwwan waan ata duree irratti hundaa'uun qindaa'an fakkaatu. Kun immoo macaafota gartuu raajotaa kana jala jiran hubachuun yeroo tokko tokko maaliif akka ulfaatu nutti agarsiisa. Dubbistootni akka isaan adeemsa duraa duuba yerootiin taa'anitti yaadu. Garuummoo kun seenaa miti. Caalaatti lallaba ykn ibsa dabalataa fakkaatu.

**12. Hose'aan "macaafa warra kudha lamaa" keessatti macaafa isa jalqabaati.** Macaafni warra kudha lamaa walitti qabaminsa macaafota "raajota xixiqqoo" tiin barreeffamaniiti. Raajota xixiqqoo kan jedhamaniifis waanuma macaafonni isaanii kan "raajota gurguddoo" (Ermiyaas, Hisqi'el fi Isaayaas) caalaa gabaabbataniif ture. Gulaalaaltonni Macaaqa Qulqulluu Ibirootaa raajota xixiqqoo 12 kana bakka tokkotti walitti qindeessuun, "macaafa warra kudha lamaa" ykn "kudha lamaan" jedhanii waaman. Macaafonni macaafa

kudha lamaa keessa jiran qabiyyee isaanii irratti hundaa'uun toora qabsiifaman. Akka ka'umsaatti, Xumurri Yo'el (3:16) "Waaqayyo Xiyon keessaa in qaqawweessa'a, Yerusaalem keessaas sagalee isaa in dhageessisa" jedhee labsa. Macaafni itti aanu, Amos, haaluma guutummaatti wal fakkaatuun jalqaba: "Waaqayyo Xiyon keessaa in qaqawweessa'a, Yerusaalem keessaas sagalee isaa in dhageessisa" (1:2). Kun macaafota lamaan wal qunnamsiisa. Gulaalaan wal qabsiiftuuwwan kanneenii fi wantoota biroos arguun sababa kanneenitti fayyadamee macaafota sana walitti qindeesse. Amos immoo waa'ee namoota Waaqayyoof kennamuu Edoom ibsuun xumura (9:12). Obaadiyaan immoo macaafa waa'ee firdii Edoom irratti dhufuu dubbatudha(Obaadiyaa 1:1). Yonaas, Miikiyaas, fi Naahom hundi isaanii warra Asoor waliin wal qabatu. Yonaas waa'ee araaraa madaraa Nanawwee—magaala biyya Asooritti Waaqayyo agarsiisee dubbata. Miikiyaas waa'ee firdii warra Asor dubbata. Naahom waa'ee kufaatii Nanawwee dubbata. Ammas, kunis immoo gulaaltichi of eeggannoodhaan macaafota kana toora qabsiisuu isaaf ragaadha.

**13. Hose'aan Akeekkachiisa Waaqolii biroo Waaqessuu irratti kennamedha.** Sabni Isiraa'el bara Hose'aa keessa jiran waaqolii baay'ee waaqessu turan. Dubbiiwwan Hose'aa akeekkachiisa akka namoonni cubbuu waaqolii biroo waaqessuu irraa deebi'uu qabaniif kan dubbatame ture. Kanaafuu, dubbiiwwan Hose'aa namoota bara isaa keessa jiran irratti kan hojjetudha. Haa ta'u malee, dubbiiwwan Hose'aa akeekkachiisa bara kanas hojjetudha. Waaqayyo waaqa hinaafaadha. Ulfina isaa kan fudhachuu barbaadu kamiyyuu obsee hin darbu. Isiraa'elonni yeroo baay'ee Yahiwwee fi waaqolii tolfamoo ergan takkaatti akka Waaqessaa turan beekuun barbaachisaadha. Amantii walitti makuun akkasii kun yeroo tokko tokko **fafakkeessuu** (**syncretism)** jedhama. Amantii xiqqoo Waaqayyo isa dhugaa irraa qaban amantii xiqqoo waaqolii sobaa irraa qaban walitti fiduudha. Kun immoo uumama isaatiin amantii haaraa ta'e akka qabaatan taasisa. "Waaqeffannaan" akkasii kun bara Hose'aa keessa fudhatama hin qabu ture, bara kanas fudhatama hin qabu. Hose'aan waliin dhahuu/fafakkeessuu kana ilaalchisee akeekkachiisa kenna. Ammas, Waaqayyo waaqa hinaafaadha. Inii ulfina isaa "waaqolii" kam waliinuu hin qooddatu.

Bara Hose'aa kana keessa, sabni Isiraa'el waaqa maqaan isaa Ba'aal jedhamu waaqessu ture. Waaqeffannaan Ba'aal immoo hanga tokkos ta'u, namoota hojiiwwan sagaagalummaa waaqolii ejjitootaa waliin hojjetan kan hirmaachisu ture. Hojiin ejjaa seeraan alaa kunis immoo kan hojjetamuuf sababii waaqni isaanii Ba'aalis

waaqa tolfamtuu Anaat jedhamtu (waaqittii inni fuudhee ture) waliin akkas gochuun deebii nuuf laata jedhanii waan yaadanifidha. Kanaafuu, wal-qunnamtiin saalaa namaan lafa irratti taasifamu wal-qunnamtii waaqoliin isaanii waaqarratti taasisan kakaasuun akka qilleensi gaarii fi oomishni qonnaa badhaadhe jiraatu taasisa jedhanii yaadu. Seenaawwan bara durii Ba'aal ilaalchisee jiran baay'een argamaniiru. Seenaawwan muraasni lola Ba'aal waaqa galaanaa Yam waliin taasise ibsu. Seenaawwan biroon immoo lola inni Mot, waaqa isa ganna keessa goginsa fide, waliin taasise ibsu. Akka seenaawwan kanaatti, gargaartuun guddaaa Ba'aal kan turte Anat, waaqittii ishee inni waliin hariiroo wal-qunnamtii saalaa qabudha. Aat obboleettii fi haadha manaa Ba'aal turte.

Yahiwween waaqeffannaa Isiraa'elotaa isa "wal-makaa" kana hinfudhanne. Ergan takkaatti Ba'aalii fi Yaahiwwee amanachuun kan hin danda'amne ture. Yahiwween, akka abbaa manaa Isiraa'elitti, haadha manaa isaatiiif waan ishee barbaachisuu fi kunuunsa kennuuf waadaa seeneera. Kun immoo qaama kakuu inni ishee (Isiraa'el) waliin galee turee ti. Haa ta'u malee, isheen akka "haadha manaa" Yahiwweetti, kunuunsa isaa kanatti amantee itti of hin kennine. Kan waan ishee barbaachisu nyaataa fi dhugaatii akkasumas haala mijataa isheef kennu Ba'aal akka turetti yaadde. Isiraa'el, tokkummaa Ba'aal waliin uumteen, Yaahiwwee akka abbaa manaa gaariitti akka hin fudhanne agarsiifte.

**14. Hose'aan namoota gara amantiitti waame.** Guutummaa macaafa Hose'aa keessatti, Hose'aan akka namoonni Yahiwweedhaaf amantiidhaan deebii kennaniif waamicha taasisa. Amantiin macaafa qulqulluu inni dhugaan wanta Waaqayyo dubbate sirriidha jedhanii amanuu bira waan darbe baay'ee of keessaa qaba. Amantiin macaafa qulqulluu inni dhugaan hojii of keessatti haammata. Hose'aan akka namoonni sagalee Waaqayyoo dhaga'an, wanta Waaqayyo dubbatettis akka amanan, waaqolii biroo waaqessuu isaaniirraas akka deebi'anii fi sagalee Waaqayyoo hundumaaf abboomamuu keessa akka jiraatan waamicha taasisa (akka fakkeenyaatti, Hose'aa 6:1-3 fi 14:1-3 ilaalaa). Dubbii Hose'aa inni dhumaa, kaayyoon macaafichaa "warra ogeessota" gara beekumsaa fi abboomamuutti waamuu akka ta'e agarsiisa: "Egaa ogeessi eenyu ree? Innoo kana in hubata! Hubataan immoo eenyu ree? Inni kana beekuu bira in ga'a! Karaan Waaqayyoo hundinuu sirrii dha, warri qajeelonni isa irra in adeemu, warri morman garuu isa irratti gufatanii in kufu" (Hose'aa 14:9 ilaalaa). Sagaleen namoota gara ogummaa fi abboomamuutti waamuu kun dhaggeeffatoota Hose'aa warra jalqabaaf qofa miti. Warroota dubbii Hose'aa kana

dhaga'an hundumaafidha. Kana jechuun, dhaggeeffattootni Hose'aa warri duraa dubbii kana akka dhaga'anii fi isa dhaga'aniif immoo amantiidhaan deebii akka kennan in jaalanna.

**15. Raajummaan Macaafa Qulqulluu keessa jiru yeroo baay'ee bifa walalootiin dubbistootaaf dhiyaateera.** Kun Hose'aa keessattis dhugaadha. Kutaa macaafichaa keessaa seenessa muraasa jiru irraa kan hafe (Hose'aa 1 fi 3 ilaalaa), Hose'aan guutummaatti bifa walaootiin barreeffame. Kun immoo dubbistootaa fi lallabdootaaf ykn barsiisotaaf kennaa guddaadha.

Seenaatti (jecha gosa ogbarruu seenaa himuudhaaf fayidaarra oole) aanee, walaloon gosa ogbarruu Kakuu Moofaa keessatti baay'ee beekamaa ta'edha.
JIyoob, Faarfannaa, Fakkeenya, Lallaba, Weedduu Weedduu Caalu, Isaayaas, Ermiyaas, Faaruu Ermiyaas, Hisqi'el, Daani'el, Hose'aa, Yo'el, Amos, Obaadiyaa, Yonaas, Miikiyaas, Naahom, Anbaaqom, Sefaniyaa, fi Zakaariyaas hundi isaanii walaloo baay'ee of keessaa qabu. Akkasumas immoo walaloon guutummaa macaafota Kakuu Moofaa keessatti faffaca'ee ni argama (Ba'uu 15:1-18 ilaalaa). Kana bira darbee, walaloowwan Kakuu Moofaa baay'een Kakuu Haaraa keessatti caqafamaniiru (Hojii Ergamootaa 28:26-27 ilaalaa). Kanaafuu, walaloowwan macaafa qulqulluu adda baasuu, hubachuu fi hojiitti hiikuu danda'uun lallabdootaaf baay'ee murteessaadha.

Dubbistootni akka salphaatti walaloowwan Macaafa Qulqulluu keessa jiran adda baafachuu baruu ni danda'u, sababni isaas immoo walaloowwan macaafa qulqulluu jechootaa fi qindoomina jechootaa adda ta'e fayyadamu. Walaloowwan Kakuu Moofaa keessatti argaman gosa walaloo afaan Ingiliffaa ykn afaan biraa keessatti baratame irraa addadha. Yeroo baay'ee yaa'a/mana rukuttaa hin qabu. Walalon macaafa qulqulluu keessa jiru lakkoofsaan barreeffamuun akka isaa **yaada wal-tarree/parallelism** jedhamu uuman ta'u. Wal-tarree/parallelism jechuun caaseffama ittiin sararri tokko waan ta'e dubbatee sararri inni battalumatti itti aanee dhufu immoo yaaduma sarara isa jalqaabaa jecha biraatti fayyadamuun irra deebi'uun yaadicha karaa biraatiin yeroo cimsu jechuudha. Kun daandii baaburaa wal-tarree diriiran lama waliin wal fakkaata (yeroo tokko tokkos immoo himoonni sadii wal-tarree hiriiruu ni danda'u). Sararri daandii baaburaa inni lammaffaa isa jalqabaa caalaa jabaadha jedhaa yaadaa. Yaadni wal-tarree kun akkasiin hojjeta.

Daandiin biraan waa'ee yaada wal-tarree (parallelism) yaaduu dandeenyu go'aa (eekoo) dha. Sagaleen tarree lammaffaa eekoo/go'aa isa jalqabaa ti. Go'aa/eekoo baratamaa keessatti yeroo

namni waan ta’e iyyu, go’aan sagalee/eekoon deebi’ee dhufu jechuma wal fakkaataadha. Haa ta’u malee, walaloo macaafa qulqulluu keessatti, go’aan/eekoon isaa ni jijjiirama! Irra caalaatti wal fakkaataadha. Sararri inni lammaffaan garaagarummaa mul’achuu danda’u waliin eekoo sarara isa jalqabaa ta’a.

Kan armaan gadii kun fakkeenya walaloo macaafa qulqulluu macaafa faarfannaa keessaa fudhatameeti. Sararri inni lammataan akkamitti yaada sarara isa jalqabaa akka irra deebi’e yaadatti qabadhaa, garuummoo jechoota ciccimootti fayyadamee yaadicha ibse:

*Yaa Waaqayyo, aarii keetiin ana hin ifatiin;*
*Dheekkamsa keetiinis ana hin adabiin!* **Faarfannaa 38:1**

Ammas, akkuma sararoonni daandii baaburaa lama wal-tarree diriiran, sararri inni lammaffaa 38:1 sarara isa tokkoffaa waliin wal-tarree diriiree jira. Kun immoo jechoota achitti keessatti fayidaarra oolan irraa hubachuun ni danda’ama. Lamaan isaaniiyyuu ifaan ifatti wal fakkaatoodha. Jechi sarara jalqabaa irratti “ifachuu” jedhu jecha sarara lammaffaa irratti “adabuu” jedhu waliin wal fakkaata. Garuu jechi “adabuu” jedhu jecha “ifachuu” jedhu caalaa akka jabaatu yaadatti qabadhaa. Ammas, sararoonni lamaan walaloo sanaa akkuma sararoota daandii baaburaa wal-tarree kan deeman yoo ta’an, “sararri baaburaa inni lammaffaan” sarara isa jalqabaarra cimaa ta’uun isaa mul’ataadha. Haaluma jechi “adabuu” jedhu kan Faarfannaa 38:1 irra sarara lammaffaa jiru jecha “ifachuu” jedhu sarara tokkoffaa irra jiruun wal-tarree deemuun, jechi “dheekkamsa” jedhu kan sarara lammaffaa irra jiru, jecha “aarii” jedhu kan sarara jalqaa irra jiruun wal-tarree adeema. Haa ta’u malee, akkuma adeemsa wal-tarree keessatti eegamu, jechi “dheekkamsa” jedhu jecha “aarii” jedhu waliin wal-tarree yoo ta’u, innis immo jecha “aarii” jedhu caalaa jecha jabaadha. .

Fakkeenya adeemsa wal-tarree (parallelism) kan biraa Hose’aa 6:2 irraa haa ilaallu:

*Guyyaa lama booddee deebisee nu fayyisa,*
*Sadaffaatti ol nu kaasa; fuula isaa dura in jiraanna.*

Akkaataa ittiin lakkoofsonni ibsaman yaadatti qabadhaa, sarara isa lammaffaa irratti “sadaffaa” kan jedhu isa sarara tokkooffaa irra jiru jiru “lama” kan jedhurra tokkoon guddaadha. Lakkoofsota bifa kanaan fayyadamuun adeemsa wal-tarree kana keessatti baratamaadha. Lakkoofsi inni lammaffaa isa jalqabaarra guddaadha. Kun maaliif macaafni fakkeenyaa wantoo akka “Waaqayyo waan ja’a in jibba; isa torbaffaa immoo in ciigga’a”

(Fakkeenya 6:16) jedhan akka fayyadamu nuuf ibsuu danda'a ta'a.Yaahiwweetti waa'een wanta **ja'aas** ta'ee wanta **torbaa** bitaa itti hin galu. Isarra wanti kun gosa walaloo macaafa qulqulluu isaa bifa addaa kan qabudha. Sararri inni lammaffaan isa jalqabaa waliin wal-tarreedha, garuu karaa wayiitiin sarara jalqabaa sana cimseera. (Akkasumas immoo, wantoota Yaahiwween "jibbuu" fi wantoota "ciigga'u" jidduu guddina jiru yaadatti qabadhaa. Yaadni inni lammaffaan caalaatti cimaadha.)

Maaliifidha kan Waaqayyo akka caalaatti walaloo irratti hirkataniif kan isaan kakaase? Gaaffii kanaaf deebiiwwan baay'een jiraachuu ni danda'u ta'a. Deebiin tokko, amalli ergaa raajotaa bifa walaloo waan barbaaduufidha. Namoonni dubbiiwwan raajotaa dhaga'aa hin turre. Kana jechuun Waaqayyoon dhaga'aa hin turre jechuudha! Irra deddeebiin yaadaa bifa wal-tarreetiin ibsamu kun addatti yaada sanatti xiyyeeffannoo kennuudha. Yaadonni ijoon jechoota caalaatti jajjaboo ta'aniin ni dubbatamu ammas irra deebiin ni dubbatamu. Sababni kan biraan immoo walaloowwan jechoota dubbii akkasumaanii keessatti fayidaarra oolan caalaa kan nama naasisanitti fayyadamu. Amalli nama naasisuu jechootaa kun immoo akka salphaatti ergaa sana tuffannee hin darbine taasisa. Sababni inni dhumaa immoo jechoonni walaloo macaafa qulqulluu kan yaadatti qabatamuu danda'anidha. Yeroo itti namoonni baay'een dubbisuu hin dandeenyetti, ergaawwan raajotaa bifa namoonni irra deddeebi'uu fi yaadachuu danda'aniin dhufu.

**16. Raajonni afaan dubbistoota naasisuu danda'an fayyadamu.** Jechoonni baay'ee jaboo yeroo baay'ee raajonni fayyadaman ni hubatamu, sababni isaas immoo sabni kana booda booda jechoota "baratamoo" ta'an dhaga'uu hin barbaadan. Sababii namoonni jechoota "baratamoo" ta'an dhaga'uu hin barbaanneef, raajonni jechoota jaboo fi caalaatti jaboo ta'an fayyadamuun ergaa isaanii dabarfachuuf dirqamu. Akka fakkeenyaatti, sabni Isiraa'el waaqolii tolfamoo waaqessaa turan. Cubbuu kana ilaalchisee irra deddeebiin ammas ammas akeekkachiifamanii ture. Hose'aanis waa'ee cubbuu waaqayyo irraa garagaluu isaaniif isaan akeekkachiisuu fi yaada garaa isaanii akka geeddaratan isaan kadhachuuf ergame ture. Innis immoo kun Isiraa'eliif akka abdii isa dhumaa ta'ettidha. Israa'el waggoota baay'eedhaaf akka macaafa Musee keessatti gara isaaniitti dhufetti dubbii Waaqayyoo dhaga'uu didanii ture. Akkasumas, Isiraa'el dubbii Waaqayyoo isa karaa raajota warra alqabaa gara isaanii dhufee dhaga'uu didan. Kanaafidha egaa Hose'aan jechoota dhaga'anii tuffachuun hin danda'amnetti fayyadamee dubbachuu kan dirqame. Salphumatti "waaqolii warra

ormaa waaqessuu irraa deebi’aa” jedhee dubbachuu ni danda’a ture. Jechi kunis kan Waaqayyo biraa ayyaana argate ta’uu mala. Garuummoo Hose’aan yeroo saba Isiraa’elitti waa’ee waaqolii biro waaqessuu isaanii itti himu jecha “baratamaa” ta’e kana hin fayyadamne. Isiraa’elonni dubbii Hose’aaf gurra kennuu dhiisuu ni danda’u ture. Qooda kanaa, jecha hojii waaqolii ormaa waaqessuu saba sanaa haala naasisaa ta’een ibsuu danda’u fayyadame. Sabni sun **halalummaa** keessa jira jedhee labse. Jechi kunii fi jechoonni biroon akkasii Hose’aan itti fayyadame shakkii tokko malee xiyyeeffannoo saba sanaa qabataniiru!.

Sararoonni walaloo armaan gadii kun Isiraa’el waaqa biroo waaqessuu isaanii ibsu. Otoo Isiraa’elota bara Hose’aa keessa jiraatan taataniitii jechoota kana dhaga’uun miira akkamii akka uumu yaadaa:

> *“Haadha keessan hadheessaa! Isheen haadha manaa koo ta'uu waan dhiifteef,*
> *anis abbaa manaa ishee ta'uu waanan dhiiseef, ishee hadheessaa!*
> *Isheen **halalummaa** fuula ishee irraa mul'atu,*
> *milikkita ejjummaas harma ishee gidduudhaa haa baaftu! ...”*
>
> **Hose’aa 2:4**

Hose’aan Isiraa’eliin akka ejjituutti ibsa! Ulfaatina sarara walaloo kanaa miireffachuuf, namni wayii haadha keessan haala kanaan otoo ibsee waan sinitti dhaga’amu yaadaa! Sababiin namoonni raajota ajjeessuuf karaa hin barbaanneef hin jiru. Jechoonni jajjaboon raajonni fayyadaman kun yaada garaa namootaa gadi fageessanii kutuun akka isaan Waaqayyoon dhaga’an gochuudha. Waaqayyo matumti isaa yeroo raajota ergutti wanta inni gochuuf jiru isa kana akka ta’e dubbatee ture. Sararoota walaloo kana ilaalaa (kun fakkeenya walaloo sara sadii qabuu kan walii isaaniif wal-tarree ta’aniiti):

> *Kanaafis ani karaa raajotaa sin qiqqirixe,*
> *dubbii afaan kootii ba'uunis sin ajjeese;*
> *wanti na duratti qajeelaa ta'ee raawwatamu akka ifaa bakkee in ba'a.*
>
> **Hose’aa 6:5**

Namoonni bara Hose’aa keessa jiraatan dubbii jabaa kana dhaga’uun isaanirra ture, akkasumas namoonni bara ammaa kana jiranis sagaleewwan jajjaboo kana dhaga’uu qabu. Dubbiin afaanii jabaan kun bu’aa namoota bara Hose’aa keessa jiraataniif qofa akka hin turre beekuun barbaachisaadha. Namoonni bara ammaa jiranis dubbiidhuma wal fakkaataa kana dhaga’uu qabu. Yeroo tokko tokko yaada garaa keenya isa qorraa keessaa naasifamnee dammaquu qabna! Dubbiiwwan raajotaa Waaqayyoon kan kennamanidha. Of

eeggannoodhaan akka isaan yaada namootaa booji'an taasifamuun akka namoonni sagalee Waaqayyoo isa gaarii dhaga'an, yaada garaa isaanii geeddaratanii fi isaaf abbootamamuu keessa jiraataniif taasisuuf fo'aman (Ibiroota 4:12 ilaalaa).

**17. Tajaajilli Raajii inni ijoon warroota bara isaa keessa jiraachaa turaniif miti. Isarra, warroota bara raajichaan booddee jiraataniifidha.** Hojiiwwan raajotaa keessaa tokko namoota bara dhalootaa isaan keessa jiraachaa jiran keessa jiran irratti sababii cubbuu isaaniitiin firdii isaanitti dhufuuf jiru akeekkachiisuudha. Kanaafuu, Hose'aan Waaqayyoon waamamuudhaan akka namoota bara jireenya isaa keessa jiraachaa turanitti dubbatu taasifame. Garuu, dhugaan jiru, namoota kuma muraasa qoftu bara jireenya isaa keessa akka Hose'aa dhaga'e yaadatti qabadhaa. Haa ta'u malee, namoonni miiliyoonotaan lakkaa'amuu hin dandeeye dubbii Hose'aa kana bara Hose'aan waltajjii irratti Isiraa'el tajaajileen booda waggoota kumoota keessatti dhaga'an. Dhugaa kana qofa irratti hundaa'uudhaan, dhiibbaan tajaajilli Hose'aa fide inni guddaan namoota bara isaa keessa jiraatan irratti hin turre. Namoota bara isaatiin booda jiraatan irrattidha (si'ii fi anaan dabalatee)! Dubbistootni Hose'aa bara kanaa namoota tajaajila waltajjii Hose'aan Isiraa'el keessatti tajaajilaa ture dhaga'an irraa baay'ee addadha. Namoonni yeroo Hose'aan waltajjii irratti tajaajile dhaga'an osoo wanta inni raaje sun iyyuu hin ta'iin du'an. Hanga yeroo sanaatti mootummaan Isiraa'el inni kaabaa hin barbadoofne. Sabnis hin bittinnoofne. Wanti barbaachisaan immoo, Kiristoos hanga yeroo sanaatti hin dhufne. Dubbistootni har'aa garuu haala sana keessa jiru miti. Wantotni Hose'aan yeroo sana dubbate amma gara ta'anii darbuutti dhufaniiru. Dubbistootni har'aa gara duubaatti deebi'anii yaaduun wantootni yeroo sana raajaman raawwatanii darbaa jiraachuu isaanii beekaa jiru! Kun saba Waaqayyoo keessatti amantii isaanii ijaara. Dubbii Hose'aan waa'ee Isiraa'elotaaf dubbate ta'anii darbaa erga jiraatanii, kun immoo har'as wanti Waaqayyo dubbate hundinuu shakkii tokko malee akka raawwachuuf jiran laphee saba Waaqayyoo keessatti amantii jabaa ijaara. Akkasumas sodaan Waaqayyoo guddaan isaan keessa akka jiraatu godha. As keessatti Waaqayyo waadaa isaa akka eeguu fi yeroo isaan waaqolii biro waaqessanitti isaa raawwatee akka isaan hin dhiifne arguu ni dandeenya. Kun immoo yoo sababii dhadhabbii keenyaan Waaqayyo irraa garagalle illee Waaqayyo raawwatee akka nu hin dhiifne akka beeknu nu taasisa.

Ammas, raajonni namoota bara dhaloota isaanii keessa jiran qofa gargaaruuf dubbachaa turan miti. Raajiin isaanii namoota erga raajiin

isaanii ta’ee darbee baroota baay’een booda jiraatan illee fayyaduu akka danda’u ni beeku ture. Hose’aan dhaggeeffatootni isaa baay’een gara fuula duraatti akka jiraatan ni beeka. Luqqisii armaan gadii 1 Pheexiros keessaa fudhatame xiyyeeffannoon ilaalaa. Ergamaan Pheexiros akka dubbatetti, Raajonni—kun Hose’aa of keessatti haammachuu mala—akka nu tajaajilaa jiran ni beeku ture! Raajonni waa’ee ayyaana Waaqayyoo isa karaa Kiristoos dhufuuf jiruu ni beeku, akkasumas dubbiin isaanii namoota gara fuula duraatti jiraatan akka fayyadu ni beeku.

> *Raajonni warri waa'ee ayyaana isiniif kennamuuf ture sanaa raajii dubbatan, fayyina kana barbaadanii waa'ee isaa qoratan. Isaan waa'ee dhiphina Kristosin argatuu, waa'ee ulfina booddeedhaan isaaf dhufuuf jiruu, duraan dursanii yeroo dubbatan, hafuurri Kristos inni isaan keessa ture, gara nama attamii yookiis yeroo attamii akka inni argisiisaa ture in qoratan.* ***Wanti isaan hojjechaa turanis mataa isaaniif utuu hin ta'in, isiniif*** *akka ture mul'ifameera. Kunis hafuura qulqulluu isa waaqa irraa ergameen, amma karaa warra wangeela lallabanii isinitti himame; kana immoo ergamoonni Waaqayyoo iyyuu keessa lixanii ilaaluu in hawwu turan.* **1 Pheexiros 1:10-12**

Akka nama bara kana keessa dubbii Hose’aa dubbisuutti, dubbii kana akka dubbii isa nuuf barreeffameetti akka dhaggeeffachaa jirrutti of eeggannoon gochuu qabna. Isiraa’elota warra bara duriif qofa hin turre.

**18. Mootota Isa Lammaffaa Hose'aa waliin wal-qabsiifnee dubbisuun guddaa nu gargaaruu danda'a.** Mootonni Inni Lammaffaan seenaa Isiraa'el fi Yihuudaan bara Hose'aan jiraatee fi itti raaje keessa ture seenessa. Seenaa Mootota Lammaffaa keessa jiru walaloo Hose'aa keessa jiru waliin walitti galchuun, dubbistootni akka **dug-duubee** jechoota Hose'aa keessatti ibsanii salphaatti adda baafatan gargaara. Macaafichi namoota Isiraa'el keessa jiraataniif caafame. Yeroo sanatti Isiraa'el keessa mootiin teessoorra ture jira. Maqaan isaa Yerobi'aam jedhama ture. Inni mootii humna qabeessa ta'us humna isaa kana wanta gaariif itti hin fayyadamne. Saba gara hammeenyaatti gaggeesse. Sabni Isiraa'elis gammachuudhaan gara hammeenyaatti mootii isaanii duukaa bu'an. Waaqni Isiraa'el—Yahiwwee—abboomamuu diduu Isiraa'elotaaf hin obsuu hin dandeenye. Hose'aa waamee akka inni Isiraa'eliif ergaa fidu taasise. Ergichis immoo Yaahiwween kanaan booda amanamummaa dhabuu warra Isiraa'el hin obsu kan jedhu ture. Balleeffamuutu isaaniif mala. Ta'us garuu Hose'aan ergaa abdiis immoo qaba ture. Yahiwween, Isiraa'el balleessuudhaaf kakatus, akka iddootti isaan deebisu immoo abadachiiseera.

**19. Keessa Deebii 4:1-31, 12:1-32, 28:1-68 fi 30:1-20 Hose'aa waliin wal qabsiisanii dubbisuun guddaa gargaara.** Hose'aan saba Isiraa'elitti wanta haaraa tokkoyyuu himaa hin jiru. Waa'ee waaqolii biro waaqessuu macaafa Musee keessattiyyuu akeekkachiifamanii ture. Yoo abboomamuu diduu keessa deddeebi'an maaltu akka isaan irra ga'u isaanitti himameera. Guyyaa dhumaatti immoo Waaqayyo Iisraa'eliin iddootti akka deebisu kakuu kakatame dhaga'aniiru. Bara kanas ergaa Hose'aa namoota dhaga'aniifis dhugaan jiru wal fakkaataadha. Hose'aan namoota bara kana dhaga'aa jiranitti wanta haaraa himaa hin jiru. Namoonni macaafa Keessa Deebii hubachuu yoo danda'an, Hose'aas immoo hubachuu ni danda'u. Boqonnaawwan Keessa Deebii kanneen yaadatti qabachaa Hose'aa dubbisuun lallabdootaaf gargaarsa guddaadha.

**20. Amalli raajummaa Ibirootaa yeroo baay'ee dubbii hamaa fi gaarii jidduu gaggaragala.** Gareen lakkoofsota muraasaa waan hamaadha. Gareen lakkoofsota ergaa hamaa qabanii kanatti aanee immoo garee lakkoofsota ergaa gaarii qabaniitu dhufa. Dubbiin ergaawwan hamaa fi gaarii jidduu deddeebi'an kun macaafota raajotaa Macaafa Qulqulluu warra Ibirootaa keessatti beekamaadha. Kanuma akkasiitu Hose'aa keessas jira. Hose'aa 1:1-9 keessa ergaa hamaatu jira. Kun waa'ee badisa Isiraa'el kan kakatudha. Hose'aa 1:10-2:1 immoo ergaa gaariidha. Innimmoo waa'ee jireenyatti deebi'anii ka'uu Isiraa'elotaa dubbata. Akkasumas immoo waa'ee gaggeessaa gara fuula duraatti isaaniif kaafamu

jalatti birmaduu ba'uu fi sonaan baay'achuu dubbata. Kun abdii wangeelaati! Hose'aa 2:2-13 immoo ergaa hamaadha. Hose'aa 2:14-23 immoo ergaa gaariidha.

Macaafonni raajummaa maaliif akkas fakkaatu? Maaliif kutaawwan ergaa hamaa qaban bakka tokkotti warroonni ergaa gaarii qaban immoo bakka tokkotti walitti qindaa'anii hin kaa'amne? Tarii irra deddeebiin wal jala jijjiiramuun waan hamaa fi gaarii akka ergaawwan macaaficha keessa jiru—hamaa fi gaariin lamaanuu—ammas ammas jechoota haaraan irra deddeebi'amuun ergicha cimsaniif ta'a. Ergaa macaaficha keessa jiru irra deebi'uun barbaachisaadha, sababni isaas sabni Waaqayyoo ergaawwan kana irra deddeebi'uun ammas ammas dhaga'uu qabu.

Lallabdootaa ykn barsiisotaaf caaffata sana keessaa waa'ee wanta ulfina qabuu irratti xiyyeeffachuun salphaadha. Yeruma wal fakkaatutti, wantoota ulfaatoo kuticha keessatti xiyyeeffannoo argatan irra utaaluun immoo ni salphata. Warri akkasii ogeessa miti. Lallabaa ykn barsiisaa ogeessi wantoota macaafa Hose'aa keessatti ibsaman hunda irratti xiyyeeffata.

# Hose’aa 1:1-1:9

Tajaajilli Hose’aan warra Isiraa’eliif kenne naannoo bara 755 DhKD jalqabe. Bara Hose’aan jiraate keessa, qomoowwan Isiraa’el 12’n akka saba tokkootti hin ilaalaman ture. Hose’aan tajaajila isaa jalqabuun waggoota 180 dura, sabni Isiraa’el mootummaa lamatti addaan cabee ture (kun Mootota Isa Duraa 12:16-24 keessatti ibsameera). Mootummaan gara Kaabaa qomoowwan kudha irraa kan ijaarame yoo ta’u Isiraa’el jedhama ture (yeroo tokko tokko immoo Efireem). Mootummaa gara Kibbaa immoo qomoowwan Yihuudaa fi Biiniyaam kan haammatu yoo ta’u, Yihuudaa jedhama ture. Hose’aan raajii isa dhumaa mootummaa Isiraa’el yoo ta’u otoo mootummaan warra Kaabaa bara 722 DhKD warra Asooriin hin booji’amiin dura kan raajedha. Isiraa’el keessatti raajii yeroo dhumaaf lallabe waan ta’eef, ergamaa Waaqayyoo otoo firdiin hin dhufiin sabni akka yaada garaa geeddaratuuf waamicha dhiyeessedha.  Haala nama ajaa’ibuun, sabni sun Hose’aa hin dhaggeeffanne.

Dub-duubeen murteessaan dubbii Hose’aan saba Isiraa’elitti dubbatee, dubbii Museen saba Isiraa’elitti otoo isaan galaana Yordaanos ce’anii gara lafa Kakuu isaaniitti hin galiin dura dubbatedha. Addatti wanti yaadatti qabachuu qabdan, akeekkachiisa isa waa’ee sabni Isiraa’el yoo waaqolii biroo duukaa bu’an maal akka ta’an dubbatudha.

> *“Waaqayyo garuu, biyya Gibxii isa akka iddoo ibidda sibiila itti baqsanii sana keessaa isin fuudhe, akka har'aa kana saba dhuunfaa isaa akka taataniif as isin fide. Waaqayyo sababii keessaniif anatti aaree, ani laga Yordaanos akkan hin ceeneef, biyya isa gaarii Waaqayyo gooftaan keessan dhaala godhee isiniif kennuttis akkan hin galleef in kakate. Kanaaf ani biyya kanatti nan du'a malee, laga Yordaanos gamatti hin ce'u; isin garuu ceetanii biyya gaarii sana in dhaaltu. Isin kakuu Waaqayyo gooftaan keessan isinii wajjin gale akka hin irraanfannetti, bifa fakkeenyaa isa Waaqayyo gooftaan keessan isin dhowwe fakkaattii waan tokkootiin akka hin tolfannettis of eeggadhaa! Waaqayyo gooftaan keessan ibidda xaph godhuu dha, Waaqayyo hinaafaa dhas.*
>
> *“Isin ijoollee godhattanii ijoollee ijoollee keessanii yommuu argitan, biyyicha keessas yeroo dheeraa yommuu turtan, fakkaattii waan tokkoon bifa fakkeenyaa tolfachuudhaan yoo karaa irraa kaattan, tuttuqxanii isa aarsuudhaafis wanta Waaqayyo gooftaa keessan duratti hamaa ta'e yoo hojjettan, ani har'a waaqaa fi lafa waamee isin irratti dhugaa nan baasisa; biyya isa dhaaluudhaaf Yordaanosin ceetanii itti adeemtan kana irraa daftanii raawwattanii in balleeffamtu; isin raawwattanii in dhumtu malee yeroo dheeraa isa irra hin jiraattan. Waaqayyo saba*

*warra kaan gidduu isin in bittimsa, lakkoobsi keessan muraasatee saba warra Waaqayyo isaan gidduutti isin bittimse keessattis muraasa taatanii in haftu. Yommus isin achitti waaqayyolii warra muka irraa, dhagaa irraas harki namaa tolche, warra hin arginee fi warra hin dhageenyeef, warra hin nyaannee fi warra hin fuunfanneefis in hojjettu. Garuu achitti Waaqayyoon gooftaa keessan in barbaaddattu; isin garaa keessan guutuudhaan, yaada keessan guutuudhaanis yoo isa barbaaddattan isa in argattu! Isin yeroo rakkattan, dubbiin kun hundinuus yeroo isin irra ga'u, bara booddeetti gara Waaqayyo gooftaa keessaniitti in deebitu, dubbii isaatiifis in abboomamtu."* **Keessa Deebii 4:20-31**

Isiraa'elonni wanta Yahiwween luqqisii kana keessatti hin godhiinaa jedhee isaan akeekkachiise hunda godhan. Otuma raajotaan ammas ammas irra deddeebiin isaanitti dubbatamuu, ammayyuu Isiraa'elonni waaqolii tolfamooo waaqessuu itti fufaniiru! Jecha Hose'aa fayyadamuuf, isaan waaqolii biroo waliin "sagaagalan". Yahiwween akkuma dubbatee ture "saba ormaa jidduu isaan bittimsuuf" jedha ture. Kun ergaa Hose'aa isa hin gammachiifnedha: bittinnaa'uun sab asana irratti ta'uuf jedha. Akkasumas garuu Hose'aan ergaa waa'ee gara fuula duraas ni qaba: Yaahiwween guyyaa tokko— akkuma Keessa Deebii keessatti abdachiisee ture—saba isaa gara ofii isaatti akka deebisu. Abdiin kunis, akkuma Kakuun Haaraan ifa godhe, haala ajaa'ibsiisaa ta'een karaa Yesuus fiixaan ba'e. Duuti, awwaalamuunii fi du'aa ka'uun akka sabni Waaqayyoo warri bittinnaa'anii turan gara isaatti deebi'anii dhufan taasise.

Hose'aa waliin wal qabsiisanii Mootota isa Lammaffaa dubbisuun baay'ee gargaara. Moototni inni lammaffaa seenaa Isiraa'elii fi Yihuudaa bar asana keessa ture ibsa. Sagaleewwan Motota lammaffaa keessa jiran kan Hose'aa keessa jiran waliin walitti fiduun, dubbistootni haala fooyya'aa ta'een wanta Hose'aa keessatti caafaman hubachuu danda'u.

Macaafichi namoota Isiraa'el keessa jiraataa turaniif caafame ture. Yeroo sanatti mootiin Isiraa'el irratti mo'ee teessoo irra ture jira. Maqaan isaas Yerobi'aam ture. Inni mootii humna qabu ta'us humna isaa akeeka gaariif itti hin fayyadamne. Namoota gara hammeenyaatti gaggeesse. Sabni Isiraa'elis gammachuudhaan mootii isaanii duukaa gara hammeenyaa dhaqan. Haa ta'u malee, Waaqayyo inni kan Isiraa'el—Yaahiwwee—abboomamuu diduu isaanii kana obsee darbuu hin danda'u. Isiraa'eliif ergaa akka qaqqabsiisuuf Hose'aa waame. Ergaan Hose'aas Yaahiwween kana booda amanamummaa dhabuu Isiraa'el obsan bira hin darbu kan jedhudha. Isaan balleeffamuutu isaaniif ta'a.

Akkasumas, macaafni Hose'aa ergaa abdii qaba (akka fakkeenyaatti, Hose'aa 1:10-2:1 ilaalaa). Haa ta'u malee, Hose'aa 1:1-9 keessatti abdiin mul'ate hin jiru. Kan Ibiruu (yeroo tokko tokko MT jedhamuu) fi kan Girikii (yeroo tokko tokko Septuwaajint ykn LXX jedhamu) keessatti

Hose’aa 1 lakkoofsa sagal irratti guduunfa. Kun immoo hiika kennuu danda’a, sababni isaas ergichi lakkoofsa sagal booddee guutummaatti jijjiirama. Kanaafidha kan kutichi lakkoofsa sagal irratti guduunfamu. Akkuma lakkoofsota sagal warra jalqabaa xumurtaniin, haala yaaddessaa Isiraa’el keessa jiran miireffachuu qabdu. Isaan Waaqayyoon dhiisan Waaqayyos isaan dhiise. Miira Isiraa’elotaa miireffachuu hin dandeenye yoo ta’e, kuticha irra deebi’ii dubbisi. Waaqayyo waaqolii ormaa waaqessuu irratti hagam akka faara badu argitee? Yoo arguu hin dandeenye ta’e kuticha irra deebi’ii dubbisi.

Waaqayyo saba isaa irraa abboomamuu barbaada. Sun immoo luqqisii kana keessatti baay’ee ifa ta’eera. Haa ta’u malee, abboomamuun bara Kakuu Moofaa keessa qofa barbaachisa jennee yaaduu hin qabnu. Yohaannis 4 keessatti Yesuus akkamitti akka dubbate yaadatti qabadhaa. Addumaan, yeroo meeqa warri isa jaalatan abboommii isaa eeguu akka qaban akka dubbate.

> *“Yesus itti fufee, "Isin yoo na jaallattan* ***abboommota koo in eegdu****. Ani abbaa nan kadhadha, inni bara baraan isin bira haa jiraatuuf, kan biraa kan isiniif dubbatu, isiniif in kenna. Inni isiniif dubbatu kun, hafuura dhugaa ti; biyyi lafaa waan isa hin argineef isa hin beekneefis, isa fudhachuu hin danda'u. Isin garuu, inni isinii wajjin waan turuuf, isin keessas waan jiraatuuf isa beekuuf jirtu.*

> *“Ani kophaatti is in hin dhiisu, gara keessan nan dhufa. Yeroo gabaabduu booddee biyyi lafaa deebi'ee ana hin argu, isin garuu ani waanan jiraadhuuf, isinis immoo jiraachuuf waan jirtaniif na argitu. Gaafas ani abbaa koo keessa, isin immoo ana keessa, anis isin keessa akkan jiru beekuuf jirtu. Namni* ***abboommii koo qabu, inni isa raawwatus****, isa kan na jaallatu; nama na jaallatu immoo abbaan koo isa jaallachuuf jira, anis isa nan jaalladha, ofii koos isatti mul'isuufan jira" jedhe. Yihudaa nama biyya Keriyot utuu hin ta'in, Yihudaa inni tokko, "Gooftaa, attamitti ati biyya lafaatti utuu hin ta'in nutti of mul'ifta ree?" ittiin jedhe. Yesus deebisee, "Eenyu illee yoo na jaallate* ***dubbii koo in raawwata****, abbaan koo immoo isa in jaallata; nuyis isa bira in dhufna, iddoo jireenyaas isa bira in godhanna. Namni ana hin jaallanne immoo dubbii koo hundumaa hin raawwatu, dubbiin isin dhageessan kunis kan abbicha isa na ergee ti malee, kan koo miti" jedheen.”* **Yohaannis 14:15-24**

Gooftaa keenyaaf abboomamuu qabna, sabnis akka isaaf abboomamuuf waamicha taasisuu qabna. Ilaalchi inni waa’ee waaqolii ormaa waaqessuu fi abboomamuu irratti qabu jijjiirameera jennee yaaduun gowwummaadha. Boodarra sadarkaa ta’etti, boqonnaan kun Isiraa’elota bara Hose’aa keessa turan irratti xiyyeeffata. Haa ta’u malee, xiyyeeffannoo isaa saba Waaqayyoo warra baraa kanaa irrattis ni taasisa. Akka lallabdootaa fi barsiisotaatti baraa waaqolii ormaa waaqessuun qabu saba akeekkachiisuu qabna.

# HOSE’AA 1:1-1:9[3]

**1:1** Kun dubbii Waaqayyoo isa bara Uziyaa[5], Yotaam, Ahaaz,
Hisqiyaasis tarreetti biyya Yihudaa irratti mo'anii, Yerobi'aam[6] ilmi
Yeho'aash immoo biyya Israa'el irratti mo'etti[7], gara Hose'aa ilma
Beriit [4]dhufee dha

**2** Waaqayyo dura karaa Hose'aa yeroo dubbatetti, Hose'aadhaan,

---

3 Hose’aan macaafa jalqabaa kan yeroo tokko tokkon **raajota xixiqqoo** warra jedhama keessaa tokko ta’edha. Bara durii keessa, kufaamni macaafota gaggabaaboo kanaa “Macaafa Kudha Lamaanii” jedhama ture. Sabni isaas raajota xixiqqoo keessa macaafota 12 tu jira waan ta’eef. Yihuudonnis kuufama kana akka macaafa tokkootti ilaalu turan.

4 Tajaajilli Hose’aanIsiraa’eeliin tajaajile (Israa’el yero tokko tokko Hose’aa keessatti akka **Efireemitti** ibsameera) naannoo bara 755 DhKD jalqabe. Hose’aan otoo mootummaan warra kaabaa biyya Asooriin bara 722 DhKD hin booji’amiin dura raajii isa dhumaa mootummaa kaaba Isiraa’elitti raajedha. Lakkofsi jalqabaa Hose’aan raajii Isiraa’el ture hin jedhu. Dhugaan kun lakkoofsa 4-7 keessatti ifa ta’ee mul’ate.

5 Hose’aan maqaawwan mootota bara tajaajila isaa keessa aangoorra turanii tarreessuudhaan jalqaba. Kun immoo kutaa macaafa qulqulluu Raajota jedhamu keessatti baratamaadha. Ermiyaas, Isaayaas, Amos, Miikiyaas, Sefaaniyaa, Haagee, fi Zakaariyaas raajonni jedhamanis bara tajaajila isaanii keessa mootota teessoorra turan tarreessuun jalqabu. Hose’aan akkuma Amos mootota Yihuudaa (Uziyaa, Yootaam, Ahaaz fi Hisqiyaas) fi Isiraa’el keessaa immoo (Yerobi'aam) tarreessa. Tajaajilli isaa Isiraa’el irratti kan xiyyeefatu ta’ullee kana godheera. Macaafota raajotaa keessatti mootota tarreessuun lallabdotaaf bu’aa guddaa qaba. Maqaawwan mootootaa jalqaba macaafichaa irratti tarreeffaman ibsa Macaafa Mototaa isa lammaffaa keessa jiru waliin walbira yeroo qabamu, bara raajonni sun itti raajanitti haalli biyyichaa maal akka fakkaatu hubachuu isaan dandeessisa.

6 Yoo xiqqaate bara tajaajila Hose’aa gara jalqabaatti, Isiraa’el waan sooromte fakkaatti. Raajotaa fi warroota dubbii isaanii amanan irraa kan hafe, barri Isiraa’el akka xumuramuu ga’e kan itti mul’ate hin jiru. Dhugaan jiru, Yerobi’aam bal’ina Isiraa’el dabalee ture (2 Mootota 14:23-29 ilaalaa). Haa ta’u malee, abboomamuu isaan Yaahiwweef qabaachuu qaban hin daballe. Akka barreessaa macaafa Mototaatti, “fuula Waaqayyootti wanta hamaa ta’e hojjete”. Akka bakka bu’aa saba sanaatti sabni gara Kakuu Yaahiwweef eeguutti akka luucca’an gochuu qaba ture. Qooda kanaa garuu, “cubbuu Yerobi’aam ilma Nabaat irraa adda hin baane”. Yerobi’aam ilmi Nabaat immoo mootii Isiraa’el isa jalqaati. Yerobi’aam inni jalqabaa kunimmoo Isiraa’eliin gara waaqolii warra ormaa waaqessuutti gaggeesse. Yerobi’aam II, mootiin inni Hose’aa 1 keessatti ibsame, hojii hamaa isa Yerobi’aam inni jalqabaa hojjechaa ture itti fufee hojjete. Yerobi’aam II bara 793/92-753 DhKD keessa Isiraael irratti mo’e.

7 Hose’aan mootota Yihuudaa fi mootota Isiraa’el tarreessuun isaa, macaafni isaa lamaan isaanii waliin hariiroo akka qabu agarsiisa. Hose’aan kallattiidhaan warra Isiraa’elitti kan dubbatu yoo ta’ellee, dubbiin isaa baay’een gara Yihuudaas ni argisiisu. Sabni Yihuudaas dubbii isaa kana akka dhaga’anii fi abboomamaniif akka isaan irraa eegaa tures ifadha.

“Biyyichi Waaqayyoon[11]dhiisuu isaatiin ejja guddaa keessa lixeera;
kanaaf dhaqi, dubartii ejjituu[9] fuudhi[8], ijoollee ejjaas[10]godhadhu!”
**3** Kana irratti inni dhaqee Gomerin intala Diiblaayim fuudhe; isheen
ulfooftee ilma in deesseef.

**4** Yommus Waaqayyo, " 'Yizre'el' jedhii moggaasi! Yeroo gabaabduu
booddee,

---

8 Irra caalaan macaafa Hose’aa walaloo yoo ta’u, boqonnaan jalqabaa seensessa (seenaa) dha. Seenaan boqonnaa kana keessa jirus gaa’ila Hose’aan dubartii maqaan ishee Gomer jedhamtu waliin taasisee fi dhalachuu fi maq-baasa ijoollee Hose’aa fi Gomer irraa dhalataniiti. Seenaan Hose’aa fi “haadha manaa isaa ishee ejjituu” agarsiiftuu gaa’ila Yahiwwee isa amanamaa fi Isiraa’el ishee amanamummaa hin qabneeti.

9 Gaa’ilicha duras ta’ee booda, waa’ee Gomer wanti gadi fageenyaan ibsame hin jiru. Kanaafuu, Gomer waan ittiin ibsamteef, “dubartii ejjituu” jechuun maal akka ta’e beekuun ni ulfaata. Kun bakka itti akka yaada ijootti kutichaatti (amanamummaa hafuuraa dhabuu Isiraa’el) lallabdoonnis xiyyeeffannoo itti kennuu qabanii fi odeeffannoowwan gadi fagoo hiika kutichaa irratti dhiibbaa hin qabne irratti qisaasa’uu hin qaban. Lallabdoonni odeeffannoowwan gadi fagoo waa’ee Gomer baay’eesaa dhiisanii otuma bira darbaniiyyuu yaada ijoo macaafa Hose’aa haala ifaa fi sirrii ta’een ibsuu ni danda’u. Lallabdoonni ykn barsiisonni waa’ee Gomer ifa gochuuf odeeffannoo dabalataa yoo barbaadan, isas argachuu ni danda’u!

10 Hose’aan Gomer irraa ijoollee sadii godhate. Ijollee sadaniifuu maqaa milikkita ta’utu kennameef. Dubbistootni boodarra waa’ee ijoollee sanaa fi hojii isaan hojjetan gadi fageenyaan akka beekaniif wanti himame hin jiru. Barbaachisummaan ijoollee **maqaa** isaaniif kenname keessa jira. Maqaawwan ijoollee sanaa saba sanaaf ergaa cimaa akka dabarsuuf kan kaayyefatedha.

11 Waa’ee ejjummaa Gomer ilaalchisee wanti gadi fageenyaan dubbistootaaf caafame waan hin jirreef, dubbistootni Kakuu moofaa garuu waan baay’ee dhaga’aniiru, durbatootni ejjituu biyya Isiraa’el maal akka fakkaatan waan baay’ee beeku. Wanti barbaachisus sanadha, sababii gaa’illi Hose’aa fi Gomer gidduutti taasifame calaqqee “gaa’ila’ Yaahiwwee fi Isiraa’el gidduu jiruu waan ta’eefidha. Haaluma Hose’aa fi Gomer ittiin walitti hidhamaniin Yahiwwee fi Isira’elis kakuudhaan walitti hidhaman. Haala kanaan, “gaa’ila” waliin dhaabbataniiru jechuudha. Kakuun tulluu Siinaa biratti kenname (kan Seera Ba’uu – Keessa Deebii keessatti ibsame) “waliigaltee/kontiraata” gaa’ila isaanii ture. Yahiwween dirqama kakuu isarra jiru eegeera. Isiraa’eliif jaalala, nyaata, bakka jireenyaa fi kunuunsa kenneera. Isiraa’el garuu jalqabuma irraayyuu kakuu gaa’ilaa sana cabsaniiru. Akkamitti Isiraa’elonni Yahiwweef amanamuu akka dadhaban ragaaleen gadi fagoo ta’an baay’een jiru (akka fakkeenyaatti, 1 Saamu’el 7:3-6 ilaalaa). Jecha Hose’aa ergifannee yeroo fayyadamnu, Isiraa’el hafuuraan ejjiteetti. Sabni sun qooda abbaa manaa ishii Waaqayyo isa dhugaa jaalachuu waaqolii warra ormaa jaalataniiru. Jechi “ejjituu” jedhu kan lakkoofsa 2 irra jiru jecha dacha ta’uusaa yaadatti qabachuun barbaachisaadha. Kanaafuu, “ejjummaan” Gomer akka taatee yeroo tokkoo hin taanetti ibsameera. Akka jireenyu ishee ta’etti dhiyaate. Kun akkamitti jireenya Gomer irratti akka ta’e dubbistootaaf wanti ibsame jiraachuu baatus, adeemsi “ejjummaa” ishee maal akka fakkaatu garuu ibsameera. “Ejji” Isiraa’elotaa taatee yeroo tokkoo hin turre. Isiraa’el hariiroo Yahiwwee waliin qabdu keessatti itti fufinsaan amanamummaa dhabaa turte.

Ejji hafuuraa Isiraa’el akka sabni Isiraa’el cubbuu ejja fooniitti kufu taasiseera. Wal-qunnamtiin gaa’ilaan alaa jilawwan amantii warra Ba’aal keessatti bakka ol aanaa qaba, sababni isaas Isiraa’elonni wal-qunnamtiin saalaa namoota jidduutti taasifamu waaqoliin isaanii akka wal qunnamtii taasisan waan gargaaruuf kun immoo lafti oomisha gaarii kennu taasisa jedhanii amanu. Hojiin kun immoo ga’ee Yahiwween akka abbaa manaatti qabu diduudha. Haati manaa— Isra’eel—abbaan manaa ishee—Yahiwween—wanta ishee barbaachisu akka isheef dhiyeessu hin amanne. Hojii isheetiin akka isa hin jaalannee fi isatti hin amanne agarsiiftee turte.

sababii dhiiga Yizre'elitti[12]dhangala'eef mana Yehuu nan adaba;
mootummaan Israa'elis kanumaan akka raawwatu nan godha.
**5** Gaafas ani dachaa Yizre'el keessatti humna warra Israa'el nan
cabsa.”

**6** Gomer ammas ulfooftee, durba in deesse; Waaqayyo immoo
Hose'aadhaan, "Ani si'achi mana Israa'eliif cubbuu isaanii isaaniif
dhiisuuf matumaa oo'a hin argisiisu, kanaaf 'Lo-Ruhaamaa' jedhii
maqaa moggaasi! [Hiikaan isaas 'Oo'a hin arganne'[13] jechuu dha].

---

12 Yizre'el maqaa mandaraa fi sulula/dachaa beekamaa biyya Isiraa’el keessajiruuti. Wantootni hamaa ta’an baay’een achitti raawwataniiru (akka fakkeenyaatti, 1 Motota 21). Kana bira darbee, seenaa Yihuudotaa keessatti barri dukkanaa inni kan biraan taateewwan Yizre’elitti ta’een jalqabe (2 Motota 9:14-10:11 ilaalaa). Yaahiwween akka Hose’aan maqaa ilma isaa Yizre’el baasu gochuun Isiraa’elota jidduutti waan hamaa hojjetamaa jiruu fi dhangala’uu dhiigaa isaan jidduutti ta’aa jiru arguu isaaf akka milikkita ta’uuf, akkasumas “xiyya Isiraa’elotaa dacha Yizre’el keessatti cabsuu” isaa isaanitti beeksisuuf ture. Kanaafuu, ilmi Hose’aa Yizre’el akka wanta dacha Yizre’el keessatti ta’e isaan yaadachiisuuf ture. Inni Yahiwween bakka sanatti wanta hamaa arguu fi sababii wanta hamaa sanaaf immoo bakkicha irratti badisa fiduuf akka jedhu milikkita ta’aaf. Garuu jechoota jiran of eeggannoon dubbisaa. Badisichi Yizre’el irratti mit kan dhufu. Raajummaan sun “mootummaa **Isiraa’eli**tti xumura nan godhaa” fi “**Xiyya Isiraa’el** dacha Yizre’el keessatti nan cabsa” kan jedhu ture! Kanaafuu, badisi bakka Yizre’el jedhamutti ta’ee ture badisa guutummaa biyyichaa irratti dhufuuf jedhuuf akka milikkita ta’uuf ture. Beektotni baay’een maqaan Yizre’el kun maqaa Isiraa’el jedhu waliin wal fakkaata jedhu. Tarii kun itti yaadamee ta’uu mala. Waaqayyo akka namoonni yeroo maqaa mucichaa dhaga’an hundumaa waa’ee Isiraa’el yaadaniif barbaadeetu ta’a. kanaafuu, Hose’aan maqaa mucichaa **Yizre’el** jedhee moggaasuudhaan, akka Isiraa’el haala hamaa ta’een baduuf jirtu milikkita kenneef. Mandarri tokkittiin kun guutummaa mandaroota **Isiraa’el** keessa jiranii bakka buute.

Maqaan Yizre’el jedhu kun1:11 and 2:22 keessatis fayidaarra ooleera. Lakkoofsota kanneen keessatti, maqichi haala ergaa gaarii qabuun hojiirra oole. Yaadadhaa, macaafonni raajotaa yeroo baay’ee ergaawwan gaarii fi hamaa wal jala jijjiiraa fayyadamu jenneerra. Irra deddeebiin maqaa macaafa Hose’aa keessatti kan ittiin yaadonnii fi ergaawwan walitti hidhamanii fi boqonnaa tokko keessaa isa itti aanutti ittiin darbanidha. Irra deddeebi’ee dhufuun maqaa akka dubbistootni dubbii Hose’aatti xiyyeeffannoo kennan taasisa. Maqaawwan hammeenya waliin wal qabatan wanta bareedaa fi gaarii ta’e keessatti itti fayyadamuun, Waaqayyo wanta hamaa fuudhee wanta gaariitti jijjiiruu akka danda’u agarsiisa.

13 Maqaan mucaa Gomer ishee lammaffaa waan ajaa’ibsiisaa fakkaata, sababni isaas immoo Yahiwween Waaqa araaraa akka ta’e of beeksisa. Inni akka Waaqa “Araara Qabeessa hin taaneetti” hin beekamu. Garummoo **Yahiwween araara agarsiisuuf dirqama hin qabu**, araara jechuun hiikuma isaatiinuu idea kanfaluu jechuu miti. Yahiwween yeroo barbaadetti, iddoo barbaadettii fi nama barbaadetti araara in argisiisa. Akkasumas immoo araara isaa dhorkachuu ni danda’a. Akkuma Yahiwween Museetti dubbatee ture, “Ani… naman araara itti agarsiisuu barbaadetti araara nan argisiisa” (Ba’uu 33:19 ilaalaa). Ba’uu 34:6-

7a, Yaahiwween waaqa araaraa ta'uu isaa agarsiisa : "Gooftichi achumaan Musee dura darbee sagalee isaa dhageessisee, 'Ani Waaqayyo gooftichi, Waaqayyo isa oo'a qabeessaa fi araara qabeessa; aariitti suuta jedhaadha; gaarummaan koo fi amanamumman koo guddaadha. Ani gaarummaa koo dhaloota kumaatamaaf jabeessee kana eegu dha; yakka, irra daddarbaa cubbuus namaaf nan dhiisa…" haa ta'u malee ergaan walakkaa lammaffaa Ba'uu 34:7 wanta kana irraa baay'ee adda ta'e tokko dubbata—wanta Isiraa'elonni dagatan wayii: "... haa ta'uyyuu malee, isa yakkaa utuun hin adabiin hin dhiisu; yakka abbootaa immoo hamma dhaloota sadiitti, hamma afuriittis harka ijoollee fi ijoollee ijoollee isaanii keessaa barbaadee an adaba' jedhe". Isira'eel akka Yahiwween araara isaaniif kenneetti deddeebi'an. Garuu dhimmichi akkas miti. Maqaan intala Hose'aa "Oo'a hin arganne" jedhu akka Yaahiwween yoo xiqqaate saba Iisraa'el warra bara Hose'aa keessa jiranitti oo'a hin argisiifne milikkita kennef. Barri oo'a argachuu isaanii gara dhumaatti dhufeera. Garuummoo Abdiin Yahiwween Isiraa'eliin abdachiisehoo? Sababii Kakuu Isiraa'el waliin qabuuf Yahiwween araara itti agarsiisuuf dirqama hin qabu turee? Hadhaa manaa isaa ishee kakuun itti hidhameetti araara agarsiisuuf dirqamni isarra hin jiruu? Isheen haadha manaa isaa ta'uuf fedha hin qabdu taanaan. Isiraa'el Kakuu cabsiteetti. Kanaafuu, bakka kanatti Yahiwween ragaa wal hiikkaa gaa'ilaa kennaafii jira. Kna booddee "wanta gaarii sababa ga'ila isheetti argattu" araara fi oo'a akkasumas Waaqayyo waliin walitti siquutti gammaduu hin dandeessu.

**7** Mana Yihudaatti garuu oo'a nan argisiisa, isaan nan oolchas; iddaadhaan yookiis billaadhaan yookiis lolaan yookiis fardeenii fi abboota fardeeniin[15] utuu hin ta'in, ani Waaqayyo[14] gooftaan isaanii harka kootiin isaan nan oolcha.”

**8** Gomer erga "Lo-Ruhaamaa" harma guuftee, ulfooftee ilma in deesse.
**9** Waaqayyo yommus Hose'aadhaan, " 'Lo-Amii' jedhii moggaasi,
isinoo saba koo miti[16], anis Waaqayyo keessan miti"[17] jedhe. ["Lo-
Amii" jechuun "Saba koo miti" jechuu dha]

---

14 Lakkoofsa 7 irratti Isiraa’elii fi Yihuudaa jidduutti garaagarummaan uumame. Yihuudaan haala Isiraa’el irraa adda ta’een, ammayyuu Yahiwwee irraa araara barbaadu. Kaayyoon Hose’aa inni ijoon saba Isiraa’elitti dubbachuu yoo ta’eyyuu, namoonni Yihuudaa keessa jiranis dubbii isaa dhaga’aa akka turanis yaadachuun barbaachisaadha. Hose’aan namoonni saba lamaan keessa jiran gara Yahiwweetti akka deebi’an waamicha dhiyeessa. Kana bira darbee, sabni Isiraa’el karoora Waaqayyo Yihuudaaf qabu akka dhaga’uun barbaachisaa ture. Hose’aa keessatti luqqisiiwwan addatti waa’ee Yihuudaa dubbatan, 1:1, 1:7, 1:11, 4:15, 5:5, 5:10-14, 6:4, 6:11, 8:14, 10:11, 11:12, fi 12:2 keessatti argamu.

Luqqisiiwwan addatti waa’ee Yihuudaa agarsiisan kun Yihuudaan sababii cubbuu isheetiif tasumaa hin adabamtu jechuu miti. Bara Isiraa’el mo’amte (bara Hose’aa 1:4-5 keessatti ibsame) keessa Yihuudaan mo’amtee booji’amuu baattus, adeemsa keessa garuu warra Baabilooniin injifatamuun gala ta’anii gara Baabiloonitti geeffamaniiru. .

15 Jechoonni “iddaadhaan yookiis billaadhaan yookiis lolaan yookiis fardeenii fi abboota fardeeniin isaan oolcha miti” jedhan Yihuudaan sababii humna Loltoota isaaniitiin hin oolan jechuudha. Qooda kanaa, fayyisuun “Gooftaa isaanii Waaqayyo biraa” dhufee warra Asoor jalaa isaan in oolcha. Raajummaan Hose’aa 1:7 irra jiru bara mootii Hisqiyaas (nama mootota Yihuudaa keessaa tokko ta’e kan Hose’a 1:1 irratti ibsame) fiixaan ba’e. odeeffannoo gadi fagoo waa’ee fiixaan ba’unsa raajii Hose’aa 1:7 irratti dubbatamee argachuuf, 2 Mootota 18-19 fi Isaayaas 36-38 ilaalaa. Bakka kanatti Yihuudaan sababa qajeelummaa isaatiif akka hin oolle yaadatti qabachuun barbaachisaadha. Garuu, Yaahiwween “ulfina maqaa isaa fi sababii garbicha isaa Daawitiif” akka isaan oolche Yihuudaatti hima ( 2 Mootota 19:34 ilaalaa). Yeroo itti dubbiin 2 Motota 19 irra jiru kun dubbatamutti, Daawit du’ee ture. Kun isa Daawit waa’ee mootummaan akka ba’u abdachiifamee ture sana kan agarsiisudha. Kun kutaa waa’ee Kiristoosii fi mootummaa isaa agarsiisudha. Abdii Waaqayyo Dawit abdachiise immoo kutaa baay’ee keessatti dubbatameera. Inni jalqabaa 2 Saamu’el 7:1-17 ti.

16 Maqaan mucaa Hose’aa isa sadaffaa “Saba Koo Miti” kan jedhudha. Sababni isaas immoo Waaqayyo kana booddee Isiraa’eliin saba fo’amaa jechuuf akka hin jirre akka beekaniif ture. Sababii sagaagalummaa hafuuraa irra deddeebiin raawwataniin, Waaqayyo ifaaf ifatti hariiroo Isiraa’elota waliin qabu rakkoo keessa galchaa jira. Haala kanaan isaanis akkuma saba warra kaanii ta’u jechuudha. Kanaan booddee hariiroon isaanii cituuf jedha. Lallabdoonnii fi barsiisonni bara kana dhimmi kun maal jechuu akka ta’e namoota bara kanaa hubachiisuun baay’ee gargaara. Jecha kana Waaqayyo irraa dhagauun miira akkamii akka uumu yaadaa!

Kutaa lammaffaa lakkoofsa sagalii irratti afaan ittiin dubbatame akkamitti akka jijjiirame yaadaan qabaa. Boqonnaa kana keessatti yeroo jalqabaatiif, Yaahiwween saba Isiraa’eliitti addatti dubbate. Hanga bakka kanaatti, karaa Hose’aa waa’ee sabaa dubbachaa ture. Saba sanatti kallattiin hin dubbanne. Haa ta’u malee, bakka kanatti, saba sanatti kallattiidhaan dubbachuun: “isinoo saba koo miti, anis Waaqayyo keessan miti” jedhe. Abaarsi sodaachisaan Keessa Deebii keessatti raajamee ture amma raawwatee darbuuf jedha: “Yeroo sanatti immoo aariin koo isaan irratti in boba’a, ani isaan nan dhiisa, fuula koo isaan duraa nan dhoksa, isaan in dhumu, wanti hamaan baay’eenii fi rakkinni isaanitti in dhufa, guyyaa sanatti “wanti hamaan kun Waaqayyo keenya nu jidduu waan hin jirreef nutti dhufe mitiiree?’ in jedhu. Ani guyyaa sanatti isaan gara waaqayyoolii biraatti garagaluudhaan wanta hamaa waan hojjetaniif, fuula koo raawwadhee isaan duraa nan dhoksa” (Keessa Deebii 31:17-18 ilaalaa).

Waaqayyo yeroo Isiraa’eliif kakatutti Kakuu eeguu irratti hundaa’uun kakate, amma garuu haquuf jedha! “Saba Koo Miti” kan jedhu kun kan ibsu kana booddee Isiraa’el saba addaa Waaqayyoof ta’uu akka hin dandeenyedha. Kana booddee saba Waaqayyoo jedhanii of waamuu hin danda’an. Waan gaddisiisaa akkamiiti! Jalqaba seenaa Isiraa’elotaa irratti Waaqayyo akkamitti akka isaanitti dubbachaa ture ilaalaa. Akeekni isaa akka isaan —saba biyya lafaa hundumaa keessaa—saba isaa ta’anidha (Ba’uu 6:7, 19:4-6, Lewwoota 26:12, fi Keessa Deebii 27:9 ilaalaa). Kun kanaan booddee dhugaa ta’uu hin danda’u. Maqaan “Saba koo Miti” jedhu kan “oo’a hin qaban” maqaa jedhu hordofee dhufe kun, oo’a malee Isiraa’el saba Yahiwwee ta’uu akka hin dandeenye agarsiisa. Araara Waaqayyoo malee yeruma xiqqoollee taatu fuula Waaqayyoo dhaabachuu hin danda’an.

Wanta Waaqayyo Abbaan yeroo Yesuus cuuphame Yesuusiin jedhe yaadatti qabachuun baay’ee barbaachisaadha: “Ati ilma koo isa jaallatamaadha; gammachuun koos sitti in raawwatama” (Luqaas 3:22). Sagalee abbaa irratti hundaa’uudhaan, Yesuus saba Waaqayyoo ta’uun isaa ifadha. Waaqayyo isa waliin hariiroo uumuutti hin qaanofne. Kanaafuu lallabdoonni ykn barsiisonni yaada **Yesuus saba Waaqayyooti** jedhu kana yaada isaaniitti qabachuun barbaachisaadha. Kunis immoo Kiristaanonni akkuma namoota bara Hose’aa keessa turanii yoo cubbamoota ta’aniyyuu akkamiin araara akka argatanii fi Waaqayyo waliin hariiroo akka uuman ibsuuf isaan gargaara. Kana hundumaa kan isaan qabaachuu danda’an sababii “Kiristoos ilma Waaqayyoo isa abboomamaa keessa” jiraniifidha.

.

17 Boqonnaa kana keessatti ijoollee Hose’aa sadan qofatu maqaa argate miti. Yahiwweenis boqonnaa kana keessatti maqaa ofiif kenneera. Erga Hose’aan maqaa mucaa isaa isa sadaffaa “Saba Koo Miti” jedhee akka baasuuf itti himeen booda, Yahiwween immoo “Anis **Waaqayyo keessan miti**” jedhee dubbate. “Waaqa keessan miti” kan jedhus maqaadha. “Saba koo miti” kan jedhuuf yaada faallaadha. Haa ta’u malee, jechi macaafa qulqulluu Ingiliffaa ESV (NIV 2011, NLT, FI CSB’s ilaalaa) akkasumas kan hiikni afaan Oromoo, miira macaafa Ibiruu (MT) ykn Girikii (LXX) guutummaatti hin calaqqisiifne. Macaafni Ibruu (MT), gara Ingiliffaatti yeroo hiikamu, maqaa isaa **Saba Koo Miti** (**Lo-ammi**) jedhii moggaasi sababni isaas isin saba koo miti, anis immoo **Ana** siniif hin ta’u **(Lo-ehyeh)** ” yaada jedhudha. Maqaan “Ana” (ehyeh) jedhu maqaa Kakuu Yaahiwweeti. Maqichi maqaa Yahiwween yeroo huxxii bobaatu keessaan Museetti mul’ate ittiin of waamee turedha (Ba’uu 3:14 ilaalaa). Yeroo Museen maqaan isaa eenyu akka ta’e gaafatetti, Yahiwween maqaa isaa, “Ana isa Jiraataa (akka Ingiliffaatti Ani anuma)” (ehyeh asher ehyeh) jedheen. Macaafa Ba’uu keessatti, hiika maqaa kanaa suuta suutaan Isiraa’elotatti beeksise. Akka fakkeenyaatti, Ba’uu 6:2-8 keessatti maqaan kakuu isaa kun maal jechuu akka ta’e bal’isee ibsa. Yahiwween daandiiwwan armaan gadiitiin akka beekamu of taasise: saba isaa jaallachuun, saba isaa furuun/birmaduu baasuun, saba ilaa oolchuun fi saba isaaf waan barbaachisu kennuun. Inni wanta sabni isaa barbaadu hundaaf akka **ehyeh** dha. Luqqisii Hose’aa keessa jiru kana keessatti, maqaa isaa deebisee fudhate. Inni amma **Lo-ehyeh** (Ani ana siniif hin ta’u) ofiin jedhe. Kana booddee Yahiwween Isiraa’eliif “Ani Anuma” hin ta’u. Kana booddee “isaan waliin” hin ta’u. kana booddee isaanis akkuma saba warra kaanii biyya lafaa kana irratti Waaqayyo malee abdii malee jiraachuuf jedhu (Efesoon 2:12 ilaalaa). Isaan saba isaa miti innis Waaqayyo isaanii miti. Macaafni Girikii (LXX) calaqqee kan Ibiruu ti. Innis gara Ingiliffaatti yeroo hiikamu, “maqaa isaa ‘saba koo miti’ jedhi, sababni isaas isin saba koo miti, anis immoo “Ani Anumaa” keessan miti (NETS) jedha.

# Hose’aa 1:10-2:1

Hose’aa 1:1-9 “hiikkaa gaa’ilaa” Isiraa’elii fi Yahiwwee jidduutti ta’uu fi badisa guutummaa saba Isiraa’el irratti dhufuuf jiru ibsuun xumura. Asitti dubbistootni Isiraa’ef akka gaddaniif miti. Isiraa’el sagaagalummaa hafuuraa keessatti waan kufteef wantootni lakkoofsa 1-9 keessatti dubbataman isheef malu. Sabni Yahiwween filatame, kan inni biyya Gibxii keessaa baasee isaan fide, waadaawwan Kakuu keessatti galan cabsaniiru ammas cabsuu isaanii itti fufanii jiru. Isaan Waaqolii warra biraa waliin walitti maxxanuun hawwa keessa isaanii jiru hojii mul’ataa ta’een agarsiisaniiru.

Duubistootni “gaa’illi” Waaqayyoo fi saba isaa gidduu turr haala kanaan goolabamuun isaa isaan ajaa’ibuu hin qabu, sababni isaas “gaa’illi” Isiraa’el Yahiwwee waliin dhaabbatte yoomiyyuu fayyaa qabeessa ta’ee hin beeku. Battala itti Isiraa’el gara lafa Kakuu isheetti dhuftee jalqabee, Isiraa’el hiriyaa Kakuu amanamtuu Waaqayyoof hin taane.

Kana booda, Hose’aa 1:1-9, xumura gaa’ila yeroo hundumaa rakkoo keessa turee kanatti mallattoo yeroo godhu argina. Yahiwween amanamaa ture, sabni sun garuu Yahiwwee jala guutummaatti of galchuuf hin dhamaane. Waaqolii baay’ee jaalatan. Gaarummaa, eegumsa ykn kunuunsa isaatti hin amanne. Sababii kanaaf, dhumairratti irraa citan. Kana booddee saba isaa miti. Innis immoo Waaqa isaanii miti. Kun ergaa Hose’aa 1:1-9 keessa jirudha.

Garuu wanti Hose’aa 1:10-2:1 wanta baay’ee nana ajaa’ibu taasisu jira. Erga firdiiwwan Waaqayyoo lakkoofsota sagaliin ibseen booda battalummatti labsii **abdii** tokko dubbata!

> *Si'achi garuu lakkoobsi namoota Israa'el akka cirracha galaanaa isa hin safaramnee, isa hin lakkaa'amnees in ta'a; qooda, "Isin saba koo miti" ittiin jedhame immoo, "Ijoollee Waaqayyo isa jiraataa" jedhamuuf jiru. Ijoolleen Yihudaa fi ijoolleen Israa'el tokkummaatti walitti in qabamu; walumattis nama isaan geggeessu tokko in kaafatu; guyyaan Yizre'el guddaa waan ta'uuf, isaanis biyyicha keessaa ol in dhufu. Egaa obboloota keessan, "Amii" obboleettota keessanis "Ruhaamaa" jedhaa waamaa! ["Amii" jechuun "Saba koo", "Ruhaamaa" jechuun "Oo'a argate" jechuu dha]*

Dubbii kana ija Hose’aa 1:1-9 tiin yoo ilaallu, baay’ee nama tuqa. Asitti, Yahiwween akka Isiraa’el baay’isu abdachiisa—sabuma warra balleessuuf kakate—hanga lakkaa’amuu hin dandeenyetti akka baay’isu dubbata. Sabni warri “Saba koo Miti” jedhaman “ijoollee Waaqayyo isa jiraataa” akka jedhamuuf jiran abadachiise. Kana booddee Yihuudaa fi Isiraa’el akka adda hin baane kakate. Sabni moototа lama qaban kun walitti dhufanii gaggeessaa tokkoon akka gaggeeffaman dubbate.

Tarii wanti haala diraamaa fakkaatuun duubatti deebi’uu jiraa? Kun du’aa ka’uudhaan gadi miti. Garuu du’aa ka’uun kunimmoo akkamitti raawwachuu danda’a? Wanti kun yoomin immoo raawwachuuf jira? Raawwiin isaa immoo maal fakkaachuu danda’a?

Akka carraa ta’ee lallabdoota ykn barsiisotaaf, akkamitti abdiin haaromsaa fi guddinaa Hose’aa 1:10-2:1 keessatti kenname kun akka fiixaan ba’u beekuun dhama’uun hin barbaachisu. Ergamoota Kakuu Haaraa keessaa namoonni lama luqqisii kana caqasaniiru. Dubbiin ergamootaa kun immoo abdiin Waaqayyo biraa kenname kun akkamitti akka fiixaan ba’ee fi ammas fiixaan ba’uutti jiru ilaalchisee hubannoo akka qabaannuuf gargaarsa guddaa kennu.

Ergamaan Phawuloos akkamitti luqqisii Hose’aa keessaa fudhatame kana Roomaa 9 keessatti akka fayyadame ilaalaa:

> *Waaqayyo inni dheekkamsa isaa argisiisuu, humna isaas beeksisuu barbaade, warra akka qodaa dheekkamsaa ta'anii badiisaaf qophaa'an kanaaf; baay'ee obsuu danda'eera yoo ta'e immoo maal ta'inna laata ree? Akkasumas badhaadhummaa ulfina isaa, namoota akka qodaa araaraa ta'an warra inni duraan dursee ulfinaaf qopheesse irratti, mul'isuudhaaf godheera yoo ta'eo? Warri qodaatti fakkeeffamnes nuyi; inni warra Yihudoota duwwaa waame utuu hin ta'in, Yihudoota warra hin ta'in keessaas waameera. ,*
>
> *“Inni macaafa Hose'aa keessatti, "Warra kan koo hin ta'in, saba koo jedhee, nan waama; biyya hin jaallataminis, Jaallatamtuu koo' jedhee nan waama;”*
> *“iddoodhuma, 'Isin saba koo miti' jedhamee itti himametti, ’Ilmaan Waaqayyoo jiraataa' jedhamanii in waamamu" jedha.”*
>
> **Roomaa 9:22-26**

Haala ifa ta’een, Phawuloos abdiin Hose’aa keessatti abdachiifamee ture sun bara kana keessa akka fiixaan ba’e dubbata. Kan bira darbee, Phawuloos abdii warra Ormaa/Yihuudota hin ta’iin abdii kana keessa yeroo galchu argina. Kun immoo baay’ee namatti tola, sababni isaas,jechi jalqaba Hose’aa 1:11 irratti dubbatame “ijoollee Yihuudaa” fi “ijoollee Isiraa’el” tti dubbatame. Ifatti garuu hiikni gaalee “ijoollee Isiraa’el” jedhuu haala guddaa ta’een karaa Phawuloos balbal’ate ibsameera. Jechichi warra Yihuudii fi Yihuudota hin ta’iin of keessatti haammata. Tariitii dhaggeeffattootni Hose’aa warri jalqabaa, namoonni bara Hose’aa keessa Isiraa’el keessa jiraatan, kana hin eegne, jedhamee yaadamuu danda’a. Phaawuloos akkamitti yaada guduunfaa kana bira akka ga’e otoo hin ilaaliin dura, mee Hose’aa 1:10 isa hafe haa ilaallu.

> *qooda, "Isin saba koo miti" ittiin jedhame immoo, "Ijoollee Waaqayyo isa jiraataa" jedhamuuf jiru.* **Hose’aa 1:10b**

Kun Abdii dinqisiisaa akkamiiti! “Ijoolleen Isiraa’el” lakkoofsaan hedduu ta’an kun, akka ijoollee Isiraa’el Hose’aa 1:1-9 keessatti ibsamanii, warra maqaan gadheen itti kennamu miti. Qooda kanaa, faallaa ilma Hose’aa isa sadaffaa (“Saba Koo Miti”), namoonni Hose’aa 1:10 irra jiran “Ijoollee Waaqayyo isa Jiraataa” jedhamu.

Kutaan kun ergaa Phexiroos isa jalqabaa keessatti akkamitti Phexiroos akka fayyadame yaadatti qabadhaa. Dubbii kana “warra fo’amanii, isaanis warra biyyaa baafamanii kutaa biyya Phonxositti, Galaatiyaatti, Qaphadooqiyaatti, Asiyaatti akkasumas Bitiniyaatti tamsa’anii jiraniif” akka caafedha dha (1Pheexros 1:1). Ergaa kana keessatti, Pheexiros jalqaba irratti Kiristaanota warra Yihuudota hin ta’iiniif erga. Akkas jedhees caafa,

> *Isin takkka saba Waaqayyoo hin turre, amma garuu saba isaa taataniittu; isin araara Waaqayyoo hin argatin turtan, amma garuu araara isaa argattaniittu.* **1 Pheexiros 2:10**

Jechoonni kunniin Hose’aa 1:6, 1:9, fi 2:1 irraa fudhataman (dabalataan Hose’aa 2:23 ilaalaa). Pheexrosis akkuma Phaawulos abdii Hose’aa keessatti kennaman Waldaa Kiristaanaaf yeroo fayyadamu argina. Innis akkuma Phaawulos, abdiiwwan Hose’aa 1:10-2:1 keessatti caafaman akka fiixaan ba’anii jiranitti ilaala. Kana bira darbee immoo fiixaan ba’umsi kun akka warra Yihuudota hin ta’iinis dabalatu dubbata!

Yoo macaafa Hose’aa qofaa kan ilaallu ta’e hiikni Phaawulosii fi Pheexros itti kennan kan eegamu hin turre. Hunda caalaa, Hose’aan jecha warra Yihuudota hin ta’iin/warra ormaa jedhu kana Hose’aa 1:10-2:1 keessatti hin fayyadamne. Kan inni ibse waa’ee “lakkoofsa ijoollee Isiraa’el”. Hiikni ergamoota kana lamaanii Hose’aa keessatti hin mul’anne jechuun immoo akka nuyi waan ergamoonni jechoota kana haala dogoggora ta’een hiikaniitti ykn wanta haaraa ta’e tokko dubbachuudhaaf “dhiibamanii” godhaniitti yaaduu hin qabnu. Qooda kanaa, Waaqayyo yeroo hundumaa abdii isaaf deebii yeroo kennu haala akkasii kanatti fayyadamuu isaa ilaaluu qabna. Warra Yihuudota hin ta’iin Yihuudota waliin fayyisuun yeroo hundumaa karoora Waaqayyoo keessa ture.

Kakuu Haaraa keessatti ammas ammas irra deddeebi’uun, raajiiwwan dubbatamanii turan haala hin eegamneen yeroo raawwatan argina. Yeroo baay’ee, raajummaan yeroo jalqaba itti beeksifame irraa jalqabee hanga fiixaan ba’umsa isaatti “adeemsa” ittiin deemu qaba. Kana jechuun fiixaan ba’umsi isaa wanta yeroo raajummaan sun dubbatame yaadame irra baay’ee guddaadha. Wanti Hose’aa 1:10-2:1 keessatti ta’es gabaabumatti kanadha. Abdichi haala Isiraa’elonni

bara Hose'aa keessa turan hubachuu danda'aniin dubbatame. Garuummoo fiixaan ba'umsi isaanii isarra guddaadha—waan kamirra iyyuu—baay'ee guddaadha. Dhaggeeffattootni Hose'aa warri jalqabaa kana tilmaamuu hin danda'an. Ati yoo Kiristaana taate, Yihuudiis ta'I warra ormaa, luqqisiiwwan kun waa'ee keeti!

Luqqisii Hose'aa keessa jiru isa itti aanutti osoo hin darbiin dura, mee yeroo xiqqoo fudhannee mala ittiin Phaawulosii fi Pheexros yaada guduunfaa lakkoofsonni Hose'aa keessa jiran kun Waldaa Kiristaanaa keessatti fiixaan ba'uu isaanii ibsu sana irra ga'an haa ilaallu.

Deebiin salphaan Yesuusidha. Phaawulos fi Pheexros lamaan isaaniiyyuu abdiin Waaqayyo Isiraa'el abdachiise karaa Yesuus akka fiixaan ba'e arganiiru. Phaawulos fagaatee deemuun abdiin Waaqayyo abdachiisee ture hundinuu (asitti waa'ee abdiiwwan Kakuu Moofaa dubbata) fiixaan ba'umsa isaanii karaa Kiristoos akka argatan dubbata.

> *Abdiin Waaqayyoo hundinuu karaa Kristos "Haa ta'u" jedhamanii in raawwatamu;* kanaaf nus karaa isaa "Ameen" jennee Waaqayyoof galata in galchina. **2 Qorontos 1:20**

Ija ergamootaa keessatti, taateewwan wangeelaa —kan akka jireenya Yesuus, du'uu fi du'aa ka'uun isaa—abdiiwwan Waaqayyo Kakuu Moofaa keessatti gale (abdiiwwan kan akka Hose'aa 1 dabalatee) kan fiixaan baase akka ta'etti ilaalama. Kun immoo irra deddeebiin ammas ammas Kakuu Haaraa keessatti dubbatameera.

> *"Ammas Waaqayyo waan abaabilii keenya abdachiise akka raawwate misraachoo isinitti in himna; inni Yesusin du'aa kaasuu isaatiin nuyi ijoollee ijoollee isaaniitiifis kunoo, abdii isaa nuuf raawwateera. Faarfannaa isa lammaffaa keessatti, 'Ati ilma koo ti, ani har'an si dhalche' kan jedhu caafameera.'"*
>
> **Hojii Ergamootaa 13:32-33**

Kana caalaa ifa ta'uu danda'aa? Waaqayyo waan abboota abdachiisee ture Yesuusiin du'a keessaa kaasuudhaan fiixaan baase. Taateen wangeelaa kun taatee ittiin wanti abdachiifamee ture gara dhugaa qabatamaatti ittiin jijjiiramedha.

Garuummoo waa’ee warra Yihuudota hin ta’iinii hoo? Luqqisiiwwan kunniin akkamittiin “ijoollee Isiraa’el” ta’uu isaanii ibsuu danda’u? Waldaan Kiristaanaa hanga tokko Isiraa’eliin bakka buuteetti jennee yaaduu hin qabnu. Waldaa Isiraa’el irraa guutummaatti bakka fudhachuun abdii ishee ofiif hin fudhanne. Abdiiwwan sunniin Isiraa’el keessatti fiixaan ba’umsa isaanii eeggachaa jiru. Fudhattoota abdii kennamee ta’uudhaaf, namichi Isiraa’el ta’uutu isarra jira. Warroonni Yihuudota hin ta’iin kan Kiristoositti amanan haala luqqisiiwwan armaan gaditti ibsamaniin qooddattoota abdii sanaa ta’an. Kiristoos keessaan warroonni Yihuudota hin ta’iin “Ijoollee Abraham” warra dhugaa ta’an.

> *Egaa warri amanan Abrahaamiif ilmaan akka ta'an hubadhaa! Waaqayyo warra saba isaa hin ta'in amantiidhaan qajeelota gochuuf akka jiru duraan dursee caaffata qulqullaa'aa keessatti dubbachiiseera; inni Abrahaamiin "Sabni hundinuu siin in eebbifamu" jedhee duraan dursee misraachoo itti himeera. Egaa warri amanan Abrahaam isa amanee wajjin in eebbifamu.* **Galaatiyaa 3:7-9**

> *Kristos immoo nuuf jedhee abaaramaa ta'uudhaan, abaarsa isa seerichi nutti fidu jalaa nu fureera; akkuma caafame, "Namni mukatti rarraafame abaaramaa dha" in jedha. Eebbi Abrahaam argate, karaa Kristos Yesus saba Waaqayyoo warra hin ta'in hundumaaf akka kennamuuf, hafuura isa Waaqayyo abdachiises amantiidhaan akka fudhannuuf Kristos nu fureera.*
> **Galaatiyaa 3:13-14**

> *Abdiin Yesus Kristositti amanuudhaan akka argamuuf kenname, warra isatti amananiif akka raawwatamuuf, caaffanni qulqullaa'aan waan hundumaa cubbuu jalatti boojisiise.* **Galaatiyaa 3:22**

> *Karaa Kristos Yesus isin hundumti keessan tokko; Yihudii yookiis Giriikii, garba yookiis birmaduu, dhiira yookiis dubartii giddduu garaa garummaan hin jiru. Erga kan Kristos taatanii, yoos isin sanyii Abrahaam; waan Waaqayyo abdachiises in argattu.*
> **Galaatiyaa 3:28-29**

Kallattii biraadhaan ibsuuf, Phaawulos ergaa isaa warra Roomaaf erge keessatti, “Yihuudummaan” dhimma keessaa malee dhimma alaa akka hin taane ibsa.

*Namni bifa isa bakkeetti mul'atuun Yihudii waan ta'eef, Yihudii dhugaa hin ta'u; dhagna-qabaan fooniis dhagna-qabaa dhugaa hin ta'u. Namni keessa namummaa isaatii isa bakkeetti hin mul'anneen Yihudii ta'e garuu,Yihudii dhugaa dha; dhagna-qabaan yaada garaa namaas dhagna-qabaa isa dhugaa dha; kunis hojii hafuura Waaqayyoo ti malee, hojii seericha isa caafamee miti. Namni akkasii kun Waaqayyo biratti malee, namoota biratti hin jajamu.*
**Roomaa 2:28-29**

Warroota Yihuudota hin ta’iin kana haala ajaa’ibsiisaa akkasiin akka maatii sanyii Abrahaamitti lakka’uun wanta yeroo gabaabduu keessatti ta’u akka hin taane karaa biraa nutti agarsiisa. Fakkeenyaaf, seensa ergaa Pheexros isa duraa yadatti qabadhaa. Pheexros dubbistoota isaa, warra fo’amanii tamsa’anii jiran”jedhee waama. Pheexros afaanuma warra Yihuudotaaf fayidaarra oolaa ture fuudhee Kiristaanota guutummaa Impaayera Roomaa keessa jiraniif (irra caalaan isaanii warra Yihuudota hin ta’iiniif) fayyadame!

*Ani Phexros ergamaan Yesus Kristos kana caafuu koo ti. Haa ga'u gara warra fo'amanii, isaanis warra biyyaa baafamanii kutaa biyya Phonxositti, Galaatiyaatti, Qaphadooqiyaatti, Asiyaatti akkasumas Bitiiniyaatti tamsa'anii jiranii...* **1 Peter 1:1**

Yaaqoobis, haaluma wal fakkaatuun, ergaa isaa “qomoowwan kudha lamaan tamsa’anii jiraniif” erga (Yaaqoob 1:1). Ammas wanti dubbistootni yaadatti qabachuu qaban xalayaan/egaan kun waldaaf ta’uu isaati! Yaaqoob, akkuma Phaawulosii fi Pheexros, Kiristaanota warra Yihuudota hin ta’iinitti yeroo dubbatu isaanis qaama Isiraa’elotaa akka ta’anidha.

Ifaaf ifatti, ergamoonni warra Ormaa Yesuusitti amanan kana “ijoollee Abrahaam” akka ta’an dubbatu, garuu kun akkamitti ta’a? Akkamittiis Yihuudii jedhamanii waamamuu danda’u? Deebiin isaa Yesuusidha. Kakuu Haaraa keessatti irra deddeebi’amee, Warri Yihuudota hin ta’iinii fi warri Yihuudota ta’anii amanan akka “Kiristoos keessa” jiranitti ibsa. “Isa keessa” qofa kan jiraatu kamiyyuu (yihuudii haa ta’u orma) akka ijoollee Abrahaam warra isa Isiraa’eliif abdachiifame sana dhaalaniitti lakkaa’amu. Yesuus sanyii Abrahaam isa dhugaadha.

*Egaa Waaqayyo Abrahaamii fi hidda isaatiif abdii kenneera; caaffanni qulqullaa' aan, akka nama baay'eedhaaf dubbatamutti "Hiddoota" hin jedhu, akka nama tokkoof dubbatamutti "Hidda" jedha, innis Kristos.*
**Galaatiyaa 3:16**

Kana daandii biraatiin ibsuuf, **Yesuus Isiraa’elidha.** Miira kanaan, nama tokkicha kanatu saba Waaqayyooti. Isa qofa keessaan abdiiwwan Kakuu Moofaa hunduu fiixaan ba’umsa argatu. Masiihichi (Yesuus) “faarfannaawwan garbicha Waaqayyoo” Macaafa Isaayaas keessa jiru tokko keessatti addatti akka Isiraa’elitti ibsameera:

> *Inni, "Yaa Israa'el, ati garbicha koo ti, ani siin ulfina nan argadha" anaan jedhe.”* **Isaayaas 49:3**

Luqqisiin kun hiika guddaa qaba. Masiihichi Isiraa’el ta’uu isaa qofa ibsa miti, dabalataan inni, akka Isiraa’elitti, isa Waaqayyo karaa isaa ulfina argatudha. Inni isa karaa isaa galma Waaqayyo Isiraa’eliif yaade fiixaan ba’udha.

Hariiroo saba Isiraa’el (kan Kakuu Moofaa keessa jiru) fi Yesuus jidduu jiru wal tarree qabnee ilaaluun murteessaadha. Kun akkasuman walitti kan dhufe miti. Jireenyi Yesuus itti yaadamee seenaa Isiraa’el akka calaqqisiisu ta’e. Akka fakkeenyaatti, Isiraa’el ilma Waaqayyoo jedhameera—maqaa isa Hose’aa 1:9 keessatti irraa fuudhame. Yesuus ilma Waaqayyoo jedhamee waamameera (Maarqos 1:11 ilaalaa)—maqaa isa yoomiyyuu fudhatamuu hin dandeenye. Fari’oon ilmaan Isiraa’el warra dhiiraa ajjeesuu irratti xiyyeeffate garuu sababii amanamummaa deessiftoota Ibrootaatiin oolame (Ba’uu 1:15-22 ilaalaa). Yesuus Herodisiin ajjeefamuuf karoorfame garuu ooleera (Maatewos 2:1-18 ilaalaa). Isaayaas akka sabni garaagaraa gara Isiraa’el dhufanii fi kennaawwan warqee fi ixaanaa fidan raajee ture (Isaayaas 60:1-6 ilaalaa). Namoonni ogeeyyiin sun Ulfina Yesuus beekuudhaan warqee fi ixaana isaaf fidanii raajummaa kana fiixaan baasan (Maatewos 2:1-12 ilalaa). Waaqayyo Isiraa’eliin Gibxii keessaa baase (Ba’uu 1-15 ilaalaa). Waaqayyo Yesuusiin Gibxii keessaa waame (Maatewos 2:13-15 fi Hose’aa 11:1 ilaalaa). Battaluma galaana diimaa qaxxamuraniin booda (Kakuu haaraa keessatti akka agarsiiftuu Cuuphaatti kan fayidaarra oole), Isiraa’el gara lafa onaatti ba’anii achitti waggaa 40 qoraman. Yesuus battaluma laga Yoordanositti cuuphamee ba’een booda gara lafa onaatti geeffamuun achitti guyyoota 40 qorame. Yaadatti qabadhaa, Yesuus qorumsa Seexana biraa isatti dhiyaate hundumaaf luqqisii macaafa Keessa Deebii keessaa fudhatameen deebii kenne, kanaanis jireenya isaa lafa onaa fi kan sabni Isiraa’el gaggeessaa Musee jalatti lafa onaa keesaatti arge wal bira qabuuf xiyyeeffannoo itti kenna. Isiraa’el qomoowwan 12 qabata. Yesuus—“Isiraa’el” inni haaraan—ergamoota 12 fo’ate. Isiraa’el akka muka wayinii isa ija gaarii hin godhanneetti haala yaraa ta’een Yaahiwween ibsa. Yesuus immoo akka muka wayinii isa dhugaatti of ibsa (Yohaannis 15). Isa qofatu ija gaarii godhata.

Yesuus barreessitoota Kakuu Haaraatiin ifatti akka Isiraa'elitti dhiyaateera. Kanaafuu, Isiraa'el inni duraa gaaddidduu Iisraa'el isa dhugaa isa dhufuuf jiruuti jechuu ni dandeenya. Hojiin saba Isiraa'el akka hafuuraatti akka namoonni Isiraa'el isa dhugaa beekaniif namoota qopheessuu ture. Yesuus garuu, haala saba Isiraa'el warra Kakuu Moofaa irraa faalaa ta'een, mudaa tokko malee abboommii eeguun Kakuu keessa deddeebi'uu danda'eera. Inni yeroo hundumaa wanta abbaa isaa gammachiisu hojjeteera. Abdiiwwan Kakuu sabni Isiraa'el qabu sababii inni mudaa tokko malee Kakuu sana eeguu danda'eef karaa isaa fiixaan ba'eera. Sababii abdiiwwan kennaman hundinuu karaa isaa qofa fiixaan ba'umsa argataniif, warroota "isa keessatti" lakkaa'aman qofatu abdii Waaqayyo kenne sana fudhachuu danda'a. Warroonni isa keessa ta'an sun immoo isa waliin dhaaltuu ta'u. Abbomamuun inni Kakuuf taasise akka abboomamuu isaaniitti isaaniif lakkaa'ama.

Kakuun sabni Isiraa'el sonaan baay'achuun "akka cirracha galaanaa" ta'u jedhamee ture yeroo Yesuus du'a mo'ee ka'ee waldaan Kirstaanaa bu'uurofte fiixaan ba'uu jalqabe. Macaafni Hojii Ergamootaa saffisa guddina Waldaa ibsuuf seenaa bal'aa kaasee jira. Waa'ee guddina waldaa kana yeroo dubbisnu akka seenaa hawwataa wayiittti qofa ilaallee darbuu osoo hin taanee akka dhugaa baay'ee barbaachisaa ta'eetti yaaduu qabna. Akka agarsiiftuu fiixaan ba'umsa abdii Waaqayyo jalqaba irratti Abrahaamitti dubbateetti ilaaluu qabna. Kutaawwan armaan gadii kana Hojii ergamootaa keessaa ilaalaa:

> *Gidduu sana Phexros walga'ii, amantoota akka1 nama dhibbaa fi digdamaa ta'an keessa dhaabatee...* **Hojii Ergamootaa 1:15**

> *Warri dubbii isaa fudhatan in cuuphaman; kanaaf guyyaa sanatti akki lubbuu kuma sadii isaanitti in dabalaman.* **Hojii Ergamootaa 2:41**

> *gooftaanis guyyaa guyyaatti warra fayyan amantootatti in dabale.* **Hojii Ergamootaa 2:47b**

> *Warra dubbicha dhaga'an keessaa baay'een garuu in amanan; lakkoobsi amantootaas kan dhiirotaa duwwaan iyyuu akka kuma shanii ga'e.* **Hojii Ergamootaa 4:4**

> *Kana hundumaa irrattis warri gooftaatti amanan, dhiironnis dubartoonnis, ittumaa baay'atan...* **Hojii Ergamootaa 5:14**

> *Dubbiin Waaqayyoo itti fufee babal'achaa, baay'inni amantoota Yerusaalemitti argamaniis ittuma dabalamaa adeeme; luboota keessaas baay'ee amanticha fudhatan.* **Hojii Ergamootaa 6:7**

*Yeroo sana keessa waldaan amantootaa Yihuudaa, Galiilaa, Samaariyaa hundumaa keessatti nagaa argattee, ijaaramte, soda gooftaatti jiraachaa, jajjabina hafuura qulqulluutiinis baay'achaa turte.* **Hojii Ergamootaa 9:31**

Barreessaan Hojii Ergamootaa, Luqaas, waldaan guddachaa jiraachuu ishee agarsiisuu irratti xiyyeeffateera. Waaqayyo akka inni odeeffannoowwan kanatti xiyyeeffannoo kennuuf maaliif kakaase? Waaqayyoo abdii waa'ee saba Isiraa'eliif "akka cirracha galaanaa nan baay'isa" jedhee kakate sana fiixaan baasuuf akka jedhu ifatti agarsiisuuf luqqisiiwwan kanneen akka itti makuuf waan isa kakaase fakkaata. Guddinni saffisaan kun, du'aa ka'uu Kiristoos waliin akka wal qabatu yaadatti qabachuun barbaachisaadha.

Jalqaba Seera Ba'uu fi jalqaba Hojii Ergamootaa wal bira qabanii ilaaluun namatti tola. Seerri Ba'uu. Akkuma Hojii Ergamootaa, gudina "Ijoollee Iisraa'el" irratti xiyyeeffata.

*Sanyiin Israa'el warri achitti hafan garuu wal horanii, baay'atanii, gurmuu baay'ifatanii, guddaa jabaatanii biyyicha in guutan.* **Ba'uu 1:7**

*Danuudhuma warri Gibxii gad isaan qaban keessaa, warri Israa'el immoo caalaa baay'atanii, lafa guutan.* **Ba'uu 1:12a**

*Namoonni Israa'elis baay'atanii guddaa in jabaatan.* **Ba'uu 1:20b**

Barreessaan Seera Ba'uu (Musee), akkuma barreessaa Hojii Ergamootaa, ijoolleen Isiraa'el sonaan baay'achaa jiraachuu isaanii agarsiisuu irraa fedhii addaa qaba ture. Maaliif odeeffannoo kana akka galmeessuuf Waaqayyo isa kakaase? Waaqayyoo abdii waa'ee saba Isiraa'eliif "akka cirracha galaanaa nan baay'isa" jedhee kakate sana fiixaan baasuuf akka jedhu ifatti agarsiisuuf luqqisiiwwan kanneen akka itti makuuf waan isa kakaase fakkaata!

Hariiroon Seera Ba'uu fi Hojii Ergamootaa jidduu jiru kun dagatamuu hin qabu. Waldaan Kiristaanaa akka "ijoollee Isiraa'el" ishee haaraatti dhiyaatteetti. Kiristaana kan ta'e hunduu qaama abdii deebii argate sanaa ta'a jechuudha.

Adeemsa keessa dhugumaan iyyuu "ijoolleen Isiraa'el" akkuma cirracha galaanaa—sonaan baay'ataniiru. Itti dabalees, kun sababii waldaan saba Isiraa'eliin bakka buuteef miti. Sababii Yihuudonnii fi warri Yihuudota hin ta'iin Isiraa'el isa dhugaa—Yesuus isa karaa isaa abdiiwwan Waaqayyo abdachiisu hundi fiixaan ba'etti makamaniifidha.

Guddinni bareedaan “ijoolleen Isiraa’elguddatan kan Hose’aa 1:10-2:1 keessatti abdachiifame hunda miti. Boqonnaan kun akka “ijoolleen isiraa’el” mataa tokko (jechuun gaggeessaa tokko) qabaatan ni dubbata.

> *Ijoolleen Yihudaa fi ijoolleen Israa'el tokkummaatti walitti in qabamu; walumattis nama isaan geggeessu tokko in kaafatu; guyyaan Yizre'el guddaa waan ta'uuf, isaanis biyyicha keessaa ol in dhufu.* **Hose’aa 1:11**

Dubbistootni Kakuu Haaraa raajiin dubbatame kun hanga tokko Kiristoos keessaan fiixaan ba’umsa akka argatu abdachuu qabu. Dhugaan jirus karuma isaa fiixaan ba’umsa ni argata. Yesuus mataa/gaggeessaa isa luqqisii kana keessatti ibsamedha. Inni isa “ijoolleen Isiraa’el” fi “ijoolleen Yihuudaa” akka isaan gaggeessuuf kaafatanidha.
Kana booddee akka bara Hose’aa keessa ture, kana booddee, gareen namootaa lama “ijoollee Waaqayyoo” jedhanii of hin waaman. Qooda kanaa, guyyaa tokko “ijoolleen Yihuudaa fi ijoolleen Isiraa’el” akka saba tokkootti “walitti ni qabamu”. Ergaan isaas kanwalitti isaan qabu Yahiwwee akka ta’edha. Inni dhaqee hoolota Iisraa’el ishee badde fidee “mataa tokko” jalatti walitti ni qaba. Luqqisiin kun waa’ee isa mataa tokko ta’u sanaa waan baay’ee hin dubbanne. Garuummoo dheebuu dhaggeeffattoota Hose’aa warra jalqabaa cimsuuf wanti ga’aa ta’e as jira. Jechi kun akka isaan mootii Waaqayyo biraa ta’e kan saba Waaqayyoo warra guddachaa adeeman gaggeessu dheebochaa eeggatan isaan taasisa. Garuummoo dubbiin kun dhaggeeffattoota Hose’aa warra jalqabaaf qofa hin turre. Dubbichi nuyi warra mootummaa Yesuusitti gammadaa jiruuf ture. Dhufaatiin isaa waggoota baay’een dura akka yaadamee abdachiifame nu yaadachiisu.

Yesuus karoora Waaqayyoo keessatti kan gara boodaarra yaadame miti. Inni jalqabuma irraa iyyuu “mataa” saba Waaqayyoo akka ta’uuf kan yaadamedha. Motonni wal jijjiiranii saba Waaqayyoo tiksuu dadhaban. Mootonni itti fufinsaan saba gara cubbuutti gaggeessan. Kunimmoo addumaan mootummaa gara kaabaa kan Isiraa’el biratti dhugaa mul’ataadha. Namoonni Waaqayyoo lafa sana keessa turan haalli jiru akkasiin itti fufaa gaaffii jedhu keessa jiraachuu malu. Macaafni Hose’aa garuu waa’ee dhufaatii gaggeessaa sabni Waaqayyoo hundinuu itti gammaduu dubbistoota isaatti hima. Kun immoo yeroo dhumaa itti Hose’aan waa’ee mootii isa dhufuuf jedhuu dubbate miti.

Seensa dheeraa Hose’aa 1:10-2:1 kana osoo hin guduunfiin dura, mee raajummaa isa dhumaa Hose’aa 1:11 haa ilaallu:

> *guyyaan Yizre'el guddaa waan ta'uuf, isaanis biyyicha keessaa ol in dhufu.* **Hose’aa 1:11b**

Guutummaa luqqisii kanaa irratti hundaa’uudhaan, wanti kun abdii guddaa ta’uun isaa ifadha, garuu maal jechuudha? Otoo abdii kana hin ilaaliin dura, maqaan **Yizre’el** jedhu Hose’aa 1:4-5 keessatti waan hamaaf hojiirra akka oole yaadatti qabachuu nu gargaara. Wantichi firdii mootummaa fi saba Iisraa’el irratti dhufuuf jedhu agarsiisa. Haa ta’u malee, bakka kanatti, maqichi wanta gaariif yeroo fayidaarra oolu argina. Maqaan kun bifa garaa garaa lamaan akkamiin fayidaarra ooluu danda’e? Kun amaloota walaloo keessaa tokkodha! Raajonni Ibirootaa jechoota yeroo fayyadaman akka xiyyeeffannoo dubbistoota daagii ta’an ofitti harkisuu danda’utti jechoota ajaa’ibsiisoo ta’an fayyadamu. Hose’aa 1:4-5 irratti hundaa’uun. Dubbistootni maqaan Yizre’el jedhu akka maqaa hamaa ta’eetti tilmaamaniiru. Amma garuu sababii karaa gaarii ta’een hojiirra ooleef dubbistootni sun ni dinqifatan.

Maqaan Yizre’el jedhu “Waaqayyo facaase” jechuudha. Hiikti maqichaa isa Hose’aa 1:4-5 irratti kan hin xiyyeeffanne ta’uun isaa waan guddaadha. “Waaqayyo facaase” jechuun waan akka “Waaqayyo biqiltuu dhaabe” jechuuti. Kanaafuu, “guyyaa Yizre’el” jechuun **turtii yeroo** itti Waaqayyo waan ta’e bakka ta’e dhaabu kan ibsudha.

**Maal dhaaba/facaasa?** Qabiyyee kutaa sanaa irratti hundaa’uudhaan, wanta inni dhaabuuf jedhu namoota—saba isaa akka ta’e ifadha! **Essa isaan dhaaba?** Deebiin isaa kan argamu yoo guutummaa gaalee “guyyaan Yizre’el guddaa waan ta’uuf, isaanis biyyicha keessaa ol in dhufu” jedhuu yaada keessa galchinedha. Jechoonni “biyyicha keessaa ol in dhufu” jedhu kun biyya Gibxii keessaa ba’uu samba Isira’el waliin hariiroo kan qabu ta’uun isaa baay’ee murteessaadha. Yeroon kun yeroo itti Waaqayyo saba isaa yeroo xumuraatiif oolchu dubbata. Inni “Gibxii” ishee haaraa keessa isaan baasuun fi bakka ofii isaa isa gaarii ta’e keessa isaan dhaaba. Kun abdii ajaa’ibsiisaa Ba’uu isa gara fuulduraati. Isiraa’elonni laficha keessaa sababii sagaagalummaa hafuuraa raawwataniin arii’amanii baafaman iyyuu (Hose’aa 1:1-9), Waaqayyo garuu ammas saba isaa furee gara lafichaatti isaan deebisuu barbaada.

Abdiin kun abdii Waaqayyo saba amantii warra kan isaa (Yihuudotas ta’anii warra Yihuudota hin ta’iin) gara “mandaraa bu’uura cimaa irratti ijaaramtee fi ijaartuun ishee Waaqayyo ta’eetti” fiduuf kennedha. (Ibiroota 11:10 ilaalaa). Abdichi abdii saba isa gara biyya caaluutti, gara “biyya isaanii” isa Waaqa irraatti isaan geessudha (Ibiroota 11:16 ilaalaa). Kanaafuu, abdichi saba Waaqayyoo gara iddoo Waaqayyootti fiduun bara baraan achi isaan dhaabuudha (Mul’ata 21 fi 22 ilaalaa).

Akkuma muka gaarii, sabni Waaqayyoos “yaa’a bishaanii” qarqara dhaabamuun (Faarfannaa 1:3 ilaalaa), biyyee haaraa isa Waaqayyo isaaniif qopheesse keessaa guddachuun warra ija gaarii godhatan in ta’u (Faarfannaa 1:3, Hisqi’el 47:1-12, Mul’ata 22:1-2 ilaalaa). Kunis akka namoonni Addaamii fi Hewwan warra iddoo dhaabaa Eden keessa “dhaabamanii” ture yaadatan gochuu qaba!

Ani otoon Isiraa’elota bara Hose’aa keessa turan ykn bara dukkanaa tajaajila isaan booda jiru keessa ture ta’ee (ayyaanni isaa naaf baay’atee, dubbii isaa fudhadhee), dubbiiwwan kun guyyoota sanatti (bara sanatti) akkan guyyoota fiixaan ba’umsa isaanii beela’u na taasisu ture.  Sagaleewwan sun akka ani “fayyina Isiraa’eliif dhufu” (Luqaas 2:25 ilaalaa) arguu fi bara koo keessa akka fiixaan ba’u dheebodhuuf fedhii addaa na keessatti hora ture. Guyyaa itti Yahiwween saba isaa oolchu fi ijoollee isaa lafa gaarii biyyee gaarii keessa gadi dhaabu abdiin akkan eegu na taasisa. Akka nama raajummaa kana gara booddeetti deebi’ee yaaduutti, sagaleen kun laphee koo gammachuun guutuun jaalala ani abbaa fi mootii kootiif qabu dabala. Amantii ani karaa Waaqayyoo qabu cimsa. Inni wanta abdachiisee ture hundaa hojjeteera (hojjechaa jira)! Wanta hojjete immoo haala tilmaama namaa gararraa ta’een hojjete. Araara inni asitti agarsiisetti baay’een gammade. Araara Isiraa’elotaa (warra du’a malee wanti biraan hin malleef), araara koo (isa du’a malee wanti biraan naaf hin malleef) taasifame. Anis amantiidhaan gara abdiiwwan kanaatti makameera. Dubbiin ergamaa Pheexiroos kan calaqqee Hose’aa 1 ta’ee (fi kan kutaawwan Kakuu Moofaa baay’ee ta’e), jireenya koo keessatti dhugumaan mul’ateera:

> *Isin garuu qomoo fo'amaa dha, luboota mana mootummaa ti, saba qulqullaa'aa dha, warra dhuunfaa Waaqayyoo ta'anii dha. Waaqayyo hojii isaa isa jajamaa akka labsitaniif dukkana keessaa, gara ifa isaa isa dinqisiisaatti isin waame. Isin takka saba Waaqayyoo hin turre, amma garuu saba isaa taataniittu; isin araara Waaqayyoo hin argatin turtan, amma garuu araara isaa argattaniittu.* **1 Pheexiros 2:9-10**

## Hose'aa 1:10-2:1[18]

**1:10** Si'achi[19] garuu lakkoobsi namoota Israa'el[20] akka cirracha galaanaa isa hin safaramnee, isa hin lakkaa'amnees[21] in ta'a; qooda, "Isin saba koo miti" ittiin jedhame immoo, "Ijoollee Waaqayyo isa jiraataa"[22] jedhamuuf jiru.

---

18 Macaafa Ibruu (MT) ta'ee Kakuun Moofaa Girikii (LXX) lamaanuu boqonnaa tokko lakkoofsota 9'n xumuru. MT FI LXX keessatti, Hose'aa 1:10-2:1 Hose'aa 2 keessatti argamu. Kun boqonnaawwan sana qoqqooduuf karaa caalaatti amansiisaa ta'edha.

19 Lakkoofsi kudhan lakkoofsa isa dursee jiru irraa baay'ee addadha. Kanaafidha hiikni Ingiliffaa ESV jedhamu kan jecha jalqabaa "si'achi" jedhee hiike. Jechi kun 1:9 fi 1:10 jidduu ce'umsa jiru addatti agarsiisa. Garaagarummaan1:1-9 fi 1:10-2:1 karaa lamaan ilaalamuu ni danda'a: (1.) **Sagalee raajiiwwanii** tokkoon tokkoo kutaa sanaailaalchisee fi (2.) **Yeroo fiixaan ba'umsa** raajiiwwan tokkoon tokkoo kutaa sana keessatti dubbatamanii ilaalchisee.
**Sagalee raajiiwwanii ilaalchisee,** 1:1-9 ergaa hamaadha, garuu 1:10-2:1 ergaa gaariidha. Wanti dubbistoota jijjiirama hammeenya irraa gara gaariitti ta'e kanaaf qopheesse hin jiru. Amalli raajummaa warra Ibirootaa yeroo baay'ee ergaa hamaa fi ergaa gaarii irra deddeebiin wal jala jijjiiruun fuulduree Isiraa'el himuudha. Wal jala jijjiiramuun ergaawwan hamaa fi gaarii kun Hose'aa keessatti irra deddeebiin mul'ateera. Hose'aa 1:1-9 ergaa hamaadha. Waa'ee badisaa fi xumura mootummaa Isiraa'el mudachuuf jedhuu dursee hima. Kana booddee hariiroo adda ta'een Yaahiwwee fi Isiraa'el akka waliin itti fufuu hin dandeenye dubbata. 1:10-2:1 immoo ergaa gaariidha. Waa'ee garbummaa jalaa furamuu Isiraa'elii fi gaggeessaa gara fuula duraatti isaaniif kennamu jalatti baay'achaa adeemuu saba Waaqayyoo dubbata. Raajummaan sun deebi'ee Hose'aa 2:2-13 irratti gara ergaa hamaatti jijjiirama. Ammoo Hose'aa 2:14 irratti gara ergaa gaariitti jijjiirama.Ammas, adeemsi kun guutummaa Hose'aa keessatti irra deddeebi'a (macaafa raajotaa kan biro keessattis).
**Yeroo fiixaan ba'umsaa ilaalchisee,** 1:1-9 taatee erga dubbichi dubbatameen booddee yeroo gabaabaa keessatti ta'e dubbata. Firdiiwwan lakkoofsa 1-9 keessatti dubbataman Isiraa'elota bara Hose'aa keessa jiraatan ilaallata. Haa ta'u malee, Hose'aa 1:10-2:1 Isiraa'elota yeroo Hose'aan raajii sana dubbate jiran kallattiin hin ilaallatu. Garuu, warra gara boodaa jiran waliin wal qabata. Yeroo barri kun ga'utti dhaggeeffattootni Hose'aa warri jalqabaa hin beekan. Garuummoo bara karaa amantii haareffamuu akka abdiin eeggatan dhiibbaan irratti godhameera. Namoonni bara kana Hose'aa dubbisan yeroon Hose'aa 1:10-2:1 keessatti dubbatame sun akka dhufee jirutti beekuu qabu. Yeroo Yesuus du'ee fi du'aa ka'e fiixaan ba'uu jalqabe. Yeroo Yesuus deebi'ee dhufutti immoo guutummaatti fiixaan ba'a. Abdiin Hose'aa 1:10-2:1 keessatti dubbatame Kakuu Moofaa keessatti bakkeewwan baay'eetti ibsameera. Akka fakkeenyaatti, Keessa Deebii 4:30-31, Isaayaas 2:2-5, Hose'aa 3:5 fi Miikiyaas 4:1-5 ilaalaa.

20 Akka Ergamootaatti "Ijoollee Isiraa'el" jechuun dirqama sabaan Yihuudii ta'uu jechuu miti. Yaadichi warroota karaa amantii akka "Ijoollee Abrahaamitti" lakkaa'amanidha (Galaatiyaa 3:7, 14, fi 28-29 ilaalaa). Akka ergamaan Phaawulos barreessetti, "namni bifa isa bakkeetti mul'atuun Yihuudii waan ta'eef, Yihuudii dhugaa hin ta'u; dhagna-qabaan foonii dhagna qabaa dhugaa hin ta'u". Qooda kanaa, namni keessa namummaa isaatii isa bakkeetti hin mul'anneen beekama. Warroonni karaa Hafuura Qulqulluu "dhagna-qabaman "ijoollee Isiraa'el" warra dhugaadha (Roomaa 2:28-29 ilaalaa). Kun dhugaa "Kakuu Haaraa" qofa miti. Ragaaleen kana

mirkaneessan Kakuu Moofaa keessas jiru. Akka fakkeenyaatti, dubartiin Abbaa manaa hin qabne kan Rahaab jedhamtu (dubariin warra ormaa) gara saba Isiraa'elitti dabalamtee (Iyaasuu 2 fi 6:22-25 ilaalaa) lafa Isiraa'el irra jiraatteetti. Ulfinni hidda sanyii Gooftaa keenya Yesuus ta'uu iyyuu isheef kennameera (Maatewos 1:5 ilaalaa). Akaan (namni Yihuudii) sababii abboomamuu diduu isaatiin saba san irraa kutamee adda baafameera (Iyaasuu 7:10-26 ilaalaa). Bara Kakuu Haaraa dura keessattiyyuu, dubbistootni akka "yihuudii isa dhugaa" isa amantii qabuu fi abboomamuu keessa deddeebi'u gara arguutti akka dhufan taasifamaniiru. Akkasumas immoo dubbii Yohaannis wangeela Yohaannis 11:51-52 keessatti dubbate of eeggannoon xiinxalaa.

21 Bakki "Ijoolleen Isiraa'el" akka "cirracha galaanaa inta'u" jedhu gara Kakuu WaaqayYO Abrahaam, Yisihaaqii fi Yaaqoob waliin galeetti nu deebisa (Uumama 13:16, 22:17-18, 26:3-5, 28:14, fi 32:12 ilaalaa). Hose'aan 1:10 abdii sana agarsiisa—badisaa fi hiikkaa gaa'elaa Hose'aa 1:1-9 isa dhufee darbuuf jedhu osoo yaada keessa hin galchiin jechuudha. Waaqayyo Kakuu isaatiin waan abdachiise dhugoomsuuf, ijoollee Abrahaamiin in baay'isa — "ijoollee Isiraa'el"— "akka cirracha galaanaa". Guddina saffisaa waldaan agarsiifte kan Luqaas waa'ee isaa dubbates qaama fiixaan ba'umsa raajii kanaa akka ta'etti ilaalamuu qaba (Akka fakkeenyaatti, Hojii Ergamootaa 2:41, 5:14, fi 6:1 ilaalaa).

22 "Guyyaa" itti taajummaan kun fiixaan ba'utti, sabni Isiraa'el keessa jiru lammata deebi'ee "Saba Koo miti" hin jedhamu. Qooda kanaa garuu, "**ijoollee Waaqayyo isa jiraataa**" jedhamanii waamamuuf jiru. Jechoonni kun macaafa Ibruu (MT) irraa hiikaman. Macaafni Girikii (LXX) jechoota kana "Ilmoota Waaqayyo isa jiraataa" jedhee hiika. Wanti yaadatti qabachuun nuuf ta'u gaaleen wal fakkaataan (garaagarummaa baay'inaa irraa kan hafe) Maatewos 16:16 irratti hojiirra ooleera, achitti Pheexros Yesuusiin "Ilma Waaqayyo isa jiraataa" jedhee waama. Kanaafuu, wangeelli Maatewoos raajummaa Hose'aa 1 keessa jiruu fi Yesuusiin waan wal qunnamsiisu fakkaataa. Garuu Yesuus qofaa isaa miti. Sababiin Kiristoos "akka mataatti" saba Waaqayyoo irratti ol kaafameef, inni "obboloota baay'ee gara ulfinaatti fidaa jira" (Ibiroota 2:10). Inni "obboloota baay'eedhaaf angafa" (Roomaa 8:29 ilaalaa). Raajummaan kun sababii dhufaatiin Kiristoosiin fiixaan ba'e. Sababii "ijoollee Waaqayyo isa jiraataa" jedhamuu keenyaa isadha (Hisqi'el 37:27, Roomaa 9:26, 2 Qorontos 6:16, and 1 Ximotewos 3:15 ilaalaa)!

Jechoonni "Waaqayyo isa jiraataa" jedhaman xiyyeeffannoo guddaa barbaadu. Namoonni bara Hose'aa keessa jiraataa turan waaqolii meetii, warqee fi dhagaa irraa hojjetaman waaqessan. Waaqoliin kun jiraattota miti. Dhugaan jiru namootumatu "qubuma harka isaaniitiin" waaqolii kana hojjete (Isaayaas 2:8 ilaalaa). Waaqolii harka namaan uumaman waaqessuun gowwummaa akka ta'e beekamaadha. Waaqoliin akkasii kun nama fayyisuuf humna hin qaban. Ofuma isaaniiyyuu oolchuu hin danda'an. Jiraachuu isaaniif iyyuu gargaarsa namaa isaan barbaachisa! Waaqayyo in kan Iisraa'el garuu haala wal irraa hin cinneen "Waaqayyo isa jiraataa" ta'uu isaa labsaa ture. Kan akka isaa waaqni kan biraan hin jiru. Waanuma kamiif iyyuu humna namaatti hin hirkatu (Hojii Ergamootaa 1:25 ilaalaa). Jechoonni "Waaqayyo isa jiraataa" jedhan kutaa baay'ee keessatti hojiirra oolaniiru (fakkeenyaaf, Keessa Deebii 5:26, Iyaasuu 3:10, 1 Saamu'el 17:26, 17:36, 2 Mootota 19:4, 19:16, Faarfannaa 42:2, 84:2, Isaayaas 37:4, 37:17, Ermiyaas 10:10, 23:36, Daani'el 6:20, fi 6:26 ilaalaa). Akkuma luqqisiiwwan kunniin ifa godhan maqaan "Waaqayyo isa jiraataa" jedhu kun Waaqayyyo dhugumaan jiraataa ta'uu isaa waliin kan hidhatinsa qabanidha. Inni biyya lafaa keessattis ta'ee jireenya namootaa keessatti hojiitti jira. Inni dubbii warra isa jibbanii dhaga'ee hammeenya isaaniif deebii ni deebisa. Akkasumas boo'icha warra isa jaalatanii dhaga'ee qooda isaaniitti darbee saba isaa ni gargaara. Eenyumtuu Waaqayyo isa jiraataa jalaa ba'uu hin danda'u. Kun immoo warra isa jaalataniif eeebba guuddaadha. Warra isa waaqessuu didaniif immoo yaaddoo guddaadha.

**11** Ijoolleen Yihudaa fi ijoolleen Israa'el tokkummaatti walitti in qabamu[23]; walumattis nama isaan geggeessu tokko[24] in kaafatu; guyyaan Yizre'el[26] guddaa waan ta'uuf, isaanis biyyicha[25] keessaa ol in dhufu.

---

[23] Yohaannis 11:51-52 fi Efesoon 2:11-22 ilaalaa.

[24] “mataa/gaggeessaa tokko” kan jedhu gaggeessaa gara fuulduraatti dhufu kan saba Waaqayyoo ba’uu isa lammaffaa keessatti **biyya garbummaa keessaa** baasu kan agarsiisudha. Dhufaatiin “isa mataa” ta’u kanaa immoo taateewwan Hose’aa 1:10-2:1 keessatti ibsaman waliin kan wal qabatudha. Jecha biraatiin, yoo “mataan/gaggeessaan” hin jiru ta’e, taateewwan akka raawwataniif asitti ibsaman hundi ta’uu hin danda’an jechuudha. Hunduu waliin adeema. Asitti jecha “mootii” jedhu caalaa jechi “mataa/gaggeessaa” jedhu mijataadha, sababni isaas bara Ba’uu keessas jechuma wal fakkaataa gaggeessaa jedhutu hojiirra oolaa ture. Haaluma wal fakkaatuun Museen boodarras Iyaasuun gaggeessaa saba Waaqayyoo jedhamuun akka saba sana biyya Gibxii keessaa baasanii, karaa lafa onaa gara lafa kakuu isaaniitti gaggeessaan abboomaman (Kes.10:11 ilaalaa). Kanaafuu, gaggeessaan gara fuulduraa kunis saba Waaqayyoo garbummaa isaanii jalaa baasee, karaa “lafa onaa” gaggeessuun akka isaan lafa Waaqayyo isaan abdachiise dhaalan taasisa. Kiristoos, akkuma Museeti. Inni raajii isa akkuma Musee, Waaqayyoon fuulaaf fuulatti argedha (Kes.18:15-19, 34:10-12, fi Yoh. 1:18 ilaalaa). Kun addatti akka inni saba Waaqayyoo gaggeessuuf ga’umsa qabu argisiisa. Akkasumas, Kiristoos akka Iyaasuuti. Milkaa’inaan sabasana gara Lafa kuku isaaniitti fideera (Kes.31:3 ilaalaa). Macaafa Musee keessatti (Uumamaa hanga Keessa Deebii), jechi “**mataa**” jedhu gaggeessitoota saba Waaqayyoof kan kennamedha. Haa ta’u malee, kan mootii saba Waaqayyoof kenname miti. Yeroo sanatti Isiraa’e keessa mootiin hin turre. Haa ta’u malee, bara Musee booddee, jechi “mataa” jedhu moototа Isiraa’eliifis fayidaarra ooluu jalqabe (1 Sam.15:17, 2 Sam. 22:44 ilaalaa). Kanaafuu, jechi mataa jedhu wanta Hose’aa keessa jiru kana waliin wal sima jechuudha. Ergan takkaatti duubistoota isaa Macaafa Seera Ba’uu fi Macaafa Mootota yaadachiisa. Yesuus mootii isa saba isaa karaa naga ta’een garbummaa isaanii jalaa baasee, lafa onaa keessa dabarsee lafa Waaqayyo isaan abdachiiseen ga’udha. Raajiin waa’ee “mataa tokkoo” Hose’aa keessatti dubbatame abdii guddaadha. Sababni isaas bara Hose’aa keessa saba Waaqayyoorra “mataa” lamatu ture—mootii Yihuudaa fi kan Isiraa’el. Asitti garuu kan dubbisaa jirru, guyyaan itti Waaqayyo sabni isaa mootii tokko jalatti buluuf filatu fi isaan gaggeeffamu akka dhufudha (His. 37:15-28 ilaaa). Kun immoo karaa Kiristoos ta’a. Jechi Kiristoos jedhu jecha Girikii yoo ta’u isa dibamaajechuudha. Yesuus mootii isa dibamedha. Inni mootii tokkicha saba Waaqayyoo irratti mo’udha. Ammayyuu bulchaa jira! Du’aa ka’uu isaa irratti hundaa’uun Yesuus “ilma Waaqayyoo isa humnaan jiru” jedhamee labsameera (Rom. 1:4 ilaalaa). “Gooftummaan hundinuu waaqa irratti lafa irrattis” isaaf kennameera (Mat. 28:18 ilaalaa). Sabni Waaqayyoos akka inni mootii isaanii ta’u barbaadu (Yoh. 20:28 ilaalaa), kanaafis gammachuudhaan bulchinsa isaa jala of galchu. Hose’aa keessatti luqqisiin waa’ee mootii saba Waaqayyoo isa dhufuuf jedhu ibsu kana qofa miti (fakkeenyaaf, Hos. 3:5 ilaalaa).

Hose’aan waa’ee raajii kanaatti xiyyeeffannoo guddaa keennuusaa yaadatti haa qabannu. Akka isaan fiixaan ba’an arguuf dheebuu qaba. Waa’ee mootii saba Waaqayyoo isa gara fuulduraa qofa raajaa ture miti. Erjaan raajii kanaa bsaafis bu’aa akka ta’etti amana. Waa’ee mootii kan isaas ta’ee raajaa ture! Hose’aanis akkuma raajota biraa waa’ee Kiristoos ni beeka, kiristoosiin ni jaalata, dhufaatii isaas immoo ni eeggata (HoE. 3:18, 21, 24, fi 1 Phex. 1:10-12 ilaalaa). Waa’een dhufaatii mootichaa guutummaa Kakuu Moofaa keessatti raajameera. Haa ta’u malee, yeroo Hose’aan raajetti guutummaan Kakuu moofaa hin xumuramne walittis hin qabamne. Inni hunduma isaanii waan dubbise miti. Garuu, irra caalaa isaanii argachuuf carraa qaba. Waa’ee dhufaatii Kiristoos

macaafa Musee keessaa dubbiseera ta'uu danda'a (fakkeenyaas, Uma. 49:8-12 fi Lak. 24:1-9 fi 14-19 ilaalaa). Hundas ta'uu baatu faarsaa Daawit baay'eesaa yaadatti qabateera ta'a. Faarfannaan kun immoo waa'ee Kiristoos qabiyyee baay'ee of keessaa qaba (akka fakkeenyaatti, Far. 2, 22, fi 110 ilaalaa).

25 Sabni "mataa/gaggeessaa" isaatiin gaggeeffame "**laficha keessaa in baafama**". Jechi kun yeroo jalqabaaf yeroo Isiraa'elonni **biyya Gibxii keessaa baafaman** kan fayidaarra ooledha (Ba'uu 32:1, 4, 33:1, Lak. 32:11, Iya. 24:17, 24:32, Abboota Firdii 2:1, 11:13, 19:30, 2 Mot. 17:7, Isa. 11:16, Erm. 2:6, Amos 9:7, Mik. 6:4 ilaalaa). Garuu yaadni "laficha keessaa ba'aa" jedhu ergaa biyya Gibxii keessaa ba'uu bira kan darbe ergaa guddaa qaba. **"Laficha keessaa ba'uun" yoo xiqqaate yaadota sadii of keessaa qaba. Inni jalqabaa**, sabni sun biyya garbummaa keessaa kan ba'e sababii Yaahiwween isaan oolcheef kan jedhudha. **Inni lammataan**, sabni nagaadhaan biyya garbummaa isaanii keessaa ba'anii gara bakka haaraatti kan dhufan sababii Yaahiwween eegamanii fi golgamaniiti kan jedhu of keessaa qaba. **Inni sadaffaan**, yaadni gara lafa haaraatti seenuu jedhu kun sababii Yaahiwween laficha isaaniif qopheessee fi laficha akka dhaalaniif isaan gargaareefi kan jedhu of keessaa qaba. Hose'aa 1:10-2:1 keessatti, Hose'aan waa'ee taatee seera Ba'uu dubbate! Haa ta'u malee, kutaa kana keessatti waa'ee ba'uu isa jalqabaa dubbata miti. Taateen inni sun ta'ee darbeera. Qooda kanaa garru, amma inni waa'ee "ba'uu isa lammataa" dubbachaa jira. Ba'uun kun immoo "mataa" tokkicha isa saba Waaqayyoo tokkoomsuun gaggeeffama. "Ba'uun inni lammataa" kun ba'uu isa Kiristoos ofii isaatiin saba isaa garbummaa jalaa baasee "karaa lafa onaa" lafa gaarii Waaqayyo isaan abdachiisetti geessa. Warroonni "Kiristoos keessa ta'an" hundinuu qaama ba'uu isa lammataa kanaati. Afaan "ba'uu lammataa" jedhu kun irra deddeebiin raajota keessatti ni argama (fakkeenyaaf, Isa. 55:12-13 fi Erm.16:14-15 ilaalaa).

26 Jechi "Yizre'el" jedhu Hose'aa 1:4-5 keessattis fayidaarra oolee ture. Haa ta'u malee, kutaa kana keessatti, maqichi haala Hose'aa 1:4-5 irraa adda ta'een fayidaarra oolee jira. Hose'aa 1:4-5 keessatti, maqaan "Yizre'el" jedhu ergaa hamaaf hojiirra oole. Taatee hamaa fi salphina Isiraa'el bakka Yizre'el jedhamutti ta'e yaadachiisuuf ture. Akkasumas immoo maqaan Yizre'el jedhu jecha Iisraa'el jedhu waliin sagalee walitti dhiyaatu qaba. Kanaafuu, guutummaan mootummaa Iisraa'el akka baddu isaan yaadachiisuuf ture. Haa ta'u malee, Hose'aa 1:11 irratti maqaan Yizre'el jedhu ergaa gaariif hojiirra oolee jira. Halli 1:11 irratti fayidaarra oole hiika maqichaa waliin wal qabata. Hiikti maqaa Yizre'e "Waaqayyo in facaasa" jechuudha. Yeroo itti raajummaan "ba'uu lammataa" kun fiixaan ba'utti, Waaqayyo lafa isaa isa gaarii keessa ijoollee dhiiraa fi dubaraa "in facaasa". Kunisa Addaam uumamee iddoo dhaabaa Eden keessa kaa'ame waliin wal fakkaata. Inni iddoo dhaabaan ala Eden keessatti uumame, garuu Waaqayyo fidee lafa isaa isa gaarii keessa "isa dhaabe". Har'a raajummaan sun fiixaan ba'aa jira. "Mataa" inni ta'e Yesuus saba isaa biyya garbummaa isaanii keessaa baasee gara lafa gaarii isa kan Waaqayyootti fidaa jira. Nuyi bara Yizre'el keessa jiraachaa jirra.

**2:1** Egaa obboloota keessan, "Amii" obboleettota keessanis "Ruhaamaa" jedhaa waamaa! ["Amii" jechuun "Saba koo", "Ruhaamaa" jechuun "Oo'a argate"[27]jechuu dha]

---

27 Yahiwween saba Isiraa’elii fi saba Yihuudaaf abdii ulfina qabeessa abdii iddootti isaan deebisuu fi isaan jiraachisuu kenne (1:10-11 ilaalaa). Hose’aan 2:1 waa’ee abdii kenname kanaaf deebii sirrii ta’e kennuuti. Abdiiwwan ulfina qabeessa dhaga’an sana irratti hundaa’uun, sabni akka amantiidhaan deebii kennaniif waamaman. Bara Hose’aa keessa, ergaa 2:1 irra jiruuf abboomamuu jechuun, Isiraa’elonni dubbii kana dhaga’an gara “obboloota” isaanii Isiraa’el keessa jiranii dhaqanii dubbii amantii kana isaanitti dubbatanidha. Kana bira darbee, daangaa qaxxaamuranii gara Yihuudaa seenuun dubbicha “obboloota” isaanii warra Yihuudaa keessa jiranitti akka labsanidha. Abdii waa’ee “mataa” tokkicha isa dhufuuf jedhuu fi isa garbummaa keessaa isaan furuun iddootti isaan deebisuu, isa Waaqayyo waliin walitti isaan araarsuu dhugaa ba’uu qabu. Jecha biraatiin, Isiraa’elonni amanamoo ta’an (Kiristoos yeroo sanatti kan hin mul’anne ta’uyyuu) dubbii wangeelaa akka lallabaniif waaman! Namoonni Isiraa’el abboommii kanaaf akkamiin deebii kennan? Haala tureen Bara Hose’aa kan turan keessaa haftee namoota Isiraa’el muraasaatu dubbicha dhaga’ee gara obboloota isaanii Isiraa’elotaa fi gara namoota Yihuudaa keessa jiraatanii deemee waa’ee abdii isa asitti dubbatamee dhugaa ba’e. Garuu abboommii kanaaf abboomamuun bara Hose’aa kana keessa baay’ee baratamaa ta’uu baatus, du’uu fi du’aa ka’uu Kiristoos booddee baay’ee beekamaa ta’e. Duuti isaa saba Waaqayyoo irratti jijjiirama guddaa fide! Du’uu fi du’aa ka’uu Yesuus booddee, namoonni baay’een guyyaan iddootti deebifamuu fi guyyan jireenyaa ga’uu isaa dhugaa ba’aniiru! Fakkeenyaaf, akkaataa ittiin ergamoonni Phawuloo fi Pheexros Roomaa 11:30-32 fi 1 Pheexros 2:10 irratti waa’ee abdiiwwan kanaa dubbatan ilaalaa. Dhugumayyuu, namoonni bara Hose’aa keessa jiraachaa turan taatee wangeelaa of fuulduratti ilaallachaa amantiidhaan dhugaa ba’aniiru. Namoonni du’aa fi du’aa ka’uu Yesuus booda jiraatan immoo wanta muuxannoodhaan argan irraa dubbatan! Isaan kana booddee fiixaan ba’umsa isaa hin eeggatan. Inni fiixaan ba’eera—ammayyuummoo fiixaan ba’uutti jira —Kiristoos keessaan jechuudha! Lallabdoonnii fi barsiisonni ammayyuu taanaan abboommiin 2:1 irra jiru kan akka hojjetu xiyeeffannoo itti kennuu qabu! Waantoota kana “obboloota” keenyatti labsuu qabna.

# Hose’aa 2:2-13

Akka dursee ibsamee turetti, amalli raajummaa Ibrootaa yeroo baay’ee waa’ee carraa Isiraa’elotaa (Hose’aa keessatti garuu yero tokko tokko carraa Isira’elii fi Yihuudaa bakka tokkotti) ilaalchisee ergaawwan hamaa fi gaarii wal jala jijjiiraa dubbachuudha. Kutaan Hose’aa ilaaluuf jennu kun isa ergaa hamaa baatudha.

Akka seensa Hose’aa 2:2-13 tti, yeroo muraasa fudhannee waa’ee Ba’aal, waaqa ‘warra ormaa’ yeroo sanatti Isiraa’elotaan Waaqeffamaa turedha. Yeroo tokko tokko Ba’aal akka baaqqeetti ilaalama, akka Hose’aa 2:8 keessa jirutti:

> *“Garuu midhaan, waynii, dhadhaa ejersaas*
> *akka ani kenneef, meetii fi warqee isa ittiin*
> *waaqayyolii tolfamoo isaanii Ba'aalin*
> *tolfatanis akka ani isheetti baay'ise isheen*
> *hin hubanne.”* **Hose’aa 2:8**

Yeroo tokko tokko immoo jechichi akka dachaatti/baay’ina ibsutti hojiirra oola, akka Hose’aa 2:13 keessa jirutti:

> *“Guyyoota isheen Ba'aal waaqayyolii tolfamoo isheetiif ayyaana godhatte, ixaana aarsiteef sanaaf, ishee nan adaba; isheen amartii ishee kaa'attee mi'a ishees naqattee, jaalallee ishee duukaa adeemtee, ana immoo irraanfatte" jedhee dubbateera Waaqayyo.”* **Hose’aa 2:13**

Jechi Ba’aal jedhu **abbaa manaa** ykn **gooftaa** jechuudha. Kanaafuu, Iisraa’elonni warri Yahiwween waliin “gaa’ila dhaabbachuu” malan waaqa kan biraa, kan haala faallaa ta’een, “abbaa manaa” jedhamu waliin dhimma isaanii godhatan. Isiraa’elonni Ba’aaliin akka waaqa hafuura hamaatti badisa isaanitti fiduuf jiruutti hin ilaalle. Qooda kanaa akka waan Ba’aal isaan barbaachisuutti amanan. Bakka Yahiwween gochuu hin dandeenye jedhanii yaadanitti isaan gargaara, waan barbaadanis isaaniifis kenna. Hojiin Ba’aal milkaa’inaa fi kufaatii oomisha isaaniitiif akka murteessaa ta’etti ilaalama ture. Hubannaa isaanii isa badaa sanaan, Ba’aal roobaaf itti gaafatamaadha. Kanaafidha siidaa Ba’aal yeroo dhaaban harka isaa keessatti guca balaqqeessaa kan qabatuuf.

Isiraa’elonni Ba’aaliin yeroo waaqessanitti, yeruma sanatti immoo, Yaahiwwees waaqessuuf yaalu. Guyyoota ayyaanaa ni eegu, aarsaawwanis isaaf ni dhiyeessu. Karaa mataa isaaniitiin isa gammachiisuuf yaadu. Haa ta’u malee, “Waaqeffannaan” kun karaa Iisraa’elonni barbaadaniin taasifama malee karaa Yaahiwween

abboomeen hin turre. Isiraa'elonni Ba'aaliin waaqessaa yeruma wal fakkaataatti immoo sobaan Yahiwwee waaqessu.

Waaqeffannaan Ba'aal hanga tokkos ta'u ejjitoota waaqa tolfamaa waliin akka namoonni hariiroo wal-qunnamtii saalaa qabaatan taasisa. Wal-qunnamtiin saalaa seeraan alaa kun kan hojjetamus Ba'aal waaqittii tolfamtuu maqaan ishee Anaat jedhamtu waliin gocha wal fakkaataa raawwachuun deebii kenna jedhanii waan yaadaniifidha (Anaat kun haadha manaa Ba'aal turte). Kanaafuu, Isiraa'elonni, wal qunnamtiin saalaa namoonni lafa irratti taasisan akka wal qunnamtiin saalaa waaqolii jidduutti waaqa irratti taasifamu taasisanitti amanu. Kunis immoo akka isaan qillensaa gaarii fi qonna badhaadhe qabaatan taasisa jedhanii yaadu. Kana bira darbee, sabni Isiraa'el cubbuuwwan kana keessatti gammachuu foonii guddaa argatu. Isaanis bifa hammeenyaan guutame kanaan waaqessuu barbaada, waaqolii bifa hammeenyaa kanaan waaqeffamuu barbaadanis argatan.

Ba'aal amanachuun Isiraa'elotaa akka isaan Yaahiwwee hin amananne agarsiisa. Yahiwween akka abbaa manaa Isiraa'elitti haadha manaa isaaf waan barbaachisu dhiyeessuu fi kunuunsuuf waadaa seenee ture. Kunis qaama Kakuu isaa inni ishee waaliin dhaabbate keessaa tokko ture. Ta'us isheen kunuunsa isaa kana hin amananne. Isheen akka waan Ba'aal nyaataa fi dhugaatii akkasumas jajjabina isheef kennuutti yaaddi ture. Hojii Isiraa'el waaqa tolfamaa Ba'aal waaqessuu keessatti taasiftuun, Yahiwween akka abbaa manaa gaarii taane agarsiifte. Boqonnaan kunis sababii isaan Ba'aal amanataniif deebii Yaahiwween Isiraa'elotaaf kennedha.

Hose'aan 2:2-13 jalqaba irratti Isiraa'elota warra dhufaatii Kiristoos dura turaniif kan caafame yoo ta'u, lalabdoonnii ykn barsiisonni akkamitti kutaan kun jireenya Kiristaanota bara kanaa keessatti hojiirra akka oolu yaaduu qabu. Wantootni armaan gaditti tarreeffaman ja'an bu'aa kutaa kana kiristaanota bara kanaatti lallabuun qabudha.

**1. Kutaan kun akka Kiristaanonni wanta Yaahiwween bara Hose'aa keessatti hojjeta sana maaliif akka hojjete ilaalchisee ibsa ga'aa argatan taasisa.** Kutaan kun maaliif Waaqayyo Isiraa'eliin harka warra Asoritti dabarsee kenne kan jedhuuf ibsa kenna. Maaliif guutummaa biyya lafaa irra akka bittinnaa'an ni ibsa. Adabamuutu isaanirra ture.

Kanaaf, dubbistootni yeroo dubbii Hose’aa keessa jiru dubbisan waa’ee Isiraa’elotaaf miira gaddaa keessa seenuun irraa hin eegamu. Miidhamaan Isiraa’el hin turre. Miidhamaan Yahiwwee ture. “Haati manaa” isaa ejjatti kufte! Walaloon kunis ifa baay’ee fokkusaa keessatti suura kaase. Isheen akka ejjituutti waan deddeebiteef wanti akka adabaatti fudhatte hunduu isheef mala ture. Kanaaf, dubbistootni gara Yaahiwwee goruu qabu.

**2. Walaloon kun ifatti bifa hariiroo Yahiwwee fi saba isaa jidduu jiruu ni ibsa. Innis gaa’ila dha.** Kanaafidha kan Phaawulos yeroo waa’ee gaa’ila lafarraa dubbatu, waa’ee gaa’ila isa guddaa Kiristoosii fi waldaa jidduu jiru dubbatu.

> *Haati manaa akkuma gooftaa Yesusiif abboomamtu abbaa manaa isheetiifis haa abboomamtu! Kristos mataa waldaa kristiyaanaa akkuma ta'e, abbaan manaas mataa haadha manaa ti; Kristos fayyisaa waldaa kristiyaanaa ti; waldaan immoo dhagna isaa ti. Waldaan kristiyaanaa harka Kristos jala akkuma of galchitu, haati manaas waan hundumaatti harka abbaa manaa isheetii jala of haa galchitu.*
>
> *Kristos akkuma waldaa kristiyaanaa jaallate, waldaadhaafis dabarsee of kenne, akkasuma abbaan manaas haadha manaa isaa haa jaallatu! Waldaan kristiyaanaa Waaqayyo biratti fudhatamtuu akka taatutti, Kristos karaa dubbii isaatii bishaaniin dhiquudhaan ishee in qulleessa. Waldaas xurii fi dirmammuun, wanti kana fakkaatus utuu irratti hin argamin fudhatamtuu mudaa hin qabne godhee, ulfinaan of dura ishee dhaabuuf jira. Akkasuma immoo abbaan manaa akkuma dhagna ofii isaa jaallatutti, haadha manaa isaa jaallachuun in ta'aaf; namni haadha manaa isaa jaallatu ofii isaa in jaallata. Namni foon isaa in soora, in dhimmaaf malee, takkaa foon isaa jibbee hin beeku; Kristosis waldaadhaaf akkasuma godhe. Nuyi bu'aa dhagna Kristos. Caaffanni qulqullaa'aan, "Sababii kanaaf dhiirri abbaa isaa fi haadha isaa in dhiisa, haadha manaa isaattis in maxxana; isaan lachanuus foon tokko in ta'u" in jedha. Dubbiin kun dhoksaa gad fagoo of keessaa qaba; inni waa'ee Kristosii fi waa'ee waldaa kristiyaanaa in dubbata jechuu koo ti. Dubbiin kun isinis immoo in ilaala; tokkon tokkon abbaa manaa akkuma kanatti haadha manaa isaa akka ofii isaatiitti haa jaallatu; haati manaas abbaa manaa isheetiif ulfina haa kennitu!* **Efesoon 5:22-33**

Gaa’illi biyya lafaa suura xiqqoo hariiroo Waaqayyoo fi saba isaa jidduu jiruuti. Kanaafidha kan gaa’illi dhiiraa fi dubartii jidduu jiru kabajamuun maluuf.

**3. Walaloon kun akka Yaahiwween gaa’ila saba isaa waliin qabu keessatti, akka jaalattoota kan biraa kamiyyuu hin obsine nutti agarsiisa.** Yahiwween sagaagalummaa hafuuraa bara Hose’aa keessa ture obsuu hin dandeenye. Amma saba isaa gidduutti sagaagalummaa akkasii kana akka inni saba isaa amma jiran jidduutti argee obsan bira hin darbine beekuu qabna. Amala hariiroo nuyi Yaahiwwee waliin qabnu akka gaa’ilaatti ilaallee dhugaa sana bu’uura godhachuun jiraachuun baay’ee barbaachisaadha. Sagaleen Waaqayyoo ragaa waliigaltee Kakuu keenyaati. Nuyi akka Kiristaanaatti jaalattoota kan biroo duukaa fiigna yoo ta'ee fi kakaa Kakuu keenya keessa ture tufanna yoo ta’e, akkuma Isiraa’el nuyis adabamuuf jirra. Walaloon Hose’aa keessa jiru kun, jireenya keenya keessa soda hammaan bu’aa qabeessa ta’e jireenya keenya keessatti uumee darbuu qaba.

Luqqisiin Hose’aa keessa jiru kun addatti Kakuu Haaraa keessatti caqafamuu baatus, haala armaan gaditti mul’atuun, barreessitootni Kakuu Haaraa yaada achi keessa jiru keessaa irra deddeebiin fudhataniiru..

> *Ani akka durba amanamtuutti Kristos abbaa manaa tokkichatti isin heerumsiifachuudhaaf, isin kaadhimachiisee waanan tureef, akkuma Waaqayyo hinaafu, anis isiniif nan hinaafa. Akkuma bofni haxxummaadhaan Hewwaanin gowwoomsite, yaadni keessanis immoo karaa irraa kaatee, Kristos isa garaa qulqulluudhaan of kennitaniif sana irraa gara galtu jedhee sodaadheera.*
> **2 Qorontos 11:2-3**

> *Isin namoota garagaggaltuu nana! Biyya lafaatti michoomuun diina Waaqayyoo akka nama godhu hin beektanii ree? Namni michuu biyya lafaa ta'uu barbaadu, diina Waaqayyoo of in godha.* **Yaaqoob 4:4**

Waldaan Kiristaanaa Misirroo Kiristoosidha. Isatti heerumnee garuummoo yeruma takkaa hawwa foonii keenyaan biyya lafaa duukaa fiiguu hin dandeenyu. Sun sagaagalummaadha! Boqonnaan kun gaa’ila saba isaa waliin dhaabbatetti xiyyeeffannoo addaa akka kennu agarsiisa. Jaalala isaa waaqolii biraa kamiifiyyuu hin qoodu. Waaqeffannaan dhugaan maal akka fakkaatu ofii keenyaa akka murteeffannus hin fedhu. Isiraa’elota ilaallee akkamitti akka Yahiwwee waaqeffachuu qabnu murteessuu hin qabnu. Wanta sagalee isaa isa gaarii keessatti caafame duukaa bu’uu qabna.

**4. Walaloon kun, nuyi akka amantoota bara kanaatti, kunuunsa abbaa manaa keenyaa guutummaatti wabii godhannee akka jiraannu nuyaadachiisa. Akka Isiraa’elonni taasisa, bakka biraa ilaaluun isa irratti ka’uudha.** Kana yeroo goonu ati abbaa manaa yaraadha jechaa jirra. Karaa ittiin Yesuus waan nu barbaachisu nuuf dhiyeessu irratti guumgumuun isa irratti ka’uudha (Efesoon 5:29 ilaalaa). Ammas, yeroo akkas goonu, ati abbaa manaa yaraadha jechaanii jirra.

**5. Walalichi araara Waaqayyo jireenya keenyatti agarsiise nu yaadachiisuu qaba.** Yeroo baay’ee, hafuuraan amanamaa waan hin tureef adabbiin Isiraa’el fudhatte sun naafis in mala ture. Ani Waaqolii biraa duukaa bu’eera (Ba’aaliin addatti kan maqaa garaa garaa qaban). Akkuma Isiraa’el maloota ittiin Waaqessan kan mataa kiyyaa uummadheen ture. Gocha Waaqayyo jireenya koo keessatti godhe irratti guumgumeera. Maaliif Waaqayyo araara natti agarsiiseree? Maaliif akkasitti gaarummaa natti agarsiise? Maaliif ayyaana isaa naaf baay’ise? Gaarummaan Waaqayyoo inni baay’een kun sababii gaarummaan naaf maluuf miti.

**6. Dhuma irratti, wanti baay’ee murteessa ta’e, walaloon kun ulfina Waaqayyoo kan mul’isudha.** Waaqayyo wanta ulfina isaaf malu ykn bakka isaaf malu fudhatu kamiyyuu obsan bira hin darbu, sababni isaas, eenyumtuu bakka isaa bu’uun dogoggora waan ta’eef.

> *“... Waaqayyo kan biraaf hin sagadin! Ani Waaqayyo inni maqaan koo,'Hinaaffaa' jedhamee beekame, gooftaa hinaafuu dha...”* **Ba’uu 34:14**

Yaahiwween ulfina maqaa isaaf ni hinaafa. Nuyis kanatti gammaduu qabna! Inni yeroo hundumaayyuu guddummaa isaa mirkaneeffachuu barbaada. Guddummaan isaa kunis akkaataa inni ittiin namoota daandii irraa irraa garagalan adabuu keessatti mul’achuu ni danda’a. Akkasumas immoo, akkuma Hose’aa 2:14-23 keessatti ilaaluuf jennu, akkaataa inni ittiin warra isa irraa gargagalanitti araara agarsiisu keessattis ni mul’ata.

# Hose'aa 2:2-13

**2:2**
"Haadha keessan hadheessaa![28]
Isheen haadha manaa koo ta'uu waan dhiifteef,
anis abbaa manaa ishee ta'uu waanan dhiiseef,[29]
ishee hadheessaa! Isheen halalummaa fuula
ishee irraa mul'atu, milikkita ejjummaas harma
ishee gidduudhaa haa baaftu;[30]

**3**
Yoo kun ta'uu dhabaate garuu, wayyaa ishee irraa baasee

---

28 Yaahiwween bakka kanatti Isiraa'eliin akka haadha manaa isaatti hin ibsine. Kallattiidhaan iyyuu isheetti hin dubbanne. Dubbii isaatiin of irraa ishee fageesse. Qooda ofiin itti dubbachuu, akka "ijoolleen" "haadha" isaanii gara qalbii jijjiirrannaatti waaman itti hima. "Haati" guutummaa saba Isiraa'el yoo ta'e, "ijoolleen" immoo tokkoon tokkoo namoota dhuunfaa Isiraa'el keessa jiranii ta'a. Haati (ammas, guutummaan saba sanaa) yoo dhaga'uu didde, Yaahiwween namoota dhuunfaa Waaqayyoon sodaatan kan Isiraa'el keessa jiran waamuun akka saba sanatti isaaf dubbatan taasisa. Isheen abbaa manaa ishee isa duraa (Yaahiwwee) dhaga'uu erga hin barbaannee tariimmoo ijoollee ishee ni dhageessi ta'a. Namoonni Waaqayyoon sodaatan kunniin amantiidhaan dubbii Yaahiwweef deebii kennuun Hose'aatti makamanii saba sana gara qalbii jijjiirrannaatti deebisu ta'a. Garuu kun dhuguma bara Hose'aa keessa ta'eeraa? Dubbii hose'aaf deebii kennuuf jecha namoonni dhuunfaan akka sabni sun qalbii jijjiirratuuf iyyan jiruu? Yeroo hundumaayyuu amantootni hambaa ta'an lafa sana keessa waan jiraniif, namoonni muraasni dubbii Hose'aa asitti dubbatameef deebii kennanii Isiraa'eliin gara qalbii jijjiirrannaatti waaman jiraachuu malu. Isiraa'elonni dubbii kana dhaga'anii akka abboomamaniif hojiin kun fudhatamummaa guddaa qabaachuu nama gaafata. Akkuma raajonni baay'een tuffataman isaan kunis tuffatamuu ni danda'u.

29 Kutaa kana keessatti akkamitti walaloon akka hojjete yaadatti qabadhaa. Yaahiwween, **Isiraa'el akka haadha manaa isaa hin taane dubbate**. Sararri itti aanu isa kana waliin wal tarreedha. Kana jechuun, sararri itti aanus isuma fakkaachuu qaba jechuudha. Garuu, sararri kun yaadicha sarara isa duraa caalaa bal'isuun qaba jennee eegna. Wanti asitti ta'es isumadha. Sara wal tarree kana keessatti, Yaahiwween **akka abbaa manaa Isiraa'el hin taane labse**. Isiraa'el waggoota dhibbota baay'eef Yahiwwee dhiiftee joorte, garuu yeroo kana hundumaa keessatti, raajonni Iisraa'eliin gara abbaa manaa ishee dhugaatti akka deebituuf waamicha gochaafii turan. Yahiwween yeroo hundumaayyuu abbaa manaa ishee isa amanamaadha. Haa ta'u malee, bakka kanatti, hariiroon gaa'ilaa Yaahiwwee fi Iisraa'el jidduu akka jijjiirame ifadha. Yahiwween, ani kana booddee abbaa manaa kee hin ta'u jechaanii jira. Akka seera Museetti, abbaan manaa haadha manaa isaa kunuunsuuf dirqama qaba (Ba'uu 21:10 ilaalaa). Haa ta'u malee, bakka kanatti, Yaahiwween akka Isiraa'el kana booddee haadha manaa isaa hin taane dubbachaa jira. Kanaafuu, dubartii sagaagaltuu kana kunuunsuuf dirqama jala hin jiru jechuudha.

30 Isiraa'el akka sagaagaltuutti ibsamteetti. Ijji ishee akka ija sagaagaltutti kuulameera. Kun bifa walaloo ittiin namoota garaagaraa waliin jaalala qabaachuu ishee ibsanidha. Ija ishee keessa qaaniin hin jiru. Isheen warra sagaagaltuu fakkachuu bira kan dabitedha. Sararri wal tarreen immoo akka isheen qaama ishii fayyadamtu ibsa—"harma ishee"—tiin jaalattoota ishee garaa geessi. Malli walaloo kun sabni Isiraa'el hariiroo ho'aa (hariiroo waaqessuu) waaqolii tolfamoo walii qabaachuu isaanii ibsa.

akkuma gaafa dhalatteetti qullaa nan hambisa;

ishees akka lafa onaa[31], akka lafa isa gogaa nan godha,

dheebuudhaan akka isheen duutu nan godha[32].

**4**

Ijoolleen ishee ejjummaadhaan waan dhalataniif[34],

ani oo'a isaan hin argisiisu[33]

**5**

Haati isaanii in ejjite, isheen garaatti isaan baattes waan yeellaasisaa hojjette;

---

31 Isiraa’el sagaagalummaa hafuuraa gaggeessaa jirtu irraa deebi’uu qabdi ykn yoo didde Yaahiwwee biraa adabbii cimaatu ishee eeggata. Isiraa’el akka daa’ima gatamtee ta’uuf jirti. Kana jechuun guutummaatti kan gargaarsa hin qabne. Isiraa’el “akka lafa onaa” ta’uuf jirti. Kun gosa lafa onaa namoonni ilaaluuf ykn miidhagina isaa dinqisiifachuuf yaadanii miti. Lafa onummaan kun “lafa gogaa” dha. Lafichi akka kattaa jabaata. Homaa hin biqilchu. Ho’i isaa humnaa oli. Bishaan humnaaol barbaadama, garuu tasuma hin roobu. Bantiin waaqaa bakka kanaaf araarama hin qabu. Isa Yahiwween dubbateef jecha, “dheebuun ishee ajjeesuuf” bokkaan itti yaadamee qabama.

Jechi “lafa onaa” jedhu 2:3 irratti ergaa hamaa dabarsuuf yoo ooleyyuu, 2:14 irratti immoo “lafa onaa” kan jedhu ergaa gaarii dabarsuuf ooleera. Kanaafuu, haaluma jechi Yizre’el jedhu Hose’aa keessatti bifa lamaan fayidaarra ooleen, jechi “lafa onaa” jedhus bifa lamaan hojiirra ooleera. Jechoonni deddeebi’anii dhufan macaaficha walitti qabsiisuuf tajaajilu. Akkaataa ittiin jechoonni fayidaarra oolan jijjiiruun gara hojii Waaqayyoo isa dinqisiisaatti xiyyeeffannoo namootaa deebisuuf gargaara. Inni waan hundumaayyuu gara gaariitti jijjiiruu ni danda’a.

32 Yaada wal tarree cimaa keeyyata kanaa fi Hisqi’el 16:1-7 jidduu jiru ilaalaa (dubbiiwwan waa’ee Yihuudaaf dubbataman).

33 Hose’aa 1:6 ilaalaa.

34 Ammas, “ijoolleen” namoota dhuunfaa biyya Isiraa’el keessa jiraatanidha. Isiraa’el guutummaan ishee immoo “haadha”. Yaahiwween namoota dhuunfaa biyyittii keessa jiranii fi guutummaa biyyittii gidduutti garaagarummaa hin argine. Yeroo sanatti Waaqayyoof hambaa kan ta’an yoo jiraatanillee, irra caalaan “ijoollee” sagaagalummaa hafuuraatiin faana “haadha “ isaanii duukaa bu’aniiru. Sababii hariiroo haadha isaanii waliin qabaniif, isaanis immoo adabamuun isaaniif mala.

isheenoo, "Jaalalleen[35] koo buddeena, bishaan,
uffata rifeensa hiddamaa kan quncee talbaas,
dhadhaa ejersaa, dhugaatiis[36] anaaf in kennu;
kanaaf isaan duukaa nan adeema" jetteetti.

**6**

Erga akkas ta'ee ani immoo akka isheen karaa
hin argannetti, qoraattiidhaan karaa isheetti nan
cufa, dallaa dhagaas ishee duratti nan ijaara.

**7**

Yoos isheen jaalallee ishee duukaa fiigdee isaan hin qaqqabdu,

---

35 Jechi “jaalattoota” jedhu waaqolii warra ormaa Isiraa’elonni waaqessan ibsa. Ba’aal immoo waaqolii ormaa bara Hose’aa keessa Isiraa’elootaan waaqeffaman keessa tokkodha. Ba’aal jechuun abbaa manaa ykn gooftaa jechuudha. Kanaafuu, Israa’elonni warri Yahiwweetti heeruman, waaqa warra ormaa isa “abbaa manaa” jedhanii waaman waliin dhimma qabu. Isiraa’elonni akka Ba’aal wantoota jireenyaaf isaan barbaachisan kanneen akka biddeenaa, bishaan, jirbii, talbaa, dibataa fi dhugaatii isaaniif dhiyeessutti amanu.

Waaqeffannaan Ba’aal immoo hanga tokkos ta’u, akka namoonni ejjitoota waliin sirna waaqeffannaa waliin hojii sagaagalummaa hojjetan dirqamsiisa. Wal qunnamtiin saalaa seeraan alaa kunis kan gaggeeffamu sababii yoo akkas godhan Ba’aalis hojii akkasii waaqittii Anaat jedhamtu (kan haadha manaa isaa taate) waliin hojjechuun deebii nuuf deebisa jedhanii amanu. Kanaafuu, wal qunnamtiin saalaa namoota jidduutti godhamu waaqoliinis waaqa irratti akka godhan kakaasuun, akka qilleensi gaariin jiraatuu fi qonni tolu taasisa jedhanii amanu. Seenaawwan durii baay’een dhimma Ba’aal ibsan qorattoota hambaatii argamaniiru. Seenaawwan kana keessaa lola Ba’aal waaqa-galaanaa Yaam fi kan Mot, kan ganna keessa goginsa fide jedhamee amanamu waliin taasise jiru. Gargaartuun Ba’aal Anaat ishee inni hariiroo wal-qunnamtii saalaa waliin qabu turte. Anaat obboleettii Ba’aal fi haadha manaa isaati.

Isiraa’el Ba’aaliin waaqessuu fi Ba’aaliin amanachuun ishee Yahiwwee amanachuu diduu isheef ragaa mirkaneessudha. Akka abbaa manaa Isiraa’eliiti, Yaahiwween haadha manaa isaaf waan barbaachisu dhiyeessuu fi kunuunsuuf waadaa seeneera. Kun qaama Kakuu isaan jidduutti galamee tureeti. Haa ta’u malee, isheen kunuunsa isaatti hin amanne. Akka waan Ba’aal nyaataa fi dhugaatii akkasumas kunuunsa isheef kennuutti yaadde. Isiraa’el amanamummaa Ba’aalitti agarsiifteen, Yahiwwee akka abbaa manaa gaariitti akka hin ilaalle agarsiifte.

36 Ejji Isiraa’el bakka kanatti ibsame. Sababii wanta na jiraachisu isaantu naaf dhiyeessa jettee yaadduuf haala qaanessaa ta’een “jaalattoota” (warra Ba’aal) duukaa fiigde. Ija ishee duratti Yahiwween isa waan isheef barbaachise isheef dhiyeessu miti. Waan mul’ataa ishee barbaachisu hundumaa akka waan jaalattootni ishee isheef dhiyeessaniitti of amansiifte. Lallabaan ykn barsiisaan ogeessi luqqisii kana gara jireenya saba Waaqayyoo bara kanaatti fiduun akka isaan sagaagalummaa hafuuraa irraa fagaatan akeekkachiisu.

barbaaddees isaan hin argattu[37]; yommus, "Ammaa mannaa, dur abbaa manaa koo isa duraa wajjin yommuun jiru anaaf wayya ture[38]; kanaafis ka'ee gara isaatti nan deebi'a" in jetti.

**8**
Garuu midhaan, waynii, dhadhaa ejersaas akka ani kenneef, meetii fi warqee[39] isa ittiin waaqayyolii tolfamoo isaanii Ba'aalin[40] tolfatanis akka ani isheetti baay'ise isheen hin hubanne.

**9**
Kanaaf ani midhaan koo yeroo inni bilchaatutti, cuunfaa waynii koos yeroo inni ga'utti irraa nan deebifadha; rifeensa hiddamaa fi quncee talbaa isa isheen ittiin qullaa ishee dhokfachuuf jirtus ishee duraa nan fudhadha.

---

37 Isiraa'el, Ba'aaliin waaqessuuf yaalii taasiftus, Yaahiwween akka isheen lammata deebitee "jaalattoota"ishee kana hin argineef tarkaanfii fudhateera. Asitti, Isiraa'el akka dubartii ejjituu kanaan booddee nama ishee jaalatu hin qabneetti ibsamte. Ejjetootni baratamoon maamiloota gara isaanii dhufan qabu. Daandii qarqara dhaabatanii maamila isaanii eeggaatu. Haa ta'u malee, Isiraa'el jaalattoota ishee duukaa fiigdi. Lakkoofsi kun akka ibsutti Yaahiwween akka isheen deebitee waaqolii warra ormaa kana argitu hin godhu. Isaan duukaa oliif gadi in fiigdi garuu isaaniin qabachuu hin dandeessu. Jaalattoota ishee kana ni adamsiti garuu isaaniin hin argattu. Kana jechuun kan ishee barbaadu hin jiru jechuudha. Kun bifoomsuu fokkisaa akkamiiti—haadha manaa amanamtuu hin taane kan daandiirra oliif gadi fiigdee nama wayii ... nama kamiyyuu ... nama waliin sagaagaltu barbaacha joortu. Garuummoo kan warroonni dura ishee jaalatan amma immoo ishee hin barbaanne. Isheetti fayyadamanii jibbisiistuu ta'uu ishee baran. Waan hunda booda guutumaatti kophaa taate.

38 Isaan booddee, kophummaa ishee keessa teessee, yaadni dhufeef: "dhaqeen gara abbaa manaa koo isa dhuraatti deebi'a!" Kun qalbii jijjiirrannaa miti. Hose'aan akka waan isheen ammallee dafqaa jirtuu fi dadhabbii jaalallee ishee warra duraa irraa akka aara hin galfannetti ibsa. Amma akka Yaahiwween ofitti ishee deeffatu gara hubachuutti dhufteetti. Durii jalqabee ishee duukaa bu'uun ofitti ishee deebisaa ture (fakkeenyaaf, macaafa Abboota Firdii keessatti yeroo meeqaaf meeqa akka Isiraa'el qalbii jijjiirrattee yeroo gabaabduu gara Yaahiwweetti "deebite" yaadaa). Haati manaa sagaagaltuun yeroo barbaaddutti akka waan ba'uu dandeessuu yeroo barbaaddutti immoo akka waan deebi'uu dandeessuutti amanti. Yeroo Yahiwwee barbaaddutti isa argachuu ni dandeessi. Yeroo jaalattoota kan biraa barbaadduttis isaan argachuu ni dandeessi. Wnati hundumtuu murtoo isheetiin akka waan ta'uutti yaaddi. Kan kan murteessituuf immoo jireenyi Yahiwwee waliin ture kanaan dura hamaa hin turre. Akkuma lakkoofsonni itti ifa godhan, isheen ammayyuu akka waan Yaahiwween gargaaraa gaarii ta'etti hin yaaddu. Isheen ammayyuu Ba'aal osoo hin taanee, akka Yahiwween isa ishee kunuunsu ta'e hin beektu.

39 Kan waan gaarii namootaaf dhiyeessu Waaqayyoodha (fakkeenyaaf, Yaq. 1:17 ilaalaa).

40 Yahiwween abbaa manaa gaariidha. Waan haati manaa isaa barbaaddu in guuteefira. Midhaan, wayinii fi dibata isheef kenneera. Kana bira darbee, "meetii fi warqee isheef baay'iseera". Isiraa'el akka ta'utti kunuunfamteetti. Isheenoo maal hojjette? Kennaa inni isheef kenne jaalatoota isheef kennite!

**10**
Jaalallee ishee durattis saala ishee bakkeetti nan
baasa; harka koo keessaa butees namni ishee
oolchu hin jiru.[41]
**11**
Gammachuu ishee hundumaa, dalaga ishee,
baatii ji'a ji'aan isheen ayyaaneffattu, guyyoota
Sanbata ishee, guyyaa ayyaana beekamaa
isheen qabdu hundumaas nan hambisa.[42]
**12**
Mukkeetii waynii fi mukkeetii harbuu warra isheen
'Jaalallee kootu gatii anaaf kenne' jettu sana
nan gad dhiisisa; isaanis caakkaa ta'anii
bineensonni akka irraa nyaatan nan godha.[43]

---

41 Fedhii gara isaatti deebi'uuf Isiraa'el horachaa jirtu Yahiwween akkamiin deebii itti kenne? Yahiwween murtii battalatti gara isaatti deebi'uuf haati manaa isaa duraa murteessite kanaan hin amansiifamne. Qooda gara isheetti siquu, caalaatti ishee irraa fagaate. Kana booddee haati manaa isaa isheen duraa kun kennaa inni isheef kennu akka dabarsitee jaalattoota isheef kennitu hin barbaanne. Nyaannii fi dhugaatiin akkasumas uffanni ishee hundinuu irraa ni fudhatama. Uffanni ishee irraa tarsaafamee akka jaalattotni ishee qullaa ishee argan in ta'a—saalli ishee in mul'ata. Namni ishee argu kamiyyuu ishee hin barbaadu. Jaalattootni ishee deebisanii ishee argachuuf hin lolan. Yoo isheef lolan illee, Yaahiwween akka isaan ishee hin arganne waan dhorkuuf, jaalattootni ishee kun iddootti ishee deebisuu hin danda'an.

42 Kan Yahiwween haadha manaa isaa ishee duraa irraa kaasu nyaataa fi uffata qofaa miti. Shaakala amantii isheen qabdus—kanuma maqaa Yahiwweetiin isheen taasisaa turtelle jalaa in fudhata. Kana booddee ayyaanotas ta'ee sanbata hin kabajju. Guyyoonni addaa Yaahiwwee kun isheedhaaf qoosaa in ta'u. Kana booddee guyyoota ayyaanaa fi sanbata Yaahiwween abboometti hin qoostu. Wantootni Isiraa'eliif akka eenyummaatti Yahiwwee irraas ta'ee Ba'aal irraa kennamaniif ishee irraa in kaafamu.

43 Isiraa'el badhaadhina ishee isa ammaa kana jaalala Ba'aal waliin qabduun akka argattetti yaaddi. Maasiin wayinii fi mukti harbuu Ba'aal waan tajaajilteef akka badhaasaatti akka kennameefitti yaaddi. Wantootni kun kanfaltii isheen Ba'aal waliin ciisuun argatte akka ta'etti sammuu ishee keessa jira. Erga mukti wayinii fi harbuu jalaa fudhatameen booda maal yaaduu dandeessi? Yeroo qoraattii fi kosorruun lafa ishee dhuunfatu maal yaaddi laata? Isiraa'el yeroo kanatti amantiin bitaa itti gala garuu kan ishee oolchu hin jiru. Yahiwwee fi raajonni isaa (tariimmoo namoonni amanamoo ta'an muraasni) waan oo'aniif fakkaata. Jiraattotni biyyittii otuma guyyoota addaa Ba'aal eeggatanii guyyoota addaa Yaahiwwees (sanbata, guyyootii ayyaaneffannaa fi k.k.f) ni eeggatu. Yaahiwween immoo walakkaa xiyyeeffannoo Isiraa'elotaa hin barbaadu. Isiraa'el waan "gartokkeedhaan" Yaahiwwee waliin waliigalteef hin badhaafamtu. Adabamuutu isheef ta'a.

**13**
Guyyoota isheen Ba'aal waaqayyolii tolfamoo isheetiif ayyaana godhatte, ixaana aarsiteef sanaaf, ishee nan adaba; isheen amartii ishee kaa'attee mi'a ishees naqattee, jaalallee ishee duukaa adeemtee, ana immoo irraanfatte"[44] jedhee dubbateera Waaqayyo[45]

---

44 Adabbiin Isiraa’el sodaachisaadha. Yahiwwee irraas ni muramti, jaalattoota (warra Ba’aal) ishee irraas ni citti. Qullaattii fi kophaatti ni hambifamti. Sararri dhumaa walaloo kanaa (“jaalallee ishee duukaa adeemtee, ana immoo irraanfatte”) jedhu xiyyeeffannoo guddaa barbaada. Hojiin jaalattoota ishee waliin deemuu Iisraa’el Yaahiwwee hirraanfachuu waliin wal qixxeeffame. Isa tkko faana fiiguun isa tokko irraanfachuudha. Lamaanuu hariiroo qabu. Madaallii hariiroo Yaahiwwee fi Ba’aal waliin qabdu lamaan eeguun hin danda’amu. Har’as kun dhugaadha. Kiristaanonni balaa yeroo tokkotti Yaahiwwee fi waaqolii biraa waaqessuuf yaaluun fiduuf akeekkachiifamuu qabu.

45 Jechoonni “jedhee dubbateera Waaqayyo” jedhan jechoonni kutaa kana keessatti dubbataman kan Yaahiwweedhaan labsaman ta’uu mirkaneessuufidha. Macaafni Ibiruu immoo “jedhee dubbateera Yaahiwween” jedha. Xiyyeeffannoon macaafa Ibruu akkuma kan afaan Oromoo **gocha** Yaahiwween hojjetame irratti osoo hin taanee **labsii** Yahiwweedhaan ba’edha. Jechoonni “jedhee dubbateera Yaahiwween” jedhu xiyyeeffannoo baay’ee gara dubbii dubbatame sanaatti harkisu. Jechoonni sun kutaa sana keessa jiraataniyyuu, jechoonni kun mataan isaanii qaama ergaa kutichaa miti. Isaan mirkaneessaa ergaa kutichaati.

Jechoonni “jedhee dubbateera Yahiwween” jedhan dubbii Yaahiwwee kutaa kana keessa jiru caalaatti dhugaa ykn amanamaa hin taasisan, sababni isaas dubbiin isaa yeroo hundaa dhugaa fi amanamaadha. Jechoonni akkasii hanga tokko waan hin barbaachifneyyuu fakkaatu. Hundarra, dubbistootni Yahiwween dubbachaa jiraachuu ni beeku. Dubbistootni dubbiin Yaahiwwee yeroo hundumaa dhugaa fi amanamaa akka ta’ee fi dubbii isaa kanaaf immoo deebiin sirrii akka barbaachisu beekuu qabu. Haa ta’u malee, jechoonni kun waan hin barbaachifne yoo fakkaatan illee, irra deddeebiin macaaf raajotaa keessatti ni mul’atu. Ammas ammas dubbistootni dubbiiwwan muraasni “isa Yahiwween dubbate” ta’uu ni yaadachiifamu. Baay’ina irra deddeebii jechootni kun ittiin mul’atan irraati hundaa’uun, jechi “jedhee dubbateera Waaqayyo” jedhu kun bu’aa dubbistootaaf jecha baay’ee barbaachisaadha. Kanaafidha kan Hafuurri Qulqulluu akka jechoonni kun keessa galuu qaban kan taasisu.

Sababni jechoonni “jedhee dubbateera Waaqayyo” jedhan kan barbaachiseef sababa bakka tokko tokkotti Yaahiwween Kakateera jedhu waliin wal fakkaata (Ibiroota 6:13-20). Akkuma beekamu, Yahiwween dubbii isaa mirkaneessuuf Kakachuun isa hin barbaachisu. Yahiwween kakaadhaanis ta’u kaka malee dhugaan guutuudha. Kan inni darbee darbee kakatuuf “karoorri isaa kan hin jijjiiramne ta’uu dhaaltota abdiiwwan isaaf mirkaneessuuufidha.” Yaahiwween akka sabni isaa amantii isaaniitti jabaatanii dhaabatan gochuuf kakata. Yeroo jechoonni “jedhee dubbateera Waaqayyo” jedhan dhufanis wanti wal fakkaataan wayii ta’eera jechuudha. Kun immoo bu’aa saba Waaqayyoof jecha! Akka isaan waan dubbatame sana gadi fageessanii

yaadan isaan taasisa, sababni isaaniis “Yaahiwweetu dubbate”. Kana bira darbee, jecha Yaahiwwee kana addatti amanuu ni danda’u akka jechuuti. “Labsiin Yaahiwwee” kun amantootaaf qofa miti. Warra shakkii keessa jiraniifis akka oo’a agarsiisuutti ilaalama. Akka dubbistootni amantiidhaan dubbii Yaahiwwee kanaaf deebii kennaniif carraa kenna.

“Jedhee dubbateera Waaqayyo” jechi jedhu guutummaa macaafa raajotaa keessatti hojiirra ooleera. Namoonni Isiraa’elii fi Yihuudaa keessa jiran ulfaatina jechoota kanaa adda baafataniiru, sababa kanaaf raajonni sobduun illee jecha kana fayyadamuun dubbii isaanii isa sobaa dhugoomfachuuf yaalu (Ermiyaas 23:31 fi Hisqi’el 13:7 ilaalaa)! Jechoonni “jedhee dubbateera Waaqayyo” jedhan yeroo jalqabaaf macaafa Musee keessatti yeroo lama mul’atan (Uumama 22:16 fi Lakkoobsa 14:28 ilaalaa). Lamaan isaaniiyyuu macaafa Musee keessatti bakka itti Yaahiwween abdii ciccimaa kennetti hojiirra oole. Jechoonni kun inni Waaqayyo abdachiise guutummaatti fiixaan ba’u mirkaneessuuf tajaajilu. Jechoonni “jedhee dubbateera Waaqayyo” jedhan Hose’aa keessatti yeroo afur mul’ataniiru (2:13, 2:16, 2:21, fi 11:11).

# Hose'aa 2:14-23

Hose'aan 2:2-13 guutummaatti ergaa hamaa ture. was entirely negative. Mul'anni Hose'aa sababii sagaagalummaa hafuuraa isheen taasifteef firdii Yaahiwwee Isiraa'el irratti dhufu ibsa. Lakkoofsonni ergaa hamaa of keessaa qaban kun lakkoofsonni itti aananii dhufan caalaatti kan ajaa'ibsiisan taasisu. Yeroo itti Yaahiwween adabbii caalaatti hamaa ta'e labsa jettanii yaaddanitti, inni immoo faallaa sanaa hojjete (kun raajummaa keessatti beekamaa ta'uu, yaadadhaa)!

> *"Kanaafis kunoo, ani ishee tole nan jechisiifadha, gara lafa onaatti ishee geessee dubbii garaa ishee rukutu nan dubbadha."* **Hose'aa 2:14**

Jechi "kanaafis" jedhu ajaa'ibsiisaadha. Hojii Yaahiwwee sagaagalummaa Isiraa'el waliin wal qabsiisa. Ejjummaan hafuuraa isheen hojjette akka inni waan tasumaa hin eegamne tokko taasisu godhe. Isheen kakuutti qabamtee yeroo hin jirretti, Ba'aal immoo filannoo hawwataa isheen bakka isaa buufatte ta'ee yeroo jirutti, isheen isaan duukaa yeroo fiigaa jirtuttii fi rajotaa fi caaffata qulqullaa'aa immoo dhaggeeffachuu yeroo diddutti, inni "gara lafa onaatti ishee fiduu" fi ishee sossobuuf murteesse. Jecha kan biraatiin, jaalalaan qabee gara ofii isaatti ishee deebisuuf ("ani ishee tole nan jechisiifadha" akkasumas "dubbii garaa ishee rukutu nan dubbadha") murteesse.

# Hose’aa 2:14-23

**2:14**

“Kanaafis kunoo[46], ani ishee tole nan
jechisiifadha, gara lafa onaatti[47] ishee
geessee dubbii garaa ishee rukutu nan
dubbadha[48].

**15**

Achi utuu jirruu iddoo dhaabaa waynii[49] isheetii isheedhaaf nan deebisa, dachaa Aakor isa lixuuf abdii hin qabnes lafa abdiidhaan[50] ol itti lixan nan godha;

---

46 Jechi “kunoo” jedhu yeroo baay’ee xiyyeeffannoo kennuuf, wanta hin eegamne tokko beeksisuuf, wanta haaraa ta’e tokkotti xiyyeeffannoo dubbistootaa harkisuuf, ykn ibsa waan ta’eetiif dubbistoota qopheessuuf hojiirra oola. Asittis, jechichi gara wanta hin eegamne tokkootti xiyyeeffannoo dubbistootaa harkisa. Dabalataan Hose’aa 9:6 ilaalaa.

47 Jechi “lafa onaa” jedhu Hose’aa 2:3 irratti bifa ergaa hamaa qabuun hojiirra oole. Akkasumas immoo Hose’aa 13:15 irrattis bifa ergaa hamaan qabuun hojiirra ooluuf ture. Haa ta’u malee, asitti ergaa gaarii qaba. Yaahiwween Isiraa’eliin gara lafa onaatti fiduun gara ofii isaatti ishee deebisuuf jedha. Yohaannis cuuphaan lafa onaa keessatti lallabuuf dhufe (Isaayaas 40:3 fi Maatewos 3:1-3 ilaalaa). JLallabni Yohaannisis mootummaan Waaqayyoo akka dhufee fi araarri hundumaaf banaa akka ta’e beeksisuu ture!

48 Kun gaalee isa dhumaa (“dubbii garaa ishee rukutu nan dubbadha”) kan Ibruu (MT) fi Girikii (LXX) waliin wal fakkaatudha. Lamaanuu waan akka, “laphee isheetti nan dubbadha” jedhu of keessaa qabu. Hisqi’el 36:24-27 ilaalaa.

49 “Iddoon dhaabaa Wayinii” Hose’aa keessatti akka fakkeenyaatti fayidaarra ooleera. Gosa ijaa/firii namoonni godhachuu qaban kan agarsiisudha. Daandiin biraan ittiin “ija/firii” ibsan “bu’aa jireenya kennu kan hafuura Waaqayyoo waliin walitti maxxanuun argamu keessa jiraachuudha”. Lafa onaa keessatti, Isiraa’elonni gara dhumaarra ija godhatanii ture. Jalqaba macaafa qulqulluu irraa, sabni Waaqayyoo “akka ija godhatanii fi baay’ataniif” waamaman (Uumama 1:28, 8:17, 9:1, 7, 28:3, 35:11, 48:4, fi Lewwoota 26:9). Haala hin eegamneen garuu, sababbii cubbuutiin, Isiraa’el akka Waaqayyo karoorsetti ija godhatanii hin beekan. Cubbuun akka isaan ija darbee jiraatu hin godhanne isaan ittisa. Dhugaan Hose’aa keessatti arginu, Isiraa’el haala cubbuun guute keessattillee ija godhachaa turan. Garuummoo lakkoofsi Hose’aa keessa jiru kun abdii ulfinaa isa sabni Waaqayyoo dhuma irratti, yeroo abdiin kun fiixaan ba’utti ija godhachuuf jiran dubbata. Raajonni waa’ee gara fuulduraatti ija godhachuu saba Waaqayyoo karaa baay’ee dubbataniiru (akka fakkeenyaatti, Ermiyaas 23:3 ilaalaa). Ija godhachuun kun amma isa gara fuulduraatti eegnu miti. Amma sababii taatee wangeelaatiin gara saba Waaqayyoo dhufeera. Jireenyi, duuti, du’aa ka’uu fi ol butamuun Kiristoos jireenyi namootaa akkaija gaarii godhatu taasiseera. Kun immoo kan ta’e sababii hafuurri isaa nu keessa jiraafidha. “Iji hafuuraa” (Galaatiyaa 5:22-23 ilaalaa) qaama ija godhachuu saba Waaqayyoo keessaa qaama tokko ta’ee kan sababii taatee wangeelaatiin uumamedha (dubbuu Yesuus waa’ee ija godhachuu warra “isa keessa” jiraatanii Yohaannis 15 irratti dubbate ilaalaa).

50 Kun walaloo hanga danda’amaa ta’etti dubbistoota (bara Hose’aa keessa immoo dhaggeeffattoota) irratti dhiibbaa cimaa uumuun akka isaan hiika fakkeenyichaatti xiyyeeffannoo kennan taasisudha. Gaaleen “**lafa abdiin itti lixan**” jedhu kan “**Dachaa Aakor**” jedhu caalaa hubachuuf ni salphata. **“Lafa abdiin itti ol lixan”** kan jedhu bakka abdiin itti argamu agarsiisa. Haa ta’u malee, **“Dachaa Aakor”**, kan jedhu hubachuuf xiqqoo ni ulfaata, addumaan immoo dubbistoota bara kanaatti ni ulfaata. Dachaan Aakoor kan bara Iyaasuu keessaa yeroo itti Isiraa’elonni yeroo jalqabaaf lafa Kana’aanotaa dhuufan irraa kan fudhatamedha (Iyaasuu 7:22-26 ilaalaa). Bakki kun dachaa itti Isiraa’elonni nama maqaan isaa Akaan jedhamu sababii inni yeroo Yeerikoo injifatanii seenanitti Yaahiwweef abboomamuu didee uffata, meetii fi warqee argate fudhateef dhagaan rukutanii ajjjeesanidha.

Dachaan Aakor akkuma maqaan isaa agarsiisu, dacha rakkinaati. Tuullaan dhagaa dacha sana keessa jiru akka Iisraa’elonni cubbuu isaanii yaadatanii fi balaa cubbuun sun akka sabaatti isaan irratti fide yaadatan isaan taasisa. Tuullaan dhagaa sun firdii Yaahiwwees isaan yaadachiisa. Haa ta’u malee, amma bakki itti Iisraa’el cubbuu hojjetanii fi Yahiwween firdii itti kennu gara lafa abdiin itti lixaniitti jijjiiramuuf jedha. Jecha biraatiin, abdiin Isiraa’el cubbuu ishee fi dheekkamsa Yaahiwwee waliin hariiroo qaba jechuudha. Kun akkamitti ta’uu danda’a?

Kutaa kana ija wangeelaatiin yoo ilaalee, “lafti abiin itti ol lixan” isa kan keenyaa nu yaadachiisa — lafti abdii keenyaa—bakka itti bakka itti cubbuun keenyaa fi dheekkamsi Waaqayyoo caalatti haala mul’ataa ta’een beekamedha —fannoo. Fannoon bakka itti cubbuun koo ifatti ba’ee beekamedha. Fannoon bakka itti Waaqayyo xoofoo dheekkamsa isaa cubbuu sana irratti dhangalaasedha. Fannoon bakka itti abdiin naaf argamedha.

> *Isa cubbuu tokko illee hin qabne, nuyi karaa isaa qajeelina Waaqayyoo akka argannutti, nuuf jedhee cubbamaal isa godheera.* **2 Qorontos 5:21**

Walaloo keessatti wangeela argaa jirra! Wanta Yaahiwween fiixaan baasuu barbaade kana warra bara Hoose’aa jiran keessaa kan dursee hubate hin jiru. Akkamittis dursanii hubachuu danda’u? Gara raajii Hose’aatti deebinee yoo ilaallu, kun yeroo Waaqayyo cubbuu keenya Yesuus irra kaa’ee sababii cubbuu keenyaaf isatti farade akka fiixaan ba’e argine. Yeroo Yesuus cubbuu saba Waaqayyoo fuudhee dirree irratti mul’isuuf fannoo irra jirutti dheekkamsa isaa isa irratti dhangalaasuun, saba isaaf immoo balbala abdii bane.

achitti immoo akkuma bara ijoollummaa isheetii akkuma yeroo
biyya Gibxii[51] baateettis anaaf in owwaatti.

**16**

“Ati gaafas 'Abbaa manaa koo' jettee na waamta malee,
deebitee akka Ba'aal isa Waaqayyo tolfamaatti ana hin
waamtu"[52] jedhee dubbateera Waaqayyo.

**17**
Maqaan Ba'aal waaqayyolii tolfamoo kanaas afaan
isheetti akka hin dhufne nan godha;

---

51 Sabni Yaahiwwee baroota darban keessatti mataa jabaachaa kan turan yoo ta’eyyuu, sababii taatee “lafa onaa” keessatti ta’een, kana booddee sabni Yaahiwwee mataa isatti hin jabaatan. Qooda kanaa, akkuma bara Gibxii keessa ba’an isa duukaa bu’an amma isa duukaa bu’uuf jiru.

Yaahiwween Isiraa’eliin guyyoota ishee warra gara jalqabaa yaadachiisa—guyyaa itti garbummaa warra Gibxii jalatti qabamtee turte. Isatu lafa garbummaa baasee gara bilisummaatti fide. Dubbiin Yaahiwwee bakka kana jirus ammas akkas akka isheef gochuuf jedhu itti akeekaa jira. Inni garbummaa keessaa ishee baasuuf isheenis isa duukaa bu’uuf jiru. Kutaawwan macaafa raajotaa keessa jiran baay’eenWaaqayyo saba isaa **ba’uu isa lammataatiin** (fakkeenyaaf, Isaayaas 11:10-16 fi Ermiyaas 16:14-15). Akka dubbii raajotaa irraaa hubannutti ba’uun inni lammataan ba’uu isa jalqaarra guddaa akka caalu ifaadha. Namoota sonaan guddaa ta’an kan hirmaachisuu (macca guddaa eenyuyyuu lakkaa’uu hin dandeenye) fi kan duraarra baay’ee milkaa’aadha. Sabni garbummaa keessaa ba’uuf jedhu kun kan dhugumaan Waaqayyoon jaalatuu fi akka saba Waaqayyootti jiraatu in ta’a. Ba’uun inni lammataa kun taatee wangeelaa walin wal qabata. Kanaafidha kan Mul’anni 15:2-4 Kiristaanota erga Waaqayyoon birmaduu ba’aniin booda “faarfannaa Musee” faarfatan mul’ataan ibse (dabalataan Isaayaas 12 ilaalaa). Kun faarfannaa isa Isiraa’elonni yeroo galaana diimaa ce’an faarfatanii ture waliin tokkumadha (Ba’uu 15 ilaalaa)! Haa ta’u malee, Mul’ata Yohaannis keessatti akka “faarfannaa Musee, garbicha Waaqayyoo fi **akka faarfannaa hoolichaatti**” ibsameera. Museen ba’uu isa jalqabaa waliin hidhata qaba. Hoolichi Waaqayyoo—Yesuus—immoo ba’uu isa lammataa waliin hidhata qaba.

52 “Ba’uu isa lammataa” kanaan booda, sabni Waaqayyoo dhibaa’ummaadhaan isa duukaa hin bu’u. Qooda kanaa, akka abbaa manaa isaanii isa jaalatamaatti ni kabaju. Kun wanta “ba’uu isa jalqabaa” booddee ta’ee ture miti. Isiraa’el, barootuma ishee warra jalqaa irraayyuu jalqabdee “jaalala” Yahiwweef qabdu kan waaqolii ormaa waliin walitti makaa turte. Haa ta’u malee, Hose’aan, guyyaa isa dhufu kanatti sabni Waaqayyoo Yaahiwwee qofa akka jaalatu dubbateera. Lakkoofsi itti aanu sabni Waaqayyoo maaliif jaalala akkasii akka qabaatu ibsa.

maqaa isaanii namni yaadatus hin jiru[53].

**18**

Gaafas bineensota daggalaa, simbirroota qilleensa
keessa balali'an, warra lafa irra munyuuqanii[54]
wajjinis kakuu isiniif nan gala;

---

53 Yaahiwweenis jijjiirama isaaf of kennuu kana ariifachiisuu barbaada! “Maqaan Ba'aal waaqayyolii tolfamoo kanaas afaan isheetti akka hin dhufne” in godha. Kana booddee waaqolii Ba’aalitti hin dubbattu (isheettis in dubbatan), sababni isaas deebitee isaan hin yaadattu. Jaalala Yaahiwweetiin qabamtee in gubaatti. Yaahiwween akka isheen jaalattoota ishee warra durii irraanfattu in taasisa. Jaala isaatiin mo’atee kan dhuunfaa isaa ishee godhata. Sagaagalummaa ishee irraa fageessee akka xiyyeeffannoon ishee isa qofarra ta’u in godha. Jijjiirama ajaa’ibaati!
Kun isuma Waaqayyo karaa wangeelaa raawwate ta’uu isaa beekuu qabna. Inni gara ofii isaatti nu harkisee akka isa jaalannu nu taasise. Jaalala Waaqolii tolfamoo duraan keessa turre irraa nu qulleesse. Kun sababii humna fedhii keenyaatiin ykn qulqullummaa keenyaatiin hin taane. Sababii humna araara isaa fi gaarummaa isaatiin ta’e. Kophaa isaa akka isa qofaaf of kenninu nu taasise. Dhugaan kun akkamiin macaafa Hisqi’el raajichaa keessatti akka dubbatame yaadatti qabadhaa:

> *“Ani saba warra kaan gidduudhaa isin nan fuudha; biyya hundumaa keessaas walitti isin nan qaba, biyya keessanittis isin nan galcha; ani bishaan taliila isinitti nan facaasa, isinis in qullooftu; ani xuraa'ummaa keessanii fi waaqayyolii tolfamoo keessan hundumaattii isin nan qulleessa; ani garaa haaraa isiniif nan kenna, hafuura haaraas isin keessa nan kaa'a; ani garaa isa akka dhagaa sana isin keessaa nan baasa, garaa isa akka fooniis isiniif nan kenna; ani hafuura koo isin keessa nan kaa'a, isin akka seerrata kootti akka adeemtaniif, wanta qajeelaa ta'es gaarii gootanii akka eegdan isin nan godha.”* **Hisqi’el 36:24-27**

Abiin “garaa isa akka dhagaa sana isin keessaa nan baasa” jedhu abdii garaa Waaqayyo irraa garagaluu fi garaa jal’inaa nu keessaa baasuuti. Abdiin “garaa isa akka fooniis isiniif nan kenna” jedhu immoo abdii garaa jabaataa isa Yaahiwwee duukaa bu’uu didu garaa laafaa isa waamicha isaaf tole jedhuun bakka buusuuti. Kun hundinuu kan ta’e sababii Yesuus karaa jireenya, du’aa fi du’aa ka’uu isaatiin hojiicha fiixaan baaseef qofa. Kutaa kana keessatti Hose’aan jechoota biraa fayyadamus, ergaan inni dabarsuu barbaade garuu tokkumadha!

54 Abdiiwwan Yaahiwwee garuu jaalala ofii isaa fi saba isaa jidduutti fiduu qofa miti. Hose’aa 2:18a akka ibsutti, jijjiiramni inni fiduuf jiru sana biraa baay’ee kan darbedha. Sababii jijjiirama saba isaa irratti dhufuun waan hundumaa ni jijjiira. Dubbii uumama jalqaa irra ture **Uumama 1** keessaa fudhachuun, Isiraa’eliin gara uumama haaraatti akka fiduuf jiru dubbate! Hojiin haaraan kun namoota qofa irratti osoo hin taanee isaan irr darbee gara uumama birootti kan dhangala’udha. Jechi “uumama haaraa” jedhu kun guutummaa macaafa qulqulluu keessatti bu’aa taatee wangeelaa ibsuuf hojiirra ooleera. “Yeroo ilmi Waaqayyoo” mul’atutti eebba Waaqayyo uumama hundumaa irratti fidu akkaataa ittiin Phaawulos ibse yaadatti qabadhaa:

> *Dhiphinni keenya si'anaa kun, ulfina isa nuuf mul'ifamuuf jiruu wajjin wal bukkee qabamee, ilaalamuu akka hin dandeenyetti nan lakkaa'a. Uumamni hundinuu, mul'achuu ijoollee Waaqayyoo dhimmanii eeggachaa jiru. Uumamni wanta gatii hin qabne akka ta'u godhameera; inni illee ofii isaatii akkas ta'uu hin barbaanne, garuu isuma isa uumetu akkas isa godhe; haa ta'u iyyuu malee, akkas ta'uun isaa abdii qaba ture. Uumamni, garbummaa isa wanta badu isa godhe jalaa luba in ba'a; luba ba'uun kun gara birmadummaa ijoollee Waaqayyoo warra ulfina qabaniitti in geessa. Uumamni hundinuu hamma ammaatti akka aaduu fi akka ciniinsifatu in beekna.* **Roomaa 8:18-22**

iddaa fi billaa, mi'a lolaas caccabsee lafa irraa nan
balleessa, akka isin nagaatti, gabiitti teessanis nan
godha[55].

**19**

Ani yeroo hundumaaf kan koo sin godhadha; qajeelina, dhugaa,
jaalala, oo'as argisiisuudhaan kan koo sin godhadha.

---

55 Yaahiwween iddaa fi billaa akkasumas lola iyyuu akka “caccabsuu” ykn “balleessuu” (Kan Ibruu (MT) fi Girikii (LXX) akkasuma jedhu) abdachiise. Jechi “caccabsuu” ykn “balleessuu” jedhu jecha “barbadeessuu” jedhu caalaa humna qaba. Xiyya caccabsuu jechuun kana booddee carraa lolaa/waraanaa hin jiru jechuudha, sababni isaas meeshaaleen lolaa hunduu Yaahiwweedhaan balleeffamaniiru waan ta’eef. Lolli mataan isaayyuu Yahiwweedhaan ni balleeffama. Kana bira darbee, jecha “caccabsuu” jedhu asitti fayyadamuun, hariiroo lakkoofsa kanaa fi Hose’aa 1:5 jidduu jiru agarsiisa. Jechi wal fakkaataan bakka lamaanittuu hojiirra ooleera. Raajiin mo’icha Yaahiwwee mul’isuuf jecha kana fayyadame Hose’aa qofa miti (akka fakkeenyaatti, Faarfannaa 46:9 ilaalaa). Hose’aan yeroo ergaa kana barreessetti tariitii waa’ee kutaawwan “iddaa caccabsuu” dubbatan yaadaas ture ta’a. **Hariiroowwan kutaa garaagaraa jidduu jiran** akkasii kana qo’achuun baay’ee barbaachisaadha. Kiristoos addatti maqaa dha’amuu baatus, mo’ichi karaa Kiristoos dhufuuf jedhu guutummaa macaafa qulqulluu keessatti caafamee akka jiru nutti agarsiisu. Kutaa kan biraa odeeffannoo bal’aa kennan irratti hundaa’uudhaan akka yaadichi Kiristoos waliin hariiroo qabu hubachuu ni danda’u.

Lakkoofsa kana Hose’aa 1:5 waliin wal bira qabaa ilaalaa. Lakkoofsa sana irratti, Yaahiwween xiyya Iisraa’el cabsuun isaa ergaa hamaa ta’e qaba. Kana jechuun cimina Iisraa’elotaa waan ta’e in balleessa jechuudha. Lakkoofsa kana irratti immoo ergaa gaarii qaba. Saba Waaqayyoo hundumaaf nagaa guutuu in kenna jechuudha. Sababii hojii “guyyaa sanatti” hojjetuun, lammata deebi’anii xiyyaa fi billaa hin barbaadan, xiyyaa fi billaa harka abbaa barbaadee keessa jiran hin sodaatan! Hose’aan, ammas irra deebi’ee jechicha karaa biraan fayyadama. Lallabdoonni ykn barsiisonni jechoota irra deddeebiin Hose’aan fayyadame bu’aa ergaa isaaniif jecha fayyadamuu qabu! Hose’aan irra deebiin Hose’aa 2:18 irratti “iddaa in caccabsa” jecha jedhu fayyadamuun akka namoonni Hose’aa 1:5 yaadatanii fi wanta Hose’aa 2:18 irra jiru waliin wal bira qabanii jijjiirama uumame arganiif carraa uuma. Kun immoo akka Kiristoosii fi hojii isaaf galata kenninu nu taasisuu qaba.

Jecha “gabiitti in teessu” jedhu ilaalchisee, Faarfannaa 4:8 ilaalaa. Kun wanta Waaqayyo qofaan namaaf kennamuu danda’udha.

**20**
Amanamummaa argisiisuudhaanis kan
koo sin godhadha, atis ana Waaqayyo
kee bartee in hubatta[56].

**21**
“Waaqayyo dubbateera kunis in ta'a, "Gaafas
ani nan owwaadha, bantiiwwan waaqaaf nan
owwaadha, isaanis lafaaf in owwaatu;

---

56 Garuu akka duubatti hin mucucaanne maaltu godhama? Dhugumaan kun gaaffii deebii argachuu qabudha. Haadha manaa Yaahiwwee ishee amma of kennite kana deebitee gara duubaatti akka hin jenne maaltu eeguu danda’a? Isiraa’el baroota darban keessa jijjiiirama irratti yaalii baay’ee gooteetti (akka fakkeenyaatti, macaafa Abboota Firdii ilaalaa). Akka carraa ta’ee garuu jijjiiramni kun yeroo dheeraa hin turre. Amma sana irraa wanti adda ta’e maaltu jiraree?

> *“Ani yeroo hundumaaf kan koo sin godhadha; qajeelina, dhugaa, jaalala, oo'as argisiisuudhaan kan koo sin godhadha. Amanamummaa argisiisuudhaanis kan koo sin godhadha, atis ana Waaqayyo kee bartee in hubatta.”* **Hose’aa 2:19-20**

Hariiroon sun akka itti fufu maaltu gochuu danda’a? Deebii nuyi beekuu qabnu, Yahiwweedha. Hojiin inni hojjetu milkaa’ina gaa’ilichaa mirkaneessuu danda’a. Luqqisiin kunis gara jalqaba walitti dhufeenya isaaniitti quba qaba. Yahiwween bara baraan missirroo isaatiif yeroo of kennu argina. Yeroo inni misirroo isaatiif kennaa akka hariiroon kun itti fufee jiraatu taasisu kennu argina. Laphee amanamaa isheef kenne. Hojiin isaa akka misirroon isaa isa beektu ishee taasisa.

Waadaa gaa’ilaa Yaahiwween misirroo isaatiif gale akka gaa’ilichi yeroo dheeraa turuu fi gammachuun guutamuuf wabiidha. Akka isheen isa beekuuf jirtu abdachiiseera. Gochimni—“isa beekuu”—jedhu waan baay’ee agarsiisa. Kan inni ibsuu barbaade, isheen isa ni huubatti kan jedhudha. Itti dhiyeenyaan isa waliin hariiroo uumti jechuudha. Yaadaa fi abjuu isaa ni beekti jechuudha. Akkasumas jechi kun walitti dhufeenya saal-qunnamtiis ibsuu ni danda’a. Haati manaa Yaahiwwee akka Liyaa, haadha manaa Yaaqoob ishee hin jaalatamnee hin taatu. Yahiwween misirroo isaa ni barbaada! Kana booddee misirroon kun bakka fedhiin ishee guutamuuf barbaacha oliif gadi hin joortu. Wanti isheen barbaaddu hundinuu abbaa manaa isheetiin ni guutama.

**22**
lafti in owwaata; midhaanii fi daadhii waynii
dhadhaa ejersaas in baasa, isaanis Yizre'eliif
in owwaatu[57];

**23**
biyyicha keessa jabeessee ishee nan dhaaba,
warra oo'a hin argannettis oo'a nan argisiisa, saba
koo isa hin ta'iniinis 'Saba koo' nan jedha; innis
'Waaqayyo koo' naan jedha"[58] jedhe;

---

57 Sararri dhumaa raajii dubbatame kanaa waa’ee ulfina gaa’ilaa Yaahiwwee fi saba isaa gidduutti ta’uuf jiruu dubbata. Kana booddee Yaahiwween ishee irraa hin fagaatu. Kana booddee boo’icha saba isaatiif gurra isaa hin duuchatu. Yeroo waadaan gaa’ilaa kun lafa qabatutti, laftis waan qabatte ni dhoosti. Wayinii, dhadhaa ejersaa fi midhaan irraa hafaa in ta’a. Abdiin badhaadhinaa wal fakkaataan guutummaa macaafa raajota xixiqqoo keessattis ni argama (akka fakkeenyaatti, Yo’el 2:24, 3:18, fi Amos 9:13).

Abdiiwwan eebba irraa hafaa kun (Fakkeenya tulloonni cuunfaa Wayinii in coccophsuu caalaa eebbi irraa hafaan maali?) karaa Yesuus akka fiixaan ba’umsa argatu beekuu qabna. Dinqiin inni jalqaba hojjete—cidha Qaanaa irratti bishaan gara Waayiniitti jijjiiruudha —kunis immoo kan raajummaan kanneen fiixaan baasu isa ta’uu isaa agarsiisa (Yohaannis 2:1-11 ilaalaa). Kanaafidha kan ergamaan Yohaannis yeroo Yesuus dinqii kana hojjetetti “ulfina isaa mul’ise” jedhee dubbate (Yohaannis 2:11). Yesuus karaa dinqii kanaa eenyummaa isaa argisiise. Inni isa abdiiwwan gurguddaa kana fiixaan baasudha. Inni isa Isiraa’eliif badhaadhummaa fi amanamummaa abdachiifamtee turte fidedha. Isa malee wayiniin hin jiraatu. Kun agarsiiftuu ija godhachuu saba Isiraa’eli. Haa ta’u malee, isa waliin daadhii wayinii inni gaariin tola burqa. Kun ija godhachuu isa guddaa karaa Kiristoos fiixaan ba’uuf jedhu fakkeenya agarsiisudha.

Hose’aan 2:22 irra deebiin gara Hose’aa 1 tti akka nu deebisu yaadatti qabadhaa. Gara Hose’aa 1 tti kan nu deebise sababii “deebii” “midhaan, wayinii fi dibataan” kennameeti. Akkuma beekamu, midhaan, wayinii fi dibanni dubbachuu hin danda’an. Garuu kun walaloodha. Walaloon immoo seenaa irraa seera qindoomina yaadaa adda ta’e qaba. Akka namoonni gadi fageessanii yaadan taasisa. Midhaan, wayinii fi dibanni maaliif karaa kanaan deebii kennan? Sababni isaas Waaqayyo sanyii jireenya kennu dhaabe! Akkuma duraan beeknu, Yizre’el jechuun “Waaqayyo in facaasa ykn in dhaaba” jechuudha. Jechi kun Hose’aa 1:4-5 keessatti bifa ergaa hamaa qabuun fayidaarra oole. Hose’aa 1:11 irratti immoo ergaa gaariif fayidaarra oole: “guyyaan Yizre'el guddaa waan ta'uuf, isaanis biyyicha keessaa ol in dhufu”. Asitti maal jechuu isaati? Midhaan, wayinii fi dibanni sagalee mo’ichaa waan dhageessisan fakkaata. “ As jira! Guyyaan Yizre’el inni guddaan ga’eera! Yaahiwween isa abdachiise hundumaa akka eegu mirkaneessineerra! Wanta lafa keessaa biqilaa jiru mee ilaalaa!” waan jedhan fakkaata. Waa’ee mo’icha Waaqayyo karaa Kiristoos argamsiiseef nuyi warri saba Waaqayyoo taane akka midhaanii, wayinii fi dibataatti gammaduu ni dandeenyaa! Lafti tasumaa saba dhuunfaa isaa caalaa Waaqayyoof galata fiduu hin qabdu.

58 Hose’aa 2:23 fi Hose’aa 1:1-9 wal bira qabaa ilaalaa. Lakkoofsota gara jalqabaa irratti Yaahiwween akka Isiraa’elota laficha irraa buqqisu kakachuu isaa yaadadha. Lakkoofsa kana irratti immoo lafa sanarra ishee dhaabuuf kakata. Isheen kan isaa taati. Araara isheetti agarsiisuudhaan isheen kan isaa qofa akka taate gammachuun beeksisuuf jira. Isheen isaan filatamteetti. Kana booddee sabni Waaqayyoo waaqolii biro duukaa hin fiigan. Qooda kanaa, gammachuudhaan Yahiwwee waliin waliigalanii, sagalee ol kaasuudhaan guutummaan biyya lafaa akka dhaga’utti “ati Waaqayyo kooti” jedhu.

Kun kutaa wangeelaa isa dinqisiisaadha. Akkamitti Pheexros kana gara waldaatti akka fide ilaalaa:

> *Isin takka saba Waaqayyoo hin turre, amma garuu saba isaa taataniittu; isin araara Waaqayyoo hin argatin turtan, amma garuu araara isaa argattaniittu*. **1 Pheexiros 2:10**

Pheexros akka wantootni kun fiixaan ba’anii jiranitti cimsee dubbata. Garuu akkamitti wantootni hanga ammaatti hin taane akka jiran otoo ifatti beekamuu, fiixaan ba’aniiru jedhee dubbachuu danda’e? Hundaafuu, ammayyuu sabni Waaqayyoo lafa isaanii isa qaamaan mul’atu keessa “hin dhaabamne”, kun dhugaa mitiiree? Kanaafuu dhimma kanaaf gara akkaataa hiikkaa Kakuu Haaraa deemnee ilaaluu nu gaafata. Barreessitootni Kakuu Haaraa abdiiwwan kunniin akka fiixaan ba’anii fi ammas fiixaan ba’uutti jiran labsu. Barreessaan ergaa gara warra Ibirootaa akka amantootni “gara tulluu xiyoon mandara Waaqayyo isa jiraataa, Yerusaalem ishee Waaqa irraa cidha ergamoota kumaatamaa dhufuu qaba” dubbata (Ibiroota 12:22). Jecha biraatiin, sabni Waaqayyoo ammayyuu lafa isaaniirra dhaabamaniiru — Yerusaalem ishee Waaqarraa irra jechuudha. Biyya keenya isa dhugaa ija foonii keenyaan arguu hin dandeenyu, garuu ija amantiitiin ilaaluu ni dandeenya.

Adiiwwan lakkoofsa kana irra jiranis akkasuma. Warra amananiif “tullichi” “wayinicha” coccophsaa jira. Kun fakkeenya ija godhachuu fi badhaadhinaa isa guddaadha. Ija godhachuu fi badhaadhinni immoo wanta Yesuus amma nuuf fidedha. Cidha Qaanaa irratti abdichi karaa isaa fiixaan akka ba’u haala ajaa’ibsiisaa ta’een mul’iseera. Isa keessaan eebbi Waaqayyoo inni irraa hafaan tola dhangala’a. Isa keessa “badhaadhummaa bira hin ga’amnetu” jira (Efesoon 3:8). Isa keessatti, oomishni hamma malee ni eebbifama, kanaanis inni facaasuu fi inni sassaabu wal irraan in ka’u (Amos 9:13 ilaalaa akkasumas akkaataa ittiin Yesuus waan kana hiike Yohaannis 4:34-38 keessa ilaalaa.). Kun kan qulqulloota bara eebba irraa hafaa keessa jiraataniiti. Wanti isaan jalaa qabamu tokkoyyuu hin jiru! Waaqayyo “eebba hafuuraa hundumaan, waan Waaqa irraatiinis nu eebbiseera” (Efesoon 1:3).

Taateewwan wangeelaa nuyi beekuu qabnu abdiiwwan Waaqayyoo hundumaa kan fiixaan baasedha (Hojii Ergamootaa 13:32-33 fi 2 Qorontos 1:20 ilaalaa), kan asitti dubbatames dabalatee jechuudha. Kiristoos keessatti wanti hundinuu raawwateera. Haa ta’u malee, guyyaa amma keessa jirru kanatti fiixaan ba’umsa sana amantiidhaan argina. Guyyaa tokko garuu, fiixaan ba’umsa isaa ija keenyaan ni argina. Karaa biraatiin ibsuuf, deebi’ee dhufuun inni lammataa amantootaaf wanta “haaraa” inni ykn isheen Kiristoos keessatti hin argine ykn hin mi’eeffanne tokkollee fidee hin dhufu. Dhufaatichi isaan sana amantii irraa gara ijaan arguutti fida.

Nuyi amma bara gaa’ila ufina qabeessa kiristoosii fi waldaa kiristaanaa gidduutti taasifame keessa jirra. Akka isheen waadaa gaa’ila ishee guuttattuuf, inni kennaa cidhaa isheef kenneera. Isheen kanaan booda jaalattoota ormaa waliin hin fiigdu, wanti ishee gammachiisu hunduu Kiristoos keessa jira.

# Hose’aa 3

Hose’aa 3 immoo dubbistoota gara seenaa Hose’aa fi gaa’ila isaatti deebisa. Yeroo tokko tokko wanti ulfaataa ta’e wayii gaa’ela Hose’aa keessatti waan ta’e fakkaata. Haati manaa Hose’aa kana booda isa waliin hin jiraattu. Dhugaan jirus, kuticha keessatti haadha manaa Hose’aa jedhamtees hin waamamne. Isheen “dubartii dhiira kan biraan jaalatamte” jedhamti. Kanaafuu, hariiroo Hose’aan Gomer waliin qabu akka hariiroo Yahiwween Iisraa’el waliin yeroo sanatti qabuuti. Yaadadhaa, gaa’illi Hose’aa suura xiqqoo hariiroo Yahiwwee fi Isiraa’el jidduu jiru ibsudha. Kutaa kana keessatti Yaahiwween akkamitti haadha manaa isaa ishee duraa ofitti akka deebisu Hose’aatti himaa jira. Kana kan godheef immoo akkuma Hose’aan Gomeriin ofitti fudhate Yaahiwweenis akkamitti Isiraa’eliin akka ofitti fudhatu agarsiisuuf. Haalota hariiroo Hose’aa fi Gomer jidduu ture irratti xiyyeeffachuun lallabdootaafis ta’ee barsiisotaaf bu’aa buusu hin qabu. Kutichis immoo dhimma kana irratti akka isaan baay’ee xiyyeeffatan hin eeyyamuuf, sababni isaas gadi fageenyaan wanti ibsame hin jiru. Sababii hariiroon Hose’aa fi Gomer ergaa ijoo kutaa kanaa hin taaneef, waa’ee Hose’aa fi gaa’ila isaa akka seensaatti ilaaluun ga’aadha. Hariiroo Waaqayyo Isiraa’el waliin qabu ergaa ijoo kutaa kanaati. Dhugaan kunis lakkoofsa 4-5 irratti ifa ta’eera.

# Hose’aa 3

**3:1** Waaqayyo, "Namoonni Israa'el gara waaqayyolii kan biraatti yoo garagalan iyyuu, aarsaa bixxillee ija waynii[60] isaaniis yoo jaallatan iyyuu, Waaqayyo akkuma isaan jaallatu, ati immoo ammas dhaqi, dubartii nama ishee jaallatu utuu qabduu ejjitu tokko jaalladhu![59]" anaan jedhe. **2** Kanaaf ani meetii kudha shanii fi garbuu[61]kuntaala lamaa fi kiiloo digdamaatiin ishee nan bitadhe. **3** Kana booddee isheedhaan, "Guyyaa baay'ee calluma jedhii anaaf taa'i, ejjummaa hin hojjetin, nama biras hin ga'in! Anis akkasuma utuu si bira hin ga'in nan taa'a" nan jedhe.[62] **4** Namoonni Israa'el iyyuu mootii, gurguddoota biyyaa, qalma gubamu, utubaa dhagaa qullaa'aatti ilaalamu, uffata lubummaa isa uffatanii Waaqayyoon gaafatan, bifa waaqayyolii mi'a mana keessaas[63] malee guyyaa baay'eedhaaf taa'uuf jiru.

---

59 Maqaan “Gomer” jedhu boqonnaa kana keessatti hin kaane. Sababii maqaan Gomer hin kaaneef immoo amma isheen Hose’aa irraa fagaachuu ishee xiyyeeffannoo itti kennuufidha. Kanaafidha kan isheen “dubartii” jedhamtee fi akka lakkoofsa tokkoo “haadha manaa” Hose’aa hin jedhamne. Isiraa’elis Gomeriin fakkaatti. Isheen Yahiwwee irraa fagaattee jirti. Sababii sagaagalummaa ishee irra deddeebiin raawwatteef, kana booddee Yahiwween akka haadha manaa isaatti Isiraa’eliin hin ilaalu. Isheen “dubartii” dha. Garuu, akkuma Hose’aa, Yaahiwweenis al kallattiin maqaa isheef kenne.

60 Isiraa’el otoo sababii waaqolii ormaa waaqessuu isheetiin otuma akeekkachiifamtuu, waaqolii warra ormaa balleessuu in didde. Isiraa’el waaqolii ormaa waaqessuu fi wantoota sirna waaqeffannaa isaanii keessatti ta’an (kan akka, bixxillee ija wayinii) jaalatte. Bixxillee ija wayinii kan jedhu kun sababa namoonni waaqolii biraa waaqessan keessaa isa ijoodha: Waaqayyo caalaa gammachuu biyya lafaa jaalatu. Namoonni waaqolii gammachuu biyya lafaa irratti barbaadan isaan quubsuu danda’an barbaadu. Kun immoo Isiraa’elota bara Hose’aa keessatti qofa kan ta’e miti. Kun yeroo, Hewwaan ija muka isa akka hin nyaanneef dhorkame sanaa yeroo argite “nyaataaf gaarii, ija namaatti kan tolu, ogeessa nama gochuufis gomjaasisaa” (Uuumama 3:6) ta’uu argite irraa jalqabee namoonni gammachuu Waaqayyoorra gammachuu biyya lafaa irratti argatanitti caalaa qabamu. Gargaaraa Phaawulos kan ta’e keessaa tokko Deemaas namni jedhamu, “sababii biyya lafaa jaalateef” (2 Ximotewos 4:10), Phaawuloosii fi hojii Waaqayyoo dhiisee deeme. Fakkeenyi saba Isira’el bara Hose’aa fi Deemaas bara Phaawulos namoota sababii gammachuu biyya lafaatiif Waaqayyoon dhiisan irratti maaltu akka ta’u nu barsiisuuf taa’an.

61 Hose’aan irra deebiin Gomer akka “jaalatu” abboomame. Kana gochuuf immoo “meetii kudha shanii fi garbuu kuntaala lamaa fi kiiloo digdama” ishee bituuf dirqame (Hose’aa 3:2). Hose’aan maaliif Gomeriin bituun akka barbaachise wanti dubbistootatti himame hin jiru. Tarii, waan Hose’aa dhiiftee turteef garbummaa jalatti kuftee Hose’aan immoo gooftaa ishee harkaa baafachuuf ishee bituutu irra ture ta’a. Gatii Hose’aan ishee bituuf baase irratti hundaa’uun, Gomer gatii baay’ee akka hin baafne ifadha. Namni ishee barbaadu hin turre. Hose’aan mata an isaayyuu ishee hin barbaanne ta’a. Waan Yaahiwween hariiroo Hose’aa fi Gomeriin fayyadamee dhugaa isaa fi Isiraa’el jidduu jiru agarsiisuu barbaadeef, akka Hose’aan Gomer “jaalatu” abboomame.

62 Hose’aan Gomeriin yeroo biteetti kana booddee “gara ejjaa hin dhaqiin” jedhee isheetti hime. Isheen yeroo muraasaafis ta’u isa waliin jiraachuu dandeessi garuu hariiroo saal-qunnamtii hin qabaatan (hiikni gaalee sanaa akkasitti dhiyaate, “anis akkasuman siif ta’a”). Wantoota duraan gammachuu isheef kennan hunda keessaa ba’uu malti jechuudha.

**5** Kana booddees namoonni Israa'el deebi'anii, Waaqayyo isaanii goofticha, Daawitinis mootii isaanii[64] in barbaaddatu; dhuma barichaattis[65] isaan sodaa guddaadhaan gara Waaqayyoo, gara wanta gaarii inni isaaniif godhus in dhufu.

---

63 Gomer otoo Hose’aa waliin hariiroo hin qabaatiin turuuf dirqamuun ishee hariiroo Isiraa’elii fi Yahiwwee jidduutti ta’uuf jiruuf ergaa wal-tarreedha. Haaluma Hose’aan deebisee Gomer ofitti fudhateen, Yaahiwwenis Isiraa’eliin ofitti fudhachuuf jira. Akkaatuma Hose’aan yeroo muraasa wayiif Gomer waliin hariiroo otoo hin qabaatiin ture, Yaahiwweenis yeroo muraasaaf Isiraa’el waliin walitti dhiyeenya hin qabaatu. Turtii yeroo sana keessatti immoo wantoota duraan gammachuu naaf kennu jettee yaaddu hundumaa dhabdee kophaatti in hafti. Wanti hundumtuu—mootummoonni, aarsaawwan, waaqoliin isaanii (fi, shakkii tokko malee, bixxillee ija wayinii)—ishee jalaa in qabama. Isiraa’el yeroo warroota duraan ishee jajjabeessan hunda irraa cittu, fayyina isheef abdachiifametti deebi’uuf hawwiti— inni Yaahiwween abdachiise sun akka fiixaan ba’u eeggatti. Namoonni muraasni kakuu haaraa keessa jiran (kan akka Sim’ioon), “fayyina isa Iisraa’eliif dhufu kan eeggatan” jedhamuun ibsaman (Luqaas 2:25). Namoonni kun barri itti Isiraa’el hariiroo ishee Yahiwwee waliin addaan kuttee turte akka xumuramu eeggachaa turan. Bara itti Yahiwwee fi Isiraa’el akka walitti deebi’aniif kutaawwan akka Hose’aa 3:5 abdachiifaman raawwatan eeggatu.

64 Waaqayyootti deebi’uun akkamitti akka gaggeessummaa “mootii isaanii Daawit” waliin akka wal qabatu yaadatti qabadhaa. Kana jechuun abdii Yahiwween Isiraa’eliin ofitti deebisuuf abdachiise kun mootii addaa Daawit waliin hariiroo qabu barbaada. Kana jechuun Daawituma isa Gooliyaadiin ajjeesetu Isiraa’el irratti deebi’ee mo’uuf dhufa jechuu miti. Kun garuu kan agarsiisu, “ilma Daawit” isa yeroo jalqabaaf 2 Saamu’el 7:1-17 keessatti ibsametu dhumarra gara aangootti akka dhufudha. Kutaan kun kan nutti agarsiisu keessaa tokko, Waaqayyo duukaa bu’uun mootii isaa isa dibame, ilma Daawit isa dhugaa—Yesuus duukaa bu’uu akka qabnudha. Namoonni Waaqayyo duukaa bu’aa Yesuusiin immoo ganuu hin danda’an. Inni dhaaltuu teessoo mootummaa Daawiti (Maatewos 1:1 fi Luqaas 1:26-33 ilaalaa). Hose’aan waa’ee mootii saba Waaqayyoo ibsuun isaa kun isa lammaffaadha. Hose’aa 1:11 “. This is now the second time Hosea has referred to the future king of God’s people. Hosea 1:11 reads, “walumattis nama isaan geggeessu tokko in kaafatu”. Lakkoofsa kana irratti “gaggeessaa tokko” inni jedhu wanta Hose’aa 3:5 irratti “Daawitinis mootii isaanii” jedhu waliin tokko ta’uu isaa nuuf mirkaneessa.

65 Abdiin kun kan guyyoota bara dhumaatti fiixaan ba’uuf jedhu ture. Yeroon bara dhumaa jedhamee ibsame kun akka ilaalcha Hose’aatti namoota bara kanas ergaa isaa dubbisaa jiraniif ammayyuu gara fuula duraati jechuu akka hin taane beekuun barbaachisaadha. “bara dhumaa” inni jedhu kun Hose’aadhaaf gara fuula duraatti waan ta’u kan agarsiisu yoo ta’es, ammaan booda garuu gara fuula duraa kan agarsiisu miti. “Barri dhumaa” fi taateewwan bara dhumaa keessa ta’u jedhamanis amma dhufaniru, ta’aas jiru!

Kutaan biroon jechuma wal fakkaataa fayyadamuun bara itti Isiraa’el cubbuu keessaa furamanii fi barri haaraan itti Yaahiwweef abboomaman itti jalqabuuf jiru ibsu (akka fakkeenyaatti, Keessa Deebii 4:30, Isaayaas 2:2, fi Miikiyaas 4:1 ilaalaa). Dubbiin Hose’aa 3:5 irratti waa’ee taateewwan ulfina qabeessa “bara dhumaatti” raawwatamanii, Isiraa’elota dhugaa ta’an jidduutti dheebuu **dhufaatii guyyoota dhumaa** uumuu qaba. Kakuu Haaraa keessatti, namoonni Waaqayyoon amanatan yeroo tokko tokko warra guyyaa itti inni Waaqayyo abdachiise fiixaan ba’u abdiidhaan “eeggatan” jedhamuun ibsamaniiru. Fakkeenyaaf, akkaataa ittiin Luqaas manguddoota lamaan erga Yesuus dhalateen booda Yesuusiin mana qulqullummaatti argan ibse ilaalaa. Luqaas, Simi’ooniin yeroo ibsu nama “fayyina isa Iisraa’eliif dhufu **eeggatu**” jedha (Luqaas 2:25 ilaalaa). Luqaas, Haannaan yeroo waa’ee Yesuus dubbattu yeroo ibsu “warra furii Yerusaalem eeggatan” jedha (Luqaas 2:38 ilaalaa). Kanaafuu, Simi’oonii fi Haannaan namoota amanamoo Isiraa’el keessaa hambaa ta’anii guyyaa itti abdiin Waaqayyoo fiixaan ba’u eeggatan turan keessaati. Yoseef Armaatiyaanis immoo qaama namoota hambaa ta’an kan guyyaa itti abdiin Waaqayyoo fiixaan ba’u eeggatan kanaati (Maarqos 15:43 ilaali). Haala nama dhibuun, namoonni kun yeroo Yesuus arganitti, abdii sana fiixaan baasuu keessatti inni isa ijoo akka ta’e adda baasanii beekaniiru! Jecha biraatiin, **guyyoonni dhumaa sun** yeroo Yesuus dhalate jalqabe. Kana jechuu **guyyoonni dhumaa** yeroo inni dhalatee jalqabee gara fuulduraa ta’uu hin danda’u. Abdiiwwan sun har’a fiixaan ba’aa jiru! Amantootni ammaa guyyoota dhumaa keessa jiraataa jiru (akka fakkeenyaatti, Hojii Ergamootaa 2:17 fi Ibiroota 1:2 ilaalaa).

Fiixaan ba’umsi abdii **ijoollee Iisraa’el** gara **Mootii isaanii Daawit** dhufuun yoo jalqabu gaarummaan Yahiwwee immoo yeroo Yesuus cuuphame jalqabe. Namoonni, tokkoonis ta’u lamaan gara “ilma Daawit” isa haaraa dhufuu jalqaban (Maatewos 1:1, 9:27, fi 20:30 ilaalaa). Lakkoofsi kun du’aa ka’uu Yesuus booddee ni dabale. Akka fakkeenyaatti, gaafa guyyaa Pheenxeqoosxee namoonni 3,000 gara “mootii isaanii Daawit” dhufan. Yesuus gara waaqatti kan ol fudhatamee ture yoo ta’ellee, namoonni akka mootii isaanii isa humnaan mo’eetti ilaalu ture (Roomaa 1:4 ilaalaa). Kanaafuu, kiristaanota jaarraa tokkoffaa guyyaa itti ergaan raajii Hose’aa fiixaan ba’uu fi guyyaan itti sabni Waaqayyoo gara mootii isaanii Daawitittii fi gaarummaa Yaahiwweetti deebi’an yoomi jettanii osoo gaafattanii, namoonni kun deebii waan akka “nuyi ammayyuu gara Daawit dhufneerra” jedhu sinnif deebisuu danda’u. Inni ammayyuu mo’eera kanaafis isa duukaa buunee jirra. Har’ayyuu gaarummaa isaa mi’eeffachaa jirra. “Akka fakkeenyaatti, Phaawulos, Waaqayyo “karaa Kiristoos eebba hafuuraa hundumaan, waan waaqa irraatiinis nu eebbise” jedhee barreesseera (Ephesians 1:3). Phaawulos gaarummaan Waaqayyoo gara fuula duraatti yeroo ta’etti naaf dhufa jedhee eega miti. Kan inni jechaa jiru, ammayyuu akka ittiin eebbifamee jirudha.

Ergaan raajii Hose’aa jalqaba irratti saba Yihuudotaa kan ibsu fakkaatus, Kakuun haaraa garuu kutaa kana bifa sanaan akka hiiknu nuuf hin eeyyamu. Yihuudii fi warri Yihuudota hin ta’iin qaama saba Waaqayyoo mootii isaanii Daawit jala jiraataniiti. Akkuma kakuu haaraa keessatti irratti xiyyeeffatame, karaa amantiitiin gara damee Ijoollee Isiraa’elitti fayyifamaniiru. Warri Yihuudota hin ta’iin haala kamiinuu Iisra’eliin bakka hin buune. Dinqii Waaqayyootiin karaa Yesuus—Isiraa’elicha isa dhugaatiin isaanitti dabalaman. Isaan ayyaana Waaqayyootiin abdii Isiraa’elotaaf kennamee ture fudhatan. Akkuma dura dubbatamaa ture, abdiiwwan kunniinis Yesuus keessaan fiixaan ba’an (Hojii ergamootaa 13:32-33 fi Galaatiyaa 3:7-9, 26-29 ilaalaa).

# HOSE’AA 4-5

Hose’aa 4 ergaa mana murtiitti dhiyaatedha. Yahiwween himata seeraa saba Iisraa’el irratti dhiyeessa. Inni miidhamaan olitti miidhameera. Isumatu abukaatoo himata banedha. Isumatus abbaa firdiiti. Himanni seeraa kun bara Hose’aa keessa karaa Yahiwweetiin saba Isiraa’el irratti yeroo dhiyaatu namni hundumtuu sagalee Waaqayyootti xiyyeeffannoo akka kennuuf ture, sababni isaas Waaqayyo yoomiyyuu hin jijjiiramu.

Isiraa’el sababii “amanamummaan hin jirreef ykn jaalalli dhugaan hin jirreef, akkasumas Waaqayyoon beekuun laficha hin jirreef” erga adabamanii, saba bara kana jiru irrattis waanuma wal fakkaataatu hojjeta. Nuyi, akkuma saba Isiraa’el bara Hose’aa keessa turanii, “sagalee gooftaa” dhaga’uu qabna. Lallabdoonnii ykn barsiisonni of eeggannoon barsiisan akka namoonni wanta bara Hose’aa keessatti ta’e hubatan mirkaneessuun namoonni bara kanaa immoo Yaahiwwee waliin hariiroo akkamii akka qabaachuu qaban hubachiisu.

Hose’aa 5 keessatti, Yahiwween himannaa Isiraa’el irraa qabu ittuma fufa. Isiraa’elii fi Yihuudaan adabamuuf jiru. Kana bira darbee, Yaahiwween, “ani, anumti tatarsaasee nan adeema, fuudhees nan sokka, kan oolchus hin jiru” jedhee labse. Kunis akkuma Hose’aa keessaa bakka wayiitti argine dubbii naasisaadha. Haa ta’u malee, boqonnaan shan haala abdii qabuun xumura. “**Hamma** isaan yakka isaanii of irratti beekanii fuula koo barbaaddatanitti, ani nan adeema, iddoo koottis nan deebi'a; yoos isaan rakkina isaanii keessatti dammaqanii ana in barbaaddatu” jedhee xumura. Jechi **Hamma** jedhu wanti hundumtuu bara baraan akka hin dhabamne agarsiisa. Yahiwween akka sabni yaada garaa isaanii geeddaratan eegaa jira. Dubbiin abdii Hose’aa 5 dhumarratti argamu kun akka dubbistootni dubbii ulfina qabeessa jalqaba Hose’aa 6 irratti argamuuf qopheessa.

Akkuma boqonnaawwan Hose’aa kanneen biroo, lallabdoonni ykn barsiisonni saba hubachiisuu qaban akka wantootni waa’ee fuulduree Hose’aa fi dhaloota bara isaa keessa tureef raajame dirqama raajummaa fuulduree dhaloota amma jiruu kan ilaallatu akka hin taanedha. Wanti lallabdoonnis ta’ee barsiisonni yeroo hundumaa yaada keessa galchuu qaban, abdiiwwan sun raawwatanii darbaniiru moo ammayyuu kan hin raawwanne kan adeemsa irra jirudha kan jedhudha. Kana murteessuun daandiin sirriin immoo ergamoonni luqqisiiwwan akkasii kana Kakuu Haaraa keessatti akkamitti akka hiikan qo’achuudha.

# HOSE'AA 4-5[66]

**4:1**

Yaa namoota Israa'el, biyyicha keessa amanamummaan, jaalalli, Waaqayyoon beekuun waan hin jirreef[69], Waaqayyo warra biyyicha[68] keessa jiraatanii wajjin dubbii qaba[67], kanaaf dubbii Waaqayyoo dhaga'aa!

---

66 Hose'aa 3 abdii haaromsaa baay'ee babbareedaa Waqayyo gara fuula duraatti saba isaaf gale of keessatti qabateera. (Asitti wanti yaadatti qabachuu qabnu, abdiiwwan Hose'aa 3 keessatti kennaman namoota bara Hose'aa turaaniif qofa kan gara fuula duraati. Kana jechuun namoota bara ammaa jiraniif kan gara fuulduraa miti jechuudha. Abdiiwwan Hose'aa 3 keessatti galaman yeroo ammaa Kiristoos keessaan fiixaan ba'aniiru fiixaan ba'aas jiru.) Haa ta'u malee, Hose'aan 4 ergaa raajii isa bareedaa boqonnaa 3 keessa ture sana itti hin fufsiisu. Hose'aan 4 badisa sodaachisaa saba Waaqayyoo irratti dhufuuf jedhu qabata. Yaadadha, ergaawwan garrii fi ergaawwan hamaa wal jala jijjiiraa dubbachuun amaluma og-barruu raajummaati jennee turre. Barreessitootni ergaawwan kunniin yoomiin akka wal jala jijjiiraman dubbistootaaf hin ibsine. Dubbistootni jechoota achi keessatti hojiirra oolan ilaalanii kana murteessuu qabu.

67 Gaaleen lakkoofsa tokko irratti "dubbii qabaachuu" jedhamee hiikame yeroo tokko tokko wanta namoonni wal dhaban lama itti fayyadaman wayiiti. Akkasumas immoo dhimma seeraa waliin wal qabata (kan akka himata seeraa). Asitti, himata seeraa Yahiwween Isiraa'el irratti dhiyeessaa jiru agarsiisa. Gaalichi bifa addaattin lakkoofsa 4 irrattis hojiirra ooleera. Yahiwween "ijoollee Isiraa'eliin" yakka baay'eetiin himata. Yakkoonni sunis lakkoofsa 1-2 keessatti tarreeffamaniiru. Namni hundinuu yakka wal fakkaataa kana ni dalaga waan ta'eef, namni hundinuu himannaa seeraa Yahiwween bane kana of eeggannoon ilaaluu qabu (Roomaa 3:9-18, 23 ilaalaa).

68 Wanti yaadatti qabachuu qabdan, Yahiwween bakka kanatti sab asana akka "ijoollee isaatti" ibsaa hin jiru. Salphiseetuma "warra biyyicha keessa jiraatan" jedhee waame. Haalli ittiin Waaqayyo saba isaa of irraa fageessee waame kun sadarkaa cabinsa hariiroo Yahiwwee fi sab sana jidduu jiruu nutti agarsiisa. Wal irraa fageenyi kun kan saba Isiraa'eliin "haadha keessan" jedhee Hose'aa 2:2 irratti waamee fi kan Gomer "dubartittii" jedhamtee Hose'aa 3:1 irratti waamamte waliin wal fakkaata.

69 "Himanni" Yaahiwween sab asana irratti dhiyeesse kanneen akka **amanamummaan**, **jaalalli**, **Waaqayyoon beekuun** guutummaa laficha keessa hin jiru jedhanidha. Kana jechuun namoonni amanamoo ta'an muraasni illee laficha keessa hin jiran jechuu miti (hunda caalaa, Hose'aan laficha keessa jiraata!). Yeroo hundumaa nammoonni amanamoon **hambaa** ta'an jiru turan. Akka fakkeenyaatti, bara Eliyaas keessas Eliyaas akka kophummaan itti dhaga'ame ibseera. Kan Yaahiwwee duukaa bu'an biroon akka hin jirre komata. Yahiwweenis, "saba Isiraa'el keessaa jilba isaaniitiin jilbeenfatanii Ba'aaliif kan hin sagadiin, afaan isaaniitiinis kan isa hin dhungatiin namoota kuma torba guutuu hambifadheera" itti himuun isa sirreessa (1 Mootota 19:18 ilaalaa). Haa ta'u malee, irra caalaan namoota sanaa Yaahiwwee hin waaqessan. Haala kanaan, "Yahiwweef amanamuun" hin turre jechuudha. Sabni Isiraa'el gammachuudhaan abboomamaa Yahiwwee waliin jiraachuu qabu ture. Sabni sun bifa Waaqayyoo mul'isuu qabu ture (Uumama 1:26-28 ilaalaa). Qooda kanaa, lakkoofsa 2 irratti akka ibsametti, bifa waaqolii warra ormaa waaqessaa turanii mul'isani. Waaqayyoon beekuun hin jiru jedhan, kana jechuun sabni Isiraa'el keessa jiru waa'ee Waaqayyoo homaayyuu hin beekan jechuu miti. Waa'ee isaa waan muraasallee ta'u inuma beeku. Haa ta'u malee, sirriitti isa hin beekan. Akka ergamaan Yohaannis barreessetti, "Waaqayyo wajjin tokkummaa qabna jennee dukkana keessa yoo deddeebine, in sobna; akka dhugaa sanaattis hin jiraannu" (1 Yohaannis 1:6 ilaalaa). Kun ammayyuu saba har'allee jiruuf balaadha. Namoonni Waaqayyoon beekna jedhu garuu hojii isaaniitiin isa in ganu (Titoos 1:16 ilaalaa).

**2**
Kakatanii haaluun, ajjeesuun, hatuun, ejjuun, humnaan
nama irratti ka'uun[70], dhiiga dhangalaasuun,
dhiiguma dhangalaasuu itti in dabala.
**3**
Kanaafis lafichi in boo'a, warri laficha irra jiran
hundinuu, bineensonni daggalaa fi simbirroonni
qilleensa keessa balali'an gad in dhumu,
qurxummiin galaanaa iyyuu fudhatamanii in badu.[71]
**4**
Namni dubbii hin kaasin, namas hin ifatin! Ani garuu
sii wajjinan dubbii qaba, yaa lubichaa! .[72]

---

70 “Yakkoonni” kun hundinuu abboommiiwwan kurnan keessatti ibsamaniiru (Ba’uu 20:1-17 ilaalaa). Hose’aan yeroo baay’ee caaffatoota Musee caqasa, sababni isaas Museen seerota ittiin Isiraa’elonni jiraachuu qaban galmeesseera.

71 Kana lakkoofsa uumamaa macaafa Seera Umamaa 1 waliin wal bira qabaa. Adeemsi isaa waan uumamani faallaa duraa duuba duraan tureen ibsame fakkaata. Qooda waan hundi badhaadhuu wanti hundinuu “gadi dhumaa kan adeemu” ta’e. Bineensonnis, akkuma namootaa “fudhatamaniiru”. Uumamni bakka itti Waaqayyo waaqeffamu qopheessa taanaan kun faallaa seera uumamaa dhaabachuudha. Wanti hundinuu bakka gadhiiseera! Keessa Deebii keessatti, Museen yoo sabni Isiraa’el abboomamuu didanii fi waaqolii biro waaqessan dheekkamsawwan isaan irratti dhufuu danda’an baay’ee ibseera (Keessa Deebii 32:15-33 ilaalaa). Wantootni keessa deebii keessatti ibsaman hundinuu amma ta’uuf jiru. Haalli isaa akkuma keessummaa ta’eyyuu, lafti Isiraa’el gadi in dhuma inni jedhu mataan isaa ayyaana Waaqayyo biraa isaanitti agarsiifamedha. Kun akeekkachiisa akka sabni sun qalbii jijjiirratuuf kennamedha. Haala nama dhibuun garuu, akeekkachiisa ayyaanaan guutuu Waaqayyo biraa isaaniif kenname kanatti xiyyeeffannoo hin kennine.

Akka barsiisa waa’ee Waaqummaattis, addunyaan hafuuraa namootaa fi addunyaa qabatamaa uumama jiran hundumaa akka wal keessa jiran beekuun barbaachisaadha. Sababii abaarsa dhala namaa irra jiruun, uumamni warri kaan gadi adeeman. Hojiin Addaam isa jalqabaa akka uumama hundumaa irratti tortoruu fi badisi dhufu taasise. Addaam inni dhumaa (Yesuus) immoo uumama hundumaayyuu dabalatee waan hundumaa iddootti deebise caalaatti iddootti deebisuufis jira. Luqqisii Hose’aa kana Faarfannaa 8:6-8 waliin wal bira qabaa ilaalaa. Lakkoofsa Hose’aa keessa jiru kana keessatti, uumamni hundinuu toora gadhiiseera. Faarfannaa 8 keessatti immoo wanti hundumtuu toora qaba. Wanti hundumtuu kan toora qabateef immoo faarfannichi raajummaa waa’ee Kiristoosii fi guutummaa uumama hundumaaf karaa isaa argamuu dubbata. Inni “Addaam isa dhumaa” isa mudaa malee bifa Waaqayyoo mul’isudha. Kanaafuu, karaa Kiritoosii (fi warra “isa keessa” jiranii), uumamni hundumtuu hidhaa tortoree baduu irraa ni hiikama (Roomaa 8 keessatti wanta ergamaan Phawuloos xiyyeeffannoo itti kenne ilaalaa). Kutaawwan kan biroon Hose’aa irraa adda ta’an hariiroo namoota hammeenyaan guutamanii fi gadi adeemuu uumamaa jidduu jiru ibsan ni jiru. Akka fakkeenyaatti, Uumama 6:11-17, Keessa Deebii 28-32, Isaayaas 24:4-6, fi Ermiyaas 14 ilaalaa.

72 Lakkoofsa kana irratti,Lubni, inni Waaqayyoo fi namoota jidduu deddeebi’uu qabu, abukaatoo waan dhaabachuuf ka’e fakkaata. Kanaaf, Yahiwween lubootaan mirga dubbachuu hin qabdan jedhaani, sababni isaas immoo Yaahiwween waan isaan irratti argate qaba. .

5
Ati guyyaadhaan in gufatta, raajichis[73] immoo
halkaniin sii wajjin in gufata; biyya kee ishee
haadha kee[74] sana nan balleessa.
6
Sabni koo karaa ittiin na beeku waan dhabeef
balleeffame[75]; ati ana beekuu tuffattee waan
dhiifteef, anis luba anaaf ta'uu kee tuffadheen si
dhiise; erga ati seera koo seera Waaqayyo keetii
irraanfattee, anis immoo ilmaan kee nan irraanfadha.
7
Hammuma ofii baay'atan[76] na yakkuu isaaniis
in baay'isan; ani immoo ulfina isaanii salphinatti
nan geddara.
8
Kennaa sabni koo waa'ee cubbuu isaatiif
dhi'eessu in nyaatu; sabni akka yakkus
garaa guutuudhaan in hawwu.
9
Wanti saba sanatti dhufu lubichattis in dhufa;
kanaaf ani adeemsa isaatiif isa nan adaba,
hojii isaas mataa isaatti nan deebisa.
10
Nyaachuu in nyaatu, garuu hin quufan; ejja
waaqayyolii tolfamoo in ejju, garuu galanii ijoollee
hin godhatan; isaanoo ana Waaqayyoon
dhiisaniiru, dhimma koos hin qaban.

---

73 Kun raajota sobduu warra saba Isiraa’eliin jaalataman agarsiisa. Kanaafuu, gareen “qulqullootaa” lamaan Isiraa’el keessa jiran (lubootaa fi raajota) bakka tokkotti komataman. Garee “qulqullootaa” kana lamaan keessaa tokkollee Yaahiwweef amanamaa hin turre. Lamaan isaanii iyyuu warra hin abboomamne turan. Lamaan isaanii iyyuu saba hundumaa waliin qorumsarra jiru.

74 “Haadha kee”kan jedhu guutummaa saba sanaa kan ibsudha (dabalataanis, Hose’aa 2:2 ilalaa).

75 Kun beekumsa akka waliigalaatti kan ibsu miti (jechuun beekumsa saayinsii, aartii, og-barruu, taateewwan addunyaa fi k.k f). Beekumsa Waaqayyoo kan ibsudha (Lakkoofsa 1 ilaala). 1 Saamu’el 2:12 ilaalaa.

76 Sabni Waaqayyoo jalqaba irraayyuu, akka “horuu/ija godhatuu fi baay’atuuf” waamame. Sabni Waaqayyoo akka bifa Waaqayyoo guutummaa biyya lafaatti fiduuf ture (Uumama 1:26-28 ilaalaa). Sabni Isiraa’e garuu jal’inaan horanii hammeenya isaanii baay’isani.

**11**

Ejja waaqayyolii tolfamoof ejjuun, daadhii waynii
isa ba'aa, isa hin ba'inis dhuguun, yaada
isaan keessaa fudhate.

**12**

Sabni koo bifa muka irraa qiinqimame deebii in
gaafata, dhaabanni isaas akka isaa akka itti
himuuf in eeggata; yaadni ejjummaa isaanitti
galee isaan wallaalchise; Waaqayyo jalaa
ba'anii ejja isaanii duukaa bu'an.

**13**

Isaan bantii tullootaa irratti qalma in qalu, gaarota
irrattis aarsaa in dhi'eessu; kanas gaaddisi
isaanii mararaa waan ta'eef, muka hoomii,
qilxuu fi dambii jalatti in hojjetu; kanaafis
intaloonni keessan in gaalamootu, dubartoonni
ilmaan keessaniis in ejju.

**14**

Warri dhiiraa ofii isaaniitii ejjitootaa wajjin gara tokkotti
in goru, dubartoota galma keessatti ejjaaf
qophaa'anii taa'anii wajjinis qalma in qalu erga
ta'ee, isa intaloonni keessan gaalamootaniif, isa
dubartoonni ilmaan keessanii ejjaniifis ani isaan hin
adabu; sabni wallaalaanis in balleeffama.

**15**

Yaa Israa'el, ati ejja akkasiitti yoo gorte iyyuu,
Yihudaan akka kee hin yakkin![77]Giilgal iddoo
sagadaa hin ga'inaa!

---

[77] Bara Musee irraa jalqabee hanga bara Salamoonitti (ilma Daawit), sabni Waaqayyoo akka saba tokkootti tokkummaan turan. Haa ta'u malee, bara mootummaa ilma ilma Daawit Rehobi'aam sabni Isiraa'el bakka lamatti qoodame: Isira'elii fi Yihuudaa. Yihuudaan gara kibbaatti argama. Isiraa'el gara Kaabaatti argama. Akeekkachiisi lakkoofsa kana irra jiru Yihuudaatti dubbatame. Akkas isaan gara Iisraa'elitti ol ba'anii jibicha warqee sana hin waaqessine. Hose'aan Yihuudaatti dubbachuun isaa beekamaadha. Ergaan isaa inni guddaan warra kaabaa Isiraa'el ta'ullee, Hose'aan akka sabni Yihuudaa keessa jiranis ergaa isaa kana dhaggeeffatanii fi deebii itti kennan ni barbaada. Akkasumas immoo namoonni gara fuulduraas (1 Pheexros 1"20-12 ilaalaa) akka dhaga'anii fi dubbichatti deebii kennan ni barbaada.

Bet'elitti [ishee 'Bet-Aween' kana
jechuunis 'Mana jal'inaa' jedhamtetti]
ol hin ba'inaa[78], 'Dhugaa Waaqayyo
isa jiraataa' jettaniis hin kakatinaa![79]

**16**
Israa'el akkuma goromsa didduu gara-
didaa[80] erga ta'ee, amma immoo
Waaqayyo akka hoolotaatti bakkee
bal'aa keessa isa tiksaa ree?

---

78 Mandarri Beet-Awween jedhamtu Isiraa’el keessa turte (Iyaasuu 7:2, 18:12, 1 Saamu’el 13:5, fi 14:23 ilaalaa). **Haa ta’u malee, luqqisiin kun mandara Beet-Aween ishee sirrii agarsiisa miti. Garuu, mandara Bet'elitti ga’isuuf/qoosuuf kan yaadamedha. Betelthis verse isn't referring to the actual town of Beth-aven. Rather, this is a mocking reference to the town of Bethel.** Bet'el jechuun “mana Waaqayyoo” jechuudha (Afaan Ibiruutiin, “Bet” = “mana” fi “el” = “Waaqayyo”). Bet’el yeroo ta’e tokkotti, bakka sabni Waaqayyoo Waaqayyoon waaqessuu fi isa kadhachuuf itti walga’an turte. Namoonni dhugumaan lafa kanatti Waaqayyoon waaqessaniiru. Bakki kun bakka itti Yaaqoob abjuu riqicha bantii waaqaa fi lafa jidduutti diriire argedha. Sababii kanaanYaaqoob maqaa bakka sanaa Bet’el—mana Waaqayyoo jedhee moggaase (Uumama 28:10-22 ilaalaa).
Garuu, Yerobi’am, mootiin Isiraa’el inni jalqabaa erga sabni Isiraa’el Isiraa’elii fi Yihuudaatti addaan cabanii booddee mo’e, faana Yaaqoob duukaa hin buune.
Bet’elitti Waaqayyoon hin waaqeffanne. Qooda kanaa, jibicha warqeerraa hojjetame achi kaa’e. Luba mataa isaa kaafatee seerota mataa isaa baafate (1 Mootota 12:29-32 ilaalaa). Isiraa’el jibicha warqee irraa tolfame sana jaalachuu ishee itti caalchifte (kan biraa tokkos Dan bakka jedhamu gara kaabaa keessa keessee ture).
Bet’el Isiraa’elotaaf barbaachisummaa guddaa qabdi turte. Bakka sana akka “mana qulqullummaa mootummichaatti” ilaalu ture (Amos 7:13 ilaalaa). Yaahiwween dhimma waaqolii tolfamoo waaqessuu kana irra deddeebiin karaa raajota isaa jara akeekkachiisee ture, garuu Isiraa’el yaada garaa ishee hin geeddaranne. Waaqni tolfamaan Bet’el keessa jiru akka Waaqayyo lakkoofsa kana irratti mandarittii Bet-Aween (“Bet” = “mana” and “Aween” = “jal’ina ykn Waaqa tolfamaa waaqessuu”) jedhee waamuuf sababa ture. Bet’el kana booda mana Waaqayyoo hin taatu. Isheen amma mana waaqa tolfamaa itti waaqessan taateetti. Maqaan kun Hose’aa 5:8 fi 10:5 irrattis bakka Bet’el hojiirra ooleera.

79 Yihudaanis akka daandii Isiraa’el duukaa hin buune akeekkachiifamteetti. Wantoota akka “dhugaa Yaahiwwee isa jiraatee…” jechuun, Isiraa’elonni akkasi jechuun waan Waaqayyoon waaqessan of fakkeessu. Haa ta’u malee, yaadni garaa isaanii isa irraa fagoodha. Isaan akkasumaan maqaa Waaqayyoo dha’u turan (Ba’uu 20:7 ilaalaa). Hose’aan akka sabni Yihuudaa Isira’el irraa adda of baasan itti hima.

80 Kun fakkeenyadha. Bifa walaloo kanaan Isiraa’elitti dubbachuun waan biraa waliin wal bira qabameera. Asitti, Isiraa’eliin goromsa didduutti gara lafa margaa gaariitti deemuu hin dandeenye waliin wal bira qabeera. Yahiwween Isiraa’elotaaf marga gaarii qabaatus, isaan garuu gara inni isaan oofutti deemuufii didan.

Raajonni yeroo baay’ee macaafa raajotaa keessatti fakkeenyota fayyadamu. Gara jabummaa saba sanaa yaada keessa galchuudhaan, fakkeenyota ulfaatoo ta’an fayyadamuun keessummaa miti. Namoonni jechoota “baratamaa” dubbii “baratamaa” keessatti beekman yeroo dhaga’uu didan, yeroo “dubbiin ulfaataan” (kan akka bifa fakkeenyaa fi walaloo) yeroo dubbataman ni dhaga’u. Fakkenyonni/cigoowwan keessa laphee seenuu fi cubbuu ifa baasuuf gargaaru. Akka sabni deebii itti kennuufis ni tuttuqu.

**17**

Efreem[81] hidhata waaqayyolii tolfamanii ta'eera,
itti dhiisaa![82]

**18**

Gurguddoonni[83] isaa warri gaachana baatan iyyuu
dhugaatiin isaanii erga dhumee, ejja isaaniitti in
ka'u; salphina kanas baay'isanii in jaallatu.

**19**

Bubbeen akka waan qoochoo itti mareetti isaan
fuudhee in adeema; sababii aarsaa isa waaqayyolii
isaaniitiif dhi'eessaniif in yeellaasifamu.

**5:1**

Isin luboota nana kana dhaga'aa, yaa gurguddoota
Israa'el, yaadatti qabadhaa; warri mana
mootichaas gurra keessan as qabaa! Firdii
eeguun isiniif kennamee ture, amma garuu
firdiin isin irratti in raawwatama; isinoo iddoo
'Miisphaa' jedhamutti akka futtaasaa, tulluu
Taabor irrattis akka kiyyoo diriirfamee taataniittu.

---

[81] Efreem maqaa gosoota Isiraa’el keessaa tokkodha. Efreem mootummaa warra kaabaa (Isiraa’el) keessatti qomoo isa bal’aadha, kanaafuu, maqaan Efreem jedhu yeroo tokko tokko guutummaa saba Isiraa’el ibsuuf walaloowwan keessatti hojiirra ooleera (akka fakkeenyaatti, Isaayaas 7:2, 7:17, 11:13, fi Ermiyaas 31:18 ilaalaa). Maqaan Efreem jedhu Hose’aa keessatti yeroo 37 fayidaarra ooleera. Efreem warra kaan caalaa deddeebi’ee dhufuun isaa Hose’aan mootummaa warra Kaabaa (Isiraa’el) irratti addatti xiyyeeffachuu isaa agarsiisa.

[82] Kun akka namoonni dhuunfaa Isiraa’el baqatanii fi akka warri Yihuudaa Isiraa’elitti hin makamneef waamicha taasifamedha. Hose’aan ammas akka namoonni dubbii isaa dhaga’anii fi amantiidhaan deebii itti kennan waamicha dhiyeessaa jira.

[83] Luboonni, raajonni, fi warri biyya seerratan hunduu Hose’aa 4 keessatti balaaleffatamaniiru.

**2**

Isin sanyii isa Shiixiimitti hojjettanii
gad fageessitanii bal'ifattaniittu;
ani garuu hunduma keessan
cimsee nan adaba[84]

**3**

Ani Efreemin nan beeka, Israa'elis ana duraa
hin dhokanne; amma immoo yaa Efreem,
ejjuu keetiin garagaggaluu argisiifteetta,
Israa'elis xuroofteetti.

---

[84] Lakkoofsi 1-2 walitti hidhatinsa kan qabanii fi of eeggannoon kan toora qabsiifamanidha. Draa duubni lakkoofsa 1-2 kun hiikaa macaafota Ingiliffaa kanneen akka ESV, CSB, NET fi NIV keessa akka hin jirre yaadatti qabadhaa sababni isaas akkaataa ittiin ESV'n sarara lakkoofsa 2 isaa jalqabaa hiike addadha. Kanaaf, ibsi armaan gadii ESV (ykn CSB, NET FI NIV) hin hordofne. Kan afaan Oromoo garuu hordofeera.

Akkaataan qindoomina lakkoofsota kanaa gareewwaan sadii fayyadame (qindoominni sadan kanaa lakkoofsa 8 irrattis mul'ateera). Lakkoofsota kana keessatti, wantootni sadii erga agarsiifamanii booda Waaqayyo beeksisa isaanitti hima. Kun yeroo garaa garaa lamatti ta'e. Jalqaba, **dhaggeeffattoota** garaa garaa saditti dubbatame: (1) luboota, (2) mana Isiraa'el, (3) mana mootummaa. Erga dhaggeeffattoota kana sadanitti dubbatamee, labsiin Waaqayyon labsame: "firdichi isiniifidha". Lammataa, **bakkeewwan** garaa garaa sadii ibsaman: (1) Miisphaa, (2) Taabor, (3) Shiixiim. Kana booddee, Murtoon Waaqayyoo beeksifame: "ani garuu hunduma isaa cimsee nan adaba".

*Egichi* **namoota sadanii** fi ibsa dabalataa akkasumas **bakkeewwan sadanii** fi murtoo adda ba'ee ibsame of keesstti qabateer:

*"Isin luboota nana kana dhaga'aa, yaa*
*gurguddoota Israa'el, yaadatti qabadhaa;*
*warri mana mootichaas gurra keessan as qabaa!*

*Firdii eeguun isiniif kennamee ture,*
*amma garuu firdiin isin irratti in raawwatama; isinoo*
*iddoo 'Miisphaa' jedhamutti akka futtaasaa,*
*tulluu Taabor irrattis akka kiyyoo diriirfamee taataniittu.*
*Isin sanyii isa Shiixiimitti hojjettanii gad fageessitanii bal'ifattaniittu;*
*ani garuu hunduma keessan cimsee nan adaba."*

Yaadni waliigalaa ergaa kanaa sabni Isiraa'el hundinuu gaggeessitoota irraa jalqabee hanga sabaatti guddaa yakkuu isaaniiti. Kun immoo haalota bakkeewwan Isiraa'el keessa jiranii fi naannoo isaaniitti ta'an ilaaluudhaan beekuun ni danda'a. Sababii kanaan, Waaqayyo Isiraa'eliin ni adaba. Hiikni Ingiliffaa Lexham English Bible fi NRSV kan Afaan Oromoo waliin wal fakkaata "boolla sanyii isa Shiixiimitti hojjettanii gad fageessitanii bal'ifattaniittu". Akka walalootti, waa'een Shiixiim ibsamuun kan hiika kennuu danda'udha, sababni isaas bakkoota Isiraa'elonni waaqolii ormaa itti waaqessan keessaa bakka sadaffaadha. Kun toora yaadaa walakkaa duraa lakkoofsa 1 keessatti ibsame waan deemudha. Lakkoofsa 1 keessatti garee namootaa sadiitu ibsameera. Lakkoofsa 1b fi 2a irratti immoo bakkoonni sadii ibsamaniiru. Himanni Isiraa'el irratti saaqame akka Shiixiim kun bakka Isiraa'elonni boolla waaqolii ormaa waaqessuu gadi fageessanii qotan akka ta'edha. Gareen sadii kun lakkoofsa 8 irratti deebi'ee dhufuun isaa lakkoofsi 1 fi 2 qindoomina sadii jennu kana irratti hundaa'uu isaa mirkaneessa. Kun immoo hiikkaan ESV (fi CSB, NET fi NIV) haala kanaan akka hin qindoofne agarsiisa.

4
Garagaggaluun yaada isaanii keessa waan jiruuf,
Waaqayyoon hin beekan; hojiin isaanii gara
Waaqayyootti deebi'uu isaan in dhowwa.
5
Wanti Israa'el ittiin of gurguddisu isumatti
dhugaa in ba'a; Israa'elii fi Efreem yakka
isaaniitiin in gufatu; Yihudaanis immoo
isaanii wajjin in gufata.[85]
6
Isaan bushaayee isaanii fi saawwan isaanii fudhatanii
Waaqayyoon barbaaduuf in dhufu,[86]
garuu inni waan isaan jalaa deebi'eef, isa hin argatan.
7
Isaan Waaqayyoof waan hin amanamneef, ormaaf
ijoollee in godhatan; kanaaf baatii haaraatti isaan
lafa isaanii wajjin xaph in jedhu.
8
Egaa fiinoo Giibe'aa keessatti[87], fiingees Raamaa
keessatti afuufaa! [88],

---

85 Yihuudaanis yakkamaa waan taateef labsii karaa Yahiwwee Isiraa’el irratti ba’e kana dhaga’uu qabdi. Kun immoo sabni Yihuudaa dubbii kana dhaga’ee amantiidhaan deebii laachuu akka qabu Hose’aan barbaaduu isaaf raga dabalataadha.

86 Kun waaqeffannaa sobaa kan agarsiisudha.

87 Fiinoo afuufuu fi fiingee afuufuun akka Isiraa’elonni hundinuu walitti qabaman kan agarsiisudha. Bara durii keessa, kun kan uumamu yeroo waan cimaa ta’e tokko uumamudha. Akka fakkeenyaatti, yeroo waraanni jiru fiinoo afuufuun namoota gara waraanaatti waamuuf tajaajila. Fiingee **Giibe’aa** fi **Raamaa** irratti afuufamu ka’umsa godhachuun, Yahiwween taatee bara abboota firdii keessa uumamee ture Isiraa’elota waan yaadachiisaa jiru fakkaata (Abboota Firdii 19-21 ilaalaa). Bara abboota firdii keessa, namoonni Biiniyaam Giibe’aatti cubbuu guddaa hojjetan. Sababii cubbuu kanaatiinis Isiraa’elonni hundinuu walitti qabamanii ture. Namoonni Biiniyaam kun cubbuu kana irraa deebi’uu hin dandeenye (Abboota Firdii 20:13 ilaalaa). Yeroo sanatti, sabni Isiraa’el cubbuu qomoo Biiniyaam kanaan hojjetame ilaalchisee maal gochuu akka qaban Waaqayyoon gaafachuuf gara Bet’elitti ol ba’uun (Abboota Firdii 20:18 ilaalaa). Haa ta’u malee, lakoofsa Hose’aa keessa jiru kana irratti, sabni Isiraa’el bakka Bet-Aween (maqaa qoosaa Bet’el) jedhamutti wal ga’uun “Yaa Biiniyaam, si duukaa buuna” jedhanii labsan. Sabni Isiraa’el cubbuu irratti ka’uuf miti kan wal ga’an. Qooda sanaa, cubbuu isaanii ofitti fudhatanii cubbuu isaaniif lolatan. Kanaaf fakkaata kan lakkoofsichi “Yaa Biiniyaam, si duukaa buuna” jedhu.

88 Abboota Firdii 19:13 ilaalaa.

Sagalee nama dammaqsu 'Bet-Aween' [ishee
dur 'Bet'el' jedhamtutti] dhageessisaa![89]
Beniyaaminin garaa raasaa!

**9**
Guyyaa adabaatti Efreem onaa in
ta'a; wanta dhuguma gosa
Israa'el keessatti ta'us nan labsa.

**10**
Gurguddoonni Yihudaa akka warra daarii
dhiibanii ta'aniiru;[90]
kanaaf ani dheekkamsa koo akka bishaaniitti
isaan irratti nan dhangalaasa.[91]

**11**
Efreem wanta waa'ee hin baafne duukaa
bu'uu yaadaa waan qabuuf, cunqurfamee
dhugaan isaa badeera.

---

[89] Qindoominni iddoowwan sadii kunis akka boqonnaan kun qindoomina wantoota sadii irratti hundaa’ee fi ibsa lakkoofsa 1-2 irratti ibsame waan mirkaneessu fakkaata.

Akkuma dursee ibsamee ture maqaa mandara Bet-Aween jedhamuu ture. **Haa ta’u malee, lakkoofsi kun Bet-Awwen isa dhugaa waan ibsu hin fakkaatu. Garuu, mandaraa Bet’el ibsuuf kan ooledha.** Waa’ee Bet-Aweenii fi maaliif maqaa masoo Bet’el akka ta’e odeeffannoo dabalataa argachuuf, yaadannoo Hose’aa 4:15 irra jiru ilaalaa. Maqaan Bet-Aween jedhu Hose’aa 10:5 irrattis fayidaarra ooleera.

[90] Akkkuma yeroo baay’ee argine, Hose’aan raajii mootummaa kaabaa (Isiraa’el) ta’us, mootummaa gara Kibbaa (Yiduudaattis) dubbachaa ture. Iddoo kanatti Yihuudaan nama daarii durii dhiibu waliin wal bira qabame (Keessa Deebii 19:14, 27:17, fi Fakkeenya 22:28 ilaalaa). Fakkenyi 22:28, “Dhagaa daarii isa abboonni kee dhaaban, iddoodhaa hin butiin” jedha. Kun dhimma waaqeffannaa isaanii ilaalchisee wanta sabni Yihuudaa hojjechaa jirudha. Abboonni isaanii “daarii” waaqeffannaa ittiin Yaahiwwee waaqeffatan isa dhugaa dhaabaniiru. Namoonni Yihuudaa bara Hose’aa keessa turan garuu daarii waaqeffannaa abboonni isaanii dhaaban bakka haaraatti “sochoosaniiru”. Amma, haala abboonni isaanii hin beeknee fi hin eeyyamneen waaqeffatu.

[91] Yihuudaan, akkuma Isiraael, Waaqayyoon adabamuuf jedha. Kun immoo ergaa raajummaa Hose’aa 1:7 bakka itti Waaqayyo “Mana Yihudaatti garuu oo'a nan argisiisa” jedhu waan faallessu fakkaata. Asitti wanti barbaachisaan nuyi yaadatti qabachuu qabnu, abdiin oolchuu Hose’aa 1:7 irratti Yihuudaaf abdachiifame bara mootummaa Hisqiyaas keessa dhamdhamameera. Haa ta’u malee, bar asana keessa kan birmaduu ba’anii ture yoo ta’ellee, boodarra garuu warra Baabilooniin injifataman. Yihuudaan akkuma Isiraa’el, cubbuu fi waaqeffannaa sobaa jaalatte. 2 Mootota 23 bara sana keessa jal’inni Yihuudaa keessatti raawwachaa turan maal akka ta’an fakkeenya gaarii dubbistootaaf dhiyeessa.

**12**
Kanaafis ani Efreemitti akka madaa malaa
kuusee ti, mana Yihudaattis akka
boccoqaa raammessuu ti.[92]

**13**
Efreem dhukkuba isaa, Yihudaanis madaa isaa
yommuu arge, yommus Efreem biyya Asor
dhaqe[93], mooticha guddaa[94] sanattis in
ergate; garuu inni isin fayyisuu, madichas
isin irraa balleessuu hin dandeenye.[95]

**14**
Anoo Efreemitti akka leencaa, mana
Yihudaattis akka leenca saafelaa nan ta'a[96];
ani, anumti tatarsaasee nan adeema[97],
fuudhees nan sokka.

---

92 Akkuma madaa fi raammessaan wantoota balleessu, Waaqayyo immoo kan Isiraa’elii fi Yihuudaa balleessu isa akka ta’e dubbata. Kun cigoo rifaasisaa Waaqayyo waa’ee ofii isaatiif fayyadamedha!

93 Israa’el yeroo baay’ee gargaarsaaf qooda mootummaa isa waaqa irraatti garagaluu mootota lafaatti garagalte. Warri Asoorii fi Gibxii (fakkeenyaaf 7:11 ilaalaa) mootota biyya lafaa addumaan Isiraa’el amanannaa ishee irra godhattedha. Asoor 5:13 irratti ibsamteetti (dabalataan Hose’aa 7:11, 8:9, 9:3, 10:6, 11:5, 11:11, 12:1, fi 14:3 ilaalaa).

94 Israa’el akka gargaarsi ishee barbaachisu barteetti. Haa ta’u malee, qooda gara mootii ishee isa dhugaa (Yaahiwwee) tti garagaluun gargaarsa isaa barbaaddachuu, gara “mootii guddaa” warra Asoorii ergachuun gargaarsa isaa barbaadde. Mootiin Iisraa’el yoo warra Asoor waliin shariikummaa uume waan jabinaa fi nagaa barbaadamu argatu itti fakkaate. Akka warri Asoor isaan balleessuuf jiran hin beekne.

95 Madaan Isiraa’el sababii Waaqa ormaa waaqessuutiin ishee irra qaqqabe. Warri Asoor immoo madaa hafuuraa Iisraa’el madoofte kanaaf furmaata hin qaban. Waaqayyo qofaatu sagaagalummaa hafuuraa kana fayyisuu danda’a. Sagaagalummaa hafuuraa irraa fayyisuun Waaqayyoo Hose’aa 6:1 irratti argama. Lakkoofsi kunis waa’ee fayyina isa saba Waaqayyoof karaa taatee wangeelaa dhufuu agarsiisa. Dabalataan Hisqi’el 36:24-27 ilaalaa.

96 Isiraa’elii fi Yihuudaan dhukkuba hafuuraa qabu. Lamaan isaaniiyyuu Yahiwweedhaan “fayyifamuu” qabu. Asittis irra deebiidhaan, Yihuudaan Isiraa’el irraa adda akka hin taane dubbisaa jirra. Hose’aan saba lamaanittuu dubbachaa jira.

97 Yaahiwween saba isaa adabee “akka deemu” dubbata. Kun taatee sodaachisaa ta’uuf deemudha! Waaqayyo saba isaa irraa of fageessaa jira. Isiraa’el harka warra Asooritti kufte, boodarra Yihuudaanis warra Baabiloonitti kufte. Waaqayyo saba lama (Asoorii fi Baabiloon) fayyadamuun saba isaa “tarsaase”.

**15**

Hamma isaan yakka isaanii of irratti beekanii fuula
koo barbaaddatanitti, ani nan adeema, iddoo
koottis nan deebi'a; yoos isaan rakkina isaanii
keessatti dammaqanii ana in barbaaddatu"
jedhe.[98]

[98] Kun Hose'aa 3 booddee wanta abdii ta'ee mul'atedha. Yaahiwween, "**Hamma** isaan yakka isaanii of irratti beekanii fuula koo barbaaddatanitti, ani nan adeema, iddoo koottis nan deebi'a" jechuudhaan , **qalbii jijjiirrannaa** saba isaa irratti hundaa'uun, deebi'ee isaan waliin hariiroo uumuu akka danda'u dubbate. Abdiin ayyaanaan guutuu Yaahiwween gara saba isaatti deebi'uuf abdachiise kun Hose'aaf waan ajaa'ibaa hin taane. Qalbii jijjiirrannaan Isiraa'elii fi gara saba isaatti Deebi'uun Yaahiwwee Keessa deebii 4:25-31 fi 30:1-10 keessattis abdachiifamee ture. Raajonni biroonis qalbii jijjiirrannaa saba isaa irratti hundaa'uun Yaahiwween gara isaaniitti akka deebi'u dubbataniiru (akka fakkeenyaatti, Isaayaas 1:16-31 ilaalaa). Tajaajilli Yohaannis cuuphaa ifa kana keessaan ilaalamuu qaba. Bara Yohaannis cuuphaa keessa, qalbii jijjiirrannaan Isiraa'el akka namoonni gooftaa waliin hariiroo haarome qabaataniif isaan qopheesse.

# HOSE’AA 6:1-3

Lakkoofsonni warri jalqabaa sadan Hose’aa 6 ulfina **Wangeelaa** isa ta’e dhiyeessa! Hose’aan warroonni dubbii raajichaa dhaga’an akka amananii fi gara Yaahiwweetti deebi’an waamicha taasisa. Ammas, Hose’aan nama amantiiti. Inni mataan isaa dubbii isa lallabu sana dhaggeeffachaa isa dhaga’eef immoo amantiidhaan deebii kennaa ture. Yihuudaa fi Isiraa’elis akkumaatti akka deebii kennan barbaade. Isiraa’elii fi Yihuudaan yaada garaa isaanii yoo geeddaratan, Waaqayyo akka isaan oolchuu fi yeroo gabaabaa keessattis lafa kufanii akka isaan kaasu ni beeka ture. **Yeroo** Hose’aan Waaqayyo saba isaa in kaasa jedhu yaadatti qabachuun barbaachisaadha: “guyyaa sadaffaatti”. Kun ifatti taatee wangeelaa kan mul’isudha. Yesuus guyyaa sadaffaatti du’aa ka’e, akkasumas immoo warri isatti amanan hundinuu isa waliin ka’aniiru. Kiristoos saba Waaqayyoo hundumaa bakka bu’eetu du’a dhamdhame, ganaaf sabni Waaqayyoo hundinuu isa waliin du’aa kaafamaniiru. Kanaafuu, guyyaa sadaffaa kan jedhu waa’ee du’aa ka’uu Kiristoos bira kan darbedha. Inni guyyaa du’aa ka’uu warra isa keessa jiran hundumaati (Qolosaayis 3:1-4 ilaalaa).

# HOSE’AA 6:1-3

**6:1**

“Isaan, yommus

Kottaa gara Waaqayyootti in deebinaa![99]

Isatu nu tatarsaase, isatus nu fayyisa[100];

isatu rukutee nu mammadeesse, isatus erbee

irra buusee nuuf hidha.[101]

**2**

Guyyaa lama booddee deebisee nu fayyisa;[102]

sadaffaatti ol nu kaasa,[103]

fuula isaa dura in jiraanna.[104]

**3**

Egaa kottaa Waaqayyoon in barraa, isa beekuudhaafis in dhamaanaa! As ba'uun isaa akka ifa barii lafaa dhaabataa dha; inni akka bokkaa, akka bokkaa arfaasaa isa roobee lafa jiisuutti nuuf in dhufa" in jedhu.

---

99 Isaan kun kana booda dubbii Yahiwwee miti. Dubbii Hose’aati (jecha “koottaa” jedhu yaadatti qabadhaa). Hose’aa 5:15 irratti abdii Yahiwwee dhaga’ee ture waan ta’eef akka sabni sun wanta Yaahiwween lakkoofsicha irratti irraa barbaade hojjetuuf waamicha dhiyeessa. Hose’aan akka sabni sun “cubbuu isaanii beekanii” fi “fuula Yaahiwwee barbaadan”waamicha taasisa. Hose’aan, yoo isaan “gad of deebisuun barbaaddatan” akka Yahiwwee argatan ni beeka.

100 Hosea knows that the reason Yahweh would be “tearing” Israel, and Judah is “**that** he may heal us”. This means that Israel’s punishment and Judah’s punishment was God’s grace. He was punishing them because this was the means by which he would ultimately heal Israel. This healing happens through Jesus Christ. See, again, Ezekiel 36:24-27.

101 Adabbiin Isiraa’el harka Waaqayyootiin ture. Haaluma wal fakkaattun, fayyinni Iisraa’elis harkuma Waaqayyootiin ta’a. Isiraa’el ofiin of fayyisuu hin dandeessu.

102 Walaloo Ibiruu keessatti, lalloofsonni sarara tokko irraa gara isa biraatti ni dabalu. Walaloo kana keessatti, lakkoofsonni sarara jalqabaa irratti “guyyoota lama” irraa gara sarara lammaffaa irratti “guyyaa sadaffaa” tti dabaluun isaa uumamadha.

103 Sabni Waaqayyoo **guyyaa sadaffaatti** ol in ka’u inni jedhu ifaaf ifatte taatee wangeelaatiin fiixaan ba’eera. Kirstoos guyyaa sadaffaatti du’aa ka’e. haa ta’u malee, du’aa ka’uun isaa Yesuus qofa irratti dhiibbaa uume miti. Garuu, warroonni “isa keessa” jiran hundinuu isa waliin guyyaa sadaffaatti du’aa ka’aniiru (Qolaasaayis 3:1 ilaalaa). 1 Qorontos 15:4 Yesuus, “caaffanni qulqullaa’oon akka jedhanitti **guyyaa sadaffaatis** du’aa kaafameera ” jedhee dubbata. Dhugumatti caaffatoota Phaawulos lakkoofsa kana irratti ibsaa jiru keessaa tokko Hose’aa 6:2 dha. Phaawulos kutaa Hose’aa keessatti caafame kana dubbisee battalumatti taatee wangeelaa waliin akka wal qabsiise ifadha.

104 Sababni Kiristoos du’aa ka’eef nuyis akka kaanuuf. Waaqayyo “akka nuyi fuula isaa dura jiraannuuf” kana godhe. Yoo Kiristoos waliin hin ka’iin fuula Yaahiwwee dura jiraachuu hin dandeenyu.

# HOSE’AA 6:4-11a

Lakkoofsonni jalqabaa sadan Hose’aa 6 dubbiiwwan Hose’aati. Dubbii Yahiwwee Hose’aa 5:15 irratti dubbatameef deebii amaantiin guute kan Hose’aan debisedha. Hose’aan akka sabni Waaqayyoo yaada garaa isaa geeddaratu waamicha taasisa. Sababni isaas dubbii Yahiwween 5:15 irratti dubbate irratti hundaa’uun Yaahiwween qalbii jijjiirrannaa isaaniif deebii akka kennuu fi akka isaan fayyisu, isaan haaromsuu fi deebisee akka isaan kaasu Hose’aan ni beeka ture. Wantootni kun hundinuu hojii kiristoos karaa jireenya, du’aa fi du’aa ka’uu isaa hojjete kan agarsiisanidha.

Haa ta’u malee, Hose’aa 6:4 irratti, Hose’aan kana boda dubbachuu hin dandeenye.Ammas irra deebiin Yahiwween dubbachaa jira. Lakkoofsa kana irratti, Jaalalli Isiraa’elii fiYihuudaan isaaf qaban bifa akkamii akka qabu dubbata. Sabni sun cubbuu isaanii arganii yaada garaa isaanii geeddaratanii haala waaqayyotti toluun akka waaqessaniif raajota akka isaanitti erge dubbata. Isaan garuu tole jedhanii kana hin goone.

Ammas, ergaawwan abdii (Hose’aa 6:1-3) fi ergaan komii (Hose’aa 6:4-11a) akkuma raajota keessatti baratametti asittis dhufeera. Lallabdoonni ykn barsiisonni macaaficha keessatti bakka itti yaadonni akkasii wal jijjiiran beekuuf lakkoofsa boqonnaa irratti hirkachuu hin danda’an. Kun kuticha itti siqanii gadi fageenyaa dubbisuu gaafata.

# Hose’aa 6:4-11a

**6:4**

Waaqayyo garuu, "Yaa Efreem, ani maal si godhu?

Yaa Yihudaa, si immoo maal godhu?[105]

Jaalalli kee akka hurrii ganamaa ti, akka fixeensa ganamaan dafee bu'uu tis.[106]

**5**

Kanaafis ani karaa raajotaa sin qiqqirixe, dubbii afaan kootii ba'uunis sin ajjeese; wanti na duratti qajeelaa ta'ee raawwatamu akka ifaa bakkee in ba'a.[107]

---

105 Miirri “Lapheen” Yaahiwwee inni ho’aan asitti miireffatamuu ni danda’a. Akkuma maatii ilma ykn intala isaa sirreessuuf waan hundumaa yaalee dadhabeetti, Yaahiwween dadhabbii jaalalaa saba isaa irratti dabarse ibsachaa jira. Ammas walaloon kun dubbiin Hose’aa Yihuudaa fi Isiraa’eliif akka ta’e ragaadha. Sabni kun lamaanuu cubbuu isaanii irraa deebi’uu qabu. Abbaan isaan jaalatu gara ofii isaatti isaan waama.

106 Wanti waa’ee Isiraa’elii fi Yihuudaa dhugaa ta’e yeroo baay’ee warra Kiristaanota jedhanii of waaman birattis dhugaadha. Jaalalli isaan Waaqayyoof qaban akka hurriiti. Dhugaa fi qabatamaa fakkaata garuu qillensa xiqqoo qillensoftuun immoo bada.

107 Walaloon sarara sadiin kun **raajonni eenyu** kan jedhuu fi **raajonni maal hojjetu** kan jedhu hubachuuf baay’ee gargaaru. Lakkoofsa kanaa fi kanneen biro irratti hundaa’uun, raajonni akka dubbii himtoota Waaqayyoo aaboon kennameefiitti ilaalamuu qabu. Yeroo raajonni dubbatanitti, kan sabatti dubbachaa jiru Waaqayyodha. Yeroo waan hamaa fakkaatu sabatti dubbachaa jiranitti, jechoota hamaa fakkaatan kana kan dubbachaa jiru Waaqayyodha. Yeroo raajonni jechoota jajjabinaa dubbatanitti, Waaqayyotu jechoota jajjabinaa dubbachaa jira. Dubbiiwwan firdii raajota biraa ba’an karaa ittiin Waaqayyo saba isaa irratti ifa isaa ibsudha. Kanaafuu, raajonni meeshaa ayyaana Waaqayyooti. Isaan ifa Waaqayyoo iddoo dukkanaa’aatti ibsu. Dubbii Hose’aan Isiraa’el (fi Yihuudaa) tti dubbate, dubbii Waaqayyo isaanitti dubbatedha. Dubbii Isaayaas Yihuudaatti dubbate, dubbii Waaqayyo Yihuudaatti dubbatedha ... itti fufa. Erga raajonni dubbii Waaqayyoo dubbatu jennee, dubbii dubbatan hundumaa irratti sirriidha jechuudha (Keessa Deebii 18:19-22 ilaalaa). Kana bira darbee, raajonni erga sagalee Waaqayyoo dubbatu ta’ee, isaaniif abboomamuu qabu. Raajotaaf abboomamuu diduun Waaqayyoof abboomamuu diduudha. Dhugaan raajonni dubbii himaa Waaqayyooti jedhu, raajota ajjeesuun Waaqayyoon afaan qabachiisuu akka ta’e nutti agarsiisa. Waaqayyoon “nuyi si hin dhageenyu” jechuudha. Caalaatti cimsinee kaa’uuf, raajota ajjeesuun Waaqayyoon ajjeesuuf yaaluudha.

Raajonni Kakuu Moofaa amma lafarra hin jiran. Haa ta’u malee, sababii Waaqayyo ayyaana isaa nuuf baay’isee caaffata qulqullaa’aa nuuf kenneef, ammallee raajonni nutti dubbachaa jiru. Kanaafuu, ammallee isaaniif abboomamuun nurraa eegama. Dubbiin isaanii, dubbii ergamootaa waliin walitti dabalamee, bu’uura waldaan irratti ijaaramtu uume (Efesoon 2:20 ilaalaa). Hamma raajonni hubatanii fi akka karoora Waaqayyootti, 1 Pheexros 1:10-12 ilaalaa.

6
Ani jaalala nan barbaada malee, aarsaa miti;
aarsaa gubamu caalaa immoo ana Waaqayyoon
beekuu keessan nan barbaada.[108]
7
Isaan garuu akka Addaam kakuu cabsan;[109]
achittis anaaf hin amanamne.
8
Giil'aad mandara warra hamaa hojjetanii isa faana
dha'amee dhiigni keessatti argamee dha.[110]
9
Warri saamtuun riphanii akkuma nama eeggatan,
luboonnis walitti hidhatanii,

---

108 Lakkoofsi kun maaliif Waaqayyo akka raajota erge ibsa. Kan inni isaan ergeef akka sabni sun dhugumaan isa jaalatuu fi isa waaqessuuf ture. Kan inni raajota erga tarii akka isaan hafuuraa fi dhugaan isa waaqessaniif ture. Kan inni raajota erge sab asana amantii duwwaa ta'e jalaa baraaruuf ture. Yesuus luqqisii kana Maatewos 9:13 fi 12"7 irratti caqaseera. Yesuus yeroo kutaa kana caqasutti, warroonni isa dhaggeeffatan akka isaan guutummaa kutaa lakkoofsi kun keessa jiruu yaadan barbaade. Yeroo inni Fariisotaan "gara laafinan barbaada malee aarsaa miti" 'maalitti akka hiikamu dhaqaa baradhaa!'" jedhu, akka isaan Hose'aa xiyyeeffannoon qo'achuu hiika dhugaa bira ga'uu qaban itti himaa ture. Yesuus, namoonni bara isaa keessa turan akka dubbii Hose'aa keessatti dubbatame dubbisanii jireenya isaaniitti hiikkatan barbaada ture. Har'as kun dhugaadha. Yesuus warra har'as Hose'aa dubbisan irraa akka isaan dubbii Hose'aa keessatti dubbatame jireenya isaaniitti hiikkatan barbaada. Sababni isaas Waaqayyo aarsaa qofaatti hin gammadu. Dabalataan, Isaayaas 1:10-17 ilaalaa.

109 Kun bakka tokkicha caaffata qulqullaa'aa keessatti waa'een **Kakuu** Yahiwwee fi Addaam addatti itti ibsamedha. Kun hariiroo Yaahiwwee fi Addaam jidduu turee fi maaliif abboomamuu diduun Addam rakkoo hamaa akkasii akka qaqqabsiise irratti iftoomina dabalataa uuma. Addaam Kakuu cabse! Kun amalli cubbuu Addaam Umama 3 irratti hojjetee hammam ulfaataa akka ta'e akka lallabdoonnii ykn barsiisonni beekaniif ni gargaara. Dubbii Hose'aan Isiraa'eliin Addaam waliin wal bira qabee ilaale, Iisraa'e akka addaam ta'uushiif raga dabalataadha. Lamaan isaanii iyyuu bakka Waaqayyo jiruu bakka Waaqayyo itti waaqeffamuu qabu jiraataniiru. Lamaan isaaniiyyuu bifa Waaqayyoo fudhachuu fi ija godhachuu akkasumas baay'achuutu isaan irraa eegama ture. Lamaan isaaniiyyuu Waaqayyo waliin Kakuu qabu. Isiraa'el akkuma Addaam, akka ilma Waaqayyootti ibsameera (Ba'uu 4:22 fi Luqaas 3:38 ilaalaa). Garuu, Isiraa'el akkuma Addaam dubbii Waaqayyoof ulfina kennuu dadhabe. Ilmaan Waaqayyoo lamaanuu Kakuu cabsan. Haaluma Addaam iddoo dhaabaa keessaa baafameen, Isiraa'elis biyyicha keessaa baafaman, garuu guyyaa tokko ni deebi'u. Yesuus garuu akka Addaamii fi Iisraa'el miti. Inni Kakuu eegeera, ilma Waaqayyoo isa dhugaa ta'uu isaas agarsiiseera. Inni mudaa tokko malee waan abbomameef, sabni waaqayyoo bakka argama Waaqayyoo irraa nan baafama jedhee hin sodaatu.

110 Sababni Hose'aan Gili'aad as fideef fakkeenya bakka itti Isiraa'e Kakuu cabsee waan ta'eefidha. Fakkenya biraas lakkoofsa 9 irratti fayyadameera. Yeroo waa'ee hojii hamaa bakka kanatti ta'ee dubbisnu, bakki kun bakka sabni Waaqayyo isa jiraataa waliin Kakuu gale keessa jiraataa ture ta'uu yaadachuu qabna. Waaqayyo cabuu kakuu argee bakkicha yaadate. Ammas Gili'aad Hose'aa 12:11 irratti caqafameera.

karaa Sheekem dhaqu irratti nama in ajjeesu;[111]
isaan jal'ina akkasii in hojjetan.

**10**

Namoota Israa'el gidduutti wanta dhagna namaa
suukessu argeera; Efreem achitti ejjummaa
isaa in argisiisa; Israa'elis of in xureessa.

**11**

Saba koo warra kana gara gaariitti yommuun
deebisu,
yeroon haamamuu kee immoo dhaaba in
godhata, yaa Yihudaa!.[112]

---

[111] Kun immoo bakka biraa Isiraa’el kakuu itti cabsanidha. Haa ta’u malee, bakkoonni Isiraa’el Kakuu itti cabsan Gili’aadii fi Sheekem qofa miti. Isaan bakka bu’oota bakkoota guutummaa biyyittii keessatti kakuun itti cabeeti. Yahiwween, bakkeewwan kakuun itti cabe, fakkenyota baay’ee kennuu ni danda’a.

[112] Ammas, “dhaggeeffattotni” bara tajaajila Hose’aa ijoon Iisraa’elidha. Garuu inni Yihuudaattis dubbachuun akka isaan deebii kennan irraa eegaa ture. Isaanis akkuma Iisraa’el kakuu cabsaniiru. Hose’aan akka Iisraa’elii fi Yihuudaan amantiidhaan lallaba isaaf deebii deebisan waamicha dhiyeessa. Har’ammoo “dhaggeeffattootni” Hose’aa ijoon waldaa dha. Akkataa 1Pheexros 1:10-12 tti, Hose’aan akka dhaggeeffattoota bara tajaajila isaan booddee jiranitti illee dubbachaa jiru ni beeka. Namoota gara fuula duraatti jiraachuuf jiranitti akka dubbachaa jiru ni beeka. Waldaan kiristaanaa dubbii isaa knaaf deebii kennuu qabdi.

# HOSE’AA 6:11b-7:16

Lakkoofsota kana keessatti, Yahiwweetu dubbachaa jira. Akkamittiin Isiraa’el fayyisuu akka barbaadu ibsa garuummoo Isiraa’el fayyuu hin barbaaddu. Sababii kanaaf, badisi isaanitti dhufaa jira. Lakkoofsa tokko lamatti addaan “cabsuun” baratamaa ta’uu dhiisuu danda’a. Lakkoofsi 11a uumamaan wanta isa dura jiru waliin deema. Lakkoofsi 11b immoo uumamaan wanta isa booddeen dhufu waliin deema. Ammas, qoqqoodaminsi boqonnaa macaafa qulqulluu keessa jiru kan caaffata isa jalqabaa keessa ture miti. Hose’aan isaan kana hin barreessine. Kan fayyadan yoo ta’anis kan kaka’umsa hafuuraan barreeffaman miti. Lallabdoonnii fi barsiisonni isa caafame malee lakkoofsa ykn boqonnaa irratti xiyyeeffachuu hin qaban.

# HOSE’AA 6:11b-7:16

**6:11a**

Saba koo warra kana gara gaariitti yommuun deebisu[113],

---

[113] Hose’aan 6:11 ergaa gaarii waan qabu fakkaatee mul’ata, haa ta’u malee, waan ergaa hamaa of keessaa qabu dha. Kun immoo akka lallabaan lakkoofsa 11 bakka lamatti addaan “cabsuuf” gargaara. Walakkaan lakkoofsichaa inni jalqabaa walaloo sarara lamaa lakkoofsa 10 irra jiru waliin walitti hidhamuu qaba. Lamaan isaanii waliin adeemu. Hose’aa 6:10 komii Isiraa’el irratti ka’u yoo ta’u walakkaan Hose’aa 6:11 inni jalqabaa komii Yihuudaa irratti ka’edha. Sabni lamaanuu waan yakkaniif sababii sagaagalummaa hafuuraa hojjetaniif ni adabamu. Wanti sabni lamaan “haammatan” kan lakkoofsa 11 irra jiru isa sanadha.

Haaluma walakkaan lakkoofsa 11 garri jalqabaa uumama isaatiin Hose’aa 6:10 waliin adeemuun, walakkaan 6:11 inni lammaffaan walakkaa 7:1 isa gara jalqabaa waliin adeema. Yahiwween waa’ee hojii isaa yeroo dubbatuu (“Saba koo warra kana gara gaariitti yommuun deebisu, Yeroo ani Israa'elin fayyisuu barbaadutti”) fi yeroo waa’ee hojii saba isaa dubbatu (“yakki Efreem, jal'inni Samaariyaas in mul'ata”) jedha. Yahiwween badhaadhina saba isaa bakkatti akka deebisu dubbata garuu isaan sababii cubbuu isaaniitiin itti fufinsaan dhamaatii isaa duubatti deebisu.

Yahiwween saba (Yihuudaafis ta’ee Iisraa’eliif) isaa fayyina fiduuf dhama’aa ture, garuu isaan isaaf deebii hin kennan. Raajonni biroonis akka Isiraa’el ayyaana Waaqayyoof deebii kennuu didan dubbataniiru (fakkeenyaaf, Isaayaas 65:2 isa Roomaa 10:21 keessatti caqafame ilaalaa). Hiikkaa macaafa qulqulluun Ingiliffaa NET jedhamu walaloo kutaa kanaa yeroo ibsu “Yeroon ani qabeenya saba koo iddootti deebisuu barbaadutti, Yeroon ani Isiraa’el fayyisuu barbaadutti, yakki Efreem in mul’ata…” jedha. Ammas, Yaahiwween ayyaana isaa dhangalaaseera, sabni sun garuu cubbuu itti caalchisuun deebii deebisan.

**7:1**
Yeroo ani Israa'elin fayyisuu
barbaadutti, yakki Efreem,
jal'inni Samaariyaas in mul'ata,[114]
isaan gowwoomsaadhaan in hojjetu,
hattuun qotee in lixa, aatuun immoo
bakkeetti in saama.
**2**
Ani hojii isaanii isa jal'aa kana hundumaa
akkan yaadadhu isaan garaa isaaniitti iyyuu hin yaadan.[115]
ammas gochi isaanii isaanitti naanna'ee fuula koo dura jira.
**3**
Isaan mooticha jal'ina isaaniitiin, gurguddootas dubbii
isaanii isa gara gaggalaadhaan in gammachiisu.[116]
**4**
Isaan hundumti isaanii ejjitoota, isaan akka eelee
ibidda irratti ho'ifamee, isa tolchituun yeroo
bukoon sukkuumamee jalqabee hamma
bukaa'utti ibidda itti tuqachuu dhiisuu ti.

---

[114] Samaariyaan magaala guddoo Iisraa’el turte.

[115] Sabni Waaqayyoo akka Waaqayyo cubbuu hundumaa ilaalu dagatani. Waaqayyo garuu cubbuu hin dagatu. Inni firdii qajeelaa kenna. Sabni Waaqayyoo qulqullummaa keessa deddeebi’uu qaba. Lallabdootni bara kanaas dhugaan kun sanuma akka ta’e saba yaadachiisuu qabu (akka fakkeenyaatti, Galaatiyaa 6:7 fi 1 Pheexiros 1:15-16 ilaalaa).

[116] Gaggeessitootni IsIraa’el abboomamuu diduu saba sanaatti gammadu. Gooftaan Yesuus immoo faallaa sanaati. Inni Waaqayyoof abboomamuu jaallata (Yohaannis 14:31 ilaalaa), akkasumas yeroo sabni isaa Waaqayyoof abboomaman jaallata. Dhugaan jiru tokko, Yesuus akka sabni abboomamaniif akka Hafuurri Qulqulluun isaaniif kennamu Waaqayyo Abbaa gaafateera. Inni akka nuyi abboomamuu keessa deddeebinuuf “kan biraa kan nu gargaarudha” (Yesuusis kan nu gargaarudha!) (Yohaannis 14:15-17 ilaalaa). Sabni Waaqayyoo gammachuudhaan mootii isaanii (Yesuus) duukaa bu’uu ni bu’u, sababni isaas, inni qajeelummaa waan jaalatuuf akka inni gara wanta hamaatti isaan hin geessinee ni beeku (Ibiroota 1:9 ilaalaa). Abboomamuun dhimma ijoo Yohaannis 14-16 ti. Lakkoofsonni kunniin xiyyeeffannoon qo’atamuu qabu. Dabalataanis Mul’ata 2-3 keessatti xalayaawwan torban waldootiif barreeffaman ilaalaa. Isaan kunis abboomamuutti xiyyeeffannoo kennaniiru.

**5**
Isaan guyyaa ayyaana mootii keenyaatti warra gurguddoota daadhii waynii obaasanii ho'a itti kaasanii in dhukkubsachiisan; mootichis warra ga'iftuu wajjin walii gale.

**6**
Jarri akkuma eelee gubaatti itti in dhi'aatu, haxxummaan garaa isaaniis riphee jira; aariin isaanii halkan guutuu in seeqa, ganamas akka arraba ibiddaa in boba'a.

**7**
Isaan hundumti isaanii akka eelee ibidda irraa in gubu, warra isaan seerratanis in fixu mootonni isaanii hundinuu kukkufaniiru, isaan keessaas tokko illee ana hin waammanne.

**8**
Efreem saba warra kaanii wajjin wal in maka;[117]
Efreem maxinoo utuu gara hin galfamin hafee dha.

**9**
Warri ormaa humna isaa in nyaatu,[118]
inni immoo isa hin beeku; harriin
mataa isaa keessa faca'eera,
inni immoo isa hin beeku.[119]

**10**
Of gurguddisuun saba Israa'el isaanumatti dhugaa in ba'a,
kana keessaa immoo gara Waaqayyo gooftaa isaaniitti
hin deebine, kana hundumaafis isa hin barbaaddanne.

**11**
Efreem akka gugee ishee wallaaltuu mataa hin qabnee ti;
warra Gibxii in waammatu, gara warra Asor immoo in dhaqu.[120]

**12**
Yeroo isaan dhaqanitti ani kiyyoo koo isaan irratti nan diriirsa,
akka simbirroo qilleensa keessa balali'uus gad isaan nan
buusa; akkuma waldaa isaaniitti himametti isaan nan adaba.

**13**
Isaan ana irraa waan baqataniif isaaniif wayyoo!
Ana waan yakkaniifis badiisi isaanitti haa dhufu!

---

[117] Sabni Waaqayyoo yeroo hundumaayyuu akka biyya lafaa irraa adda ba’aniif waamamu (2 Qorontos 6:17 ilaalaa). Qooda kanaa garuu, sabni Isiraa’el akka saba Waaqayyoon hin beekneetti deddeebi’u. Har’as waan kun baay’inaan dhugaa lafa jirudha. Kanaafidha kan Yaaqoob kiristaanummaa biyya lafaatti michoomuu kana akka “gaggaragalummaa” kan ibsu (Yaaqoob 4:4 ilaalaa). Kiristaanonni Yaaqoob ergaa sana barreesseef akka Isiraa’elota bara Hose’aa keessa turanii, sagaagalummaa hafuuraa raawwachaa turan.

[118] Jabina hafuuraa dhabuun dhugaa saba Isiraa’el bara Hose’aa keessa turan bira jirudha. Har’as kun Kiristaanota bara kanaa biratti dhugaa ta’uu danda’a. Waaqayyo isa jiraataa waliin caalaa sababii wantoota “keessummaa” ta’an waliin hariiroo baay’ee uumnuuf humni Waaqayyo biraa nuuf kennamu akkasumaan nu jalaa nyaatama. Yeroo qalbii jijjiirrannuu fi “gooftaa eeggachuu” jalqabnu, ciminaa fi guddina hafuuraa keenya iddootti deebifanna (Isaayaas 40:29-31 ilaalaa).

[119] Isiraa’el dadhabina ishee hin beekne. Kiristaanota bara kanaa birattis kun dhugaadha. Hafuuratti cimoo akka ta’uu qabnu ni amanna, garuummoo akka dadhabaa fi dhibaa’aa akkasumas yaadni garaa keenyaa hiramaa ta’e hin beeknu (Akkeekkachiisa ayyaanaan guutuu Yesuus waldaa Laa’odiiqeyaatiif Mul’ata 3:14-22 keessatti erge ilaalaa).

[120] Isiraa’el diinota isaanii jalaa birmaduu ba’uuf itti fufinsaan gara mootota biro ilaalaa turan.

Ani isaan furuufan ture,[121]
isaan garuu soba ana irratti in dubbatu.

**14**
Siree isaanii irratti in wawwaatu malee,
garaa isaaniitiin anatti hin iyyatan,[122]
midhaanii fi daadhii wayniitiif of in
murmuru; ana irraa in garagalu.

**15**
Utuma ani isaan gorsee irree isaanii jabeessuufii,[123]
isaan hamaa ana irratti in koratu.

**16**
Isaan gara Waaqayyo tolfamaa isa waa'ee hin baafneetti
in garagalu;
isaan akka iddaa qajeeltootti xiyya hin darbannee ti;[124]
sababii dheekkamsa arraba isaaniitiif gurguddoonni
isaanii billaadhaan in kufu;
sababii kanaaf warri biyya Gibxii isaanitti in ga'isu.[125]

---

121 Ammas, 6:11b-7:1 ilaalaa. Fedhiin Waaqayyoo saba isaa fayyisuu ture. Isaan immoo Yaahiwwee biraa fayyina barbaadaa hin turre. Isaan Ba’aal biraa gargaarsa barbaadan.

122 Fedhiin Waaqayyoo qalbii jijjiirrannaa dhugaa ture.

123 Yahiwween akka sabni isaa ija gaarii godhachuu danda’anitti cimaa godhee isaan uume. Akka bifa isaa guutummaa biyya lafaa irratti baay’isaniif cimfamanii uumaman. Isaan garuu kana hin hojjenne.

124 Kun fakkeenya humna guddaa qabudha. Iddaan xiyyaa gaarii hin taane kallattii itti furguggisuu qabutti xiyya sana hin furguggisu. Qooda kanaa garuu, gara nama isa furguggisuutti deebi’ee isuma waraana. Waaqayyo akka Isiraa’el “meeshaa” harka isaa keessa jiru kan ittiin dhimma ba’atuutti yaade. Qooda kanaa garuu, isaan Waaqayyo irratti ka’an! Isaan Yaahiwwee irratti hammeenya koratan (Lakkoofsa 15 ilaalaa).

125 Sabni sun gara “Gibxiitti” deebi’uuf jiru. Kana jechuun namoonni Isiraa’el keessa jiran irra caalaan gara Gibxiitti ni deebi’u jechuu miti. Isaan warra Asooriin mo’amaniiru. Kun fakkeenyadha. Sabni sun biyya garbummaa Waaqayyo keessaa isaan baasetti ni deebi’u. haala kanaan, “Gibxi” jechuun biyya lafaa keessaa bakka kamiyyuu ta’uu ni danda’a! Xiyyeeffannoon kutaa kanaa saba Afirikaa keessa jiru osoo hin taanee dhimma garbummaa biyya Gibxii keessatti ta’ee tureeti. Sababii waaqolii tolfamoo waaqessuutiin sabni Waaqayyoo yeroo dhumaaf garbummaa jalatti kufuuf jiru. Kun maaliif Hose’aan 1:10-2:1 waa’ee “ba’uu lammaffaa” akka dubbate ibsa. Ba’uu lammaffaan barbaachisaadha, sababni isaas, sabni sun yeroo dhumaaf cunqursaa jalaa birmaduu ba’uu qaba. Kiristoos immoo isa Ba’uu lammaffaa kana gaggeessudha.

# HOSE’AA 8-10

Boqonnaawwan sadan kana keessatti, dubbistootni kutaa baay’inaan “ergaa gaarii” qabu hin argan. Wantootni akka Hose’aa 1:10-2:1, 2:14-23, 3:1-5, ykn 6:1-3 tokkollee boqonnaawwan kana keessa hin jiran. Kan 10:12 irra jiru irraa kan hafe ergaan jajjabinaa Yaahiwwee irraa kenname tokkollee boqonnaa sadan kana keessa hin jiru. Qooda kanaa, walaloo gara walalootti yeroo ceenu, Yaahiwween akka Isiraa’elii fi Yihuudaan yakkanii fi akka adabaman nutti agarsiisa. Boqonnaawwan kana keessa sagaleen jajjabinaa jiraachuu baatus, akka saba “ayyaana dhabeessaatti” garuu ilaalamuu hin qaban. Isaan milikkita gaarummaa Waaqayyoo ti. Amma oduu gaddisiisaa kana saba sanatti himuun akka isaan yeroo waan hamaa sana dhaga’an qalbii jijjiirratan barbaade. Kanaafuu, lallabdoonni ykn barsiisonni kutaawwan caaffata qulqullaa’aa akkasii kana keessaa akkamiin wangeela lallabuu akka danda’an barachuu qabu.

# HOSE’AA 8-10

**8:1**

Waaqayyo, "Fiinoo afaanitti kaa'adhu![126]
Sababii sabni koo kakuu koo cabsanii [128]
seera kootiinis mormaniif,
wanti akka joobiraa biyya koo irra in bu'a.[127]

**2**

'Nuyi warri Israa'el Waaqayyo keenya in beekna'[129]
jedhanii gargaarsaaf gara kootti in iyyu.

**3**

haa ta'u iyyuu malee, Israa'el isa gaarii tuffatee waan dhiiseef,
diinni isa in ari'ata.

**4**

Isaan mootii moosifataniiru, ani garuu keessa hin jiru.[130]
gurguddoota biyyaas in kaafatan, ani garuu hin beekneef;
lafa irraa balleeffamuufis meetii isaanii fi warqee isaanii irraa
waaqayyolii tolfamoo hojjetatan.

**5**

Yaa warra Samaariyaa,
dibicha isin tolfattanii itti sagaddan tuffadhee nan gate.[131]
dheekkamsi koo warra kana godhan irratti in boba'e;
isaan hamma yoomiitti yakka malee taa'uu dadhabu ree?

**6**

Dibicha Israa'el keessatti hojjetame kana namuma harka tolu tokkotu tolche malee; dibichi sun Waaqayyo miti.

---

[126] Fiinoon yeroo tokko tokko yeroo lolli jiru afuufama ture. Asitti wanti mul’atus isuma fakkaata. Haa ta’u malee, diinni kan biyya Waaqayyootiin ala irraa dhufee biyyicha qabachuuf jedhu miti. Garuu, diinni sun lafuma Waaqayyoo keessa jira!

[127] Joobirri fakkeenya badisa saba Isiraa’el irratti dhufaa jiruti. Joobirri waan du’aa irraa nyaata. Isiraa’el immoo hafuuraan du’aa turte.

[128] Hose’aa 6:7 ilaalaa.

[129] Isiraa’el Waaqayyoon akka jaalatan himatan. “Jaalalli” kunis soba ture.

[130] Kun amala mootota Isiraa’e kan Mootota 1-2 keessatti ibsamee agarsiisa.

[131] Kun jibicha warqee irraa hojjetame kan Samaariyaa keessa jiru agarsiisa (1 Mootota 12:25-13:34 ilaalaa).

dibichi warra Samaariyaa in hurraa'a.[132]

**7**
Isaanoo akka nama qilleensa facaasuu
wanta hundee hin qabne in facaasu;
akka nama bubbee haamuuttis wanta guddaa
sodaachisu in galfatu;
midhaan maasii keessaa mataa hin qabu ijas
hin godhatu;
tarii ija yoo godhate iyyuu ormatu nyaata.

**8**
Warri Israa'el in miliqfaman, amma immoo
saba lafa irraa keessatti akka qodaa namatti
hin tollee in ta'an.[133]

**9**
Harreen diidaa illee kophaatti in jiraata, isaan garuu
warra Asorii wajjin walii galuudhaaf ol ba'an;
namoonni Efreemis kennaadhaan, namoonni
ejjummaaf akka isaan jaallatan godhan.[134]

**10**
Isaan saba lafa irraa keessaa kennaadhaan warra
isaanii wajjin walii galan yoo argatan iyyuu, ani amma
qabaa koo jala isaan nan galcha; egaa isaan yeroo
gabaabaatti ba'aa mootii gurguddoota Asor jalaa in
wiriiqqatu.

**11**
Efreem iddoo aarsaa baay'ise; iddoowwan aarsaa
sun immoo sababii cubbuu isatti ta'an.

**12**
Seera koo hammam baay'isee caaffataan yoon isaaf
kenne iyyuu,

---

[132] Isiraa’elonni jibichoota isaanii isa warqee akka waaqaatti ilaalu. Isaan Waaqayyo miti.

[133] Israa’el kaayyoo uumameef fiixaan hin baafne. Jalqaba irraatti, Yahiwween lubuuta akka isaaf ta’an dubbatee ture (Ba’uu 19:6). Sababii abboomamuu diduu isaaniitiin kan gatii hin qabne ta’an.

[134] Kun akka sabni Isiraa’el garbummaa keessaa ba’uuf ija isaanii saba biroo irra keewwatan kan agarsiisudha. Kun yeroofis ta’u kan milkaa’ee ture ta’us, hiyyummaa hafuuraa warra Isiraa’el agarsiisa. Akka isaan eeguuf Yaahiwweetti hin amanne.

akka kan ormaatti in lakkaa'ama.[135]

**13**
Isaan aarsaa in jaallatu, foon aarsaadhaaf in
dhi'eessu, isa irraas in nyaatu; ani Waaqayyo
garuu isaanitti hin gammadne.[136]
ani amma irra-daddarbaa isaanii nan yaadadha,
cubbuu isaaniifis isaan nan adaba; isaan
immoo gara biyya Gibxiitti in deebi'u.[137]

**14**
Warri Israa'el uumaa isaanii irraanfataniiru,
mana gurguddaa ijaarrataniiru;
warri Yihudaas mandaroota marsaa cimaa
qaban in baay'isan;[138]
ani garuu mandaroota isaanii irratti ibidda nan
erga,
innis mana isaanii warra jajjaboo in fixa" jedhe.[139]

---

[135] Kun akka seeronni laphee namootaa hin jijjiirre agarsiisa (Galaatiyaa 3:10-11 ilaalaa). Seeronni baay’achuun Isiraa’elota warra abboomamuu didan fayyisuu hin danda’u. Wanti Isiraa’el fayyisuu danda’u laphee haaraa isa seeronni irratti caafaman qofadha. Karaa kanaan, seeronni akka keessummaatti hin ilaalaman. Qooda kanaa garuu, sababii laphee irratti caafamaniif, beekamaa ta’u. Wanti Kiristaanonni karaa Kiristoos argatanis isuma kanadha (Galaatiyaa 3:12-14 ilaalaa)! Du’uun, awwaalamuu fi du’aa ka’uun isaa hundeeffamuu kakuu isa haaraa fide (Hisqi’el 36:24-27 fi Ibiroota 8:8-12 ilaalaa). Kakuun inni haaraan kun akka namoonni isaaf abboomamuu gammachuudhaan guute keessa deddeebi’an taasise.

[136] Isiraa’el akka waan Yaahiwwee waaqessaniitti dubbatu. Kanaafidha kan isaan “kennaa aarsaa” Waaqayyoof dhiyeessaa turan. Kanaafuu, Isiraa’el yeroo hundumaa haala jal’aa ta’een Yahiwwee waaqessu. Inni waaqolii isaanii baay’ee keessaa akka tokkootti ilaalama ture. Garuu Yahiwween waaqeffannaa sobaa kana fudhachuu hin danda’u ture. Waaqayyo hin jijjiiramne. Ammas taanaan inni waaqeffannaa sobaa hin fudhatu. Kiristaanonni waaqolii sobaa qaban achi gatanii Waaqayyoon qofa waaqessuu qabu.

[137] Yahiwween saba sana Gibxi keessaa baasee ture. Amma, sababii cubbuutiin, gara “garbummaa” isaaniitti deebi’uuf jedhu. Sababii sabni sun gara “Gibxiittii” deebi’aniif, gara fuula duraatti fayyifamuun/furamuun isaan barbaachisa yoo ta’e, ba’uun kan biraan ni jiraata jechuudha. Fayyinni Kiristoos fide yeroo baay’ee akka “ba’uu lammaffaatti” dubbatamuun isaa hiika guddaa qaba. Innis aba isaa garbummaa jalaa in baasa.

[138] Ammas, dubbiiwwan duraan turan caalaatti warra Iisraa’elitti dubbataman. Haa ta’u malee, guutummaan ergaawwan raajummaa ifatti Isiraa’elii fi Yihuudaa, lamaaniinuu kan ilaallatudha.

[139] Yahiwween wantoota Isiraa’elonni amanatan hundumaa duraa fuudhuuf jedha. Kun hojii baay’ina ayyaana isaati. Akka isaan isa tokkicha amanamaa ta’e ifatti arganii abdiidhaan gara isaatti deebi’aniif carraa isaaniif kenne. Har’as waanuma wal fakkaataatu ta’aa jira. Yahiwween wantoota nuyi itti abdannu nu jalaa kaaseetu akka nuyi yaada garaa keenyaa geeddarannee amanannaa keenya hundumaa isarra godhannu nu taasisa.

**9:1**

Yaa Israa'el, ati ejjuu keetiin Waaqayyo kee irraa waan
garagalteef, midhaan oobdii hundumaa irratti argattus
"Gatii gaalamootummaa kootii ti" jettee fudhachuu
waan jaallatteef hin gammadin, akka saba warra
kaaniittis hin ililchin!

**2**

Oobdii midhaanii keessatti midhaan,
iddoo waynii itti cuunfan keessatti wayniin
namootaaf hin argamu;
daadhiin waynii haaraas isaan in dida.[140]

**3**

Isaan biyya Waaqayyo isaaniif kenne keessatti hin hafan, [141]
Efreem gara biyya Gibxiitti in deebi'a,
biyya Asorittis nyaata xuraa'aa nyaachuuf jira.[142]

**4**

Isaan dhibaayyuu daadhii waynii Waaqayyoof hin
dhibaafatan, qalma gubamus isaaf hin qopheessan.[143]
buddeenni isaanii akka buddeena warra gaddaa isaanitti in ta'a;
buddeenni isaanii mataa isaanii duwwaadhaaf waan ta'eef,
gara mana Waaqayyoo hin dhufu[144];
warri isa nyaatan hundinuus in xureeffamu.

---

140 Sababii waaqolii tolfamoo waaqessuu Iisraa’elotaaf, lafti eebba ishii akka Isiraa’elotaaf hin kennine dubbate. Kun Isiraa’elota hin dinqine. Kun Keessa Deebii 28:15-68 keessatti abdachiifamee ture. Isa durayyuu, yeroo inni obboleessa isaa Abeel ajjeesetti jireenya Qaayen keessatti mul’atee ture (Uumama 4:12 ilaalaa). Eebba isaan jalaa kaasuun kunis baay’ina ayyaanaa Waaqayyo isaanitti agarsiise mul’isa. Sabni sun eebba dhabuu akka akeekkachiisa biraa tokkootti ilaalee cubbuu isaarraa deebi’uu qaba.

141 Akkuma Addaamii fi Hewwaan, Isiraa’elis lafa Waaqayyoo isa gaarii keessatti waan hafan miti.

142 Hose’aa keessatti Gibxii fi Asoor walitti qindaa’aniiru. Lamaan isaaniiyyuu fakkeenya garbummaa saba Waaqayyoo lafa gaarii Waaqayyo isaaniif qopheesse keessaa baasuuti. Ammas, wanti kutaa kana keessa jiru, akka dubbistootni, yoo sabni Waaqayyoo birmaduu ba’uu qabu ta’e ba’uun inni lammataa akka barbaachisu yaadatan taasisa.

143 Ammas, Isiraa’el Yaahiwwee waaqessite—yoo xiqqaate itti fakkeesaanis ta’u. Laphee hir’uudhaan otuma waaqolii biroo waaqessanii Yahiwweef aarsaa dhiyeessan. Yahiwween garuu waaqeffannaa akkasii hin fudhatu.

144 Isiraa’el otuma Ba’aal waaqessanii Yahiwwee waaqessuu itti fufan. Yahiwween waaqa hinaafaadha. Inni waaqeffannaa gartokkee hin barbaadu kan akkasiis hin fudhatu. Ba’uu 34:14 ilaalaa.

5
Guyyaa ayyaana beekameetti, guyyaa
ayyaanaa isa kan Waaqayyootti maal
gochuuf jirtu?

6
Isaanoo yommus badiisa duraa in adeemu;

biyyi Gibxii walitti isaan in guurti,

mandarri Memfiis awwaala isaanii in taati.[145]

mi'a meetii isaanii warra gati-jabeeyyii aramaan irra
garagala, godoo isaanii keessattis qoraattiin in biqila.

7
Guyyoonni adabaa ga'aniiru, guyyoonni itti gatii ofii
argatanis ga'aniiru; warri Israa'el kana beekuuf jiru;
yakki keessan guddaa waan ta'eef, diinummaan
keessanis waan baay'ateef, "Raajichi qalbii dhabeera,
namichi hafuuraan dubbatus maraateera" jettaniittu.

8
Namoonni Efreem balbaluma godoo isaanii duratti
raajicha in gaadu;

kiyyoon warra simbira qabduu karaa isaa hundumaa
dura,

diinummaanis mana Waaqayyo isaa keessa jira.

9
Akkuma isa bara mandara Giibe'aatti ta'e[146],

isaanis amala ofii isaanii mancaasaniiru:

Waaqayyo yakka isaanii in yaadata,

cubbuu isaaniis itti in ilaala.

---

[145] Memfiis mandaraa Gibxi durii keessa turtedha. Gibxi immoo Hose’aa keessatti mataduree ijoo taateetti.

[146] Guyyoonni Giibe’aa cubbuu dhuma macaafa abboota firdii irratti galmaa’e waan agarsiisu fakkaata. Abboota Firdii 19 ilaalaa.

**10**
Waaqayyo "Akka nama lafa duwwaa keessatti ija
waynii argateetti, ani Israa'elin nan argadhe;
abboota keessanis akka ija mukti harbuu jalqaba
godhate, isa dura bilchaateetti nan ilaale;
isaan garuu gara Ba'aal isa Phe'or dhufan[147]
Waaqayyo tolfamaa isa yeellaasisaa kanaaf
addaan of baasan; akkuma isa jaallatan sanaas
ciiggaasisoo ta'an.
**11**
Ulfinni Efreem akka simbirroo duraa balali'ee in sokka, mucaa
godhachuun, waa garaatti hafuun, ulfaa'uunis hin jiru!
**12**
Isaan ijoollee yoo guddifatan iyyuu,
tokko illee utuu hin hafin isaan nan dhabsiisa;
yeroo ani isaan irraa gargar ba'utti isaaniif wayyoo!
**13**
Akkuman arge Efreem akka muka meexxii iddoo lalisaa keessa
dhaabatuu ture;
amma garuu ilmaan isaa warra qalutti geessuun irra jira" jedhe.
**14**
Yaa Waaqayyo, ati isaaniif kenni!
Garuu maal kennitaaf laata?
Gadameessa ulfi irraa ba'u,
harma gogaas isaaniif kenni.
**15**
Waaqayyo, "Jal'inni isaanii hundinuu Giilgalitti argame,
ani achitti isaan jibbuutti nan ka'e.[148]
ani sababii hojii isaanii isa jal'aadhaaf mana koo keessaa
oofee isaan nan baasa;
ani deebi'ee isaan hin jaalladhu[149], gurguddoonni isaanii
hundinuu mormituu dha.

---

[147] Keessa Deebii 3:9 fi 4:3 ilaalaa.

[148] Giilgal bakka Isiraa’elonni erga laga Yordaanos ce’aniif booda yeroo jalqabaaf buufatanidha.

[149] Kun Isiraa’elota bara Hose’aa kan agarsiisudha. Waaqayyo kana booddee dhaloota sanaaf cubbuu isaanii hin dhiisu jechaa jira. Isaan balleeffamuuf jiru.

**16**
Ijoolleen Efreem rukutamaniiru,
isaan akka muka hiddi isaa gogee ta'aniiru;
isaan sanyii hin godhatan.[150]
utuu isaan ijoollee godhatanii iyyuu,
ani ijoollee isaanii warra jaalallee garaa isaanii
isaan duraa nan ajjeesa" jedhe.

**17**
Sababii isaan gara Waaqayyo koo
dhaggeeffachuu didaniif, inni isaan in gata;
isaanis saba warra kaan keessa in jooru.[151]

**10:1**
Warri Israa'elis akka muka waynii of jaallatee [152]
ija baay'ee naqatuu ti.[153]

---

150 Isiraa’el sababii Waaqayyoon waaqessuu fi isa duukaa bu’uu didaniif ija godhachuu hin danda’an. Yesuus, Iisraa’el inni dhugaan, wanta Isiraa’elonni bara Hose’aa keessa turan hojjechuu hin dandeenye hojjete. Kanaaf inni mudaa tokko malee ija godhateera. Sababii inni mudaa malee ija godhateef, warri isa keessa jiraatanis ija ni godhatu (Yohaannis 15 ilaalaa).

151 Uumama 4:14 ilaalaa. Akkuma Qaayen, sabni Isiraa’el naannoo mana isaanii irraa oofamanii ni fageeffamu. Bittinnaa’uun isaanii Keessa Deebii keessatti raajamee ture (Keessa Deebii 4:27 fi 29:28 ilaalaa). Haa ta’u malee, Keessa Deebiin abdii akka inni saba isaa guyyaa tokko walitti qabus abdachiisee ture of keessaa qaba (Keessa Deebii 4:28-31 fi 30:1-10 ilaalaa). Kiristaanonni qaama saba Waaqayyoo saba garaa garaa keessaa walitti qabamaniiti (1 Pheexros 1:1 ilaalaa). Yesuus “maticha” isa saba Waaqayyoo ba’uu isa lammataa keessatti gaggeessudha (Hose’aa 1:10-2:1 ilaalaa).

152 Isiraa’el Kakuu Moofaa keessatti yeroo baay’ee muka wayiniitti fakkeeffamti. Walbira qabinsi kun yeroo hundumaa ergaa hamaa of keessaa qaba, sababni isaas Isiraa’el ija gaarii godhattee hin beektu (Faarfannaa 80:8-16, Isaayaas 5:1-7, Ermiyaas 2:21, 5:10, 12:10, Hisqi’el 15:1-8 fi 17:1-24 ilaalaa). Yohaannis 15 irratti immoo Yesuus muka wayinii ofii isaa waliif of bira qabee ilaaluu isaa yaadatti qabachuun baay’ee barbaachisaadha. Inni **muka wayinii isa dhugaadha**. Akka muka wayinii isa dhugaatti, wanta Isiraa’el tasuma hin goone godheera. Ija gaarii godhateera. Kun immoo Yesuus Iisraa’el haaraa ta’uu isaa nutti agarsiisa. Inni ilma Waaqayyoo isa mudaa tokko malee yaada Waaqayyoo fiixaan baasedha. Warri isa keessa jiraatan hundinuus ija gaarii godhatu. Yesuus irraa kan hafe mukti wayinii kan biraan hin jiru. Akka wayinii isa dhugaatti, kaayyoo “ija gaarii godhachuu” Yaahiwween saba Isiraa’eliif qabu sana fiixaan baase. Akka dubbistoota kakuu haaraa walaloo kana Hose’aa keessaa dubbisaniitti, waa’ee Isiraa’el isa dhugaa— Yesuus—ulfina Waaqayyo Abbaatiif ija gaarii godhachuu yaaduu qabna. Karaan ittiin namni kamiyyuu ija gaarii godhachuu danda’u tokkof tokko yoo namni sun wayinii isa dhugaa sanatti—Yesuus, maxxanedha.

153 Dubbistootni fakkeenya muka wayinii bareedaa ija baay’ee godhateen simatamaniiru. Mukti wayinichaa Isiraa’elidha. Lafti Iisraa’el akkuma muka wayinii “ija wayinii” baay’ee of irraa qaba. Haa ta’u malee, Iji wayinii Isiraa’el keessatti guddatu iddoo aarsaa warra Ba’aal ta’a. Waaqa tolfamaa waaqessuun, “ija” Isiraa’elotaa akka ta’e baranna. Kun wanta lafichi oomishuu fi wantoota inni ittiin beekamedha.

hammuma iji hojii isaanii baay'ate iddoo
aarsaas in baay'isan;
akkuma biyya isaaniitti fooyya'e,
utuboota dhagaa warra qulqullaa'ootti
ilaalaman in fofooyyeessan[154]
**2**
Garaan isaanii walaallammii dha, amma isa
yakkaniif adaba fudhachuun isaaniif in ta'a;
Waaqayyo iddoo aarsaa isaanii in caccabsa,
utuboota dhagaa isaan dhaabbatanis in balleessa.[155]
**3**
Amma isaan, "Nuyi sababii Waaqayyoon hin
sodaanneef mootii dhabne;
silaas immoo mootichi maal nuuf gochuu danda'a
ree?" in jedhu.
**4**
Isaan afaanumaaf dubbatu, sobanii in kakatu,
kakaadhaanis walii galu;
firdiin isaan kennanis akkuma aramaa hadhaa of keessaa
qabu isa bo'oo qotiisaa irratti biqiluu ti.
**5**
Warri mandara Samaariyaa jiraatan
dibicha Bet-Aweeniif in sodaatu.[156]
namoonni ishees isaaf in boo'u;
ulfinni Waaqayyo tolfamaa sanaa waan
duraa fudhatameef,
luboonni isaa isaaf in wawwaatu.

---

[154] Amma fakkeenya muka wayinii keessaa baanee xiyyeeffannoon keenya biyyicha/laficha ta’eera. Akkuma sababii kennaa Yahiwweettin lafichi fooyya’een, sabni laficha irra jiran utuboota isaanii fooyyessuuf cimanii yeroo hojjetan argina. “Iddoon aarsaa” fi “utubaawwan” waaqolii sobaati. Luqqisiin kun waaqolii tolfamoo waaqessuun Isiraa’el keessatti guddachaa jiraachuu isaanii agarsuusa. Isiraa’elonni “bakkeewwan ol ka’aa hundattii fi muka magariisaa” hundumaa jalatti “waaqolii tolfamoo” waaqessu turan (Ermiyaas 3:6 ilaalaa).

[155] “Iji” Isiraa’el—Iddoon aarsaa fi utubaawwan isaa—Yaahiwweedhaan balleeffamuuf jira. “Meeshaan” inni ittiin iddoowwan aarsaa sana balleessuuf fayyadamu immoo warra Asooridha. Inni meeshaalee waaqolii tolfamoo Isiraa’el keessa jiranii ni balleessa. Walaloon kun jechuu baatus, kutaawwan Hose’aa keessa jiran biroon akka agarsiisanitti, Yahiwween meeshaalee waaqolii tolfamoo qofa balleessa osoo hin taanee, jaala isaaniis ni balleessa.

[156] Kun maqaa masoo Hose’aan Bet’eliif kennedha. Bet’el jechuun “mana Waaqayyoo” jechuudha. Bet-Aween jechuun immoo “mana jal’inaa” jechuudha. Sababa jibicha warqee irraa hojjetamee achi dhaabameef, Bet’el, manni Waaqayyoo, Bet-Aween ta’e.

6
Dibichichi mooticha guddaa sanaaf galchii
ta'ee biyya Asoritti in geeffama.[157]
yeelloon Efreem irra in ga'a, Israa'elis
mareen inni dur mari'ate waan kufeef in
yeella'a.
7
Samaariyaan in balleeffama, mootiin ishees
akka felleencoo bishaan gubbaa bu'ee in ta'a.
8
Iddoowwan ol jedhoon warri Bet-Aween irratti sagadan,[158]
Israa'elitti cubbuu waan ta'aniif in diigamu;
iddoo aarsaa isaanii irrattis arangamaa fi
baalaanwaraanteen in biqilu;
yommus namoonni tullootaan, "Nu awwaalaa!"
gaarotaanis, "Nu irratti jigaa!"[159] in jedhu.
9
Waaqayyo, "Yaa namoota Israa'el, erga bara mandara
Giibe'aatti cubbuu hojjettanii[160]amma iyyuu
cubbuutti qabamtanii jirtu;
egaa lolli warra jal'aa hojjetanitti dhufu, isinis
immoo Giibe'aatti hin argatuu ree?
10
Ani fedha kootiin isin nan adaba; isa gar lamaan
yakkitaniif yeroo adabamtanitti sabni lafa irraa
isin irratti akka sassaabaman nan godha.

---

157 Jibichi warqee namoonni amanachaa turan irraa gala ta’ee fudhatamuuf jira! Jibichi warqee saba Isiraa’eliin garbummaa irraa oolchuu hin danda’u. “waaqni” kun ofuma isaallee oolchuu hin danda’u! Innis akkuma isaanii gala ta’ee fudhatamuuf jedha!

158 Ammas, kun qoosaa Bet’el irratti qoosame agarsiisa.

159 Isiraa’elonni sababa warra Asooriin booji’amaniif ni boo’an, ergamaan Yohaannis kana fudhachuun sababii Waaqayyoon waaqessuu didanii irraa gargalaniif sabni hundinuu guyyaa tokko haala kana fakkaatuun ni boo’u jedha (Mul’ata 6:16 ilaalaa). Kanaafuu, namni hundinuu seenaa Isiraa’el bara Hose’aa irraa barachuu qaba, sabni isaas seenaan sun firdii isaanitti dhufu jalaa ooluuf akeekkachiisadha.

160 Cubbuu cigaasisaa Abbota Firdii 19:22-30 keessatti ta’e ilaalaa. Yahiwween kan jechaa jiru, guyyaa cubbuun sun itti raawwatamee hanga bara raajummaa Hose’aatti, Isiraa’el cubbuu hojjechuu addaan hin kunne.

**11**
Efreem akka dibicha leejjifamuu danda'uutti,
midhaan siribsiisuu in jaallata;
ani immoo gara saggoo isaa isa miidhagaatti
darbee, Efreemin nan camada;
Yihudaan akka qotiyyootti haa qotu, Yaaqoobis
akka qotiyyootti bo'oo haa baasu.

**12**
Qajeelummaadhaan facaafadhaa, ija gaarummaan
kennus galfadhaa! Maasii haaraa baafadhaa!
Yeroon kun yeroo isin gara Waaqayyootti gortanii,
hamma inni dhufee qajeelummaa isiniif
dhangalaasutti eeggattanii dha.[161]

**13**
Isin garuu yeroo qottan jal'ina dhaabdanii, wanta
jal'aa in galfattan; ija sobaas in nyaattan.
Ati konkolaataa kee isa duulaaf qopheeffatte
baay'ina jagnoota keetiis amanatteetta,[162]

**14**
Kanaafis lolli saba kee irratti in ka'a; akkuma
yommuu Shalmaan mootichi guyyaa lolaa
sanatti mandara Bet-Arbel balleessee;[163]
haati ijoollee ishee irratti caccabsamte akkasuma
marsaan kee hundinuu in balleeffama.

**15**
Guddinni jal'ina keessanii inni Bet'elitti hojjetamu
wanta akkasii isin irratti in fida,
mootiin Israa'elis ganama bariidhaan in barbadeeffama.

---

161 Kun ergaa bara Hose’aa keessa saba Isiraa’eliif darbedha. Akkasumas immoo ergaa saba Yihuudaa dubbii Hose’aan Israa’elitii dubbatu “dhaggeeffatanii” ti. Akkasumas ergaa namoota bara kanaati. Waaqayyo sassaabbii makara qajeelummaa barbaada. “Biyyee jabaa” laphee keenya keessa jiru isa ija godhachuu nu dhorke cabsuuf fedhii qabaachuu nu gaafata.

162 Isiraa’el Yahiwwee amanachuu qabdi. Qooda kanaa garuu humna ofii ishee amanatte.

163 Beektotni waa’ee lola bakka kanatti ta’ee odeeffannoo guutuu hin qaban. Kun dhimma guddaa ta’uu hin qabu. Haala kamiinuu wantichi gara jabummaa ture. Yaahiwweenis, sababii cubbuu Bet’el keessatti hojjetameen wanti wal fakkaataan Isiraa’el keessatti ni ta’a jechaa jira.

# HOSE’AA 11:1-11

Boqonnaan kun immoo labsii karaa Yahiwwee dhimma “ilma” Yaahiwwee ilaalchisee dubbatameen jalqaba. Labsiin kunis baay’ee murteessaadha, sababii kanaaf ergamaa Maatewosiin wangeela Maatewos 2:15 irratti caqafamee ture. is chapter begins with an important declaration by YahwehLallabdoonni ykn barsiisonni wanta Hose’aa 11:1 of eeggannoon ilaaluu qabu. Sababni isaas, Luqqisiin kun akkamitti ergamoonni barsiisa raajotaa akka hiikkatan nutti agarsiisa. Boqonnaan kun Hose’aa keessatti “kutaa ergaa gaarii” of keessaa qabu tokkoon xumurama. Kutaan kun walaloowwan Hose’aa keessatti baay’ee mimmidhagoo ta’an muraasa qabatee jira.

Ergaan Hose’aa 11:12 irra jiru, ergaa Hose’aa 11 keessa jiru caalaa uumama isaatiin kan ergaa Hose’aa 12 fakkaata. Sababii kanaaf, Hose’aa 11:12 qajeelcha lallabaa kana keessatti kutaa itti aanutti kan makame.

# HOSE’AA 11:1-11

**11:1**
Israa'el ijoollee yeroo turetti ani isa nan jaalladhe,
biyya Gibxii keessaas ilma koo nan waame.[164]
**2**
Hammuma ani isaan waame,[165] immoo isaan
caalchisanii ana irraa in fagaatan;
isaan Ba'aaliif aarsaa dhi'eessuu, bifa
fakkeenyaafis ixaana aarsuu ittuma in fufan.
**3**
Ani illee sanyii Efreem daaddisuu nan barsiise,
kaasuuttis ol isaan nan fuudhe,
isaan garuu kan isaan fayyisu ana akka
ta'e hin beekne.
**4**
Ani lookoo gara-laafinaatiin hidhaa
jaalalaatiin isaan nan harkise,[166]
akka isa waanjoo boquu isaanii irraa itti laafisees
isaaniif nan ta'e,
gara isaaniittis gad jedhee isaan nan nyaachise.

---

164 Yaahiwween yeroo Iisraa’el Gibxii keessa turanitti Isiraa’eliin “ilma” isaa akka ta’etti waama (Ba’uu 4:22 ilaalaa). Akka “ilma” Waaqayyootti, Isiraa’el bifa Waaqayyoo guutummaa biyya lafaatti agarsiisuu qaba ture (Uumama 1:26-28 ilaalaa). Haaluma Addaam, “ilmi Waaqayyoo” inni jalqabaa (Luqaas 3:38 ilaalaa) hojii isatti kenname fiixaan baasuu dadhabeen, Isiraa’elis hojii itti kenname fiixaan baasuu hin dandeenye. Maatewos 2:15 akka ibsutti, dhalachuun Yesuus fiixaan ba’umsa lakkoofsa kanaa akka ta’edha: “Kun waan Waaqayyo Gooftaan afaan raajichaatiin, Ani biyya Gibxii ilmakoo waame jedhee dubbate haa raawwatamuuf ta’e” (Maatewos 2:15 ilaalaa). Luqqisiin Hose’aa keessa jiru kun jalqabatti warra Isiraa’eliif akka caafame Maatewosiis ni beeka ture. Maatewos hiika Hose’aa isa jalqabaa hubateera. Garuu Matewoos waa’ee lakkoofsa tokkittii kanaa qofa yaadaa hin jiru. Sabni Waaqayyoo biyya Gibxii keessaa baafamuu ilaalchisee waan caafame hundumaa yaadaa jira. Hose’aa 1:10-2:1 keessaa, yaadni gara Gibxitti gadi bu’uu fi biyya Gibxii keessaa ba’uu labsameera. Haa ta’u malee, Matewoos bakka kanatti wanta Isiraa’el fiixaan baasuu hin dandeenye Yesuus fiixaan baasuu danda’eera ergaa jedhu dubbistoota isaaf dabarsuu barbaade. Inni “ilma Waaqayyoo” isa dhugaa biyya Gibxii keessaa waamamedha. Akka “ilma Waaqayyoo” isa dhugaatti, Yesuus wanta Addaamii fi Isiraa’el fiixaan baasuu dadhaban fiixaan baaseera fiixaan baasaas jira (Waa’ee Yesuus ilaalchisee raajii Baalaam dubbate Seera Lakkoobsaa 24:8 irra ilaalaa). Maatewoos dubbii Hose’aa 11:1 akka hin taanetti akka hin hubanne kun raga dabalataadha.

165 Hariiroon Yaahiwwee fi Isiraa’el yeroo inni Gibxi keessaa isaan baase kan jalqabe miti. Inni guyoota sanaan dursee isaan waamee ture!

166 Isiraa’el Gibxi keessatti garba turan. Yaahiwween garuu tasumaa akka garbichaatti isaan ilaalee hin beeku. Qooda kanaa, “funyoon” inni ittiin harkisee gaggeesse “gaarummaa” ture.

**5**

Isaan gara kootti deebi'uu waan didaniif[168], gara
biyya Gibxiitti deebi'uuf jiru,[167]
warri Asoris isaan irratti in mo'u.

**6**

Billaan mandaroota isaanii keessatti gad isaan in cira,
danqaraa karra dallaa isaaniis in kukkuta,
namoota isaanii warra koratanis in fixa.

**7**

Sabni koo ana irraa garagaluutti liqimfamanii
jiru, yoo ol isaan waamanis,
isaan takkaa iyyuu ol hin ka'an.[169]

**8**

Yaa Efreem, attamittan kan biraatti si kennuu danda'a ree?
Yaa Israa'el, ani attamitti garaa kutadhee si dhiisu ree?
Ani attamittan akka mandara Aadimaa dabarsee si
kennuu danda'a ree?
Yookiis attamittan akka mandara
Zebo'iim si gochuu danda'a ree?[170]
Kana gochuuf garaan koo hin dandeenye,
oo'i koos ittuma caale.[171]

---

[167] Ammas irra deebi’uun Hose’aa 11:1 ilaalaa. Hose’aan Gibxii fi Asooriin fayyadamuu isaa ittuma fufe.

[168] Yaadni isaa Isiraa’el garbummaatti deebitee ni kufti kan jedhudha. Achumaan immoo Waaqayyo ba’uu keessatti haaluma Isiraa’eliin biyya Gibxii keessaa baase, “ba’uun inni lammaffaan” ni jiraata. Yesuus “Musee isa haaraa” “ba’uu isa lammaffaa” kana keessatti saba isaa garbummaa keessaa baasee gaggeessudha.

[169] Kun waa’ee qalbii jijjiirrannaa sobaa kan ibsudha. Isiraa’elonni yeroo hundumaa Yahiwweef aarsaa dhiyeessu garuu dubbiin amanamummaa isaanii soba ture.

[170] Aadimaa fi Zebo'iim mandaroota yeroo Soodoomii fi Gomoraan balleeffaman badanidha (Uumama 10:19 fi Keessa deebii 29:23 ilaalaa).

[171] Kunjijjiirama ergaa ajaa’ibsiisaadha. Lakkoofsa 8-11 keessatti, Yaahiwween saba isaa akka fayyisu abdachiise. Raajonni yeroo baay’ee dubbiiwwan gaddaa fi jajjabinaa wal jala jijijjiiru.

**9**
Ani dheekkamsa koo isa boba'aa gad hin
dhiisu, deebi'ee Efreemin hin balleessu;
ani Waaqayyoo dha malee, nama miti;
ani isa qulqulluu si gidduu jiruu dha, ani ija
aariitiin hin dhufu.
**10**
Isaan ana Waaqayyo duukaa in bu'u,
ani sagalee koo isa akka leencaa aadu nan
dhageessisa, eyyee, ani sagalee koo nan
dhageessisa!
Ilmaan koos hollataa gara lixa-biiftuutii in dhufu;[172]
**11**
Wareeranii akka simbirrootaatti biyya Gibxiitii,
akka gugeettis biyya Asorii in dhufu,
ani immoo mana isaaniitti isaan nan deebisa;
kana ana Waaqayyotu dubbate.[173]

---

[172] Hose’aa 5 keessatti, Yahiwween ofii isaa akka Leencaatti of ibsa. Achitti, saba isaa akka leencaatti akka tatarsaasu dubbata. Asitti immoo akka leencaa aaduun saba isaa garbummaa jalaa akka baasuu fi biyya dhuunfaa isaaniitti akka deebisu abdachiisa. Fakkeenyota akkasii irra deebiin fayyadamanii ergaawwan macaaficha keessa jiran wal qunnamsiisuun akka dubbistootni ergaa sanaaf xiyyeeffannoo caalu kennan taasisa.

[173] Kunis dabalataan, Waaqayyo saba isaa biyya Gibxii keessaa deebisee akka baasu agarsiisa. Ba’uu inni lammataan Hose’aa keessatti dhimma ijoodha.

# HOSE’AA 11:12-13:16

Ammas, Ergaan Hose’aa 11:12 irra jiru, ergaa Hose’aa 11 keessa jiru caalaa uumama isaatiin kan ergaa Hose’aa 12 fakkaata. Walaloo bareedaa dhimma iddootti deebi’uu 11:8-11 booda, macaafni Hose’aa ammas irra deebiin ergaa isaa gara badisa isa dhufuuf jedhuutti jijjiira. Ammas, ergaa abdii irraa gara ergaa badisaatti jijjiiramuun raajota hundumaa keessatti baratamaadha. 11:12-13:16 keessatti, Yaahiwween sabicha waa’ee seenaa isaanii yaadachiisa. Inni amanamaa ta’uu isaa fi Isiraa’el immoo amanamummaa ishee kan hin eegne ta’uu isaaniif mirkaneessa. Isaan booddee boqonnichi raajummaa hamaa ta’een xumurama: “Samaariyaan Waaqayyo ishee irratti waan kaateef, yakka isheef adaba fudhachuun in ta'aaf; namoonni ishee billaadhaan in kukkufu, mucooliin isaanii humnaan daddarbatamanii in cabu; dubartoonni isaanii warri ulfis garaan isaanii in tatarsaafama” jedha. Jechoonni naasisoon akkasii kunniin akka namoonni lubbuu isaaniif sodaatanii fi gara Yaahiwweetti deebi’an taasisu. Bara kanas dhiibbaa wal fakkaataa namoota irratti fiduu qabu.

# HOSE’AA 11:12-13:16

**11:12**
Efreem sobaan, manni Israa'elis
gowwoomsaadhaan na marsaniiru,[174]
Yihudaan immoo ana Waaqayyo irratti ka'ee asii fi
achi in naanna'a,
warra ofii qulqulluutti lakkaa'ateef immoo
amanamaa dha.[175]
**12:1**
Efreem qilleensaa wajjin in oola, guyyaa guutuus
qilleensa gara ba'a-biiftuu duukaa in fiiga;
soba, humnaan nama irratti ka'uus in baay'isa;
biyya Asorii wajjin walii galee,[176]
biyya Gibxiittis dhadhaa ejersaa in geessa" jedhe.
**2**
Waaqayyo gooftaan, warra Yihudaa wajjin dubbii qaba,
adeemsa isaatiif Yaaqoobitti in ilaala,
akka hojii isaattis isaaf in deebisa.
**3**
Yaaqoob garaa haadha isaatii keessatti iyyuu
booddeetti akka hin hafneef,
koomee obboleessa isaa in qabate,[177]
yeroo nama ga'aa ta'es Waaqayyotti marmee
gad dhiisuu dide.
**4**
Ergamaa Waaqayyoo ofitti qabee gad dhiisuu dide;[178]

---

[174] Lakkoofsi 12 uumama isaatiin Hose’aa 11 caalaa Hose’aa 12 waliin waan walitti galu fakkaata.

[175] yeroo sanatti, Yihuudaan Waaqayyo waliin deddeebi’aa ture. Akka fakkeenyaatti, bara mootiin Hisqiyaasii fi Yosiyaas mo’anitti, Yihuudaan “akka sabaatti” cubbuu isaaniitti gaabbuun Yaahiwweetti dabarsanii of kennanii ture. Hose’aa 12:2 ilaalaa.

[176] Asoorii fi Gibxiin guutummaa macaafa Hose’aa keessatti waliin qindaa’aniiru. Dhuma irratti, Asoor Isiraa’eliin mo’atte. Bara Hose’aan lallabaa turetti, Isiraa’el warra Asoor waliin kakuutti galuuf yaalaa turte.

[177] Uumama 25:26 ilaalaa. Macaafni ESV akka hiiketti hiika maqaa Yaaqoob ta’uu kan danda’u “Koomee isaa in qabata” kan jedhudha.

[178] Uumama 32:22-32 ilaalaa.

in danda'es; ergasii immoo boo'ee akka
inni faara toluuf in kadhate.[179]
Waaqayyo Bet'elitti itti mul'ate,
achittis isatti dubbate—[180]
5
Inni Waaqayyo gooftaa maccaa ti,[181]
Waaqayyo isa yaadatamuun ta'uufii dha:[182]
6
"Ati immoo amma gocha Waaqayyo keetiin in deebita,[183]
egaa jaalalatti, wanta dhugaa ta'ettis qabamii jiraadhu!,
Yeroo hundumaas Waaqayyo kee abdiidhaan eeggadhu!"[184]
7
Ati immoo naggaadee madaalii sobaa harkatti
baatuu dha, nama gowwoomsuus in jaallatta.
8
Kana irratti Efreem, "Ani dhuguma
sooromeera, geessifadheeras;[185]
wanta ani argadhe hundumaa keessatti immoo
yakki cubbuudhaaf natti muramu hin argamu" jedhe."

---

179 Galmeen taatee kanaa Uumama 32 keessatti galmaa'e akka Yaaqoob boo'e hin dubbbatu. Haa ta'u malee, kan Hose'aan kana jedheef ilaalcha Yaaqoob irratti hundaa'eetu. Waaqayyoon barbaadeetu gadi isa dhiisuu dide. Isiraa'el immoo Yaaqoob irraa baay'ee addadha. Isaan hin boo'an gara Waaqayyoos hin dhufan. Isaan gargaarsa Waaqayyoos hin barbaaddanne.

180 Uumama 35:1-15 ilaalaa. Isiraa'el dubbii Yaaqoob yeroo maatiin isaa gara Bet'el dhufan isaan gorse duukaa bu'uu qabdi: "Waaqayyoolii ormaa kan qabdan of jidduudhaa baasaa, of qulleessaa, uffata keessanis geeddaradhaa!" (Uumama 35:2). Yaaqoob maatii isaafi yeroo sanatti hojjettoota isaa kan turanitti dubbata. Haa ta'u malee, Hose'aan "Waaqayyo isaanii **nu** waliin dubbate" jedhe. Kun baay'ee murteessaadha. Akka Hose'aatti, sabni Isiraa'el wanta Seera Uumamaa keessatti galmaa'e dhaga'uu qabu ture, sababni isaas Waaqayyotu isaanitti dubbachaa ture! Har'as kun dhugaa lafa jirudha! Dubbiin Waaqayyo Yaaqoobitti dubbate dubbii inni Kiristaanota har'aafis qabudha, sababni isaas, nuyis Ijoollee Abrahaami (Galaatiyaa 3:7-9, 14, fi 29 ilaalaa).

181 "Waaqayyo Gooftaa Maccaa" kan jedhu maqaa Waaqayyooti. Kana jechuun Waaqayyo Waaqa loltuuwwan waaqarraati jechuudha.

182 Ba'uu 3:13-15 ilaalaa. Akkasumas dubbii Yaahiwwee Ba'uu 6:2-8 keessa jiru ilaalaa.

183 Qalbii jijjiirrannaan sababii Waaqayyo saba isaa gargaariif argame. Isatu ayyaana ittiin abboomamuun isa waliin deddeebinu nuuf kenne.

184 Hose'aan, Isiraa'elota gara Waaqayyootti akka deebi'an waamuuf, seenaa Yaaqoob Bet'el keessatti dabarse fyyadame (Uumama 28 ilaalaa).

185 Mul. 3:14-22 keessa xalayaa waldaa Laa'odeqiyaa ilaalaa. Akkasumas, Mul. 18:7 ilaalaa.

**9**

Kanaaf Waaqayyo, "Ani Waaqayyo gooftaan kee[186]
biyya Gibxiitii kanan si baase;
akkuma bara durii dhaabaan wal argaa turre sanatti,
ammas deebisee godoowwan keessa sin jiraachisa.[187]

**10**

"Ani raajotatti dubbadheera, ani mul'ata baay'ee
akka argan nan godhe; karaa isaaniis
fakkeenyaan nan dubbadhe" jedhe.[188]

**11**

Hamminni mandara Giil'aad keessa jira, namoonni
achitti argamanis kan waa'ee hin baafne in ta'u;
Giilgalitti korommii aarsaadhaaf in dhi'eessu,
iddoowwan aarsaa isaanii immoo akka tuullaa
dhagaa isa bo'oo qotiisaa keessa tuulamee in ta'u.

**12**

Yaaqoob biyya Aaramitti baqate,
Israa'el haadha manaa argachuudhaaf namaaf hojjete,
niitii fuudhuufis hoolota tikse.[189]

**13**

Waaqayyo garuu harka raajiitiin warra Israa'el
biyya Gibxiitii ol baase;
harka raajiitiin akka eegamanis in godhe.[190]

---

[186] Uumama 32:22-32 ilaalaa. Hose’aa irra deddeebiin macaafa Musee (Uumamaa hanga Keessa Deebii) keessaa caqaseera. Kana jechuun waa’ee caaffatoota Musee gadi fageenyaan barachuun isaa ifadha.

[187] Ammas, Yaahiwween saba warra Gibxii yaadachiisaa jira. Akka deebisee lafa sanatti isaan geessuuf jiru itti hima. Kanas kan godhu immoo isaan oolchuudhaa fi akka isaan dhugaan isa Waaqessan gochuudhaafi. .

[188] Keessa Deebii 18 ilaalaa.

[189] Hose’aan waa’ee barootа darbanii Isiraa’el yaadachiisa. Yeroo lafa abdachiifameen ala turetti seenaan Yaaqoob akkam akka ture akka yaadatan barbaada. Kanas kan godheef sabni Waaqayyoo hammam Waaqayyo akka isaaniif dhimmu akka beekan barbaada.

[190] Maqaan Musee asitti akka hin dha’amne yaadatti qabadhaa. Garuu, lakkoofsi kun akka Yahiwween **raajiitti** fayadamee Isiraa’eliin Gibxii baase fi **raajiitti** fayyadamee isaan eege dubbata. Hojii raajotaatti xiyyeeffannoo kenna. Raajonni Isiraa’eliif eebba turan. Ammayyuu Yaahiwween raajota isaaniif kennaa jira. Hose’aanis raajiidha. Kanaaf, Hose’aa dhaga’uu qabu.

**14**

Efreem tuttuqee gooftaa isaa gar-malee waan
aarseef, inni immoo yakki isaa inni du'aan
ga'u isuma irratti akka hafu in godha,
arrabsoo isaas mataa isaatti in deebisa.

**13:1**

Yeroo sanyiin Efreem dubbate, namoonni in
hollatan;
inni Israa'el keessatti ol kaafamee ture,[191]
garuu karaa Ba'aal waaqayyolii tolfamanii
yakka of irratti fidee, in du'e.[192]

**2**

Ammas ittuma daddabalanii cubbuu in hojjetu;
meetii isaanii irraa bifa baqfamaa ofii isaaniif in tolfatu;
waaqayyolii tolfamoo miidhagsanii in hojjetu;
kun hundumtuu hojii warra harka tolanii ti;
"Isaan kanaaf aarsaa dhi'eessaa!" in jedhu;
namoonni bifa jibootaa in dhungatu!”[193]

**3**

Kanaafis isaan akka hurrii ganamaa, akka
fixeensa ganamaan dafee bu'uu ti,[194]
akka habaqii oobdii keessaa qilleensi fudhatuu,
akka aara karaa qaawwaa ba'uus in ta'u.

---

[191] Dhugaa baatiin kun otoo isaan gara cubbuutti hin kufiin Isiraa’eliif “jabina” akka ta’u. Akkuma dubbii nama ogeessaa, yeroo ta’ettis dubbiin Isiraa’el akkasuma cimaa ture. Sababii waqolii tolfamootiif, kun kana booddee dhimma ta’uu hin danda’u.

[192] Ba’aal waaqessuun Efireem (Isiraa’el) “ajjeese”. Biyyicha keessa lubbuun kan Waaqayyoo taate hin turre. Roomaa 6:23 ilaalaa.

[193] Kun shaakala waaqeffannaa Isiraa’elotaa kan agarsiisudha. Ijoollee isaanii ni ajjeesu garuu beeyiladoota waaqeffatu! Waaqeffannaan sobaa yeroo hunda akkasidha. Dhala namaa salphisuu uumama kaan ol kaasa.

[194] Bakka kanatti”Fixeensi” haala ergaa hamaa dabarsuun fayidaarra oole. Sababii waaqolii tolfamoo waaqessaniif Isiraa’elonni akka fixeensi ho’a ganamaan dafee badutti ni badu. Jechi “fixeensa” jedhu Hose’aa 14:5 irratti bifa addaatiin fayidaarra ooleera. Bakka sanatti Yahiwweetu saba isaatti akka “fixeensaa” akka ta’u dubbata. Kun walaloo akka inni itti fufinsaa madda gammachuu isaaniif ta’u ibsudha.

**4**

Waaqayyo, "Ani Waaqayyo gooftaa kee
isa biyya Gibxiitii si baasee dha;[195]
ati ana malee Waaqayyo kan biraa hin beektu,
ana irraa kan hafes fayyisaan kan biraa hin jiru.[196]

**5**

Ani lafa onaa keessatti[197], biyya gubaa
boba'aa sanatti si eegeera;

**6**

Akka biyya quufaatti isaan yeroo nyaatanitti in quufan,
quufaniis yaada isaaniitti ol of qabuun itti dhaga'ame;[198]
kanaafis ana in irraanfatan.[199]

**7**

Ammas ani akka leencaa isaanitti nan ta'a;[200]
akka qeerransa riphee karaa bukkee
ciisuuttis isaan nan eeggadha.

---

[195] Yaahiwween si’a meeqa waa’ee biyya Gibxii Isiraa’elota akka yaadachiise yaadatti qabadhaa. Akka isaan waan darbe yaadatan barbaada. Yeroo biyya Gibxiitti gala ta’an irraa jalqabee, Yahiwween Waaqayyo isaanii isa amanamaadha. Dubbistootni gara “Gibxitti” deebi’uu fi ba’uu isa lammaffaa akka yaadatan taasisa. .

[196] Isaayaas 43:11 ilaalaa. Kun ammallee dhugaadha. Waaqayyo malee fayyisaa biraan hin jiru.

[197] Lakkoofsa 4 irratti, Yahiwween biyya Gibxii keessattis Waaqa isaanii akka ture isaan yaadachiisa. Lakkoofsa kana irratti, akka lafa onaa keessa isaan gaggeesse isaan yaadachiisa. Maaltu akka bade akka isaan yaadataniif, gara bara abboota isaaniitti isaan deebisa.

[198] TTarii dubbiiwwan kun dubbii Museen Keessa Deebii 32:15 irratti dubbatee ture Isiraa’elota yaadachiisuuf ta’a. Akkuma Museen dursee dubbate, Isiraa’elof tuuluun Yaahiwwee dhugaadhaan waaqessuu ni dhiisan.

[199] Nahiimiyaa 9:25-26 ilaalaa.

[200] Yaahiwween macaafa Hose’aa keessatti yeroo sadii akka leencaatti of ibseera. Inni jalqabaa Hose’aa 5:14 irratti. Lakkoofsa sana irratti “akka leencaa” ta’uun “tatarsaasuu fi deemuuf” akka jiru dubbata. Lakkoofsota kana keessatti, Yaahiwween Isiraa’eliin “akka leencaatti” akka nyaachuuf jedhu dubbata. Haa ta’u malee, Yahiwween jecha leenca jedhu Hose’aa 11:10 irratti karaa ergaa gaarii dabarsuun fayyadameera. Walaloowwan yeroo baay’ee jechoota haala garaagaraa keessatti fayyadamu. Kun karaa ittiin ergaa isaanii cimsatanii dabarsanii fi macaafa raajotaa ittiin walitti hidhanidha. Akkasumas immoo akkaataa jechi “fixeensa” jedhu Hose’aa 13:3 irratti haala ergaa hamaa dabarsuun fayidaarra oolee fi Hose’aa 14:5 irratti immoo ergaa gaarii dabarsuuf fayidaarra oole ilaalaa.

8
akka amaaketa dhaltuu ilmaan ishee jalaa
butataniitti ani isaan irrattan lafa dha'a;
qoma isaanii cabsee onnee isaaniis nan
tarsaasa;
achittis saroonni isaan in nyaatu, bineensi
caakkaas isaan in babbaqaqsa,
9
Yaa Israa'el, ana isa si gargaaruun mormuu
keetiin, ati badiisa of irratti fiddeetta.
10
Ati, 'Mootii, gurguddootas nuuf kenni' jettee turte;[201]
mootiin kee mandaroota kee hundumaa keessatti
akka si oolchuuf amma eessa jira ree?
Warri biyya seerratanis eessa jiru ree?
11
Ani aariidhaan mootii siif kenneera,
dheekkamsaanis achii isa fuudheera.
12
Yakki Efreem walitti hidhamee jira;
cubbuun isaas iddoo tokko kaa'ameera.
13
Akka dubartii da'uuf jettuu ciniinsuun isa irra
ga'e; inni immoo ilma ogeessa miti;
yeroo ta'utti gadameessa keessaa as hin mul'anne.[202]

---

[201] Lakoofsa kana irratti Yaahiwweetu Isiraa’elota gaaffii gaafata. Wantoota isaan baroota darban keessa yaalanii itti milkaa’uu hin dandeenye isaanitti agarsiisa.

[202] Isiraa’elota warra abboomamuu didan, daa’ima ogeessa hin taane kan otoo jiini sagal xumuramee jiruu dhalachuu didu waliin wal bira qaba. Jireenyi Waaqayyo saba Isiraa’eliif yaade Isiraa’elota biratti ni tuffatame. Akkuma daa’ima gowwaa sana, jireenya isa Waaqayyo isaaniif yaadetti dhalachuu didan! Kun namoota bara kanaa birattis waan dhugaadha!

**14**
Ani qabaa iddoo lafa jalaa keessaa isaan gad dhiisisuu ree?
Du'a jalaas isaan furuu ree?[203]
Yaa du'aa, dha'ichi kee meerre ree?
Yaa iddoo lafa jalaa, ilkeen kee meerre ree?
Oo'a argisiisuun ija koo duraa fagaateera.[204]

**15**
Efreem obboloota gidduutti ija yoo godhate iyyuu,
qilleensi ba'a-biiftuu, qilleensi Waaqayyo biraa abboomame,
lafa duwwaadhaa ka'ee dhufuuf jira; boolli bishaanii isaa akka gogu,
burqituun isaas akka gu'u in godha;
wanta gati-jabeessa kaa'ame hundumaas fudhatee in sokka.

---

[203] Akka hiikni macaafa qulqulluu Ingiliffaa ESV gulaalliin 2016 ibsutti: “***Ani humna iddoo lafa jalaa keessaa isaan gad nan dhiisisa***; ***Ani du’a jalaas isaan nan fura***.” Akkaataan jecha gulaallii 2016 ibsu kan NIV 2011 fi CSB irraa adda fakkaata. Ergaa hamaa Hose’aa 13 irratti hundaa’uun, xumura Hose’aa 13:14 irratti (“Oo'a argisiisuun ija koo duraa fagaateera”), kan jedhu kan haala ibsa ESV 2011 caalaatti fakkaata (Dabalataan hiikkaawwan NASB, NET, NLT ilaalaa). Gulaalliin ESV 2011 akkuma macaafa qulqlulluu afaan Oromoo, akka waan Yahiwween gaaffii of gaafatuutti dhiyeessa: “***Ani qabaa iddoo lafa jalaa keessaa isaan gad dhiisisuu ree***; ***Ani du'a jalaas isaan furuu ree***”. Garaagarummaa “… Nan dhiisisa” (hiikkaa 2016) fi …dhiisisuuree” (hiikkaa 2011) jidduu jiru yaadatti qabadhaa. Yoo hiikkaa ESV 2011 tu sirriidha ta’e, Yahiwween saba sana birmaduu baasuuf **waadaa** seenaa hin jiru. Isarra, ofuma isaatii **gaaffii** of gaafata jennee fudhanna. Isiraa’eliin du’aa fi qabaa iddoo lafa jalaa keessaa baasuuf dirqama qabaachuu isaa of gaafachuun deebii isaas “lakki” kan jedhu ta’a. Qooda kanaa, “duunii” fi “Sii’ol” Isiraa’el akka balleessaniif waamicha gochaa jira, sababni isaas dubbiin isaa itti aanu “Oo'a argisiisuun ija koo duraa fagaateera” kan jedhudha. Obsi Waaqayyo Isiraa’el waliin qabu dhumeera. Isiraa’el sababii waaqolii tolfamoo isheetiif adabamuuf jirti.

Phaawuloos Kakuu Haaraa **1Qorontos 15: 54-55** keessatti lakkoofsa kana caqasa. Lakkoofsa kana Isaayaas 25:8 waliin walitti dabaluun fayyadama. Kutaawwan Kakuu Moofaa kana lamaan walitti fiduun waa’ee bara isa itti kiristaanonni qaama haaraa uffatanii dubbata: “Wanti hin badne iddoo wanta badu kanaa yemmuu bu’u, wanti hin duunes iddoo wanta du’u kanaa yemmuu bakka bu’u, inni, “duuni badduu ba’ee, mo’ichi argameera”. Ammas immoo, “mo’ichi kee meerree yaa du’aa? Arfiin kees meerree yaa du’aa?” jedhamee caafame fiixaan ba’eera”. Akkaataa ittiin Phaawuloos hose’aa caqase yaadaan qabaa. Haala Hose’aa keessatti fayidaarra ooleen faallaa isaa, Phaawuloos yeroo du’atti ga’isu argina. Phaawuloos “du’a” waamuudhaan, akka qoosaatti aangoon isaa eessa akka deeme du’a gaafata. Duuti, Phaawuloos beeku Kiristaanota irratti mo’icha hin qabu! “Arfiin” du’aa (Hose’aa keessatti akka arfii sii’olitti ibsameera), sababii du’uu fi du’aa ka’uu gooftaa keenya Yesuus Kiristoosiin doomeera. Isaayaas 25:8 fi Hose’aa 13:14 walitti hidhuun Phaawuloos duuti warra Kiristoos keessa jiran irratti mo’icha akka hin qabne agarsiisa. Yaada kana walitti qabuuf, Hose’aa 13:14 irratti, Yahiwween Isiraa’eliin du’a jalaa fayyisuu akka qabu of gaafachuun deebii lakki jedhu ofiif deebisa. 1Qorontos 15 keessatti, Duuti kana booddee Kiristaanota irratti aaboo waan hin qabneef du’atti ga’isa.

[204] Hose’aa 1:6 irratti Yaahiwween, “Ani si'achi mana Israa'eliif cubbuu isaanii hin dhiisu” jedha. Asitti, oo’a isaanitti hin argisiisu jechaa jira. Isiraa’el saba “gatii cubbii isaanii” argachuuf jiranidha (Rom. 6:23). Isiraa’el raajii Hose’aan dubbaateen booda Asooriin mo’amte.

**16**

Samaariyaan Waaqayyo ishee irratti waan
kaateef,
yakka isheef adaba fudhachuun in ta'aaf;
namoonni ishee billaadhaan in kukkufu;
mucooliin isaanii humnaan daddarbatamanii
in cabu,
dubartoonni isaanii warri ulfis garaan isaanii
in tatarsaafama" jedhe.[205]

---

[205] Kun mala ifa ta’e kan ittiin bara duriitti yeroo magaalonnii mootummaa biraatiin injifataman wanta achitti ta’u ibsanidha. Jechoonni sodaachisoo achi keessa jiran akka sabni Isiraa’el qalbii jijjiirratan akka taasisuuf yaadameetu. Sababii namoonni dubbii baratamaa dhaga’uu didannif raajonni jechoota nama naasisan dubbatu.

# HOSE’AA 14

Boqonnaan dhumaa macaafa Hose’aa namoota ergaa macaafichaa dhaggeeffataniif ajajawwan kennuudhaan jalqabee ittiin xumura. 14:1-3 keessatti, sabni sun akkamitti akka deebi’uu qabutu itti himame. Yeroo inni bakkatti isaan deebisutti aarsaawwan akkamii Yaahiwweedhaaf dhiyeessuu akka qaban isaanitti himameera. 14:9 irratti, warroota “ogeessaa” fi “waa hubachuun” macaafa kana “hubatanii”fi “beekaniif” waamicha dhiyeessa. Hiikti isaas, namni macaafa kanaaf “hubannaa” fi “beekumsaan” deebii hin kennine, ogeessa ykn waa adda baafachuu kan danda’u miti jechuudha. Inni ykn isheen gowwaadha. Sun bara Hose’aa keessas dhugaa ture. Bara kanas immoo dhugaadga. Ogummaan qabaachuun (ykn ogummaa dhabuun) nama sanaa deebii inni macaafa kanaaf kennuun mirkanaa’a.

IAjaja saba Waaqayyoof jalqabaa fi dhuma boqonnichaa irratti kenname jidduutti, walaloo bareedaa itiin Yaahiwween yeroo dhumaaf saba isaa duratti jaalala laphee isaa dhangalaase argina. Akkamittti akka isaan fayyisuu fi gara badhaadhummatti akka isaan geessu abdii kennaaf. Waa’ee guyyoota Mootummichaa fi guyyoota gammachuu warra mootummaa isaa jalatti bulanii dubbata. Abdiin kunis karaa Kiristoos fiixaan ba’eera (fiixaan ba’uuttis jira). Haa ta’u malee, namni tokko abdii kana fudhachuufi dhiisuuf, “ogeessaa” fi “hubataa’ ta’uu fi dhiisuu gaafata. Isa “ogeessaa” fi “hubataa” qofatu ergaa macaaf kanaaf (akkasumas guutummaa macaafa qulqulluuf) deebii kennuun amantiidhaan gara Kiristoos dhufa.

# HOSE’AA 14

**14:1**
Yakka keessaniin gufattanii waan kuftaniif,
gara Waaqayyo gooftaa keessaniitti deebi'aa,[206]
yaa warra Israa'el!

**2**
Wanta jechuuf jettan kana fudhadhaatii[207]gara
Waaqayyootti deebi'aa!
"Yakka keenya guutummaatti nu irraa fuudhi,
gaariitti nu simadhu!

---

[206] Jechi Ibiruu “deebi’aa” jedhutti hiikamu kan lakkoofsa kanarratti argamu guutummaa Hose’aa keessatti hojiirra ooleera (akka fakkeenyaatti, 3:5, 6:1, 11:5, 12:6, 12:9, 14:7 ilaalaa). Haala ifa ta’een, macaafa Keessa Deebii 30:1-10, boqonnaa waa’ee deebi’uu Isiraa’el kan ba’uu Isa lammaffaa ibsu, keessattis yeroo torba fayidaarra ooleera. Hose’aa fi Keessa Deebii jidduu walitti hidhatinsa baay’eetu jiru.

[207] Isiraa’elonni irra deddeebiin kormaa fi re’oota Yaahiwweef aarsaa gochuuf ni fidaniiru (Hose’aa 6:6 ilaalaa). Asitti, Hose’aan akka sabni sun Yaahiwweedhaaf **jechoota** gaarii fiduu qaban itti hima.

Galata afaan keenyaas[208] akka qalma
jibootaatti aarsaa siif in dhi'eessina.

**3**
Asor nu oolchuu hin danda'u,
lolaa fi farda hin fe'annu;
deebinees wanta harki keenya tolcheen
'Waaqayyolii keenya' hin jennu;
ati isa ijoolleen abbaan irra hin jirre biraa
oo'a argatuu dha"[209] ittiin jedhaa!

---

[208] Mil’uu jalqabaa irratti, Hose’aan akka sabni erga Waaqayyo bakkatti isaan deebiseen booda aarsaa jibootaa akka Yaahiwweef dhiyeessan waan itti himu fakkaata: “**Galata** afaan keenyaas akka qalma jibootaatti aarsaa siif in dhi'eessina”. Hiikni ESV hanga tokko macaafa Ibruu (MT) irratti kan hundaa’edha. Haa ta’u malee, hiikkaawwan Ingiliffaa warri ammayyaa luqqisii kana irratti yaada macaafa Ibruu irra jiru kallattiin hin ibsu. Qooda kanaa, kan afaan Girikii (LXX) calaqqisiisa, innis “**galata** afaan keenyaa siif dhiyeessina” jedha.

Jechoonni kun hiikkaa ESV keessatti, namoonni ayyaana Waaqayyo ba’uu isa lammaffaa keessatti isaanitti agarsiiseef jecha aarsaa jibootaa dhiyeessuudhaan deebii deebisan. Hiikkaa afaan Girikii (LXX) irratti hundaa’uun hiikame keessatti, namoonni ayyaana isaanitti agarsiifameef Waaqayoon galateeffachuun deebii deebisan. Dubbisa kannneen lamaan keessaa kamtu irra sirriidha? Sababiiwwan muraasaaf, hiikni macaafa Girikii bu’uura godhatee hiikame filatamaa fakkaata. Sababni jalqabaa, dubbisni Girikii sun jecha jalqaba lakkoofsa lamaa irra jiru waliin walitti gala. Jalqabni lakkoofsichaa waa’ee dubbii afaanii Yahiwweef dhufuu dubbata. Kanaaf, dhumni lakkoofsichaas waan jijjiiramee waa’ee jibicha Yaahiwweef fiduu dubbatu hin fakkaatu. Inni lammaffaa, caaffanni Girik, dubbicha wal simsiisuuf jecha dabalataa hin barbaadu, garuu kan Ibruu waan bitaa namatti galu wayii qaba. Kanaaf, jecha dabalataa nurraa barbaada. Kun immoo ESV (fi NET) keessatti wanta mul’atedha. Inni sadaffaa, dubbisni Girikii falmii Hose’aan guutummaa macaafa isaa keessatti taasise waliin kan deemudha. Yahiwween laphee saba isaa malee aarsaa jibootaa hin barbaadu (akka fakkeenyaatti, Hose’aa 6:6 ilaalaa). Dubbisni isa kan Girikii keessa jiru kutaawwan Kakuu Moofaa Hose’aan ala jiran waliinis walitti gala (akka fakkeenyaatti, Faarfannaa 51:14-17 ilaalaa). Dhuma irratti, dubbisni hiika Girikii keessa jiru amala wangeelaa waliin ni deema. Nuyi sababii aarsaa dhiigaa inni (Yesuus) nuuf kanfaleetiin oolle/fayyine. Aarsaan dhiigaa dabalataa nu hin barbaachisu. Amma, hojii gaarii nuuf hojjete hundumaaf Waaqayyoof galata dhiyeessina.
Sababni kan biraan nuyi yaada keessa galchuu qabnu, akkaataa ittin lakkoofsi kun Kakuu Moofaa keessatti hojiirra ooledha. Ibiroota 13:15 gara Hose’aa 14:2 agarsiisa. Haala hubatamuu danda’uun, dubbisni Ibiroota keessa jiru hiika Girikii keessa isa jiru calaqqisiisa: “Egaa koottaa karaa isaa utuu gargar hin kutiin, aarsaa galataa Waaqayyoof in dhiyeessinaa! Aarsichi maqaa isaa beeksisuudhaaf **wanta afaan keenya** keessaa ba’udha”. Barreessaan Ibirootaa Hose’aa 14:2 hubachuu isaatiif kun ragaadha, inni sababii Waaqayyo karaa Kirstoos araara nutti agarsiiseef galata afaanii dhiyeessuu akka qabnu nutti hima.

[209] Lakkoofsa 2 fi 3 irratti, Hose’aan sabni sun maal dubbachuu akka qaban isaanitti hima. Amanannaa isaanii Asoor irra godhatanii fi jaalala waaqolii harka isaanin hojjetanii irraa deebi’uu akka qaban itti hima. Dubbiin akkasii kun karaa Kiristoos gara Waaqayyoo dhufan hundaan dubbatamuu qaba!

**4**
Waaqayyo, "Ana irraa garagaluu isa
dhukkuba itti ta'e irraa isaan nan fayyisa;[210]
aariin koo isaan irraa waan deebi'eef,
fedha garaa kootiin isaan nan jaalladha.
**5**
Warra Israa'eliif akka tiifuu bokkaa nan ta'a;[211]
isaanis akka daraaraa in daraaru;
akka mukkeetii Liibaanon hidda isaanii in yaafatu;
**6**
latni isaaniis in diriira;
miidhagummaan isaanii akka muka ejersaa,
fooliin isaaniis akka muka Liibaanon in ta'a.
**7**
deebi'anii gaaddisa koo jala in jiraatu;[212]
midhaan in qotatu;

---

[210] Ba’uu isa lammataan booddee, “gantummaan” Isiraa’el (jechuun, Isiraa’el Waaqayyo irraa gara waaqolii ormaatti garagaluun) guutummaan guutuutti Yahiwweedhaan ni fayyifama. Kana jechuun, sabni Waaqayyoo lammata waaqolii biroo waaqessuu hin filatan, sabni isaas Waaqayyo cubbuu kana irraa isaan in fayyisa (Hisqi’el 36:25 ilaalaa). Kun sababii hojii Kiristoosii fi hafuura qulqulluu isaan keessa buufatuun ni raawwata (2 Qorontos 5:17-21 ilaalaa).

[211] Dubbiin Yahiwwee Hose’aa 14:5-7 keessa jiru xiyyeeffannoo dhihoo barbaada.Kun xumura Hose’aatti dhiyoodha waan ta’eef, dubbiin inni dhumaa kun yaadatamuu fi iddootti deebi’uu Waaqayyo karaa Kiristoos saba isaaf fidu irratti otoo xiyyeeffatee gaarii ta’a. Lakkoofsa shan irratti, Yahiwween, “Isiraa’eliif akka tiifuu bokkaa/fixeensaa” akka ta’u dubbateera. Kun walaloo waa’ee quufaa, jireenyaa, dagaaginaa, gargaarsaa fi kunuunsaa dubbatudha. Walaloon sarara kana irra jiru fakkeenya muka ija godhatuu kan macaafa faarfannaa 1 nu yaadachiisa. Isaan booddee garuu Yaahiwween abbaa dhimmaa of irraa fuudhee gara nama biraatti dabarsa. Nama kanas immoo karaa garaagaraa shaniin ibsa: “**inni** akka daraaraa in daraara”, “**inni** akka mukeetii Liibaanoon hidda isaa in yaafata”, “latiin **isaa** in diriira”, miidhagummaan **isaa** akka muka ejersaati”, fi “fooliin **isaa** akka muka Liibanon”. Namni kun eenyu? Haala jechoonni sun tarreeffamaniin raajotaa fi caaffattoota keessatti waan akkasii fayidaarra ooleera. Isaan kun hundinuu waa’ee beekkamtii, ulfinaa fi ija godhachuu Kiristoos akka agarsiisan beekamaadha! Haala mul’ataa ta’een, Yahiwween agarsiiftuu sana shananitti fayyadamee waa’ee Kiristoosii fi beekkamtii fi ija godhachuu isaa ibsee booda, waa’ee garee namootaa dubbata: “**Isaan** deebi’anii gaaddisa koo jala ni jiraatu”. Gareen kun eenyu? Isaan saba Waaqayyoo ti! Lakkoofsi kun waa’ee mootii (Yesuus Kiristoos) fi namoota gammachuudhaan isaaf bitamanii (warra Kiristoositti amanan hunda) dubbata!

[212] ESV fi macaafni qulqulluun Afaan Oromoo haala hin beekamneen Lakkoofsa 7 haala armaan gadiin hiikeera: “isaan deebi'anii gaaddisa koo jala in jiraatu”. Haa ta’u malee, jechi “koo” jedhu kan Ibruu (MT) ykn Girikii (LXX) keessa hin jiru. Lamaan isaaniiyyuu haala adda ta’een “Isaan deebi’anii gaaddisa isaa jala in jiraatu” jedha. Kan Yaahiwween jechaa jiru, ba’uu isa lammaffaa keessaan erga deebi’aniin booda, gaaddisa mootii isaanii jala ni boqotuu dha! Kun sabni Waaqayyoo kunuunsaa fi eegicha mootii isaanii jala akka jiraatan kan agarsiisudha (Yaadannoo dhumaa lakkoofsa 7 irratti kenname ilaalaa).

akka muka waynii isa tolee ija godhatuu in ta'u;
akka daadhii waynii biyya Liibaanon maqaa in godhatu[213].

**8**

Egaa sanyiin Efreem waaqayyolii tolfaman biraa maal qaba?[214]
Anatu isaaniif dhaga'a, anatu dhimmee isaan ilaala;
ani akka muka yeroo hundumaa lalisuu ti,
ija godhachuu kan si dandeessisu ana biraa siif in
argama" in jedha.

**9**

Egaa ogeessi eenyu ree? Innoo kana in hubata;[215]
Hubataan immoo eenyu ree? Inni kana beekuu bira in ga'a;[216]
Karaan Waaqayyoo hundinuu sirrii dha,
warri qajeelonni isa irra in adeemu,[217]
warri morman garuu isa irratti gufatanii in kufu.[218]

---

213 Ibruun (MT) fi Girikii (LXX)’n lamaanuu “maqaa godhachuu isaa” jedhu. Kun, ammas, gara Kiristoos kan agarsiisudha. Raajotaa fi caaffatoota keessa, Kiristoosiin ilaalchisee dhimmi afaanii xiyyeeffannoo guddaa barbaadu jira.

214 Lakkoofsi 8 miira Yahiwween waaqolii ormaa waaqessuu Isiraa’el irra qabu guduunfuu bira kan darbedha. Fedhii inni saba isaa kunuunsuuf qabus agarsiiseera. Kun namoota akka jiraniifis luqqisii baay’ee barbaachisaadha. Waaqayyo qofadha kan saba isaaf dhimmu. Inni waaqolii sobaa nuyi itti maxxanuuf yaannu wanta wal isa dorgomsiisu hin qabu. Waaqayyo akka sabni isaa waaqolii isaanii kana dhiisanii isaaf of kennan waamicha godha.

215 Lakkoofsi kun hima cuunfaa guutummaa macaafichaa ti. Namoonni ogeeyyiin warra ergaa Hose’aa dhaga’anii ergichaaf deebii kennanidha.

216 Kun Keessa Deebii 32:29 waliin wal fakkaata: “Maaloo, utuu ogeessa ta’anii kana **hubatanii**, dhumni isaanii akkam akka ta’u utuu **beekanii**!”. Ammas, Hose’aa fi Keessa Deebii jidduu hariiroo baay’eetu jira.


217 Ergaan Hose’aa waa’ee ol jedhanii “daandii gooftaarra adeemuu” kan agarsiisu, macaafa kana akka ta’utti hubachuun beekumsa baay’ee qabaachuu qofa akka hin taanedha. Hojiis ni gaafata. Amantii fi hojiin yeroo hundumaa waliin adeemu (Yaaqoob 2:26 ilaalaa).

218 Dhuma irratti, Hose’aan gareewwan namootaa lamaaf barreeffame: warra qajeelotaa fi warra irra daddarban. Akkaataa nuyi ittiin macaafa kanaaf deebii deebisnutu garee kan keessa akka taane ibsa.

NOTES

**HANDS to the PLOW**
**MINISTRIES**

**HandsToThePlow.org**




Ragaalee Dabalataa Qo’annaa Macaafa Qulqulluu Hands to the Plow Ministries marsariitii HandsToThePlow.org. irraa ni argattu. Ragaaleen kunniinis...

**— Qajeelcha Lallabaa Macaafa Seera Uumamaa.**

**— Qajeelcha Lallabaa Macaafa Faarfannaa (Faarfannaa 1-19).**

**— Qajeelcha Lallabaa Wangeela Maarqos.**

**— Qajeelcha Lallabaa Macaafa Pheexros Isa Duraa.**

**— Qajeelcha Lallabaa Macaafa Mul’ataa.**

Mirga wara ii© 2019 by H nds